



# MURTIILEE BARSIISOO

Dhaddacha Ijibbaataa  
**Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa**

Jildii 11<sup>ffaa</sup>

Caamsaa 2015, Finfinnee

## **Qindeessaa**

Daayirektoreetii Kenniinsa Tajaajila Abbaa Seerummaa  
(KTAS) fi  
Daayirektoreetii Dhimmoota Komunikeeshinii MMWO

# **ERGAA PIREZIDAANTII MANA MURTII WALIIGALAA OROMIYAA**



**Kabajamoo Obbo Gazaalii Abbaa Simal**

Ergamni Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa tajaajilli abbaa seerummaa naannicha keessatti wal fakkaatummaa fi tilmaamamummaa akka qabaatu hojjachuu akka ta'e Labsii Gurmaa'insa, Aangoo fi Hojji Manneen Murtii Oromiyaa Irra Deebiin Murteessuuf Bahe Lakk. 216/2011 Kew.23(2) (a) jalatti tumamee jira. Kenniinsi tajaajila abbaa seerummaa wal fakkaatummaa fi tilmaamamummaa qabaachuu kan danda'u murtiwwan dhimmoota wal fakkaatoo ta'an irratti kennaman kan wal fakkaatan ykn kan walitti dhiyaatan ta'uu yoo danda'an akka ta'e hubachuun ni danda'ama.

Gama biraatiin karoora bu'aa irratti xiyyeefafe kan Manneen Murtii

Naannichaa hojii irra oolchaa jiran keessattis dhimmi qulqullina tajaajila abbaa seerummaa mirkaneessuu xiyyeefanno guddaa argatee irratti hojjatamaa jira. Hojiwwan qulqullina kenniinsa tajaajila abbaa seerummaa mirkaneessuu hojjatamuu qaban keessaa tokko wal fakkeenyummaa hiikkoo seeraa fi tilmaamamummaa murtiiwwanii mirkaneessuudha.

Ergamaa fi karoora bahe kana milkeessuufis murtiilee dirqisiisoo fi barsiisoo Dhaddacha Ijibbaataa maxxansiisuu fi raabsuun shoora guddaa taphata. Qixa kanaan bara kana murtiilee barsiisoo Dhaddcha Ijibbaataa Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaatiin kennaman filachuun ‘soft copy’ fi ‘hard copy’n raabsuuf karoorfamee hojiitti kan galamedha. Haaluma kanaan jildii murtiilee filataman 50 of keessatti hammate kana qindeessuun abbootiin seeraa keenya fi ogeessonni biroon rogummaa qaban akka dubbisaniif qindaa’ee dhiyaatee jira. Waan ta’eefis Abbootiin Seera fi ogeessonni biroon murtiilee barsiisoo jildii kana keessatti hammataman dubbisuun kaayyoo gama kanaan qabame milkeessuuf akka hojii irra oolchitan dhaamsa koon dabarsuu barbaada.

Horaal Bulaa

Gazaalii Abbaa Simal

Pirezdaantii Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa

## BAAFATA

Tartiiba Lakk	Gosa Falmii	Lakk Galmee	Fuula
1	Falmii Dhaalaa	402500	1
		405448	8
		405905	15
		393784	26
		403020	33
2	Falmii Seera Adeemsaa	404845	43
		405244	51
		406575	57
		406984	67
3	Falmii Jeequmsaa	406539	75
		405346	88

4	Falmii Lafaa	402443 402603 404139 404799 405047 406409 406909 420777 421153 405141	96 102 113 119 124 129 136 143 149 156
5	Falmii Qabeenya	403061 405814 406487 405538 420673 404443 420087	165 176 182 190 199 205 213

6	Falmii Qarshii	404131	220
		420272	227
7	Falmii Yakkaa	402610	233
		404789	240
		405678	247
		405800	254
		405995	258
		406562	264
		406708	268
		406843	274
		406966	282
		420399	286
8	Falmii Hojjataa fi Hojjachiisaa	402090	295
		405333	303
		420453	309
9	Hayyamsiisa	405281	314

10	Beenyaa	406159	320
11	Waliigaltee	405397	330
		406326	337
		420003	345
		405534	350
		406214	359

Abbootii Seeraa:-

1. Doobee Dhaabaa
2. Fiixaa Dachaasaa
3. Masfine Geetaachoo
4. Taaddasaa Qana'ii
5. Ayyaanaa Toliinaa

Iyyattuun:- Aadde Faantuu G/Kidaan

Waamamtoonni:- 1. Aadde Tasammee Xilaahuun

2. Aadde Shawaayyee Unatuu

Galmee qorannee murtii kanaa gadii kennineerra.

### **Murtii**

Galmeen kun banamee dhaddacha ijibbaataa kanaaf dhiyaachuu kan danda'eef iyyattuun iyyannoo guyyaaa 19/08/2014 barreessitee dhiyeessiteen murtii Manni Murtii Aanaa Sinaanaa galmee lakk. 53313 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 25/01/2014 ooleen kenne, jala murtii Manni Murtii Olaanaa Godina Baalee galmee lakk. 32946 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 03/03/2014 ooleen kennee fi ajaja Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Kibbaa galmee lakk. 381143 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 13/04/2014 ooleen kenne dogoggora seeraa isa bu'uuraa qaba jechuudhaa akka sirratuuf waan gaafateefi.

Ka'umsi dhimmichaa himanna himattuun jalaa (waamamtuu 1ffaan ammaa) himatamtuu jalaa (waamamtuu 2ffaa ammaa) irratti Mana Murtii Aanaa Sinaanaatti dhiyeessiteen yoo ta'u, qabiyyeen himatichaas, haati ishee Aadde Maammitee Roobii gaafa guyyaa 16/01/1994 kan duute ta'uu, himattuu dabalatee dhaaltonni haadha ishee namoota jaha ta'uu isaanii,

duutuun yeroo lubbuun jirtu mana jireenyaa Magaalaa Roobee Ganda Caffee Donsaa jedhamu keessaa lafa kaaree meetira 400 irratti ijaarame daangaan isaa bahaan Hajji Jamaal, Dhihaan Biraanuu Mulugeetaa, Kibbaan Warqinaa Nagahoo fi Kaabaan karaadhaan daangeffamu kan qabdu ta'uu, manni kun erga haati duutee bara 1994 hanga 2011tti harka himattuu kan ture yoo ta'u, bara 2011 kaasee himatamtuun jalaa qabattee kan jirtu waan ta'eef gahee koo dhaalaan na gahu akka naaf qooddu kan jedhu ture.

Himatamtuun jalaa (waamamtuu 2ffaan ammaa) himannaa irratti dhiyaateef deebiin kennitee ture; qabiyyeen falmii kaase kun kan ishee ta'uu, iddo qabiyyee mana falmii kaase kanaa iddo balfi itti gatamuu fi fardeen dheedu lafa badhee akka turee fi bara 1999 iddo balfi irra jiru kana qulquelleessitee bara 2001 keessa mana jireenyaa qorqorroo ziingoo 25 fi mana haaraa qorqorroo zingoo 16 kan irratti ijaarrattee, bara sanaa kaaftee wagga 14f keessa jiraachaa turte ta'uu, himattuu dhiisiitii haati himattuullee qabiyyee kana qabattee akka hin beekne fi himattuus ta'ee haati ishee mirga tokkollee kan irraa hin qabne ta'uu, fi kkf ibsuudhaan haadha himattuus ta'ee himattuun mana falmii kaase kana irraa mirga tokkollee waan hin qabneef himanni dhiyaate kufaa akka irraa ta'u gaafattee ture.

Kun kanaan osoo jiruu iyyattuun ammaa (G/lixxuun jalaa) iyyannaa g/lixxummaa dhiyeessiteen, mana jireenyaa himattuu fi himatamtuun (waamamtoonni ammaa) irratti walfalman kun lafa kaaree meetira 375 irra kan qubate ta'uu, iddichas bara 1986 eemaramtee kan qabattee fi mana qorqorroo ziingoo 20 irratti ijaarrattee kan qabdu ta'uu ishee , kanaafuu manni irratti wal himachaa jiran kun kan kooti malee kan haadha keenyaa Aadde Maammtitee Roobii miti jechuudhaan ragaadhaan qulqullaheen

manni falmii kaase kun kankoo ta'uu akka murtaa'uuf gaafattee ture. Manni murtii aanichaatis falmii fi ragaa bitaa mirgaan dhiyaatan erga dhagaheen booda murtii kenneen; ragoonni namaa gama himattuu jalaatiin dhiyaatan qabiyee manni falmii kaase kun irratti ijaarame hanga bara 1994tti harka haadha himattuu Aadde Maammitee Roobii ta'uu, erga isheen duutee himatamtuun qabattee kan itti jiraachaa jirtu ta'uu, himattuu takkaa qabiyyees ta'ee mana falmii kaase kana qabattee kan hin beekne ta'uu waan ibsaniiif himattuu akkaataa himannaas isheetiin mana falmii kaase kana irraa mirga qabaachuu hin mirkaneeffanne. Ragoonni gama himatamtuu jalaatiin dhiyaatan garuu qabiyee falmii kaase qabattee mana falmii kaase kana qabtta waggaa 13fkan itti jiraachaa turte hubachiisanii jiru. G/lixxutiin ragaan namaa ishee qabiyeen kana bara 1986 kan eemaramtee ta'uu ibsanii mana falmii kaase kan ijaare g/lixxuu ta'uu ragaa 1ffaan yoo ibsellee ragaa 2ffaan manicha ijaaree kan itti jiaachaa ture himatamtuu ta'uu mirkaneesseera. Waa'ee kana irratti bulchiinsi magaalichaa gaafatamee saayiti pilaanii (Iskeechii) maqaa g/galtuutiin barreeffamee galmee g/galtuu keessa kan jiru ta'uu, saayiti pilaanii kunis iskeechii lakkofsa fi guyyaa hin qabne ta'uu fi sirnaa fi adeemsaa eeggatee qaama aangoo qabuun kan hin kennamne ta'uu, haala argannaa lafchaa waanti ibsamee kan hin jirre ta'uu, qabiyee kana qabattee itti ajajaa kan jiru garuu himatamtuu ta'uu isaa ibsuudhaan kan gabaase ta'uu, ragaa namaa fi barreeffamaa gama g/galtuun dhiyaatee kunis g/galtuun (iyyattuun ammaa) abbaa mirgaa mana falmii kaasee ta'uu kan hin mirkaneessine ta'uu fi kkf ibsuudhaan; akka madaallii ragoota bitaa mirgaan dhiyaatanii dhagahamanitti qabiyee bal'ini fi daangaan isaa ibsamee manni falmii kaase irratti ijaarame kun kan himattuu ta'e kan g/lixxuu ta'uun kan hin mirkanoofne waan ta'eef himannis ta'e iyyatni g/lixummaa dhiyaate kufaadha jechuudhaan murteesseera.

G/lixxuun jalaa (iyyattuun ammaa) murtii mana murtii aanichaa kenne kana komachuudhaan oliyannoo Mana Murtii Olaanaa Godina Balee fi Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Kibbaatti sadarkaa sadarkaadhaan kan dhiyeeffatte yoo ta'u, manneen murti oliyannoo dhagahan lachuu komii dhiyaate bu'uura godhachuudhaan gal mee qoratanii jal-mutii ykn ajaja kennaniin, murtiin mana murtii aanichaatiin kennname hanqina hin qabu jechuudhaan bu'uura sdfs. kwt. 337tiin cimsanii jiru.

Iyyattuun ammaa murtiin mannee murtii jalaatiin kennname dogoggora seeraa isa bu'uuraa qaba jechuudhaan akka sirratuuf iyyanni dhaddacha kanatti dhiyeessite gabaabumatti; lafa manni falmii kaase irratti ijaarame kana bara 1986 qaama aagoo qabu Bulchiinsa Magaalaa Roobee irraa marraasaan (MIRRIITII)dhaan kanan argadhe ta'uu ragaadhaan mirkanaah ee osoo jiruu fi waamamtuu 1ffaan qabiyyee kana dhaalaan haadha ishee Aadde Maammitee Roobii irraa kan hin arganee fi waamamtuu 2ffaanis qabiyyee kana bakka kosiin itti gatamu qabiyyee abbaa hin qabne qabadhee mana irratti ijaarradhee qabadhe haa jettu malee ragaan waajjira bulchiinsa magaalichaa irraa barreeffamaan dhiyaate garuu waamamtuu 2ffaan wagga 4 asi qabiyyee kana qabachuu ishee malee akkaataa isheen jettutti kan mirkaneesan waan hin taaneef, gama biraatiin iyyattuun qabiyyee kana bara 1986 bulchiinsa magaalaa irraa kan argatte ta'uu ragaan mirkaneessu gal mee iyyattuu lakk. isaa F-302 ta'e keessa kan jiru ta'uu murtii MM aanichaa keessatti ibsamee osoo jiruu, manneen murtii jalaa qabiyyeen kun kan iyyattuu ta'uu hin mirkanoofne jedhanii murtiin kennan dogoggora seeraa isa bu'uuraa qaba jechuudhaan akka diigamuuf gaafateera.

Waamamtoonis iyyata dhiyaateef deebii akka kennan waamichi kan ergameef yoo ta'u, waamamtuu 1ffaa waamichi ergameef qaqqabee

dhiyaattee deebii waan hin kennineef mirgi deebii kennachuu ishee kan bira darbame yoo ta'u, waamamtuu 2ffaan deebii guyyaa 10/09/2014 barreessitee dhiyeessiteen; xalayaan Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Magaalaa Roobee irraa lakk. 10751/F-302/13 guyyaa 21/10/2013 barreeffame keessatti ibsi ykn gabaasni mana murti aanichaatiif kennname iyyattuun qabiyyee manni falmii kaase irratti ijaarame irraa mirga qabaachuu ishee kan mirkaneessu miti. Iskeechii ragaa abbaa qabiyyee naaf mirkaneessa jettee iyyattuun jalatti dhiyeessite lakkofsa kan hin qabne guyyaa bahii ta'e kan hin qabne, daangaa karaa bahaa kan hin ibsine, chaappaa waajjirichaa kan hin qabne, qaama ragaa kana kenne kan hin ibsine waan ta'eef qabiyeen falmii kaasee kun kan iyyattuu ta'u hubachiisuuf ragaa rogummaa qabuu miti waan ta'eef iyyattuun mirga qabaachuun hin mirkanofne jedhamee murtiin manneen murtii jalaatiin kennname dogoggora seeraa isa bu'uraa kan qabuu miti jechuudhaan murtiin manneen murtii jalaa akka cimuuf gaafateera.

Seenaan dhufaatii falmichaa kan armaan olitti ibsame yoo ta'u, dhaddachi kunis falmii dhiyaate seera rogummaa qabu waliin yommuu ilaallu ijoon murtii argachuu qabu, ragaa abbaa qabiyyeeti jedhamee iskeechiin (saayit Pilaaniin) akka ragaa barreeffamaatti mana murtii aanichaatti dhiyaate iyyattuun abbaa qabiyyee lafa mana falmii kaase irratti ijaaramee ta'u ishee mirkaneessuuf gahumsa qaba moo miti? kan jedhuu fi kkf qabannee qoranneerra. Murtiwwan manneen murtii jalaa keessatti ifatti akka caqasametti, waamamtuu 2ffaan qabiyyee kana bara 1999 kaastee akka qabattee itti fayyadamaa akka turte, lafti manni irratti ijaarme kunis lafa balfi itti gatamu kan namni kamiyyuu mirga irraa hin qabne qabiyyee bulchiinsa magaalichaa akka tureef bara 2001 mana jirenyaa fi kushiinaa irratti ijaarrattee hanga guyyaa himanni irratti dhiyaate bara 2013tti qabattee itti fayyadama jiraachuu ishee ragaa namaatiin mirkaneeffateera.

Gama biraatiin iyyattuuun ammaa qabiyyee kana bar 1986 Bulchiinsi Magaalaa Roobee na eemaree ragaa abbaa qabiyyee saayit pilaanii itti naaf kenne ragaa gahoomsa qabu natu itti qaba lafa kanas himattuun jalaa (waamamtuu 1ffaan) ammaa keessa akka jiraattu itti kenne kan jedhu kaaftee kan falmite yoo ta'u, ragaan mirga abbaa qabiyyummaa ishee mirkaneessuuf dhiyeffatte iskeechii saayit pilaanii lakkofsaa fi guyyaa hin qabne fi ragaa namati. Iskeechiin Pilaanii kun akkuma maqaa isaa irraa hubatamu waan akka wixinee wayii gara fuudhuratti sirratee ragaa qabbaa qabiyyee guutuu taasisuuf akka yaadannoo wayitti qabamuudha malee bu'uura s/s/ kwt. 1195(1)tiin seeraa fi sina ragaan abbaa qabiyyee (kaartaan itti kennamu) guutee lakkofsaa fi guyyaan bahii ta'e galmaahee qaama aangoo qabuun mallattahee, chaappaan itti godhamee kennamee miti. Kuns akka hin taane murtii mana murtii jalaa keessatti bal'inaan ibsmeera. Kanaafuu iskeechiin pilaanii kun inniyuu guyyaa kenname kan hin ibsine lakkofsa kan hin qabne, chaappaa waajjiraatiin deeggaramee qaama aangoo qabuun mirkanaahee mallattahee kan hin kennamne waan ta'eef waraqaan kun galmee dhuunfaa iyyattuu kanaa keessatti argamuun isaa qofaan iyyattuun qabiyyee falmii kaase irraa mirga abbaa qabiyyummaa qabaachuu ishee bu'uura s/s/ kwt. 1195(1)tiin hubachiisuuf dandeettii gahumsa mirkaneessa ragaa abbaa qabiyyummaa qabeenya hin sochoonee kan qabu miti.

Iyyattuu qabiyyee falmii kaase ykn mana falmii kaase kana irraa mirga qabaachuu ishee akkaataa iyyannoo g/galummaa ishee irratti ibsiteen hin hubachiifne taanaan immoo mirga qabiyyee kun kiyya jettee waamamtuu 2ffaa itti mormitu waan hin qabneef iyyanni g/galummaa ishee kufaa ta'uun kan komatamu miti. Walumaagalatti nutis irra deebinee akka xiinxalletti murtiin manneen murtii jalaa dogoggora seeraa dhaddacha ijibbaataa kanaan ilaalamuu malu waan hin qabneef akka cimu sagalee

guutuudhaan murteessinee jirra.

### **Ajaja**

1. Murtiin Manni Murtii Aanaa Sinaanaa gal mee lakk. 53313 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 25/01/2014 ooleen kenne, jala murtii Manni Murtii Olaanaa Godina Baalee gal mee lakk. 32946 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 03/03/2014 ooleen kennee fi ajaja Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbi Kibbaa gal mee lakk. 381143 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 13/04/2014 ooleen kenne dogoggora seeraa isa bu'uuraa waan hin qabneef bu'uura Labsii Gurmaa' ina, Aangoo fi Hojii Manneen Murtii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiin Murteessuuf Bahe lakk. 216/2011 kwt. 26(5) fi sdfs. 348(1) tiin akka cimu murtaa'ee jira.
2. Baasii fi kisaaraa dhaddacha kanaa bitaa mirgaan kan ofii ofii akka dandaa'an jenneerra.
3. Garagalchi murtii kanaa manneen murtii jalaatiif haa ergamu jenneerra.
4. Galmeen murtii dhuma waan argateef cufameera.
5. Galmeen mana gal mee cufamaniitti haa deebi'u.

Abbootii Seeraa -

1. Gammachu Baqqalaa
2. Dobee Dhaabaa
3. Abdusalaam Siraaj
4. Gammachiis Dhuguma
5. Ashannaafii Raggaasaa

Iyyataan:- Taajir Muhaammad

Waamamtuu:- Yasiribaa Liingar

Galmeen kun qorannoodhaaf kan bule yoo ta'u galmee keessaa qorannee murtii itti aanu murteessineerra.

### **Murtii**

Galmeen kun dhaddacha ijibbaataaf dhiyaachuu kan danda'e iyyataan iyyanna guyyaa 27/10/2014 barreeffameen murtii Manni murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachi Dhaabbii Bahaa galmee lakkoofsa 400236 irratti dhaddacha guyyaa 26/09/2014 ooleen murteesse dogoggora bu'uuraa seeraa waan qabuuf akka naaf sirratu jechuun waan gaafateefi dha. Dhimmi falmii kun falmii dhimma beenyaa qallabaa ilaallatu dha. Ka'umsi dhimmichaa himanna waamamtuun ammaa iyyataa ammaa kanaa fi namoota biroo lama irratti gaafa guyyaa 4/08/2014 barreessuun Mana Murtii Ol'aanaa Godina Harargee Bahaatti dhiyeessiteen himatamtootni baatii Waxabajji bara 2012 lola uumuun abbaa warraa kiyya barsiisaa Kadir Muhaammad Musaa jedhamu gaafa guyyaa 28/10/2012 ajjeesaniiru. Du'aa waliin daa'imman gaa'elaaf hin geenyee Bilisee Kadir, umurii wagga 5 taatee fi 2 ffaa Ammaree Kadir umuriin wagga 1 ta'e kan qabnu yoo ta'u guddistuu fi bulchituu daa'imman kanaa ta'uu murtii Mana Murtii Aanaa Haromayaa galmee

lakkoofsa 83200 irratti mirkanaa'eera. Du'aan yeroo lubbuun jirutti hojji qonnaa fi galii barsiisummaa irraa argatuun ji'a, ji'aan tokkoo tokkoo daa'immanifi qarshii 2,000, kennaa kan ture yoo ta'u hanga daa'imman barnoota yunversitii xumuran wagga 22 ta'anitti daa'ima Bilisee Kadiriif shallagamee qarshii 408,000 fi kan Ammarree Kadir qarshii 504,000 akkasumas anis isa irratti hirkadhee galii isaatiin jiraachaa waan tureef hanga daa'imman guddatanitti dalagaa dalaguu waan hin dandeenyeef ji'aan qarshii 2,000 kan wagga 17 qarshii 408,000 akka kaffalu. Baasii mana yaalaa Hospitaala Hiyoota Faanaatti bahe qarshii 150,000, geejibaaf qarshii 20,000 awwaalchaaf qarshii 40,000 waliigala qarshii 1,580,000 (miiliyoona tokkoof qarshii kuma dhibba shanii fi saddeettama) akka naaf kaffalan jechuun himatteetti.

Himatamtootni jalaa deebii gaafa 17/08/2014 barreessuun mana murtii jalaatti dhiyeessaniin himatamtootni 1ffaa fi 3 ffaa jalaa yakkaanis himatamnee kan adabamne waan hin taaneef itti hin gaafatamnu. Qallabni hanga daa'imman wagga 18 gahan qofatti kan shallagamuu qabu dha. Baasii mana yaalaa, awwaalchaa , midhaaniif fi geejibaaf himannaan dhiyaate himanna sobaa ti. Dhimma kanas araaraan ilaalamme awwaalchaaf qarshii 20,000 fi beenyaa gumaaf qarshii 80,000 kaffalamee araaraan xumaranneerra waan ta'eef himannaan kufaa nuuf haa ta'u jechuun deebisaniiru.

Manni Murtii Olaanaa Godina Harargee Bahaatis kanumaan ijoon dubbii abbaan warraa himattuu osoo lubbuun hin darbin dura galii maal irraa hojjeteetee argatuun maatii jiraachisaa ture? Baasiin wal'aansaaf osoo lubbuun jiruu bahe qarshii meeqa? jedhu qabachuudhaan falmii fi ragaa dhaga'ee booda murtii dhimma irratti kenneen itti gaafatamummaa ilaalchisee du'aan himatamaa 2ffaan (iyyataa kanaan) kan ajjeefame

ta'uu mirkanaa'eera. Galmee yakkaa lakkoofsa 50925 irrattis balleessaa jedhamee hidhaa cimaa waggaa 10 tiin akka adabamu murtaa'eera waan ta'eef akka SHH kwt. 2027 (1), 20 28 (1) fi 2095 (1) tiin itti gaafatamaa ta'a. Ijoo araaraan dhimmi xumrame jedhan ilaalchisee araarri himattuu fi himatamaa 2ffaa (iyyataa kana) gidduutti taasifame beenyaa awwaalchaaf fi gumaaf kan jedhu malee dhimma qallaba daa'immanii kan ilaallatu miti. Akka SHH kwt. 2095 tti immoo namootni qallaba argachuu qaban namoota galii nama du'e irraa argachuun jirataanii of hin dandeenyeef waan ta'eef qallabni himattuuf kaffalamu hin jiraatu. Hanga qallabaa daa'iman du'aa lamaaniif kaffalamuu qabu ilaalchisee galii du'aan miindaa ji'a irraa argatu qarshii 4,229.49 irraa namoota galii kanaan jiraatan nama afuriif qoodamee gaheen daa'ama tokkoo qarshii 1057.12 fi du'aan ooyiruu du'aa torban keessaa guyyaa lama hojii guyyaa qarshii 150 yoo hojjechiifame gaheen daa'ima tokkoo qarshii ji'aan qarshii 650 ta'ee haala kanaan yoo shallagamu ji'aan nama tokkoof qarshii 1707 ta'a. Haala kanaan kan daa'ima Bilisee Kadir umuriin waggaa 7 hnaga isheen waggaa 18 geessutti shallagamee qarshii 225,3339.4 fi kan Ammaree Kadir umuriin waggaa 3 ta'e qarshiin 307,281 waliigalatti qallabni daa'imanii qarshii 532,621 iyyataan kun waamamtuuf akka kaffalu jechuun murteesseera.

Iyyataan kun murticha irraa komachuudhaan gara mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Bahaatti kan oliyyate yoo ta'u Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachi Dhababii Bahaa galmee lakkoofsa 400236 irratti ilaaluudhaan dhaddacha guyyaa 26/09/2014 ooleen ol iyyata isaa akka SDFHH kwt. 337 tiin haqee murteesseera. Iyyataan ammas murtiin kun dogoggora bu'uura seeraa waan qabuuf akka naaf sirratu jechuun kan iyyate yoo ta'u, iyyannaa guyyaa 27/10/2014 barreeffameen gabaabumatti, dhimma kana irratti armaan dura bakka

maanguddoон araaraа bitaa fi mirgaa jiranitti akkaа caaya Arfan Qallootti gumaan kaffalamee waliif mallatteessinee araaraan addaan galleerra. Waamamtuunis araaraan xumuramuу hin waakkanne. Manni murtii jalaa dhimmi araaraan xumurame dhimma gumaa fi dhimma awwaalchaatti malee dhimma qallabaa miti jechuudhaan haalli itti dhimmicha xiinxalee murtii kenne dogoggora bu'uura seeraa kan qabu dha. Kunis haala qabatama akka naannoo fi gosaatti maanguddoон itti gumaa nama du'ee xumurame gara mana murtiitti hin dhiyaatu. Kanaafuu, dhimmi manni murtii jalaa irratti murtii kenne kun araaraan xumuramee waan jiruuf bu'uuruma mormii sadarkaa duraa mana murtii jalaatti dhiyaatee tureen murtichi akka haqamu yoo kun kan bira darbamу ta'e immoo akkaataan manni murtii jalaa beenyaa qallabaa itti murteesse sirrii waan hin taaneef akka naaf sirreeffamu jechuun gaafateera.

Iyyanni akka armaan olii ta'ee Dhaddachi Ijibbaataa Qorannoo Duraa kanumaan galmee keessa qorachuudhaan gumaan erga kaffalamee booda irra deebi'ee beenyaaan yaa kaffalamu jedhamuun sirrii dha moo miti? kan jedhu qulqulleessuuf ni dhiyeessisa jedhee waamamtuun deebii barreeffamaan akka dhiyeessitu ajajeera. Haaluma kanaan, waamamtuun deebii guyyaa 07/03/2015 barreeffameen gabaabumatti iyyataan kun abbaa manaa kiyya Barsiisaa Kadir Mahaammad jedhamu haadhaa fi abbaa isaa waliin ta'uudhaan dhagaan mataa keessaan tumanii ajjeesanii akka aadaa maanguddootti ajjeechaan biraa akka hin dhufneef baasii mana yaalaa fi awwaalchaa, imimmaati jechuun qarshii 100,000 kaffale awwaalchaaf oole malee qallaba daa'immaniif jedhamee maallaqni kaffalame hin jiru. Qallabni daa'immanii immoo galii sababa abbaan isaanii du'een duraa adda cite ture hanga gaa'elaaf gahanitti bifaa qallabaatiin nyaataa fi dhugaatii, kiraа manaa, fi uffata akkasumas baasii mana barnootaa dabalatee kan kaffalamu dha. Kun immoo baasii wal'aansaa mana yaalaa

fi awwaalchaatiin gargar waan ta'eef qallaba daa'immanii akka hin gaafanne jedhee araaraan wanti xumurame tokko waan hin jirreef komiin dantaa daa'immanii miidhuuf dhiyeesse fudhatama hin qabu. Iyyataan ammaa awwaalchaaf qarshii 20,000 fi gumaaf qarshii 80,000 kaffaleefiin jira haa jedhu malee qallaba daa'imman lama itti guddatan kaffalee jira hin jenne. Baasii mana yaalaa, kontraata konkolaataa dhaqaa fi gala, akkasumas baasii awwaalchaaf baasiin baasan yeruma taaziya dhume sababa godhatee qallaba daa'immanii kaffaluu hin qabu jechuun iyyanni dhiyaate deeggarsa seeraa hin qabu waan ta'eef komiin isaa kufaa ta'ee baasii fi kisaaraa waliin akka naaf murtaa'u jetteetti.

Achii as dhufaatiin dhimmichaa akka armaan olii ta'ee nutis kanumaan gal mee keessa qoranneerra. Haaluma kanaan akka gal mee keessa qorannetti, qabxii dhimmichi jaarsummaan xumurame moo miti? kan jedhu ilaachisee dhimmi tokko jaarsummaan xumurameera kan jedhamu dhimma seerummaa falmiif ka'umsa ta'e irratti wal falmitootni dursa araaraan kan xumuran yoo ta'e dha. Dhimma qabanne kana irratti waliigalteen araaraa iyyataa fi waamamtuu gidduutti taasifame jedhame iyyataan baasii awwaalchaaf qarshii 20,000 akka kaffaluu fi beenyaa gumaaf qarshii 80,000 akka kaffalu kan jedhu dha. Dhimma himannaakana irratti seerummaan waamamtuu gaafachaa jirtu immoo guddistuu daa'imman du'aa ta'uu ishee ibsuudhaan beenyaa qallabaa akka SHH kwt. 2095 tiin ijoollee du'aaf akka kaffalamuuf kan gaafatte dha. Kunis mirga daa'imman argachuu qaban ilaachisee ta'uu agarssiisa. Dhimma kana irratti immoo araarii taasifamuu isaa wanti ibsame hin jiru. Kanaafuu, manni murtii ol aanaa mormii sadarkaa duraa iyyataan kun dhimmi kun araaraan xumurameera jechuun kaase kufaa gochuun murtiin kenne dogoggora kan qabu miti. Hanga itti gaafatamummaa ilaachisee manni murtii ol'aanaa iyyataan ammaa beenyaa qallabaa ijoollee iyyattuuf akka

kaffalu jechuun murtiin kenne sirrii ta'us akkaataa itti beenyaa qallabaa shallage garuu dogoggora kan qabu dha. Kunis, akka SHH kwt. 2095 (1) tiin beenyaan ijoollee iyyattuu sababa abbaan isaanii ajjeefameef kaffalamuu qabu beenyaa bifa qallabaan shallagmu yoo ta'u innis hanga ijoolleen waamamtuu umuriin isaanii gaa'elaaf ga'utti hanga silaa du'aan qallaba kennuuf ture shallaguudhaan ta'uu qaba malee galii isaa fi baasii isaa shallaguun miti. Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa qallaba daa'imaanii yeroo murteessan bu'uura mannuwaalii qallabaa fooyya'een bu'uureffachuun ta'uu qaba. Manni Murtii Olaanaa Godina Harargee Bahaa haala kanaan shallaguu osoo qabuu galii du'aa bu'uureffachuun miseensa galii sanaan jiraataniif bakka afuritti qooduun akkasumas qabiyyee du'aa irraa oomishuuf baasii bahu shallaguun bakka lamatti qooduun hanga qallaba ijoollee du'aa jedhee murtiin kenne bu'uura seeraa kan hin qabne dha. Kan shallagamuu qabu galii fi baasii du'aa osoo hin taane hanga silaa osoo jiraate daa'imman isaa gargaaru ture dha.

Walumaagalatti, Manni Murtii Ol Aanaa Godina Hararagee Bahaa iyyataan kun beenyaa qallaba daa'immanii kaffaluuf itti gaafatamaa ta'a jechuun isaa sirrii ta'us akkaataan itti beenyaa qallabaa daa'imman waamamtuun kun guddisaa jirtuuf murteesse dogoggora waan ta'eef, Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachi Dhaabbii Bahaatis kana sirreessuu osoo qabuuakkuma jiruun cimsuun sirrii waan hin taaneef murtii Manni Murtii Olaanaa Godina Harargee Bahaa galmee lakkoofsa 99156 irratti dhaddacha guyyaa 19/09/2014 ooleen murteessee fi murtii Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa galmee lakkoofsa 400236 irratti dhaddacha guyyaa 26/09/2014 ooleen murteessan dogoggora bu'uura seeraa qaba jennee akka SDFHH kwt. 348 (1) fi labsii lakkoofsa 216/2011 keewwata 26 (5) tiin fooyyessineerra. Ammas, hangi qallabaa daa'imman waamamtuun guddisaa jirtuuf murtaa'uu qabu ilaachisee

manni murtii jalaa ragaa jiru waliin madaalee murteessuu waa qabuuf  
Manni Murtii Ol Aanaa Godina Hararagee Bahaa galmee sochoosuun  
bu'uura murtii kana keessatti ibsameen ragaa jiru, seera ilaallatuu fi  
manuwaalii qallabaa waliin madaaluudhaan murtii haqa qabeessa akka  
kennu jennee akka SDFHH kwt. 343 (1) qajeelfamaan gadi deebisneerra.

### **Ajaja**

1. Murtiin Mana Murtii Olaanaa Godina Harargee Bahaa galmee lakkoofsa 99156 irratti dhaddacha guyyaa 19/09/2014 ooleen murteessee fi murtii Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa galmee lakkoofsa 400236 irratti dhaddacha guyyaa 26/09/2014 ooleen murteesan fooyya'eera.
2. Manni Murtii Olaanaa Godina Hararagee Bahaa bu'uura murtii kana keessatti ibsameen dhimmicha manuwaalii qallabaa daa'imani waliin ilaalee murtii akka kennu jenneerra.
3. Galmeen murtii waan argateef cufameera. Haa deebi'u.

Abbootii Seeraa :-

1. Gammachuu Baqqalaa
2. Duulaa Lataa
3. Gammachiis Dhugumaa
4. Ashannaafii Raggaasaa
5. Alamaayyoo Gaaddisaa

Iyyataan:-

1. Daa'ima Inquu Malkaa
2. Daa'ima Bisraat Malkaa
3. Daa'iam Tsiyoon Malkaa
4. Daa'ima Mintasinoot Malkaa
5. Daa'ima Daagimaawit Malkaa

Waamamtootni: – 1. Aadde Iyyarus Malkaa

2. Aadde Tsiggee Malkaa
3. Obbo Malaakuu Malkaa

Galmeen kun qorannoodhaaf kan bule yoo ta'u galmee keessa qorannee murtii itti aanu murteesineerra.

### **Murtii**

Galmeen kun dhaddacha ijibbaataaf dhiyaachuu kan danda'e iyyattootni iyyanna guyyaa 29/11/2014 barreefameen murtii Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachi Hariiroo Hawaasaa galmee lakkoofsa 396497 irratti dhaddacha guyyaa 02/10/2014 ooleen murteesse dogoggora bu'uuraa seeraa waan qabuuf akka nuuf sirratu jechuun waan gaafatanii fidha.

Dhimmi falmii kun falmii dhimma qabeenya dhaalaa ilaallatu dha. Ka'umsi dhimmichaa himanna iyyattootni ammaa gaafa guyyaa 20/05/2013 barreessuun mana murtii ol aanaa Godina Adda Oromiyaa Naannawa Finfinneetti waamamtuu 1 ffaa ammaa irratti dhiyeessaniin abbaan keenyaa fi abbaan himatamtuu obbo Malkaa Firaat gaafa guyyaa 23/03/2012 kan du'e yoo ta'u, yeroo lubbuun jiru haadha manaa isaa adde Ihiita Naarii waliin gaa'elli isaanii diigamee qabeenya qaban addaan qooddatanii adda bahaniiru. Du'aan yeroo lubbuun jiru qabeenya qabu mana jirenyaa kutaa sadii mana sarvisii kutaa afur fi Mana kuusaa qorqoorroo 200 fi manneen suuqii daladalaaf ijaarame kutaa shan bal'ina eddo kaaremetira 910 (dhibba sagalii fi kudhan) irra qubatee jiru, tilmaamaan qarshii 6,000,000 (miiliyoona jaha) baasu kan qabu yo ta'u san keessaa gaheen dhaalaan nu gahu mana kaaremetira 455 irratti argamu qarshiitti 3000,000 dha. Himatamtuun erga du'aan sadaasa bara 2012 du'ee asitti mana jirenyaa keessa jiraachaa suuqiiwwa ii fi mana sarvisii kireessaa galii waligalatti qarshii 684,000 sassabbataa turte waan ta'eef gahee keenya qarshii 342,00 (kuma dhibba sadii fi afurtamii lama) akka nuuf qooddu kan jedhu dha.

Himatamtuun jalaa waamamtuun 1ffaa ammaa deebii guyyaa 26/05/2013 barreeffame mana murtichaatti dhiyeessiteen qabeenya dhaalaa falmii kaase kana haadha manaa du'aa kan turtee fi haadha koo kan turte aadde Zannabach Sabgaaz jedhamtu waliin kan horatame ta'ee yeroo aadde Zannabach Sabgaaz duutu ani gaa'elaaf kan hin geeny'e. Qabeenya himattootni gahee abbaa keenyaa jechuun dhiyeessan kan haati isaanii yeroo gaa'elli isaanii diigamu qooddattee baate waan ta'eef qabeenyaan gahee aadde Zannabach Sabgaaz keessaa yoo buhu kan hafu qabeenya Malkaa Fixirat waan ta'eef gahee isaa walakkaa haadha manaa isaa boodaa haadha himattootaaf quodee gahee isaa  $\frac{1}{4}$  ffaa hafe qabeenya

gahee aadde zannabach Sabgaaziitti kan makame waan ta'eef gahee haadha himatamtuu 2/3 ffaa keessaa bahee gahee abbaa himattootaa hafu 1/3 ffaa qofaa dha. Kanaaf tilmaamni manaa qarshii miiliyoona sadii kan hin caalle ta'ee himattoota waliin dhaaltotni dhaaluu kan danda'an 1,000,000 ta'ee gahee himattootaa tilmaamaan qarshii 500,000 qofa adha. Mallaqni kiraan mana suuqii irraa argamu hanga himattootni jedhan miti. Maallaqni argames baasii sirna awwaalchaa kaffaluuf kan oolee fi du'aan idaa gibiraa garagaraa eegee kaffalaa wana hin turreef idaa qarshii 298.982.38 kan kaffalame dha jechuun deebistee falmiteetti.

Gama biraatiin waamamtootni 2ffaa fi 3ffaa ammaa iyyanna gidduu Lixxummaa gafa guyyaa 16/07/2013 barreeffameen qabeenya himattootnii fi himatamtuun irratti wal falmaa jiran qabeenya haadha keenyaa aadde Zannabach Sabgaaz yoo ta'u, gahee du'aa obbo Malkaa Fixiraat Haati himattootaa guutummana guutuutti kan fudhattee gurguratte dha. Kanaafuu, qabeenya dhaalaa himattootni gaafatan hin jiru malee osoo jiraates dursa qabeenya haadha keenyaa aadde Zannabach Sabgaaz kan gidduu lixxootni ammaa fi himatamtuun qofti dhaaluu qaban erga keessaa bahee booda qabeenya abbaa keenyaa yoo argame kan dhaaltotni 10 waliin dhaaluuf mirga qabu dha jechuun gaheen haadhaa fi abbaa isaanii akka murtaa'uuf gaafataniiru. Iyyattootni ammaa deebii guyyaa 21/07/2013 barreessuun iyyata jidduu lixxummaa irratti kennaniin mormii sadarkaa duraa fi ijoo dubbii irrattis deebii kennaniiru. Haaluma kanana mormiin sadarkaa duraa dhiyeessan haati jidduu lixxootaa fi himatamtuu aadde Zannabech Sabgaaz bara 1989 kan duute waan ta'eef seerummaa jidduu lixootni dhiyeessan darbiinsa yerootiin ni daangeffama. Dhimmi amma falmii kaase galmeek lakkoofsa 21214 irratti dhaddacha guyyaa 02/02/2002 ooleen murtii xumuraa waan argateef gaaffii jidduu lixootni dhiyeessan fudhatama hin qabu. Haati jidduu lixootaa qabeenya falmii

kaase iraa mirga qabaachuun waan hin mirkanoofneef iyyanni dhiyaate kufaa dhak an jedhu dha. Filannoон ijoo falmii irratti deebii kennaniin qabeenya falmii kaase du'aan gahee isaa haadha warraa isaa Aadde Ihiita Naarii irra gahee abbaa warrummaa kan qooddattu dha. Qabeenya falmii kaase kan du'aan haadha keenya Aadde Ihiita Naarii waliin horate malee haadha jidduu Lixxootaa waliin kan horate miti. Haati jidduu lixxootaa qabeenya falmii kaase iraa mirga hin qabdu waan ta'eef qabeenya falmii kaase dhaaltota hundaaf qixxeetti akka qoodamu jechuun deebisaniiru. Waamamtuun 1 ffaa ammaa deebii guyyaa 21/07/2013 barreeffameen iyyata gidduu lixxootaa irratti kenniteen bu'uura iyyata jidduu lixxootaan murtiin yoo kenname mormii hin qabu jechuun deebisteetti.

Manni Murtii Olaaanaa Godina Adda Oromiyaa Naannawa Finfinneetis kanumana ijoo qabeenyaan falmii kaase kan du'aan abbaan wal falmitootaa dhiisee du'e moo miti? kan haadha himatamtuu fi jidduu lixootaa ti? Haati himatamtuu fi jidduu lixxootaa qabeenya falmii kaase keessaa gahee qabdi moo miti? kan jedhuu fi qabxiilee biroo qabchuudhaan falmii fi ragaa qabatee booda murtii dhuma irratti kenneen manni falmiif sababa ta'e keessaa manni jireenyaa kutaa lama fi manni suuqii kutaa shan kan du'aan Abbaan wal falmitootaa obbo Malkaamuu Fixirat fi haati himatamtuu fi jidduu lixxootaa waliin horatan ta'uu bifaa calaa qabuun mirkaneessaniiru. Kanaafuu mana jireenyaa falmiif sababa ta'e waliigala qarshii 500,689.98 tilmaamame lafa kaaremetira 910 irratti argamu keessaa jalqaba irratti mana jireenyaa kutaa sadii tilmamani qarshii 177,954.08 fi Manneen Suuqii daldalaaf ijaaramee kutaa shan tilmaaman qarshii 99,476.70 waliigala tilmaamana qarshii 277,430. 78 baasu keessaa walakkaan gahee haadha himatamtuu fi jidduu Lixxootaa duutuu Aadde Zannabach Sabgaaz bifan yookiin tilamama qarshii 138,715,39 baasu erga keessaa bahee akkasumas idaan kiraam gamoo qarshii 298,980

qabeenya dhaalaa kana keessaa bahee booda qabeenya hafu dhaaltotni du'aa obbo Malkaa Fixiraat nama 10 tiif qixxeetti erga qoodamee gahee himattootaa nama 5 gahuu danda'u himatamtuun himattootaaf haa qooddu, akkasumas galii kiraan mana suuqii qarshii 10,500 iyyattootaaf akka kaffaltu jechuun murteesseera. Iyyattootni ammaa murticha irraa komachuudhana gara man amurtii Waliigala Oromiyaatti kan ol iyyatan ta'us manni murtii waliigala Oromiyaa galmee lakkoofsa 396497 irratti qabxii waa'ee darbiinsa yeroo ilaachisee erga dhiyeessisee falmisiiseen booda booda murtii jalaa akka SDFHH kwt. 348 (1) tiin cimsee murteesseera.

Iyyattootni ammas murtiin kun dogoggora bu'uura seeraa waan qabuuf akka nuuf sirratu jechuudhaan kan iyyatan yoo ta'u iyyanna guyyaa 29/11/2014 barreeffameen gabaabumatti, Manneen murtii jalaa qabeenya duutuu Aadde Zannabech Sabgaaz ilalachisee waammatootni kanaan dura mana murtii aanaa Sabbataa Awaasitti galmee lakkoofsa 21214 ta'e irratti Aadde Ihiitee Naarii fi du'aan obbo Malkaa Firat yeroo falmii waa'ee dhirsaa fi niitii gaggeessanitti murtii kennname komatanii iyyata mormii dhiyeessanii kan turanii fi iyyanni mormii isaanii dhaddacha gaafa guyyaa 01/04/2002 ooleen kan kufaa jalaa godhame ta'ee osoo jiruu achiin boodaa murtiin sun ol iyyannoodhaan kan hin diigamnee fi wammatootnis kallattii biraatiin gaaffiin dhioyeessan tokko illee bakka hin jirretti waammatootni amama gaheen Aadde Zannabach Sabgaaz akka ta'e fakkeessanii kan dhiyeessan soba dha. Knaana dura Aadde Ihiitee Naarii fi du'aan obbo Malkaa Fixirat Mana murtii aanaa Sabbataa Awaasitti galmee lakkoofsa 21214 irratti yeroo waa'ee qabeenya dhirsaa fi niitii wal falmanitti qabeenya mana jireenyaa kana qabeenya waliinii Aadde Ihiitee Naarii fi obbo Malkaa Fixiraat ta'uun isaa mirkanaa'ee akka qixxeetti qooddatan erga murtaa'een booda galmee lakkoofsa 22716

irratti raawwatamee manni jireenyaa amma falmii kanaaf sababa ta'es gahee obbo Malkaa Fixirat ta'ee kan qoodamee jiru ta'ee osoo jiruu yeroo sanattis waammatootni 2 ffaa fi 3 ffaa qabeenyi gahee aadde ihiite Naarii ta'ee qoodame fi qabeenyi amma falmii kaase kun walumatti obbo Malkaa Fixiraat aadde Zannabach Sabgaaz waliin kan horatane dha jedhanii iyyata mormii dhiyeessan kan turan yoo ta'u yeroo sanatti iyyanni mormii isaanii kufaa kan jalaa godhame ta'ee osoo jiruu manni murtii ol aanaa haala ifa hin taaneen falmii keenya kufaa godhee qabeenya mirga irraa qabnu kana irraa walakkaan isaa dhaaltotaa aadde Zannabach Sabgaaziif (deebii kennitootaaf) keessaa bahuuf qaba jechuudhaan murtiin kenne fi manni murtii waliigala Oromiyaa murtiidhuma kana cimsee murtiin kenne seeraan ala kan kebnnamee fi bifaa seeraaf faallaa ta'eef akka nuuf diigamu. Haati waammatootaa bara 1989 kan duute waan ta'eef erga haati isaanii duutaa boodaa qabeenya manaa jireenyaa qabatanii kan turan aadde Ihiitee Naarii fi du'aa obbo Malkaa Fixirat qofa ta'uun ibsuudhaan erga haati isaanii duutaa wagga 24 booda gaaffi waa'ee qabeenya dhaalaa kaasuu akka hin dandeenyne ibsinee kan falmine ta'ee osoo jiruu qabeenyi famiif sababa ta'e waammatuu 1 ffaa harka waan jiruuf falmii darbiinsa yeroo kaasuu hin dandeessan jedhee kan murteesse ilaachisee qabeenya manaa jireenyaa falmii kanaaf sababa ta'e kana waammatuu 1 ffaa kan qabatte erga Obbo Malkaa Fixirat bara 2012 du'ee booda ta'ee osoo jiruu akka SHH kwt. 1000 (1) tiin erga dhaalchisaan du'ee wagga 10 booda haala kamiin iyyuu gaaffii qabeenya dhaalaa dhiyeessuu akka hin dandeenyne dhaddachi ijibbaataa hiikkoo dirqisiisaa kennee osoo jiruu namni qabeenya harka isaa hin jiree falmii darbiinsa yeroo kaasee hin danda'u seerri jedhus kan hin jirre ta'ee osoo jiruu manni murtii ol aanaa falmii waammatootni hin kaasne kaasuudhaan mormii keenya seeraan ala kufaa gochuudhaan walakkaa qabeenya mana jireenyaa falmii kaase dhaaltota aadde zannabach Sabgaaziif keessaa bahu qaba jechuudhaan

murtiin kennee fi manni murtii waliigalaa cimsuun dogoggora bu'uura seeraa kan qabu waan ta'eef fooyya'ee qabeenyi manaa falmii kanaaf sababa ta'e dhaaltota obbo Malkaa Fixirat nama 10 tiif qixxeetti akka qoodamu akka naaf murtaa'u jechuun gaafataniiru. Iyyanni akka armaan olii ta'ee dhaddachi ijibbaataa qorannoo duraa kanumaan galmee keessa qorachuudhaan ijoo waamamtootni haati isaanii bara 1989 kan duute ta'ee bara 2002 abbana isaanii (wal falmitootaa ) fi haati iyyattootaa gaa'illi isaanii diigamee qabeenya afi qabiyyee yoo murtiidhaan addaan hiratan kan beekan ta'uu fi gidduu galuudhaaf gaafataniii kan bira darbame waan ta'eef qabeenya afi qabiyyee harka du'aa ababa isaanii ture kan dhuunfa aisaa ta'ee murtaa'ee osoo jiruu turtii yeroo dheeraa waggaa 24 booda waammatootni darbiinsa yerootiin hin fdaangeffaman jkedhamee qabeenya afi qabiyyee gahee haadha isaanii jira jedhame murtiin kennname dogoggora bu'uura seeraa kan qabu dha moo miti? qabxiin jedhu qulqullaa'uu waan qabuuf ni dhiyeessisa jedheera.

Haaluma kanaan, waamamtuun 1 ffaa deebii guyyaa 07/03/2015 barreffameen qabeenyaan ammaa sababa falmii ta'e kan horatame duutuu Aadde Zannabach Sabgazii fi Malkaa Fixrat jidduutti dha. Ani yeroo haati ko duutetti ani daa'ima waggaa tokkoo hin caalle ta'ee qabeenya gahee haadha koo gaafachuu hin dandeenye. Abbaan keenya haadha himattoota kanaa qabeenyuma Aadde Zannabach Sabgaaz waliin horate irratti fuudhee waliin jiraachuun kan hin haalamne ta'us qabeenyaan erga Aadde Zannabach duutee horatame hin jiru. Yeroo waamamtuu waliin jiraachuu eegalus qabeenya Zannabach keessaa osoo na hin baasne walumaan ittiin fayyadamaa ittiin guddadhee booda sababa wal diddaa haadha himattootaa ammaa fi dhaalchisaa jidduutti uumameen qabeenyaan Aadde Zannabach Sabgaaz abbaa ko waliin horatte osoo keessaa hin bahiin qabeenyaan qixxeetti akka qoodamu ta'e

malee haati iyyattoota ammaa qabeenyaan gaa'ela keessatti dhaalchisaa waliin horattee jiraate miti. Qabeenyaan falmiif sababa ta'e ta'e kun galmees falmii dhirsaa fi niitii haadha iyyattootaa ammaa fi dhaalchisaa jidduu ture irratti kan waliinii ti jedhamuun yookaan jedhamuu dhabuun isaa akka murtii dirqisiisaatti fudhatamuun kan qabu miti waan ta'eef komiin gama kanaan dhiyaates fudhatama kan qabu miti. Darbiinsa yeroo ilaalchisee ani waamamtuun 1 ffaan kun haati kiyya yeroo duutu abbaa kiyyatti na dhiistee kan duutee fi boodas haati iyyattootaa manumaa fi qabeenya Zannabach Sabgaaz fi Malkaa Fixrat Waliin horatan keessaatti haadha buddeenaan koo taatee na guddistee booda haati ol iyyattootaa abbaa kiyya irraa wayita gargar baatu immoo ani qabeenyummaan kana keessatti abbaa kiyya waliin hafee abbaa kiyya gargaagaraa waliin jiraachaa turee booda innis wayita du'u qabeenyaan kun kan harka kootti hafe dha. Ani qabeenyaan kana irraa gargaara bahee hin beeku. Qabeenya gahee haadha kiyyaa ilaallatu immoo umuriin kiyya erga gaa'ela gahee booda kan lakkaa'amuu qabu malee guyyaa haati kiyya duutu 1989 yeroon an i waggaa tokko illee hin guunne irraa eegalee darbiinsi yeroo narratti lakkaawamuun kan hin qabne waan ta'eef komii isaanii kufaa ta'ee murtiin mana murtii jalaa akka naaf cimu jechuudhaan deebisteetti. Waamamtootni 2 ffaa fi 3 ffaa gama isaaniitiin deebii guyyaa 07/03/2015 barreeffameen qabeenyaan falmiif sababa ta'e kan horate haadha keenyaa fi dhaalchisaa yoo ta'u waamamtuun tokkoffaa ooboleettii keenya quxisuu taatee abbaa keenya gargaaraa waliin waan turteef wayita Abbaan keenya du'us harka isheetti kan hafe dha. Qabeenya immoo walumaan itti fayyadamaa kan turre dha. Qabeenyicha kan horate du'aa abbaa keenyaa fi haadha keenya aadde Zannabach Sab gaaz ta'uu ragaadhaan mirkanaa'eera. Haati iyyattootaa fi dhaalchisaan yeroo dhimma falmii qabeenyaan irratti yeroo falmii irra turanitti kan giiddu lixne ta'us sababa darbiinsa yerootiin yookaan mirga dhabuutiin osoo hin taane erga

qabeenyaan sababa falmii ta'e raawwatamee booda dhiyaate kan jedhu waan ta'eef kufaa kan ta'e malee mirga irraa hin qabdan jedhamee miti. Haata'uutii abbaa keenya irratti himanna kallattii hundeessuuf abbaa keenya waan kabajnuuf himachuu hin barbaanne waan ta'eef komiin darbiinsa yeroo kaasan fudhatama kan qabu miti. Osoodhuma ta'e iyyuu falmii darbiinsa yeroo kaasuuf iyyattootni mirga hin qaban . Sabaiin isaa darbiinsa yeroo qabeenya waliin wal qabatu kaasuuf mirga kan qabu nama qabeenya sababa falmii ta'e to'annoo isaa jalatti galchee itti ajajaa jiru yookaan itti fayyadamaa jiru dha malee qabeenya itti fayyadamaa hin jirre fagoo dhaabbatanii darbiinsa yeroo kaasuun fudhatama hin qabu jechuun deebisaniiru.

Achii as dhufaatiin dhimmichaa akka armaan olii ta'ee nutis kanumaan bu'uruma ijoo olitti dhaddacha ijibbaataa qorannoo duraan qabameen galmeek keessa qoranneerra. Haaluma kanaan akka galmeek keessa qorannetti ijoon jalqaba ilaalamuu murtii armaan dura murtsteen wal qabatee, falmiin iyyattootaa kanaa dhimmichi armaan dura gaafa gaafa haati isaanii fi du'aan falmii qoodinsa qabeenya galmeek lakkoofsa 21214 irratti wal falmaa turan waamamtootni gidduu seenanii iyyanni isaanii kufaa ta'eera qabeenyis kan du'aa fi Ihiita Naarii ta'uu murtaa'eera waan ta'eef haati waamamtootaa mirga hin qabdu kan jedhu dha. Isa kana jal murtii manni murtii ol aanaa galmeek lameen waliin qorachuun kenne waliin yoo ilaallu yeroo haati iyyattootaa fi du'aan qabeenya irratti wal falman erga murtiin kennamee booda waamamtootni ammaa mormii akka SDFHH kwt. 358 tiin dhiyeeffatanii sababa yeroo sanitti murtiin raawwatameera jedhameef iyyanni isaanii kan kufaa ta'e akka ta'e ibsameera. Kana yoo ta'e immoo iyyattootnii fi abbaan isaanii dhimma qabeenya amma falmiif sababa ta'e irratti wal falmanii murtiin kan kenname osoo hin taane manni murtii falmii keessa osoo hin galiin

iyyanni isaanii erga murtiin raawwataamee dhiyaate jechuun kufaa kan godhee murteesse waan ta'eef dhimmicha irratti falmiin gageeffamee murtiin kennameera kan jechisiisu miti. Haala akkasii keessatti immoo gareen mirga irraa qaba jedhu mirga isaa himanna haaraa dhiyeessuuun falmachuu wanti isa daangessu kan hin jirre waan ta'eef, akkasumas, dhimmicha irratti falmiin yoo ka'es akka SDFHH kwt 41 tiin gidduu seenee falmachuu wanti dhorku hin jiru. Kanaafuu, waamamtootni ammaa dhimmicha keessa seenuuf iyyachuun isaanii fi manni murtiis iyyanna isaanii fuudhee ilaaluun dogoggora kan qabu miti.

Lammaffaa irratti waa'ee darbiinsa yeroo ilaachisee, qabeenyi falmii kaase harka du'aa qofa osoo hin taane harka himatantuun jalaa (waamamtuu 1 ffaa ammaa) kan ture akka ta'e firii dubbii mana murtii jalaatti mirkanaa'e dha. Namni mormii darbiinsa yeroo kaasuu danda'u nama qabeenyicha harkatti galfatee itti fayyadamaa jiru ta'ee namni mormiin irratti dhiyaatu immoo nama qabeenya falmii kaase harka hin galle irratti dha. Dhimma qabanne kana irratti qabeenyi iyyattootni ammaa kan dhaalaati nuuf haa qoodamu jechuun gaafatan du'aan himatantuun jalaa Waamamtuu 1 ffaa ammaa waliin kan fayyadamaa ture ta'uu firii dubbii mana murtii jalaatti mirkanaa'e dha. Kana yoo ta'e immoo waamamtootni gahee dhaalaa haadha isaanii kan gaafatan ta'ee waamamtuun 1 ffaa obbooleettii isaanii taate abbaa iyyattootaa waliin fayyadamaa turte irratti iyyattootni mirga abbaa isaanii yeroo dhaalan gahee aadde Zannabach ilaachisee iyyattoota irratti mormii darbiinsa yeroo dhiyeessuu hin danda'an. Mormii darbiinsa yeroo waamamtuun 1 ffaa waamamtoota hafan irratti dhiyeessite bakka hin jirretti gahee aadde Zannabach Sabgaaz ilaachisee waamamtuun 1 ffaa dhaaltuu taate fayyadamaa turuun ishee mormii abbaan iyyattootaa/ iyyattootni kaasuu danda'an hafaa kan taasisu dha. Kanaafuu, manneen murtii jalaa mormii

sadarka aduraa iyyattootni kaasan kufaa gochuun isaa dogoggora seeraa kan qabu miti. Walumaagalatti, manni murtii jalaa waamamtootni 2 ffaa fi 3 ffaa dhimmicha keessa akka galan hayyamuu fi falmii darbiinsa yeroo iyyattootni kaasan kufaa gochuudhaan waamamtootaaf gaheen dhaala haadha isaanii keessaa baheef booda qabeenya du'aa abbaa wal falmitootaa dhaaltotni akka qooddatan jechuun murtiin kenne dogoggora bu'uura seeraa hin qabu jennee murtii manni murtii ol aanaa Godina Adda Oromiyaa Nannawa Finfinnee galmee lakkoofsa 40296 irraatti dhaddacha guyyaa 05/11/2013 ooleen murteesse, murtii Manni Murtii waliigala Oromiyaa Dhaddachi Hariiroo Hawaasaa galmee lakkoofsa 02/10/2014 ooleen murteesse akka SDFHH kwt. 348 (1) fi Labsii lakkoofsa 216/2011 keewwata 26 (5) tiin cimsinee murteessineerra.

### **Ajaja**

1. Murtii manni murtii ol' aanaa Godina Adda Oromiyaa Nannawa Finfinnee galmee lakkoofsa 40296 irraatti dhaddacha guyyaa 05/11/2013 ooleen murteesse, murtii Manni Murtii waliigala Oromiyaa Dhaddachi Hariiroo Hawaasaa galmee lakkoofsa 02/10/2014 ooleen murteesse cimeera.
2. Baasii fi kisaaraa bitaa fi mirgi of haa danda'an.
3. Galmeen murtii waan argateef cufameera. Haa deebi'u.

Abbootii Seeraa:-

1. Gammachuu Baqqalaa
2. Abdusalaam Siraaj
3. Duulaa Lataa
4. Ashannaafii Raggaasaa
5. Alamaayyoo Gaaddisaa

Iyyataan/ttuun/ttootni/: Baay'isaa Humneessaa

Waamamaaan/tuun/tootni:1. Diroo Guutaa	3.Galaanee Guutaa
2. Dachoo Guutaa	4.Galaanaa Guutaa

Galmeen qorannoof bule. Qorannee murtii kana gadii kennineerra.

### **Murtii**

Galmeen kun dhaddacha ijibbataaf dhihaachuu kan dandahe iyyataan ammaa murtii Manni Murtii Aanaa Jalduu galmee lakk.81854 tahe irratti dhaddacha gaafa 06/04/14 ooleen kenne,Manni Murtii Ol'aanaa Go/Sh/Lixaa galmee lakk.39406 tahe irratti dhaddacha gaafa 20/04/14 ooleen cimsuun kenne,Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa galmee lakk.395734 tahe irratti dhaddacha gaafa 10/06/14 ooleen cimsuun kenne kun dogoggora bu'uura seeraa kan qabuu dha naaf haa sirraahu jachuun iyyannoo gaafa 06/07/14 barreeffameen waan dhiheeffateefi dha.

Ka'umsi falmii kanaa mana murtii Aanaa irraa yoo tahu,iyyataan jidduu lixaa,waamamtoonni immoo iyyattootaa dha.Falmiin ragaa dhaaltummaa nuuf haa kennamu kan jedhu dha.Waamamtoonni ammaa iyyata gaafa 01/02/14 barreesanii mana murtii Aanaa Jaldutti dhiheessaniin,haati keenya Dirribee Ejjetaa waan duuteef nuti dhaaltoota ishiiti. Qabiyyee dhaalaa abbaa fi haati keenya waliin horatanii qaban gahe duutuu haadha

keenyaa abbaan keenya Guutaa Gammadaa fedha isaatiin waliigaltee gaafa 01/02/14 jidduu keenyatti taasifameen qoodee waan nuuf kenneef nuti dhaaltonni immoo gahee gahee keenya qoddanne waan jirruuf manni murtii qoddii taasifame kana nuuf mirkaneesse ragaa dhaaltummaa itti nuuf haa kennu jechuun gaafataniiru. Kanaan osoo jiru iyyataan ammaa iyyataan jidduu lixummaa bu'ura d/f/s/s.41 gaafa 23/02/14 barreesse dhiheesseen,qabiyyee lafa waamamtoonni qoddanne ragaan dhaaltummaa akka itti nuuf kennamu jadhan kan harka abbaa isaani jiru osoo hin tahiin ani iyyataan abbaan koo haadha isaa(akkoo koo) dura waan du'eefi akkoon koo Dirribe Rajjataa immoo abbaa koo booda bara 2009 waan duuteef ani iyyataan qabiyyee dhaalaa akkoon koo dhiiifte duute abbaa koo bakka bu'ee akkoo koo dhaaluuf mirga waaniin qabuuf gahe dhaalaa ana gahu qabu akaakayyuun koo Guutamaa Camadaa(abbaa waamamtootaa) himadhee galmeed mana murtii Aanaa lakk.71922 tahe irratti dhaddacha gaafa 27/06/12 ooleen itti murteeffadhee galmeed raawwii lakk.73750 tahe irratti gabaasa gaafa 05/01/13 taasifameen naaf raawwatamee jiru akka harka abbaa isaani jiruu fi gahee dhaalaa haadha isaanii qoodee isaaniif kenne fakkeessuun itti makanii akka ragaan dhaaltummaa irratti kennamuuf gaafatan waan taheef qabiyyee koo akka keessaa naaf bahu jachuun falmeera.Waamamtoonni ammaa iyyata jiddu lixxummaa dhihaate kana irratti deebii gaafa 30/02/14 barreessanii dhiheessaniin,qabiyyee lafa iyyataan murtiin qoodatee harka isaa galee itti makamee hin jiru,qabiyyee lafa iyyataan lakkofsa galmeed haadhoo fi raawwii tuqee naaf murtaahe akkasumaas naaf raawwatame jedhu osoo qabiyyeen lafa abbaa fi haadha keenya adda hin bahin akkasumaas gahe dhaalaa keenya osoo keessaa hin bahin duchatti kan waliin raawwatameef waan taheef iyyanni isaa fudhatama hin qabu kufaa nuuf tahe bu'ura iyyanneen nuuf haa murtaahu jachuun falmaniiru.

Manni murtii Aanaa bitaa fi mirga falmisiisuun qaama dhimmi isaa ilaaluun akka qulqulaahe dhihaatu eega taasise booda qabiyyee lafa iyyataan naaf murtoofte naaf raawwamatamte jedhu qabiyyee lafa abbaa fi haadha waamamtootaa akka tahee fi amma illee maquma isaanitiin galmaahe kan jiru waan taheefi gara biraatiin murtiin iyyataan naaf kennname jedhee falmuu qabiyyee lafa dhaalaa gahe abbaa waamamtootaa walakkaan eega keessaa bahe booda walakkaa hafu dhaaltoonni akka qooddatan jadhame murtaahe osoo jiru akkaataa kanaan osoo adda hin bahin akkuma jirutti iyyataaf raawwatamee harka gale waan taheef iyyanni isaa fudhatama hin qabu, waamamtooni immoo waliigalteedhaan qooddatanii dhaaltummaan isaanii mirkanaahee ragaan akka kennamuuf waan gaafataniiif bu'ura seera dhaalaa kew.996 ragaan dhaaltummaa qabiyyee fedhaan qooddatan irratti haa kennamuufi jachuun murteesseera.

Iyyataan ammaa murtii kana komachuudhaan komii ol'iyyannoo Mana Murtii Ol'aanaa Go/Sh/Lixaatti yoo dhiheeffate illee komiin hin dhihessisu jachuun bu'ura d/f/s/s.337 murteessaniiru. Iyyataan amma illee murtilee kenneen komachuudhaan komii ol'iyyannoo Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa dhaddacha jiddugaleessaatti yoo dhiheeffate illee komiin fudhatama hin qabdu jachuun bu'ura d/f/s/s.337 murtaaheera. Iyyataan ammaa murtii haala kanaan kennname kana komachuudhaan iyyannoo dhaddacha kanaaf dhiheesseen,qabiyyee lafa dhaalaa gahe dhaalaa abbaa koo ana dhalee haadha isaa irraa argachuu dandahu abbaan koo dursee waan du'eef ani dhaalaa abbaa koo waaniin taheef bakka bu'uun abbaa waamamtootaa yookaan akaakayyuu koo himadhe itti murteessifadhe qabiyyeen lafa naaf murtaahe raawwiidhaan harka koo galee jiruu fi harka abbaa waamamtootaa hin jire waamamtoonni toftaadhaan akka harka abbaa isaani jiru fakkeessuun gahe haadha isaani abbaan nuuf quode jachuun itti makanii ragaan akka irratti kennamuuf

kan gaafatan tahu mirkanaahe osoo jiru,mormuu hin dandeessuu jachuun iyyata mormii koo kufaa taasifamee ragaan dhaaltummaa qabiyee koo irratti waamamtootaaf akka kennamuuf murtii manneen murtii jalaatiin kennname dogoggora bu'ura seeraa waan taheef ana irraa diigamee bu'ura gaafii kootiin qabiyyeen lafa koo murtii argadhe akka keessaa naaf bahu naaf haa murttaahu jechuun gaafateera.

Dhaddachi kunis komee iyyannoo dhihaate,murtii manneen murtii jalaatiin kannname seera waliin ilaaluun qabiyee lafa daangaan ibsamee bu'ura murtiitiin raawwiidhaan harka iyyataa gale hin jiru jadhamee ragaan dhaaltumama waamamtotaaf akka itti kennamuuf jedhamee murtii manneen murtii jalaatiin kennname seera qabeessummaa isaa bakka bitaafi mirgi jiranitti qulquleessuuf ni dhiheessisa jedhamee waamamtoonni dhihaatanii deebii gaafa 07/03/15 barreessanii dhiheessaniin,qabiyyeen hanga ammaa harka abbaa keenyaa kan jiruu fi maqaa abbaa keenyaan galmaahe kan jiru dha,abbaan keenya immoo qabiyee dhaalaa gahe duutu haadha keenyaa fedhiin nuuf kenne, nutis qooddanne gahe gahe keeinya irratti ragaan dhaaltummaa akka itti nuuf kennamu bu'ura gaafanneen kan itti nuuf kennname malee qabiyee lafa iyyataan mirga irraa qabuu fi harka isaa galee jiru wanni itti makame hin jiru waan taheef murtii manneen murtii jalaatiin kennname dogoggora hin qabu nuuf haa cimu jachuun falmaniiru.

Dhaddachi kunis komee iyyannoo dhihaate,deebii kennameefi murtii manneen murtii jalaatiin kennname seera waliin qoranneerra. Akka qorannetti qabiyee lafa adeemsa seeraatiin iyyataan murteessifate raawwiidhaan harkatti galfate jiru irratti waamamtootaa ragaan dhaaltummaa bu'ura seera dhaalaa kew.996 haalli itti kennameef deegarsa seeraa ni qabaa? kan jedhu qabxii furmaata barbaadu tahe argameera.

Falmii bitaa fi mirgaa irraa akka hubatamutti abbaan iyyataa fi waamamtooni muraasni obboleeyyan akka tahanifi abbaan iyyataa haadha isaa dura bara 2007 akka du'e haati isaa yookaan akkoon iyyataa(haadha waamamtootaa) bara 2009 kan duute tahu hin haalamne. Kun kanaan osoo jiru iyyataan ammaa qabiyyee dhaalaa gahe abbaa koo haadha isaa duute irraa argachuu dandahu bakka bu'iinsaan akka naaf qoodamu jechuun Guutaa Gammadaa(abbaa waamamtootaa) himatee galmee mana murtii Aanaa Jalduu lakk.71922 tahe irratti iyyataan irratti murteessifate galmee raawwii lakk.73750 tahe irratti karaa bulchiinsa gandaatiin akka raawwatamuuf ajajamee bulchiinsi gandaa akkaataa ajajameen kan iyyataaf raawwate tahu xalayaa lakk.290 gaafa 05/01/2013 mana murtiitiif barreesseen waan mirkanaaheef manni murtii akkaatuma kanaatiin galmee raawwii dhaddacha gaafa 05/01/13 ooleen kan cufe tahu sadarkaa firii dubbitti mirknaahe jira.

Waamamtooni mataan isaanii haala kanaan murtaahe iyyataaf kan raawwatame tahuu hin haalan.Qabiyyee lafa abbaa isaanitiifi haadha isaanii duute akkasumaas gahe dhaalaa isaani osoo adda hin bahiin iyyataaf kan raawwatame yoo tahe adeemsa seeraa hordofuun mirga isaanii kabachiifachuu osoo dandahanii haala kanaan waanni itti adeeman hin jiru.Qabiyyee lafaa akkaataa kanaan murtaahee raawwidhaan harka iyyataa gale akka abbaa isaani harka jiru fakkeessuun abbaa keenyatu gahe duutuu haadha keenyaa qoode nuuf kenne nuti immoo waliigalteen gahee tokko tokko keenyaa quoddannee jira nuuf mirkanaahee ragaan dhaaltummaa itti nuuf haa kennamu jachuun mana murtiitti gaafii dhiheessan hordofuun iyyataan bu'ura seera dhaalaa kew.998 gocha isaanii mormee osoo jiru manneen murtii jalaa iyyata mormii iyyataa kufaa taasisuun isaanii deegarsa seeraa hin qabu.

Waan taheef qabiyyeen lafaa murtiin irra qubatee raawwiidhaan harka iyyataa gale hanga murtiin hindii gamne yookaan hin fooyyoofnetti bu'uura s/d/f/s/.kew.212 akka murtii seera qabeessaa tahetti kan lakkaahamu tahee osoo jiru, qabiyyee murtuhe raawwiidhaan harka isaa gale irraa iyyataan mormuun nama kamuu irraa ittisuuf seeraan mirga osoo itti qabuu iyyanni mormii isaa fudhatama dhabuun isaa, iyyataaf gahee isaa malee itti dabalamEE kan raawwatameef yoo tahe waamamtooni duraan dursanii adeemsa raawwii keessa galuun namni mirgaan qaba jedhu akka keessaan bahuuf gaafachuu osoo dandahuu dhiisuun, qabiyyeen lafaa kun abbaa isaanii harka akka hin jirree fi raawwiidhaan harka iyyataa akka galee jiru illee osoo beekanii eega qabiyyeen raawwiidhaan harka iyyataa galee booda gahee dhaalaa haadha keenyaa bara 2009 duutee nu dhaaltootaaaf abbaan keenya waliigaltee kennaa gaafa 01/02/14 taasiseen nuuf kennee jira jechuun akka mirkanaahe ragaan dhaaltummaa irratti nuuf kennamu jechuun gaafin dhiheessan adeemsa seeraa malee tahee osoo jiru, murtiin manneen murtii jalaa sababa gahaa fi deegarsa seeraa hin qabne irratti hundaahuun iyyata mormii iyyataa kufaa taasisuun iyyataan yoo barbaade gahe dhaalaa isa gahu deebi' ee haa gaafatu jechuun ragaa dhaaltummaa bu'uura seera dhaalaa kew.996 waamamtootaaf mirkaneessuun haalli itti kennname mirga iyyataa kan sarbu qofa osoo hin tahiin haqaa kan jal'isu tahee waan argameef kun immoo dogoggora seeraa isa bu'uuraati dhaaddacha kanaan sirraahu qaba janneerra.

### Ajaja

1. Murtiin Manni Murtii Aanaa Jalduu galmee lakk.81854 tahe irratti dhaddacha gaafa 06/04/14 ooleen kenne, Manni Murtii Ol'aanaa Go/Sh/Lixaa galmee lakk.39406 tahe irratti dhaddacha gaafa 20/04/14 ooleen cimsuun kenne fi Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa dhaddacha jiddugaleessaa galmee lakk.395734 tahe irratti dhaddacha

gaafa 10/06/14 ooleen cimsuun kenne bu'ura labsii lakk.216/2011  
kew.26/5/ fi d/f/s/s.348/1/tiin diigameera.

2. Ragaan dhaaltummaa manneen murtii jalaa qabiyyee lafa bakka lamatti argamuufi falmii kanaaf ka'umsa tahe 1ffaa- daangaan isaa Bahaan-lafa Disaasaa Giiddiisaa fi lafa Aadde Tolashii Hordofaa;Lixaan lafa Nagarii Araarsoo fi lafa Hirphaa Gammachuu,Kaabaan daandii,Kibbaan-Baargamoo Bayii Fayyisaa jedhamu jiddutti argamu hektaara 1.5 tahu;2ffaa- qabiyyee lafa Bahaan-Naannee Daraaraa,Lixaan-daandii,Kaabaan-lafa Dirribaa Baalchaa,Kibbaan-lafa Dhaabaa Raggaasaa jidduutti argamu heektaara 0.5 tahe irraa ragaan dhaaltummaa bu'uura seera dhaalaa kew.996 waamamtootaaf itti kennname haquun murtaaheera.
3. Waamamtoonni qabiyyee gahee keenyatit makamee iyyataaf raawwatame kan jadhan yoo tahe adeemsa seeraa hordofuu mirga isaanii gaafachuu murtiin kun isaan hin daangeessu janneerra.
4. Garagalchii murtii kanaa manneen murtii jalaa haa qaqqabu.
5. Galmeen kun murtii dhumaan argateef mana galmeetti haa deebi'u.

Abbootii Seeraa:-

1. Gammachuu Baqqalaa
2. Abdusalaam Siraaj
3. Duulaa Lataa
4. Ashannaafii Raggaasaa
5. Alamaayyoo Gaaddisaa

Iyyataan/tuun/ttootni/-Shawuu Gurmeechaa

Waamamaaan/tuun/tootni:-

1. Dammituu Gurmeechaa
2. Jigoo Gurmeechaa
3. Salamoon Kabbadaa
4. Badhaa Taaddasaa
5. Tarreechaa Iddeechaa

Galmeen qorannoof bule qorannee murtii kana gadii kennineerra.

### **Murtii**

Galmeen kun dhaddacha ijibbataaf dhihaachuu kan dandahe iyyataa ammaa murtii Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa dhaddacha jiddugaleesasa galmee lakk.395919 tahe irratti dhaddacha gaafa 18/08/14 ooleen fooyeessuun kenne kun dogoggora bu'ura seeraa kan qabuudha naaf haa sirraahu jechuun iyyannoo gaafa 11/09/14 barreeffameen waan dhiheeffateefi dha.

Ka'umsi falmii kanaa mana murtii aanaa irraa yoo tahu,iyyataan himatamaa,waamamtooni 1ffa fi 2ffaan himattoota, waamamtooni hafan immoo jidduu lixxootaa dha. Falmiin falmii dhaalaa yoo

tahu, waamamtoonni 1ffa fi 2ffaan himanna dhaalaa gaafa 12/09/13 barreessanii Mana Murtii Aanaa Bachootti iyyataa ammaa irratti dhiheessaniin, haati keenya Ergoo Daadhii jedhamtuu bara 2013 duute jirti. Nuti himattootaa fi himatamaan(iyyataan ammaa) obboleeyyan haadha tokkoo yookaan dhaaltootaa waan taaneef, qabeenyaa fi qabiyyee lafaa haati keenya harka iyyataa kanatti dhiiftee duute iyyataan gahee dhaalaa nu gahuu qabu akka nuuf qoodu itti nuuf haa murtahu jechuun tarreessanii gaafataniiru. Iyyataan ammaa gama isaatiin mormii sadarkaa duraa fi deebii filannoona gaafa 03/10/13 barreessee dhiyeesseen, qabeenyaa fi qabiyyee lafaa ittiin himatame kana waggaa diigdamii shanii oli dhunfaa kootiin qabadhee kan itti fayyadamaa turee fi ragaa abbaa qabiyyee itti qabu waan taheef himanni dhaalaa darbiinsa yeroottiuu ni daangaha, qabeenyaa fi qabiyyee lafaa kana irraa duutuu haati teenya mirga tokko illee waan irraa hin qabneef waamamtoonni himanna dhaalaa ana irratti dhiheessuuf mirgaa fi faayidaa hin qaban waan taheef himanni seeraa ala ana irratti dhihaate kufaa naaf haa tahu jechuun falmeera. Kun kanaan osoo jiru waamamtoonni hafan nuti illee mirga dhaalaa waan qabnuuf qabeenyaa fi qabiyyeen irratti walfalmaa jiran dhaalaa nu gahu qabu akka nuuf qoodamu jechuun iyyata jidduu lixummaa dhiheeffataniin falmitti makamanii falmaniiru. Himattoonni jalaa iyyata jidduu lixummaa dhihaate irratti deebii kennaniin jidduu lixxoonni mirga dhaalaa waan qabaniif bu'ura gaafataniin yoo qoodameef mormii hin qabnu jechuun falmaniiru. Iyyataan ammaa gama isaatiin deebii iyyata jidduu lixxummaa irratti dhiyeesseen bifa deebii dura himattootaaf kenneen haala adda hin tahiniin kaase falmeera.

Manni murtii aanaa bitaafi mirga falmisiisuun darbiinsa yeroo ilaachisee eega dhaalchiftuun haati walfalmitootaa duutee waggaa lama qofaa waan taheef himanni dhaalaa darbiinsa yeroottiuu hin daangahu jechuun mormii

gama iyyataatiin dhihaate kufaa taasisuun ragaa namaa wal falmitootaa dhagahuun akkasumaas waajjira bulchiinsa lafaatiin akka qulqulaahee dhihaatu taasisuun dhuma irratti murtii kenneen:qabiyyee lafa falmii kaase iyyataan kan dhunfaa kooti jechuun yoo falmee illee dhufaatiin qabiyyee lafa kanaa kan Gurmeessaa Hundee fi Irgoo Daadhi(haadhaa fi abbaa walfalmitootaa) waliin bara 1969 hirmaanaan argatanii ittifayyadamaa turanii fi abbaan walfalmitootaa yoo du'u qabiyyeen haadha walfalmitootaa harkatti hafuun haati walfalmitootaa hanga gaafa duututti iyyataa waliin kan ittifayyadamaa turte tahuu fi hammi qabiyyee lafaa akka waamamtoonni jedhan qarxii 22 osoo hin tahn qarxii 13 akka tahe gara waajjira bulchiinsa lafaatiin qulqulaahe dhihaatee jira,qabiyyee lafa kana keessaa abbaan walfalmitootaa eega du'e waggaasoddoma oli waan taheef yeroo dheeraa iyyataa harka waan turee fi waamamtoonni dhaala gahe abbaa waan hin gaafatini fi gama biraatiin qabiyyee gahee abbaa qarxii 6.5 darbiinsa yerootiin ni daangaha waan taheef iyyataa gaafachuu hin dandahanii,walakkaa hafu qarxii 6.5 immoo dhaaltoonni nama jaha tahuun waan hubatameef qixxeetti haa qoodatani, qabeenyaa dhaalaa biroo waamamtoonni akka qoodamuuf gaafatan abbaan isaani eega du'e waggaasoddoma oli yoo tahu haati isaani(dhaalchiiftun) eega dadhabdee iyyataa biratti galtee iyyataan xooramaa turte waggaas diigdama akka tahe mirkanaahe waan jiruuf qabeenyaa kana horatti jechuun hin dandahamu kan iyyataan dhunfaa isaatiin horate tahuu waan mirkanaaheef waamamtoonni horii,mana jirenyaa fi baargamoo gaafachuu hin dandahan jachuun murteesseera.

Waamamtoonni ammaa murtii akkaataa kanaan kenname kana komachuudhaan komii ol'iyyannoo Mana Murtii Ol'aanaa Go/Sh/ K/ Lixaatti yoo dhiheeffatan illee komiin ol'iyyannoo fudhatama hin qabu jechuun kufaa taasisuun bu'ura d/f/s/s.337 murteesseera. Waamamtoonni

ammaa murtilee kanneen komachuudhaan komii ol'iyyannoo Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa dhaddacha jiddugaleessatti dhiheeffatanii manni murtii ol'iyyata dhagahee bitaa fi mirga dhiheesse eega falmisiisee booda murtii kenneen:qabiyyee lafa gahee abbaa walfalmitoottaa ilaachisee iyyataan kan abbaa koo darbiinsa yeroottiin ana gaafachuu hin dandeessan jedhee falmiin dhiheesse osoo hin jiraatinii fi inni kan falmee qabiyyee dhunfaa kooti jechuun waan taheef manneen murtii jalaa darbiinsa yeroo iyyataan kaase falmee jalqaba kufaa tahee bakka jirutti manni murtii akka qaama ol'iyyata dhagahutti ofi isaa gahee abbaa darbinsa yeroottiin daangaha jechuun murtiin kennan dogoggora waan taheef gahee abbaa iyyataa harkatti haa hafu jedhame illee dabalatee walfalmitoonni qixxeetti akka qooddatanii fi manni jirenyaa fi baargamoon iyyataan dhunfatti lafa kana irattti horate jedhame qooda gahee isaa keessa akka ooluuf jechuun bu'ura d/f/s/s.348(1)tiin murtii manneen murtii jalaatiin kenname fooyyeessuun murteesseera.

Iyyataan ammaa murtii haala kanaan kenname kana komachuudhaan iyyannoo dhaddacha kanaaf dhiheesseen,abbaan keenya kan du'e bara 1978 yoo tahu waamamtoonni qabiyyee lafaa gahee abbaa akka qoodamuuf seerummaan isaan gaafatan osoo hin jiraatiin,ani falmii afaanii mana murtii aanaatti taasiseen gahe abbaa illee darbiinsa yeroottiin daangaha jedhe falmee osoo jiruu seerummaa waamamtoonni hin gaafatiin akka qoodamuuf jedhame ani iyyataan qabiyyee lafa kana malee kan biraa osoon hin qabaatiin mirga dursaa illee naaf eegamu osoo qabu,qooda qabiyyee lafa qonnaa keessaak kuma jirutti ana baasuun murtiin Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaatiin kenname dogoggora bu'ura seeraa kan qabu waan taheef ana irraa diigamee murtiin mana murtii aanaa fi ol'aanaatiin kenname akka naaf cimu jechuun gaafateera.

Dhaddachi kuniis komee iyyannoo dhihaate,murtii manneen murtii

jalaatiin kennname seera waliin ilaaluun qabiyyee lafaa falmii kaase kan waliinii abbaa fi haadha walfalmitootaa tahuun bakka mirkanaahe jirutti gahe abbaa illee iyyataan falmiin kaase falme waan hin qabneef walfalmitoonni qixxetti qooddachuu qabu jadhame murtiin kennname seera qabeessummaa isaa bakka bitaafi mirgi jiranitti qulquleessuuf ni dhiheessisa jadhamee waamamtoonni deebii akka itti kennan bu'ura jadhameen,deebii gaafa 23/09/14 barreessanii dhiheessaniin,qabiyyee lafa falmii kaase kan abbaa fi haati teenyaa gaa'ela keessatti waliin horatan akka tahe,iyyataan dhunfaadhaan qabiyyeen inni qabu akka hin jiree fi gahe abbaa ilaachise ana gaafachuu hin dandahan jachuun mormiifi falmiin inni kaase falme waan hin jireef qabiyyeen harka iyyataa qofa osoo hin tahin haati teenya hanga gaafa duututti ittifayyadamaa turte kanaaf dhaaltonni hundi qixxetti akka qooddannu jadhame murtaahuun isaa dogoggora hin qabu nuuf haa cimu jachuun,dabalataan iyyata qaxxamuraa kan dhiheessan yoo tahu, iyyanni qaxxaamuraa dhiheessaniin qabiyyee lafa dhaalaa qarxii 22 akka tahe ragaa keenyaan mirkanaahe osoo jiru manneen murtii jalaa ragaa barruu qaama biraatiin dhihaate irratti hundaah ee qarxii kudha sadii jadhame murtaahuun isaa;qabeenya horii,mana jirenyaa,baargamoo jiraachuun isaa ajaja dhorkaa kennameen mirkanaahe osoo jiru akkasumaas kan dhaalaa tahuu ragaa keenyaan mirkanaahe bakka jirutti akka qooddannu nuuf murtaahu qabu,osoo nuuf hin murteessin manneen murtii jalaa bira darbamuu murtiin kennan dogoggora bu'ura seeraa waan taheef sirraah akka nuuf murtaahu jachuun gaafataniiru.Iyyanni qaxxaamuraa kun qoratamee iyyataan deebii akka itti kenu taasifamee innis deebii gaafa gaafa 07/03/15 barreesse dhiheesseen,qabiyyee lafaa akka waamamtoonni jadhan osoo hin tahin qarxii kudha lama kan hin caalle tahu qaama dhimmi isaa ilaaluun qulqulaah dhihaate jira,iyyattoonni qaboo yaa'ii fi gabaasa dhihaate ilaachisee mana murtii jalaatti sirri miti jachuun

wanni morman waan hin qabneef amma akka qabxii komitti dhaddacha kanatti kaasu hin dandahan,qabeenya dhaalaa jachuun dhihaate kana kan dhunfaa koo akka tahe mirkanaahe jira,Haati teenya dhukubsate bara 1982 ana biratti galtee ana faan jiraachaa kan turte malee qabeenya ofi isii horate tokko akka hin qabneefi kan dhunfaa koo waan taheef waamamtooni gaafachuu hin dandahan jadhamo ragaa madaaluun kan murtaahe malee kan call'isiin bira darbame miti waan taheef gama kanaan komiin qaxaamuraa waamamtooni dhiheessan kufaa naaf haa tahu jachuun falmeera.

Dhaddachi kuniis komee iyyannoo dhihaate, deebii kennamee fi murtii manneen murtii jalaatiin kenname seera waliin qoranneerra. Akka qorannetti seerummaan waamamtooni akka qoodamuuf gaafatan qabiyyee lafaa fi qabeenya duutuu haadha isaanii tahee osoo jiruu gahee abbaa illee dabalatanii akka qooddatan jedhamee murtiin kenname deegarsa seeraa ni qabaa? Qabeenya mana jirenyaa, horii fi baargamoo falmii kanaaf ka'umsa tahe qabeenya duutuu haadha walfalmitootaa tahuun hin mirkanoofne waan taheef waamamtooni qoddachuuuf mirga hin qaban jedhamee murtaahuun isaa hoo deegarsa seeraa ni qabaa? Kan jedhu qabxii furmaata barbaadu tahee argameera.

Falmii bitaafi mirgaa irraa akka hubachuun dandahametti walfalmitoonni obboleewwaan abbaa fi haadha tokkoo yoo tahan abbaan walfalmitootaa Gurmeechaan Hundee bara 1978 kan du'e tahuu fi haati walfalmitootaa Ergoo Daadhii bara 2013 kan duute tahuu hin haalamne. Bu'ura kanaan seerummaan waamamtooni gaafatan dhaalaa haadha isaani malee kan abbaa akka hin gaafatiin galmee jalaa fi falmii isaani irraa hubatamee jira. Kan murtaahuu qabu illee gahee haadhaa malee kan abbaa seerummaa hin gaafatamiin tahuu hin qabu. Qabiyyee lafa falmii kanaaf ka'umsa

tahe waamamtoonni kan duutuu haadha keenya dhunfaadhaan horatte waan taheef amma duutee jirtii gahee dhaalaa keenya iyyataan akka nuuf goodu jechuun falmaniiru. Iyyataan gama isaatiin haati keenya qabiyyee lafaa hin qabdu ani dhunfaa kootiin mirriitiin argadhee maqaa kootiin ragaan abbaa qabiyyee itti naaf kenname ittifayyadamaa ture waan taheef qabiyyee haati keenya mirga irraa hin qabne waamamtoonni gaafachuu mirgaa fi faaydaa hin qabani gaafachuu hin dandahan, osoo dhuma ta'ee illee ani qabiyyee lafaa kana waggaa diigdamii shan oli qabadhe kan ittifayyadame waan taheef himanni dhaalaa isaanii darbiinsa yerootiin ni daangaha jechuun falmeera. Bu'ura kanaatiin namni falmii tokko dhiheessu falmii isaa hubachiisuu yookaan mirkaneeffachuu akka qabu tumaa seera hariiroo hawaasaa kew.2001 fi d/f/s.258 fi 259 gubbatti kan tumame irraa ni hubatama. Akkaataa kanaatiin iyyataan qabiyyee lafa falmii kaase kan dhunfaa isaatiin hirmaanaadhaan argate tahu dirqama hubachisu qaba. Haala walfakkatuun waamamtoonni illee qabiyyeen falmii kaase kan duutuu haati isaani gaafa lubbuudhaan turte horateefi qabatee ittifayyadamaa turte tahu agarsiisuu yookaan mirkaneeffachuu qabu. Haa tahu malee qabiyyeen lafa falmii kaase kan dhunfaadhaan iyyataan argate osoo hin tahin bara 1969 abbaa fi haati walfalmitootaa waliin argatanii ittifayyadamaa turanii fi abbaan walfalmitootaa bara 1978 yoo du'u qabiyyeen harka haadha walfalmitootaatti hafe iyyataan haadha isaa waliin bara 1988 irra kaase ittifayyadamaa kan tureefi maqaa isaatti galmeesse haati walfalmitootaa nama guddaa umuriin deeme waan taateef iyyataa biratti galtee iyyataan qotaa waliin ittifayyadamaa turree booda bara 2013 kan duute tahuu sadarkaa firii dubbitti manneen murtii jalaatiin mirkanaahee jira. Qabiyyeen kan haati walfalmitootaa dhunfaadhaan eega abbaan warraa isii du'e booda argattee yookaan horate osoo hin tahin abbaa warra isii(abbaa walfalmitootaa) waliin kan horate tahuun hanga mirkanaahe jirutti seerummaan waamamtoonni gaafatan gahe abbaa isaami

durse du'e osoo hin tahan gahe haadhaa bara 2013 duute waan taheef kan qooddachuu qaban illee bu'uruma seerummaa gaafataniin gahe haadhaa malee gahe abbaa qooddamuuf akka hin qabneefi manneen murtii illee seerummaa gaafatame irra dhaabbatanii murti kennan malee seerummaa hin gaafatamiin akka murtii hin kenninee tumaa d/f/s.s.182(2) fi 329(1) gubbatti haala ifa taheen tumameera.Qabiyyee gahee abbaa ilaachisee bitaa fi mirgi falmii irratti taasisan hin qaban.Qabiyyeen lafa falmii kaase akka waamamtoonni gaafatanitti qarxii 22 osoo hin tahiin qaama dhimmi isaa ilaaluun safaramee kan mirkanaahe qarxii kudha sadii akka tahee dha.Waamamtoonni qabiyyeen gabaasni akkaataa kanaan qulqulaahedhihaate kun dhugummaa hin qabu irra deebi'ee nuuf haa qulqulaahu jechuun mormiin manneen murtii jalaatti dhiheessan bakka hin jirreetti amma eega manni murtii bu'aa dhihaate fudhatee murtii kennee booda akka dogoggora tahetti iyyata qaxaamuraa dhiheessan irratti kaasani falmuun isaani deegarsa seeraa kan qabu tahee hin argamne.

Qabiyyee lafa qarxii kudha sadii keessaa gaheen haadhaa walfalmitootaa walakkaa isaa qarxii 6.5 qofaa yoo tahu, kan waamamtoonni qooddachuu qaban illee isuma kana malee gahe abbaa dabalatee akka qoodamuuf seerummaan gaafatan waan hin jirreef qooddachuuuf mirga hin qaban. Qabiyyee lafaa gahe abbaa ilaachisee waamamtoonni seerummaan isaan gaafatan bakka hin jirretti iyyataan darbiinsa yeroo kaase falmuuf hin dirqamu kaasees hin falmine.Haa tahu malee manneen murtii aanaa fi ol'aanaa murtii kennan keessatti qabiyyee lafa gahe abbaa ilaachisee iyyataan yeroo dheeraa qabate ittifayyadamaa ture waan taheef darbiinsa yerootiin waamamtoonni gaafachuu hin dandahan jechuun isaani dogoggora dha. Garuu manni murtii aanaa fi ol'aanaan waamamtoonni qabiyyee hammi isaa mirkanaahe keessaa waamamtoonni gahee duutuu haadha isaanii qofaa dhaaluuf yookaan qooddachuuuf mirga qabu

jedhamee murtiin kennan sirri tahe osoo jiru, Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa ol’iyyata dhagahee faallaa d/f/s/s.329(1)tiin gahee abbaa illee dabalatee waamamtoonni qooddachuuuf mirga qaban jachuun murtiin kenne seerummaa gaafatame ala waan taheef dogoggora janneerra.

Qabeenya mana jirenyaa, horii fi baargamoo ilaalcissee bu’ura akka nuuf qoodamu gaafanneen nuuf murtahuu osoo qabuu manneen murtii jalaa nu murteessuu dhabuun isaanii dogoggora jechuun iyyata qaxxaamuraa waamamtoonni dhiheessan ilaalcissee; qabeenya kanneen kan haati isaanii horattee qabdu tahuu dirqama mirkaneessuu qabu. Qabeenyi jiraachuun isaafi karaa mana murtiitiin dhorkamuun isaa qofti kan haadha isaanii hanga hin tahiiniitti mirga isaaniif kennisisu hin qabu. Haa tahu malee haati isaanii waggaa diigdamii shan dura dadhabdee nama umuriin guddaa waan taateef ilma isii iyyataa biratti galtee xooramaa(kuunfamaa) kan turte tahuu fi manni jirenyaa dura qabdu illee diigamee eegana iyyataan kan ijaare tahuu, baargamoo iyyataan ijoollee isaa waliin ofii isaa kan dhaabe tahuu fi horii illee muraasa kan biteefi muraasni kan manatti dhalatan akka tahe sadarkaa firii dubbitti manneen murti jalaa aangoo ijoo dubbii fi ragaa madaalu qabuun madalamee kan murtaahe malee manneen murtii jalaa callisuun kan bira darbame akka hin tahiin waan hubatameef qabeenyi kanneen nuuf qoodamu qaba jechuun falmiin waamamtoonni kaasanii falman deegarsa seeraa hin qabu jenneerra.

### Ajaja

1. Qabiyyee lafaa gahee abbaa walfalmitootaa ilaalcissee waamamtoonni qooddachuu qabu jechuun murtiin Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa dhaddacha jiddugaleesasa galmee lakk.395919 tahe irratti dhaddacha gaafa 18/08/14 ooleen fooyeessuun kenne bu’ura labsii lakk.216/2011 kew.26/5/ fi d/f/s/s.348/1/tiin diiguun;kana irraa kan

hafe murtiin Mana Murtii Aanaa Bachoo galmee lakk.28823 tahe irratti dhaddacha gaafa 19/05/14 ooleen kennet fi Manni Murtii Ol'aanaa Go/Sh/Kibba Lixaa galmee lakk.62111 tahe irratti dhaddacha gaafa 15/06/13 ooleen cimsuun kenne Cimeera.

2. Waamamtoonni qabiyyee lafaa gahe abbaa bara 1978 du'e ilaalchisee akka qoodamuuf seerummaan jalatti gaafatan waan hin jireef quoddachuu hin qaban jechuun murtaaheera.
3. Akkaataa murtii kenname kanaatiin Manni Murtii Aanaa Bachoo akka faana bu'e raawwachiisu garagalchii murtii kanaa haa qaqqabu.
4. Dhorkaan dhaddacha kanaan kennname ka'eera.
5. Galmeen kun murtii dhumaan waan argateef mana galmeetti haa deebi'u.

Abbootiin Seeraa: -

1. Gazalii A/Simal
2. Gammachuu Baqqalaa
3. Gammachiis Dhuguumaa
4. Ashaannafii Raggaasaa
5. Ayyaanaa Toliinaa

Iyyattuun: - Aadde Iddilaawit Maasrashaa

Waamamtooni: -  
1. Obboo Yetiimgeetaa Mangistuu  
2. Obboo Natsaannat Asaffaa

Galmeen qoratamee murtiin armaan gadii kennameera.

### **Murtii**

Iyyannoonaan kun dhaddacha kanaaf kan dhiyaate ajajni Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachi Dhaabbii Bahaa galmeek lakk.400528 ta'ee irratti dhaddacha gaafa 09/10/2014 ooleen kenne; murtiin Manni Murtii Olaanaa Godina Arsii galmeek lakk.89947 ta'e irratti dhaddacha gaafa 19/09/2014 ooleen kenne dogongora bu'uura seeraa qaba jechuudhaan iyyattuun iyyata gaafa 15/10/2014 barreeffameen akka sirreeffamuuf waan gaafatteefidha.

Iyyattuun ammaa Mana Murtii Olaanaa Godina Arsitti murtii mormituu fi bu'uura S/D/F/S/keew. 6tiin iyyattuu enna taatu, waamamtoonni ammaa immoo wal duraa duuba himataa fi himatamaa turanii.ka'umsi falmichaas gabaabinaan ani himataan waliigaltee bittaa fi gurgurtaa konkolaataa himatamaa waliin gaafa 26/06/2009 taasifameen konkolaataa Siinoo Tiraakii Lakk.Gabatee isaa ET.03422 ta'e gatii qarshii 1,970,000.00tiin himatamaan narraa bituuf waliigallee bu'uuruma kanaan gatii bittaa

konkolaatichaa keessaa harkarratti fi Cheekiidhaan walumatti qarshii 1,094,000.00 naaf kanfalee konkolaataa kan harkaan gahate ta'us maallaqa irratti hafe qarshii 839,364.00 akkaataa waliigaltee keenyaatiin waan naaf hin kanfalleef,maallaqa irratti hafee bu'uura waliigaltee keenyaatiin dhala 9% wajjin walumaagalatti qarshii 1,028,220.00 akka naaf kanfalu naaf haa murtaa'u jechuun kan gaafate ennaa ta'u, himatamaanis deebii kenneen konkolaataa himataa irraa bitateef gatiin osoo hin kanfalin irratti hafee jiraachuu amanee waan deebiseef Manni Murtii Olaanaa bu'uura S/D/F/S/keew.242tiin himatamaan gatii konkolaataa himataa irraa bitee osoo hin kanfalin irratti hafuu amane qarshii 776,594.00 himataaf akka kanfalu murteesseera.

Murtiin kun erga kennamee booda iyyattuun ammaa iyyannoo gaafa 06/05/2013 bu'uura S/D/F/S/keew.358tiin fooyessuun dhiyeffateen himatamaan abbaa manaa kiyya ta'ee osoo gaa'illi keenya hin diigamin sababa waldhabneef waggoota sadiif yeroo garaa garaa jiraachaa turre keessatti osoo ani hin beekin waliigalteen idaa guddaa seenuu isaa yeroo murtiin dhaddacha gaafa 05/03/2013 ooIeen irratti kenname mana qabeenya keenya kan ani ijoollee keessatti guddisaa jiru irratti raawwatamuuf manichi ogessaan tilmaamamuutti waan beekeef waliigalteen osoo ani haati mana himatamaa hin beekin himataa wajjin taasifame kan mirga kiyya dhiibu waan ta'eef,waliigaltee seeraan alaa ta'uun naaf hubatameee murtiin waliigalticha irratti hundaa'e gaafa 05/02/2013 kennamee akka naaf diigamu jechuun kan gaafatte ennaa ta'u; Manni Murtii Olaanaas iyyata bu'uura S/D/F/S/keew.358tiin dhiyaatee irratti falmii himataa erga dhagahee booda xiinxala taasiseen iyyanni iyyattuun mormii darbiinsa yerootiin kan daangeffamu waan ta'eef sababni murtii manni murtii olaanaa dhaddacha gaafa 05/03/2013 ooleen kenne jijjirsisuun hin jiru jechuun gaafffi ishii kufaa gochuun

murteesseera. Iyyanni bu'uura S/D/F/S/keew.358tiin dhiyaate kufaa erga ta'ee booda iyyattuun bu'uura S/D/F/S/keew.6tiin iyyata dhiyeessiteen himatamaan abbaa manaa kiyya ta'ee sababa wal dhabneef anaa fi ijoolee isaa kophaatti dhiisee yeroo gargar jiraannutti himataa wajjin ilmaan obboleeyyanii waan ta'aniif,himatamaan konkolaataa himataa irratti konkolaachisummaan qaxaramee osoo oofuu konkolaataa himataa irratti meeshaa kontirobaandii fe'ee osoo oofu qabamee konkolaataan himataa abbaa taayitaa galiiwanii fi gumruukaatiin akka dhaalamu waan taasiseef gocha seeraan alaa kana dhoksuun waliigaltee bittaa fi gurgurtaa gaafa 26/06/2009 sobaan qopheessanii guyyaa isaa duubatti deebisuun barreessaniin osoo ani haati manaa himatamaa hin beekin himatamaan konkolaataa himataa bitachuuf waliigalaniiru jedhamee sababa kanaan gatii konkolaatichaa keessa himatamaan qarshii 264,000.00 Cheekii Baankii Awaash Lakk.ABF 3453334 ta'een akka kanfalametti kan ibsame yoo ta'u, dursa jidduu lixee yoon falmadhu ragaa haaraa ammaa argadhe kana argachuu waan hin dandeenyeef manni murtii iyyata kiyya kufaa kan godhe ta'us cheekiin himatamaan kanfaltii ittiin raawwateera jedhamee waliigaltee himataa fi himatamaan sobaan waliigalani qopheessan irratti lakkofsi isaa caqafame kana ilaachisee Baankiin Awaash kan isaa biraan hin baane ta'uu waan mirkaneessee waliigalteen isaan gidduutti taasifames waliigaltee sobaa ta'uu waan mirkaneessee murtiin waliigaltee sobaa irraatti hundaa'amee kennname mirga koo waan miidhuuf dhimmichi duubatti deebi'ee ilaalamee akka naaf ilaalamu jechuun kan gaafateedhaa.

Iyyata bu'uura S/D/F/D/keew.6tiin dhiyaate irratti himataan deebii erga kennee booda manni murtii olaanaa galmee qoratee iyyanni mormii iyyattuu ragaa haaraa argadhe jechuun dhiyeessite fudhatama hin qabu jechuun kufaa godhee murteesseera. Murtii kanas iyyattuun

ammaa komachuun Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbi Bahaatti oliyyattuu illee, Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa iyyanni bu'uura S/D/F/S/ keew.6tiin mana murtii olaanaatti dhiyaatee seeruummaan gaafatame irra deebi'amee ilaalamuu hin danda'u jedhamee yoo kufaa ta'e, dhaddacha ijibbaataatti kan iyyatamu malee Mana Murtii Waligalaatiin ilaalamee murtiin kan itti kennamu miti jechuun bu'uura S/D/F/D/ keew.6(3)fi (4)tiin dhimmicha ilaaluuf aangoo hin qabu jechuun murteesseera.

Iyyanni amma dhiyaates murtuma kana komachuun yoo ta'u, ijoon komii gaafa 15/10/2014 barreeffamaan dhiyaates mannii murtii olaanaa iyyanni bu'uura S/D/F/S/keew.6tiin dhiyaate ulaagaa guutuufi dhiisuu isaa irratti dursa murtii kenu osoo qabuu ijootti seenee haalli ittiin murtii kennef murtii kanas Manni Murtii Waliigalaa oliyyataan ilaalee sireessuuuf aangoo osoo qabuu ilaalee murteessuu hin danda'u jechuun murtiin kenne dogongora seeraa isa bu'uuraa kan qabuudha, waliigalteen gurgurtaa konkolaataa gaafa 26/06/2009 himataa fi himatamaa jalaa jidduutti godhame waliigaltee gurgurtaan dhugaadhaan raawwatamuun kan ka'e godhame osoo hin taane waliigaltee guyyaa isaa duubatti deebisuudhaan, iyyattuu ammaa qabeenya keessaa buqqisuudhaaf, firuma dubrii waliin qabaniin walfayyaduuf jecha qilleensa iratti sobaan qophaa'e ta'uu Cheekii Baankii Awaash jedhamee sobaan qophaa'e irratti hundaa'uun waliigalee sobaa kan rawwatan ta'uu mirkanaa'ee osoo jiruu manni murtii jalaa gaaffii koo kufaa taasisee haalli ittiin murtii kenne dogongora seeraa isa bu'uuraa kan qabu waan ta'eef murtiin manni murtii jalaa kenne haqamee murtiin haqummaa qabu akka naaf kennamu jechuun kan gaafateedha.

Dhaddachi qorannoo duraas komii dhiyaate murtii waliin qorachuun ijoo

manni murtii olaanaa iyyattuun ammaa ragaa akka haaraatti argadheera jettu dhiheeffatte murtiin duraan kennamee ture bu'uura seera deemsa falmii sivilii keewwata 6'n irra deebi'amee akka naaf ilaalamu jechuun seerumruraa gaafattee turte bu'uura gochuun dhimmicha keessa seenee falmisiisee murtii kenne bakka jirutti Manni Murtii Waliigalaalaa murtii mana murtii ol'aanan kennamee komachuun ol'iyyannoo dhiyaateef haalli ittiin hin ilaalu jechuun kufaa taasise dogoggora seeraa bu'uraa kan qabuu dha moo?miti? Ajajni Mana Murtii Waliigalaan kenname sirriidha osoo jedhameellee manni murtii ol'aanaa ragaan haaraa iyyattuun ammaa dhiheessite murtii duraan kenname irratti jijiirarna wahiituu hin fidu jechuun haalli kufaa ittiin taasise yoo ilaalamu dogoggora seeraa bu'uraa kan qabuudha moo?/miti?" kan jedhu qabachuun ni dhiyeessisa waan jedheef, waamamtoonni falmii barreeffamaa akka dhiyeeffatan ajajamee waamamaa 1ffaan falmii gaafa 06/11/2014 barreeffamaan dhiyeesseen murtiin manni murtii jalaa dongongora seeraa isaa bu'uraa kan hin qabne ta'uu ibsuun akka cimuuf yoo gaafatu; waamamaa 2ffaaf garuu waamichi karaa gaazexaa Addis Zamaniin taasifameeffi waan hin dhiyaanneef mirgi deebii barreeffamaan dhiyeeffachuu bira darbamee jira.

Seennan dhufaatii galmeekanaa gabaabinaan kan armaan olii ennaa ta'u dhaddachi kunis murtii komii ijibbaataaf ka'umsa ta'e, falmii bitaa fi mirgi dhaddacha kanaaf dhiyeessan, ijoo dhaddachi kuni ittiin dhiyeessisee fi seera rogummaa qabu waliin qorateerra. Akka qorannettis manni murtii olaanaa iyyata iyyattuun bu'uura S/D/F/S/keew.6tiin dhiyeeffate irraatti waamamaan 1ffaayada erga kennee booda ragaan haaraa argame jira jedhame waliigaltee bittaa fi gurgurtaa himataa fi himatamaa gidduutti taasifamee irratti jijiiramni fidu waan hin jirreef iyyanni iyyattuun dhiyeeffatte fudhatama hin qabu jechuun kufaa godhee kan

murteesseedha. Iyyanni iyyattuu bu'uura S/D/F/S/keew.6tiin dhiyeeffatte fudhatama hin qabu jedhamee murtiin kan kennname ta'uu xiinxala murtii manni murtii olaanaa kenne keessaa kan hubatamuudha. Manni Murtii Waliigalaas iyyanni bu'uura S/D/F/S/keew.6tiin mana murtii olaanaatti dhiyyaatee kufaa yoo ta'e, dhimmichi dhaddacha ijibbaataan ilaalamuu qaba malee Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa oliyyataan ilaaluu hin danda'u jechuun kommii iyyattuu bu'uura S/D/F/S/keew.6(3) fi (4) tiin aangoo hin qabu jedhee kufaa taasisuu murtii komii ijibbaataaf ka'umsa ta'e keessaa kan hubatamuudha.

Murtiin dhuma tokko ragaa sanada sobaan qindaah ee dhiyaate irratti ykn jecha raguummaa sobaa irratti ykn malaammaltummaa ykn gocha yakkaa irratti hundaa'e yoo kennnameef iyyataan murtiin kennamuun dura yoo beekuu dhabuu isa hubachisuu danda'e, murtiin bifaa kanaan kennname irra deebi'amme ilalamuu kan danda'u ta'uu tumaa S/D/F/S/keew.6(1)(A) fi(B) irraa kan hubatamuudha. Bu'uura tumaa S/D/F/S/keew.6(4) tiin iyyanni bu'uura S/D/F/S/keew. 6tiin dhiyaatu ulaagaa hin guutu ykn guutee jira jedhamee murtiin yoo kennname, murtichi murtii dhuma akka ta'e kan hubatamuudha. Iyyanni dhiyaate ulaagaa ni guutaa jedhamee ijoo falmiitti seenamee murtiin yoo kennname, murtiin kennname murtii isa dhuma akka hin taanee fi oliyyanni isaa sadarkaa isaa eegee deemuu akka qabu tumaa kana irraa kan hubatamuudha.

Dhimma of harkaa qabnu kanaan manni murtii alaanaa ifatti ijoo falmiitti seenuuun murtii kennuu baatuu illee iyyatni iyyattuuun bu'uura S/D/F/S/keew.6tiin dhiyeeffatte fudhatama hin qabu jechuun murtii kan kenne ta'uu murtii komii ijibbaataaf ka'umsa ta'e keessaa waan hubatamuuf Manni Murtii Waliigalaa bu'uura S/D/F/S/keew.6(3) fi (4) tiin dhimmicha oliyyataan ilaaluuf aangoo hin qabu jechuun haalli ittiin kufaa taasise

dogongora kan qabu miti. Sababni isaas iyyanni bu'uura S/D/F/S/ keew.6tiin dhiyyaatu fudhatama hin qabu jedhamee murtiin kennname tokko bu'uura tumaa S/D/F/S/keew.6(4) tiin akka murtii dhumaatti kan ilaalamu waan ta'eef Manni Murtii Waliigalaa falmicha oliyyataan ilaalee murteessuuf aangoo hin qabu haalli ittiin jedhe dogongora kan qabu miti jenneerra. Iyyanni bu'uura S/D/F/S/keew.6tiin dhiyaatu tokkos ulaagaa seerichi kaa'e ni guuta kan jedhamu murtiin kennname ragaa sobaa irratti hundaa'ee kan kennname ta'uu akka qabu tumaa keew.6(1), (a)fi(b) irraa kan hubatamuudha. Falmiin iyyattuus cheekiin qarshii 264,000 ittiin kanfalame jira jedhamee kan sobaati; waliigalteen taasifames guyyaan isaa duubatti butamee kan barreeffame waan ta'eef, falmichi irra deebi'ee ilaalamee murtiin akka naaf kennamu jechuun kan gaafate tumaa S/D/F/S/ keew.6(1), (a) fi (b) waliin wal bira qabnee gaafa ilaallu murtiinmanni murtii olaanaa iyyanni iyyattuu bu'uura S/D/F/S/ keew.6 tiin dhiyaatee ulaagaa seeraa hin guutu jechuun haalli ittiin murtii kenne dogongora kan qabuudha. Sababni isaas waliigalteen bitaa fi gurgurtaa cheekii sobaa irratti hundaa'ee guyyaan waliigaltichaa duubatti harkifamee kan raawwatame ta'uu iyyattuun ibsitee osoo falmituumanni murtii olaanaa iyyata ishii haalli ittiin kufaa taasise deeggarsa seeraa kan qabuudha jenneerra.

Walumaagalatti, iyyanni iyyattuu bu'uura S/D/F/S/keew.358 tiin dhiyeeffatte darbiinsa yeroon kufaa ta'uu illee, iyyattuun bu'uura S/D/F/S/keew.6 tiin iyyata dhiyeeffachuu waan ishii daangessu kan hin jire ta'uu hiikkoon Dhaddachi Ijibbaataa Mana Murtii Waliigalaa Federaalaa galmeelakk.104028(jildi 19) irratti kenne waan akeekuu fi cheekiin kanfaltiin itti raawwatamee jira jedhamee waliigaltee bitaa fi gurgurtaa keessatti ibsame baankii jedhamee irraa kan hin baane ta'uu mirkanaa'ee osoo jiruu iyyanni iyyattuun dhiyeeffatte fudhatama hin qabu jedhamee

haalli ittiin murtaa'e deeggarsa seeraa kan qabu miti jenneerra.

Kanaafuu, sababa armaan oliitiin murtii manni murtii olaanaa kenne dogongora seeraa isaa bu'uuraa kan qabuudha jennee diiguun iyyanni iyyattuun bu'uura S/D/F/S/keew.6 tiin dhiyeffatte bu'uura S/D/F/S/ keew.6(1),(a)fi(b)tiin fudhatama waan qabuuf manni murtii olaanaa irra deebi'ee ragaa haaraa iyyattuun argadhe jettu irratti hundaa'uun falmii bitaa fi mirgaa erga dhagahee booda falmicha ragaa rogummaa qabuun qulqulleessee murtii akka kennu jennee qabxiin gadi deebisuun murteessinee ajaja aramaan gadii kennee jira.

### **Ajaja**

1. Ajajni Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachi Dhaabbii Bahaa gal mee lakk.400528 ta'e irratti dhaddacha gaafa 09/10/2014 ooleen kenne sababa armaan oliitiin bu'uura labsii Gurmaa'ina, Aangoo fi Hojii Manneen Murtii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiin Murteessuuf Bahe Labsii Lak.216/2011 keew.25(2)(A) tiin cimee jira.
2. Murtii Manni Murtii Olaanaa Godina Arsii gal mee lakk.89947 ta'e irratti dhaddacha gaafa 19/09/2014 ooleen kenne sababa armaan oliitiin bu'uura labsii Gurmaa'ina, Aangoo fi Hojii Manneen Murtii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiin Murteessuuf Bahe Labsii Lakk.216/2011 keew.25(2)(A) tiin diigamee jira.
3. Manni Murtii Olaanaa Godina Arsii iyyanni iyyattuun bu'uura S/D/F/S/keew.6tiin dhiyeffatte fudhatama qaba waan jedhameef gal mee lakk.89947ta'e irra deebi'ee sochoosuun falmii bitaa fi mirgaa erga dhagahee booda falmicha ragaa rogummaa qabuun qulqulleessee murtii akka kennu bu'uura S/D/F/S/keew.343tiin ajajmeera.
4. Garaglchi murtii kanaa mana murtii jalaaf akka ergamu jenneerra.
5. Baasiifi kiisaraa dhaddacha kanaa bitaa fi mirgi of yaa danda'an jenneerra.
6. Galmeen xumura waan argateef cufameera; mana galmeetti haa deebi'u.

Abbootiin Seeraa: -

1. Gammachuu Baqqalaa
2. Abduusalaam Siraaj
3. Dulaa Lataa
4. Ashaannafii Raggaasaa
5. Alamayyoo Gaddisaa

Iyyatuun: - Aadde Soofiyaa Isaa Musaa

Waamamaan: - Sayid Alii Abdii

Galmeen kuni qoratamee murtiin armaan gadii kennameera.

### **Murtii**

Iyyannoон kun dhaddacha kanaaf kan dhiyaate jal-murtii Manni Murtii Aanaa Magaalaa Buraayyuу gal mee lakk.77257 ta'e irratti dhaddacha gaafa 22/09/2014 ooleen kenne dogongora bu'uura seeraa qaba jechuudhaan iyyattuun iyyata gaafa 15/10/2014 barreeffameen akka sirrefamuuf waan gaafatteefidha.

Iyyattuun ammaa Mana Murtii Aanaa Magaalaa Buraayyuutti himatamtuu yoo taatu waamamaan ammaa garuu himataa ture. Ka'umsi falmichaas gabaabinaan waamamaan ammaa himannaа dhiyyeesseen ani fi himatamtuuun bara 1979 keessa seera Musliima Shariyaattiin gaa'ela waliin raawwannee ijoollee sadii erga waliin horannee booda himatamtuuun yeroо dhiyoo as amala waan jijiirratteef gaa'elli nu gidduu jiru diigamee qabeenyi waliin horanne akka nuuf qoodamu jechuun kan gaaffate yemmuu ta'u; iyyattuun ammaas deebii barreeffamaan dhiyeeffatteen himataa waliin gaa'ela hin qabnu; akkaataa seeraatiinis ta'e akkaataa aadaatiin wanti gaa'ela raawwanne hin jiru; gaa'ela hin

qabnu; jirenya waliin turre keessatti ijoollee lama waliin horannee isa booda ani gara biyya alaa deemee erga gargar baanee waggaa 24 waan ta'eef nu gidduu gaa'elli hin jiruu; abbaan manaa fi haati manaa yeroo dheeraa garaa gara deemuun yoo jiraatan gaa'elli isaan gidduu jiru akka adda citetti kan fudhatamu ta'uu dhaddachi ijiibbaataa Mana Murtii Waliigalaa Federaalaa hiikkoo gal mee lakk.31891fi 14290(jildii 5ffaa) kenneef gaaffiin himataa kufaa akka naaf ta'u; himataa waliin bara 1981 walitti dhufnee ijoollee horannee erga adda baanee waggaa 24 waan ta'eef gaaffiin himataa kufaa ta'ee akka naaf murtaa'u jechuun kan gafatheedhaa.

Manni murtii aanaa dhimmicha jalqaba ilaalee bitaa fi mirga erga falmisiisee booda ijoo himataa fi himatamtuu gidduu gaa'elli jira moo hin jiru? Qabxii jedhu irratti ragaa namaa kan bitaa fi mirgaan dhiyaate erga dhagahee booda dhaddacha gaafa 15/07/2014 ooleen xiinxala taasiseen walfalmitoonni walitti dhufanii waliin jiraachaa turan malee gosoota gaa'elaa keessaa isa kamiin akka wal fuudhanii waliin jirachaa akka turan waan hin mirkanoofneef himataa fi himatamtuu gidduu haariroon gaa'elaa hin jiru jechuun murteessee falmii quodiinsa qabeenyaaatti darbee jira.

Murtiin kun erga kennamee booda waamamaan ammaa(himataan jalaal) iyyannoo bu'uura S/D/F/S/keew.6tiin iyyata dhiyesseen "himatamtuun mana Naannoo Amaaraa Magaalaa Mooxaa maqaa koon galmaa'ee jiru bakka bu'uummaa ani ishiif kenneen gurgurtee mana amma falmiif ka'umsa ta'e kan bitte waan ta'eef; ragaa mana kana ittiin gurgurte fudhachuudhaaf gara Misooma Baankii Lafa Magaalaa Mooxaa deemee yeroon gaafadhu ragaa gaa'elaa bulchiinsa naannoo 14tti Mana Murtii Aanaa Naa'iibaa 3ffaa lakk.galmee 381/90tiin gaafa 17/03/90 kenname

himatamtuuun mana maqaa kiyyaan galma'e yeroo gurgurtu abbaa manaa fi haadha manaa ta'uu keenya mirkaneessuuf qabsiifatte argadhee waan jiruuf, ragaan kun murtiin dura osoo dhiyaatee gaa'elli isin gidduu hin jiru jedhamee murtiin dursa kennname hin kennamu waan tureef, dhimmichi duubatti deebi'ee akka naaf ilaalamu jechuun gaafattee iyyata dhiyaate kana irraattis himatamtuuun deebii yeroo kennitu iyyanni dhiyaate ulaagaa keew.6 waan hin guunneef gaaffin himataa kufaa ta'ee akka naaf murtaa'u jechuun gaafattee jirti. Manni murtii aanaas bitaa fi mirga erga falmisiisee booda dhaddacha gaafa 22/09/2014 ooleen galmee qoratee ragaan himataa fi himatamtuu dhirsaa fi niitii ta'uu ibsu lakk. galmee 281/90 ta'e gaafa 17/03/90 kennname murtiin duraa osoo hin kennamin osoo dhiyaateera ta'ee murtiin dursa kennname kennamuu akka hin qabne mana murtii waan amansiiseef murtiin dursa kennname ka'ee bitaa fi mirgi yaada hiikaa isaanii akka dhiyeffatan jechuun jala murtii kennee jira.

Iyyanni amma dhiyaates murtuma kana komachuun yoo ta'u; ijoon komii gaafa 15/10/2014 barreeffamaan dhiyaates:- iyyatni waamamaan murtiin gaafa 15/07/2014 kennnamee jiru akka keessa deebi'ee ilaalamuuuf dhiyeessee jiru ulaagaa s/d/f/s/kwt 6 kan guutu miti; ragaan waamamaan kun erga murtiin kennameen argadheera jedhu kan lakk. galmee 281/90 tiin gaafa 17/03/1990 kennname jedhu ragaa qofaa isaa bakka iyyattuun hin beeknee fi hin jirretti fudhatamee jiru ta'uu isaa murtii kana irraa waan argamuuf ragaa kun ulaagaa kwt.6 kan guutu miti; iyyanni isaa ulaagaa S/D/F/S/keew.6 bakka hin guunnetti mannii murtii aanaa ragichi ulaagaa keew.6 ni guuta jechuun murtii dursa kenne haalli ittiin diigee dogongora seeraa isa bu'uuraa waan qabuuf iyyanni waamamaa ulaagaa S/D/F/S/keew.6 hin guutu jedhamee murtiin Manni Murtii Aanaa Magaalaa Burrayyuu dhaddacha gaafa 22/09/2014 ooleen kenne akka naaf diigamuu fi baasii fi kisaaraa akka naaf kanfalu jechuun kan

gaafateedha. Dhaddachi qorannoo duraas komii dhiyaate murtii waliin qorachuun ijoo“iyyati waamamaan ammaa kun dhiyeeffate ulaagaa tumaa s/d/f/s/Keew.6 ni guutaa? Moo miti? kan jedhu qabachuun ni dhiyeessisa waan jedheef waamamaan falmii barreeffamaa akka dhiyeeffatu ajajamee waamamaan falmii gaafa 13/11/2014 barreeffamaan dhiyesseen iyyanni mana murtii aanaatti dhiyeeffadhe ulaagaa s/d/f/s/keew.6 ni guuta jedhamee murtiin mana murtii aanaatti kenname dogongora seeraa isa bu’uraa waan hin qabneef akka naaf cimu jechuun gaafateera.

Seenaan dhufaatii galmeekanaa gabaabinaan kan armaan olii ennaa ta’u dhaddachi kunis murtii komii ijibbaataaf ka’umsa ta’e, falmii bitaa fi mirgi dhaddacha kanaaf dhiyeessan, ijoo dhaddachi kun ittiin dhiyeessisee fi seera rogummaa qabu waliin qorateera. Akka qorannettis manni murtii aanaa dursa ragaa namaa kan bitaa fi mirga erga dhagahee booda iyyattuu fi waamamaan waliin jiraachuu malee gosoota gaa’elaa keessaa isa kamiin gaa’elli isaani gidduutti akka raawwatame ragaan waan hin mirkaneessineef gaa’elli bitaa fi mirga gidduu jira wanti nama jechisiisu hin jiru jechuun manni murtii aanaa murtii erga kennetee booda; waamamaan ammaa iyyata bu’ura S/D/F/S/keew.6tiin iyyattuu waliin gaa’elaa qabaachuu isaanii kan mirkaneessu garagalcha galmeek lakk,281/90 ta’ee gaafa 17/03/90 kenname kan argate ta’uu ibsuun osoo ragaan kun dursa dhiyaatee murtiin duraa kan hin kennamne ta’uu ibsee dhimmichi duubatti deebi’ee akka ilaalamuuf gaafattee; iyyattuu erga yaada kennitee booda ragaan waamamaan argatee dursa osoo dhiyaatee iyyattuu fi waamamaa gidduu gaa’elli hin jiru jedhamee murtiin hin kennamu ture jechuun murtii dursa kenname kaasuun iyyattuu fi waamamaa gidduu gaa’elli jira; yaada wal hiikinsaa isaanii akka ibsatan kan murteesseera.

Murtiin dhumaa tokko ragaa sanadaa sobaan qindaah ee dhiyaatee irratti ykn jecha ragummaa sobaa irratti ykn malaammaltummaa ykn gocha yakkaa irratti hundaa'e yoo kennamee fi iyyataan murtiin kennamuun dura yoo beekuu dhabuu isaa hubachiisuu danda'ee, murtiin bifa kanaan kennamee irraa deebi'amme ilaalamuu kan danda'u ta'uu tumaa S/D/F/S/ keew.6(1)(A)fi(B) irraa kan hubatamuudha. Bu'uura tumaa S/D/F/S/ keew.6(4) tiin iyyanni bu'uura S/D/F/S/keew. 6tiin dhiyaatu ulaagaa hin guutu ykn guutee jira jedhamee murtiin yoo kenname, murtichi murtii dhumaan akka ta'e kan hubatamuun dha. Iyyanni dhiyaate ulaagaa ni guutaa jedhamee ijootti falmiitti seenamee murtiin yoo kenname, murtiin kenname murtii isa dhumaan akka hin taanee fi ol-iyyanni isaas sadarkaa isaa eegee deemuu akka qabu tumaa kana irraa kan hubatamuudha.

Dhimma of harkaa qabnu kanaan iyyanni waamamaan dhiyeesse ulaagaa keew.6 ni guuta erga jedhamee booda ijoo falmiitti seenamee falmattooni yaada hiikiinsaa isaanii akka ibsat an kan jedhame ta'uu murtii komiif ka'umsa ta'e keessaa kan hubatamuudha. Manni murtii aanaas iyyanni dhiyyaate ulaagaa seeraa ni guutaa jechuun murtii dursa kenne kaasee ijoo falmiitti erga seenee booda murtiin manni murtii aanaa akka murtii dhumaatti fudhatamee dhaddacha ijibbaataatti kan dhiyaatu osoo hin taane dhimma muummee irratti murtiin erga kennamee booda ol-iyyatni isaa sadarkaa isaa eeggatee kan dhiyaachuu qabuudha malee kallattiin dhaddacha ijibbaataaf haalli ittiin dhiyaatuun kan hin jirre ta'uu tumaa S/D/F/S/keew.6fi 320(3) irraa kan hubatamuudha. Walumaagalatti iyyanni waamamaa ulaagaa keew.6 ni guuta jedhamee ijoo falmiitti kan seename ta'uu murtii komii ijibbaataaf ka'umsa ta'e keessaa waan hubatamuuf iyyattuuun bu'uura tumaa 320(2)tiin ijoo falmichaa irratti murtiin erga kennamee booda ol-iyyata ishii sadarkaa isaa eeguun dhiyeessuu qabdi malee kallattiin ijibbaataaf dhiyeessuu hin qabdu jenneerra.

Kanaaf iyyanni waamamaa ulaagaa keew.6 ni guuta jedhamee ijoo falmiitti erga seenamee booda dhimma muummee irraatti murtiin osoo hin kennamin gidduutti iyyanni iyattuu ijibbaataaf dhiyeeffatte bu'uura S/D/F/S/keew.6fi 320(3)tiin fudhatama kan qabu miti jechuun murteessineerra. Ajaja aramaan gadii kenninee jirra.

### **Ajaja**

1. Iyyanni iyattuu manni murtii aanaa ijoo falmiitti erga seenee booda gidduutti dhaddacha ijibbaataaf dhiyeeffatte bu'uura /S/D/F/S/ keew.320(3) tiin fudhatama hin qabu jenneerra.
2. Iyyattuu ijoo falmii irraatti murtiin erga kennamee booda sadarkaa ol-iyyannoo eeguun ol-iyyata ishii mana murtii aangoo qabutti dhiyeeffachuu qabdi jenneerra.
3. Garaglchi murtii kanaa mana murtii jalaaf akka ergamu jenneerra.
4. Baasii fi kisaaraa dhaddacha kanaa bitaa fi mirgi of yaa danda'an jenneerra.
5. Galmeen xumura waan argateef cufameera. Mana galmeetti haa deebi'u.

Abbootiin Seeraa: -

1. Gammachuu Baqqalaa
2. Abduusalaam Siraaj
3. Duulaa Lataa
4. Ashaannafii Raggaasaa
5. Alamayyoo Gaddisaa

Iyyataan: - Obbo Abdurrazzaaq Muhammad

Waamamtooni: -

1. Aadde Wardii Mubaarak
2. Obbo Abdulwahaab Rashiid

Galmeen qoratamee murtiin armaan gadii kennameera.

### **Murtii**

Iyyannoон kun dhaddacha kanaaf kan dhiyaate murtiin Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachi Dhaabbii Bahaa galmee lakk.401052 ta'e irratti dhaddacha gaafa 16/02/2015 ooleen kenne murtiin Manni Murtii Olaanaa Godina Addaa Adaamaa galmee lakk.40115 ta'e irratti dhaddacha gaafa 16/10/2014 ooleen kenne dogongora bu'uura seeraa qaba jechuudhaan iyyataan iyyata gaafa 22/02/2015 barreeffameen akka sirreffamuuf waan gaafatefidha.

Iyyataan ammaa Mana Murtii Aanaa Magaalaa Adaamaatti himatamaa 1ffa ennaa ta'u, namni maqaan isaa Ukaashaa Bashiir jedhamu immoo himatamaa 2ffaa ennaa ta'u waamamtooni ammaa immoo wal duraa duuba himattoota 1ffa fi 2ffaa turani. Ka'umsi falmii kanaas waamamtooni ammaa himanna dhiyeessaniin kan eegale ennaa ta'u, himanni dhiyeessanis gababinaan:-himatamaa 2ffaan kun mirga

tokkoyyuu osoo hin qabaatin himatamaa lffaa ammaa kanaaf iddo lafa mana jirenyaa lakk. kaartaa 10360/03/2001 gaafa 02/09/2004 galmaa'ee maqaa himattuu 1ffaatiin galmaayee nuuf kennname, himatamaa 2ffaan sababa himattuu lffaa waliin gaa'ila qaba jedhuun Mana Murtii Aanaa Magaalaa Adaamaatti quoddii qabeenyaa erga dhiyeesseen booda himattuu lffaa osoo hin mallatteesinee ykn waraqaa waamichaa biraan hin gahin murtiin bakka himatamtuu 1ffaan hin jiretti kennname, himatamaa 1ffaa dhaaf lafa qullaa osoo kaartaan orriijinalaa himattuu 1ffaa harka jiruu maqaa naannessee waan jiruuf, himatamaa 1ffaan kun nama mirga gurguruu hin qabne irraa kan bite waan ta'eef akka qabiyyee koo kaaree meetira 500 Ganda Bokkuu Shanan keessatti argamu gadi naaf lakkisuufi kaartaan maqaa himatamaa 1ffaatti naanna'ee jiru akka maqaa kootti naanna'u naaf yaa murtaa'u jechuun kan gaafataniidha.

Waamamaan ammaa (himatamaan 1ffaa jalaa) deebii barreffamaan dhiyeeffateen qabeenya falmiif ka'umsa ta'e kana gocha waliin dhahuutiin kanan bite osoo hin taane, beeksisa caalbaasii Manni Murtii Aanaa Magaalaa Adaamaa Gaazexaa Kallacha Oromiyaa bara 27ffaa, lakk, 44ffaa, fuula 11ffaa baaseen caalbaasii gaafa 26/01/2013 sa'atti 4:00 hanga 6:00tti ulaagaa seeraa guutee kanan bitadhe mana ijaarsi isaa hin xumuramne qorqorroon isaa osoo hin rukutamin hafeef aduu fi roobaan miidhameedha; manichas kanan bitadhe yaada gaariidhaan caalbaasii ifatti baheen waan ta'eef himanni himattuu kufaa ta'ee akka naaf murtaa'u jechuun kan gaafateedha. Himatamaan 2ffaa jalaa deebii barreffamaan dhiyeesseen ani fi himattuu 1ffaan bara 1996 A.L.tti akkaataa amantaatiin gaa'ila raawwaannnee hanga gaafa 03/11/2005tti daa'ima tokko maqaan ishee Qanaanii Ukkaashaa jedhamtu waliin arganee turtii kana keessattis mana jirenyaa jalqabamee lakk.kaartaa 10360/03/2001 gaafa 02/09/2004 kennname Magaalaa Adaamaa Ganda

Gaara Luugoo ammaa Bokkuu Shanaanii keessaa ni qabna turre; gaa'illi anaa fi himattuu 1ffaa jidduu jiru gaafa 03/11/2005 keessa akkaataa amantaatiin Mana Murtii Olaanaa Godina Shawaa Bahaatti waligalteen diiggaa gaa'ilaa mirkanaa'eera; waliigaltee diiggaa gaa'ilaa irrattis waa'ee guddisa daa'imaa fi mana jireenyaa kan waliif galleedha, isumaa waliif galle kana mana murtiitti akka nuuf quodamu galmee lakk.17660 ta'e irratti himanna dhiyeeffadhee falmiin gaggeeffamee murtiin kennname; murtii bakka himattuu 1ffaan hin jirretti kennname kana akkaataa s/d/f/s/ keew.78t\tiin akka duubatti deebi'u iyyattee, falmiin bakka ani hin jirretti gaggeeffame murtiin kennname anis yeroo ammaa mana murtii olaanaatti falmii irra kan jiruudha; himatamaa 1ffaan haaluma deebii isaa keessatti ibseen qabeenyaa kana bu'uura murtiin kennname raawwii galmee lakk.27873 ta'e irratti gaggeeffameen kan bite waan ta'eef himanni dhiyaate kufaa ta'ee akka naaf murtaa'u jechuun kan gaafatteedha.

Manni murtii aanaa dhimmicha sadarkaa jalqabaatti ilaalee bitaa fi mirga erga falmisiisee booda ragaa galmee keessa jiruu fi ragaa manni murtii ajajaan dhiyeessise waliin galmee qoratee manni falmiif ka'umsa ta'e qabeenya waliinii himattuu 1ffaa fi himatamaa 2ffaa ti jedhamee galmee lakk.17660 ta'e irratti murtiin kennname, murtichis akka raawwatamuuf himatamaa 2ffaan galmee lakk.27873 ta'e irratti raawwii banee himatamaa 1ffaan caalbaasii manni murtii baase irratti dorgomee manicha bite ajaja mana murtiitiin maqaa isaatti akka naanna'u kan taasifameedha malee waliigalteen seeraan alatti himatamaa 1ffaan manicha kan bite waan hin taaneef; S//D/F/S/keew.455 kan ilaallatus nama falmii keessa hin jirreedha malee nama akka himattuu 1ffaa galmee muummee irratti himatantu fi galmee raawwii irratti raawwiin abbaa idaa ture miti; himataa 2ffaanis manicha irraa mirga maalii akka qabu waan hin ibsamneef bu'uura S/D/ F/S/keew.455tiin himata dhiyeessuu hin danda'u jechuun gaaffi himattuu

1ffaan bu'uura S/D/F/S/keew.33tiin kufaa taasisuun murteesseera.

Murtuma kana waamamtoonni ammaa komachuun Mana Murtii Olaanaa Godina Addaa Adaamaatti oliyyataan, manni murtii olaanaa ni dhiyeessisa jechuun bitaa fi mirga erga falmisiisee booda galmee qoratee manni falmiif ka'umsa ta'e falmii bakka himattuun 1ffaa hin jiretti kan waliinii ti jedhamee galmee lakk.17660 ta'e irratti murtaa'u illee, iyyanna himattuu 1ffaan galmicha irratti bu'uura S/D/F/S/keew.78tiin dhiyeeffatteen manni caalbaasiidhaan gurgurame kan dhuunfaa ishii jedhamee waan murtaa'ee fi murtiin raawwiif ka'umsa ta'es erga haqamee booda himattuun abbaa idaati haalli ittiin jedhamu waan hin jirreef, manni murtii jalaas S/D/F/S/keew.455 ishii hin ilaallatu jechuun murtiin kenne sirrii miti; murtiin caalbaasiif ka'umsa ta'e erga haqamee booda manni murtii jalaa gareeleen bakka jiranitti akka deebi'an murtii kennuu osoo qabuu himanna himattuu 1ffaa kufaa taasisuun murtiin kenne deggarsa seeraa hin qabu jechuun murtii manni murtii aanaa himattuu 1ffaai ilaachisee kenne diiguun bitaa fi mirgi bakka duraan jiranitti akka deebi'an maallaqni himatamaa 1ffaan mannicha ittiin bite deebi'eefii kaartaan manaa falmiif ka'umsa ta'e maqaa himattuu 1ffaatti deebi'ee akka jijiiramu jechuun, murtii manni murtii aanaa himataa 2ffaa ilaachisee kenne cimsuun murteesseera.

Murtii Manni murtii Olaanaa Godina Addaa Adaamaa kenne iyyataan ammaa komachuun Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Bahaatti oliyyatee, Manni Murtii Waliigalaa ni dhiyeessisa jechuun bitaa fi mirga erga falmisiisee booda murtii manni murtii olaanaa kenne bu'uura S/D/F/S/keew.348(1)tiin cimsuun murteesseera. Iyyanni ijibbaataaf dhiyaates murtuma kana komachuun yoo ta'u; ijoon komii dhiyaatees:- ani iyyataan ammaa dhimma qabeenya falmiif sababa ta'etti kanan makame galmee raawwii lakk. 27873 kan murtii galmee

lakk.17660 irratti gaafa 10/10/2011 kennname raawwachiisuuf Mana Murtii Aanaa Magaalaa Adaamaatti saaqamee beeksifni caalbaasii gaafa 25/12/2012 Gaazexaa Kallacha Oromiyaa bara 27ffaa Lakk.44ffaa fuula 11ffaa mata duree Caalbaasii jedhu jalatti bahe dubbishee gurgurtaa caalbaasii gaafa 26/01/2013 sa'atii 4:00 irraa hanga 6:00tti gaggeeffame irratti argamee akkaataa seeraa fi qajeelfama jiruutiin ulaagaa barbaachisu hunda guuttachuun dorgomee injifachuun maallaqa ittiin injifadheen ajaja mana mutiitin moodeela 85niin mana murtiitti ibsiisee mana ijaarsi isaa hin xumuramin waliigaltee seeran mana murtiitti hundaa'een kanan bitadhee yommuu ta'u, Waamamtootni ammaa erga raawwin xumuramee ani qabeenya caalbaasin bitadhe harkatti galfadhe maqaa naanneffadhee booda falmii kana kan kaasan sababa qabeenyi keenya jedhan caalbaasiin gurgurame jedhaniif waan ta'eef, gurgurtaa caalbaasii mormuu kan qaban galmeed huma raawwii kan ani iyyataan ammaa mirga irratti argadhe irratti yeroo seeraan taa'e keessatti sababoota seeraan tumaman qofa ibsanii iyyannoo bu 'uura S/D/F/S/keew. 447tiin dhiyeffatuun caalbaasii haqsiisan waliigaltee seeraan mana murtiitti hundaa'e diigsisuun malee galmee raawwiin irratti xumura argate cinatti dhiisuun galmee haarayaa banachuuf seerri isaan deggaru osoo hin jiraatini fi murtiin galmee lakk.17660 ta'e irratti dhaddacha gaafa 19/09/2013 ooleen kennames ana iyyataa ammaa kan hin ilaallanne ta'ee osoo jiruu fi Manni Murtii Aanaa Adaamaas kanuma hubachuun murtii kan kenne ta'uu akkasumas gurgurtaan caalbaasii waliigaltee seeraan hundaa'een raawwatame bu'uura tumaa keew.447 kanaatiin yoo hin diigamin sababa kamiinuu diigamuu akka hin dandeenye tumamee osoo jiruu, Manni Murtii Olaanaa Godina Addaa Adaamaa waamamtootuma gargaaruuf jecha murtii S/D/F/S/keew.447-455 jiranii fi murtii Dhaddachii Ijibbataa Mana Murtii Waliigalaa Federaalaa galmee lakk.131084(jildii 22) ta'e irratti kenne faallessu kennuun isaa fi Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa

Dhaddachi Bahaa illee murticha cimsuun isaa dogongora seeraa bu'uuraa kan qabuudha; waamamtuu 1ffaa gaafachuu kan qabdu himatamaa 2ffaa jalaa ta'ee osoo jiruu ana gaafachuuf seerri ishii deggaru bakka hin jirretti mannii murtii jalaa waamamtuu 1ffaa fayyaduuf jecha murtiin kenne dogongora bu'uura seeraa kan qabuudha; ani iyyataan manicha caalbaasiin erga bitee booda qarshii 120,000.00 itti baasuun ijarsa hafe xumuree osoon jiruu fi mana murtii amanee qabeenyicha kanan bite ta'ee osoo jiruu murtiin kennname mirga koo kan sarbee fi dogongora bu'uura seeraa kan qabu waan ta'eef murtiin manni murtii olaanaa fi Manni Murtii Waliigalaa kenne naaf diigamee murtiin manni murtii aanaa kenne akka naaf cimu jechuun kan gaafateedha.

Dhaddachi qorannoo duraas komii dhiyaate murtii waliin qorachuun ijoo mana falmiif sababa ta'e, ilaachisee, galmees raawwii lakk.27873 ta'e irratti caalbaasii gaazexaadhaan waamamee gaafa 26/01/2013 geggeeffameen iyyataan mo'ate, bittaadhaan harkasaa gale irratti himata waamamtooni baatii torba booda dhiyeessan bu'uura godhachuudhaan caalbaasichi diigamee bitaa mirgi bakka turanitti akka deebi'an murtiin kennname, tumaa SDFS kwt.447 hanga 455 jiran waliin yommuu ilaalamu, dogongora bu'uura seeraati moo? miti? kan jedhu qabachuun ni dhiyeessisa waan jedheef, waamamtooni deebii akka kennan ajajamee; waamamtooni deebii gaafa 21/03/2015 barreeffameen nuti abbaa idaa waan hin taaneef S/D/F/S/keew.444 hanga 447 kan jiru kan nu ilaallatu miti; caalbaasii kan dorgomes maatii iyyataa fi himatamaa 2ffaa qofa ta'uun himamattooni badhaadhina isaaniif hin malle argachuuf yaadanii qabeenya waamamtootaa gatii gadi aanaa fi fudhatama hin qabneen kan bitan waan ta'ee fi murtiin qabeenya keenya irratti kennames waan diigameef qabeenyi keenya akka nuuf deebi'u murtiin mana murtii olaanaa fi Mana Murtii Waliigalaatti kennname dogongora bu'uura seeraa

kan qabuu waan hin taaneef akka nuuf cimu jechuun kan gaafatniidha. Seenaan dhufaatii gal mee kanaa gabaabinaan kan armaan olii ennaa ta'u dhaddachi kunis garagalcha murtii manneen murtii jalaa, falmii barreeffamaan bitaa fi mirgi dhaddacha kanaaf dhiyeessan, ijoo ni dhiyeessisa ittiin jedhamee fi seera rogummaa qabu waliin gal mee qorateera. Akka qorannettis iyyataan ammaa mana falmiif ka'umsa ta'e kan bitee waliigaltee himatamaa 2ffaa jalaa (Ukaashaa Bashiir) waliin raawwateen osoo hin taane, himatamaa 2ffaan jalaa manni falmii kaasse qabeenya waliinii waamamtuu 1ffaa waliin qabnuudha jechuun gal mee lakk. 17660 ta'e irratti murtii akka kennamuuf erga taasissee booda; gal mee lakk. 27873 ta'e irratti akka raawwatamuuf gaafatee, manni murtii aanaas beeksisa caalbaasii Gazeexaa Kallacha Oromiyaatiin akka bahu taasissee iyyataan ammaa kun caalbaasii dorgomee manicha kan bite ta'u fi manichis ajaja mana murtitiin gara maqaa isaatti kan naanna'e ta'u murtii komii ijibbaataaf ka'umsa ta'e keessaa kan hubatamuudha. Manni Murtii Aanaa Magaalaa Adaamaa iyyataan manicha beeksisa caalbaasii manni murtii baase irratti dorgomee waan biteef himanni himattoonni bu'uura S/D/F/S/ keew. 455tiin dhiyeeffatan fudhatama hin qabu jechuun yoo murtii kenu; manni murtii olaanaa garuu murtii caalbaasiif ka'umsa ta'e kan gal mee lakk. 17660 ta'e irratti kennname waan diigameef bitaa fi mirgi bakka duraan jiranitti akka deebi'an jedhamee murtaa'uu osoo qabuu himanni himattoonni dhiyeessan kufaa ta'ee murtaa'uun sirrii miti jechuun murtii manni murtii aanaa kenne diigee bitaa fi mirgi bakka duraan turanitti akka deebi'an jechuun yoo murtii kenu; Manni Murtii Waliigalaas murtuma kana cimsee jira.

Manni falmiif ka'umsa ta'e beeksisa caalbaasii manni murtii baaseen iyyataan ammaa bitatee maqaan manichaa erga isatti naana'ee ji'a torba booda waamamtoonni akka haaraatti himata kan irratti hundeessan ta'u

falmii keessaa kan hubatamuudha. Bu'uura tumaa S/D/F/S/keew.447tiin caalbaasiin tokko diigamuu kan danda'u caalbasichi gaggeeffamee ji'a lamakeessatti gaaffiwwan S/D/F/S/keew.444 hanga 446 fi 455 jalatti kufuu danda'an yoo dhiyaate akka ta'e tumaalee kana irraa kan hubatamuudha. Dhaddachii Ijibbaataa Mana Murtii Waliigalaa Federaalaas hiikkoo galmee lakk.131084 ta'e irratti kennan gaaffii gurgurtaa qabeenyaatiin wal qabatu ykn namni mirgi kiyya dhibamee jedhu gaaffii isaa galmuma raawwii irratti dhiyeffachuu akka qabu hiikkoo kennee jira.

Dhimma of harkaa qabnu kanaan waamamtoonni ammaa gaaffii isaanii galmee raawwii irratti osoo hin taane kan dhiyaeffatan akka haaraatti galmee saaquin kan dhiyeffatan ta'uu murtii komii ijibbaataaf ka'umsa ta'e keessa kan hubatamuudha. Iyyataan ammaas mana falmiif ka'umsa ta'e waliigalatee seeraan alaa himatamaa 2ffaa jalaa waliin raawwateen kan bite osoo hin taane beeksisa caalbaasii manni murtii gaazexaadhaan baasee irratti dorgomee mo'achuun kan bitate ta'uu murtii keessaa kan hubatamuudha. Manichis qabeenya waamamtuu 1ffaa fi himatamaa 2ffaa jalaatti jedhame yeroo galmee lakk.17660 ta'e irratti murtiin kennamu waamamtuu 1ffaan ammaa himatamtuu turte; yeroo galmee lakk.27873 ta'e irrattis caalbaasiin bahus raawwiin himatamtuu ta'uun maqaan ishii moggafamuu murtii komii ijibbaataaf ka'umsa ta'e keessaa kan hubatamuudha. Iyyataan ammaatis mana falmiif ka'umsa ta'ee caalbaasii irratti dorgomee kan bite ta'uu fi maqaan manichaas erga gara isaatti naanna'ee booda waamamtoonni akka haaraatti himata hundeessuun mirga isaanii haalli ittiin kabachiisuu danda'an kan hin jirre ta'uu tumaalee S/D/F/S/keew.444-447fi 455 irraa kan hubatamuudha. Mannii murtii olaanaa garuu iyyataan manicha waliigaltee nama dhuunfaa waliin raawwateen akka bitateetti fudhachuu murtiin muummee caalbaasiif ka'umsa ta'e waan diigameef bitaa fi mirgi bakka duraan jiranitti akka

deebi'an jechuun haalli ittiin murtii kennee fi murtii kanas Manni Murtii Waliigalaa haalli ittiin cimse dogongora jenneerra. Walumaagalatti waamamtoonni ammaa gocha himatamaa 2ffaa jalaatiin mirgi isaanii yoo miidhame isa gaafachuun alatti mana iyyataan ammaa caalbaasii ifa ta'e manni murtii baase irratti dorgomee bitatee maqaa ofiitti naanneffate akka gadi lakkisu waamamtoonni akka haaraatti himatanii dhiyeeffatan bu'uura S/D/F/S/keew.455fi 447(3)tiin fudhatama seeraa kan qabu miti jenneerra.

Kanafuu, murtiin muummee caalbaasiif ka'umsa ta'e galmeek lakk.17660 ta'e irratti kennname waan diigameef qofa faallaa tumaa S/D/F/S/ keew.444-447 fi 455tiin iyyataan mana caalbaasiin bite deebisuu qaba jedhame haalli ittiin murtiin kennname dogongora bu'uura seeraa kan qabuudha jennee murtii manni murtii olaanaa fi Mannii Murtii Waliigalaa Oromiyaa kenne diignee murtii manni murtii aanaa cimsuun murteessinee ajaja aramaan gadii jennee jira.

### **Ajaja**

1. Murtiin Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachi Dhaabbii Bahaa galmeek lakk.401052 ta'e irratti dhaddacha gaafa 16/02/2015 ooleen kenne; murtiin Manni Murtii Olaanaa Godina Addaa Adaamaa galmeek lakk.40115 ta'ee irratti dhaddacha gaafa 16/10/2014 ooleen kenne sababa armaan oliitiin bu'uura labsii Gurmaa'ina, Aangoo fi Hojii Manneen Murtii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiin Murteessuuf Bahe, Labsii Lak.216/2011 keew. 26(5) tiin diigamee jira.
2. Murtiin Manni Murtii Aanaa Magaalaa Adaamaa galmeek lakk.36106 ta'e irratti dhaddacha gaafa 08/09/2014 ooleen kenne sababa armaan oliitiin bu'uura labsii Gurmaa'ina, Aangoo fi Hojii Manneen

Murtii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiin Murteessuuf Bahe,Labsii Lak. 216/2011 keew. 26(5) tiin cimee jiraa.

3. Garagalchi murtii kanaa manneen murtii jalaaf yaa ergamu jenneerra.
4. Dhorkaan kenname ka'ee jira yaa barreeffamuuf jenneerra.
5. Baasii fi kisaaraa dhaddacha kanaa bitaa fi mirgi of yaa danda'an jenneerra.
6. Galmeen xumura waan argateef cufameera. Mana galmeetti haa deebi'u.

Abbootii Seeraa: -

1. Gammachuu Baqqalaa
2. Fiixaa Dachaasaa
3. Urgaa Geetahuun
4. Masfin Geetaachoo
5. Taaddasaa Qana'ii

Iyyataan:- Abduraazaaq Jamaal

Waamamtuun:- Kaafaayaa Sammaan

Galmee kana qorannee murtii armaan gadii kennineerra.

### **Murtii**

Falmiin kun iyyata iyyataa ammaa Mana Murtii Aanaa Magaalaa Shaashamanneetti bu'uura s/d/f/h/h kwt 78 barreeffamee gaafa guyyaa 28/06/2014 barreeffamee dhiyeessen kan eegalame ta'ee, dhaddacha kanatti dhiyaachuu kan danda'e sababa iyyataan ammaa murtii Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachi Dhaabbii Kibbaa lakk. gal mee 407495 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 08/03/2015 oo len kenne dogoggora bu'uura seeraa qaba jechuudhaan akka sirratuuf iyyannoo guyyaa 09/03/2015 barreeffameen iyyateefidha.

Iyyataan ammaa iyyannoo bu'uura s/d/f/h/h kwt. 78(2)tiin gaafa guyyaa 28/06/2014 barreeffamee Mana Murtii Aanaa Magaalaa Shaashamanneetti dhiyeesseen; gaa'illi waamamtuu waliin qabnu diigamuu hordofee tarree qabeenya waliinii waamamtuun dhiyeessiteef, qabeenya waliin horanne qixxeetti akka qooddannu amanee, kan hin jirre immoo waakkadhee falmeen jira. Konkolaataa ilaachisee iyyannoobu'uura s/d/f/h/h kwt. 41tiin dhiyaate hanga murtii argatutti hordofaa kanan ture ta'us, falmii

waamamtuu waliin qabnu ilaachissee waan na dhukkubeef beellama hordofee( kabajee) dhiyaachuu hin dandeenye. Murtiin kan kennname ta'uu yeroo himanni raawwii na dhaqqabu waan hubadheef sababa humna kiyyaa ol ta'een beellamaa irraa hafuu ragaa wal qabsiissee dhiyeeffadhe waliin naaf ilaalamee murtiin gaafa guyyaa 21/05/2013 fi 02/06/2014 kennname ka'ee falmiin duubatti akka deebi'u gaafateera. Waamamtuun ammaas deebii guyyaa 26/07/2014 barreffamee Mana Murtii Aanaa Magaalaa jalaatti dhiyeessiteen, murtii guyyaa 21/05/2013 ooleen kennname bu'uura amantaa iyyataani dha. Bu'uura murtichaanis galmeen lakk.15094 banamee beellama irra jira. Iyyataan galmee kana ofii fi karaa abukaatoo isaa falmaata turee jira. Ragaa iyyataan dhiyeeffatee iyyataan gaafa guyyaa 18/05/2014 mana yaalaa deemuu isaa malee ciisee yaalamaa turuu kan agarsiisu miti. Galmee ofii fi karaa bakka bu'aa isaa falmataa turee faallaa yaada gaarii fi seeraan ala dhiyaate waan ta'eef kufaa haa ta'u jechuudhaan falmiteetti.

Manni Murtii Aanaa Magaalaa Shaashamannee lakk. galmee 09820 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 12/09/2014 ooleen iyyataan dhimma ofii fi karaa abukaatoo isaa falmaa ture irratti iyyatni bu'uura s/d/f/h/h kwt. 78(2)tiin dhiyeessuun deggersa seeraa hin qabu. Ragaan yaalaan ciisee yaalamuaa turuu iyyataa kan agarsiisu miti. Dhimma osoo beekuu dhaddacha irraa hafeef tumaan s/d/f/h/h kwt. 78(2) rogummaa hin qabu jechuudhaan jal-murtiin kufaa taasiseera. Iyyataan jal murtii Mana Murtii Aanaa Magaalaa Shaashamanneetiin kennname komachuudhaan duraa duubaan oliyyannoo Mana Murtii Olaanaa Godina Arsii Lixaa fi Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Kibbaatti dhiyeeffatee, manni murtii fi dhaddachi dhimmi kun sadarkaa oliyyannoontu itti dhiyaates jal murtiin irraa komatamee hir'ina hin qabu jechuudhaan cimsuun murteessaniiru. Iyyannoontu kunis murtiin manneen murtii jalaa dogoggora bu'uuraa

seeraa qaba jechuudhaan jijiirsiisuuf kan dhiyaate ta'ee, komiin ijoo iyyataa gabaabinaan; dhimma waamamtuun ammaa ( himattuun jalaa) lammii biyya Ameerikaa ta'uun ragaa bakka bu'iinsaa fi ragaalee barreffamaa adda addaa mana murtii jalaatti dhiyaate irraa hubatamuu, manni murtii bu'uura s/d/f/h/h kwt 9(2)tiin hundee dubbii irratti aangoo qabaachuu yookiin dhiisuu adda baafachuun murtii kennuuf dirqama qabu, dhimma federaalaa ta'e fi manni murtii aanaa ilaaluuf aangoo hundee dubbii hin qabne irratti murtii kennuu fi murtiicha sirreessuu dhabuun manneen murtii oliyyannoo dogoggora bu'uura seeraati. Iyyata bu'uura s/d/f/h/h kwt. 78tiin mirga ragaa dhageessifachuun ana jala darbee duubatti deebi'ee ragaan koo dhageessifachuuf gaafadhe akka waan falmiin guutuu ana duubatti kennname ka'uu fi gaafadheetti iyyata koo kufaa taasisuun dogoggora dha. Guyyaa ragaan dhagahamu hordoffii yaalaa cimaarra turuun kiyyaaf ragaa dhiyaatee osoo jiruu sababni gahaa miti jedhamuunis ta'ee, dhimma falmii kaase irratti abukaatoon falmaa turuu kiyya ragaan agarsiisu osoo hin jirre abukaatoon falmaachaa turte jechuudhaan mirga dhagahamuu kiyya bira darbuun murtii haqaa jallisee kennuun dogoggora bu'uura seeraati kan jedhu dha.

Dhaddachi Ijibbaataa qorannoo duraasi komii iyyataa fi waraabbii murtii manneen murtii jalaa seera waliin qoratee qabxiin waamamtuun lammii biyya Ameerikaati jechuudhaan falmii iyyataan manneen murtii dhimma kana sadarkaa oliyyannoona ilaalaniitti dhiyeessee osoo hin qulqulleessin bira darbuun sirriidhaa? jedhu qulqulleessuuf ni dhiyeessisa jechuun waamamtuun garagalcha komii iyyataa irratti deebii akka kennitu ajajeera. Waamamtuun deebii gaafa guyyaa 05/04/2015 barreffamee dhiyeessiteen; murtii ijoo irratti falmiin dhiyaate osoo hin jiru. Dhimma bu'uura s/d/f/h/h kwt. 78(2)n wal qabatuuf falmiin lammummaa waamamtuu irratti ka'e falmii dogoggora adeemsaa fi rogummaa hin

qabne dha. Iyyataan garee falmii ta'uun deebii kennee fi abukaatoo bakka buufatee dhimma falmaa ture irratti dhiyeesse deggersa tumaa s/d/f/h/h kwt 78tti kan qabu miti. Mirgi ragaa dhageessifachuu gaafa guyyaa 20/05/2014 bira kan darbame yoo ta'u, iyyatni bu'uura s/d/f/h/h kwt 78tiin dhiyaate immoo baatii tokko booda waan ta'eef fudhatama hin qabu. Iyyataan sababa dhukkubaan mana murtiitti dhiyaachuu kan hin dhabne ta'uun galmee biroo irraa adda bahee jira. Dhimmichi dhimma federalaati kan jedhamu yoo ta'e immoo dhaddachi kun ilaaluuf aangoo hin qabu jechuudhaan falmiteetti.

Seenaan dhufaatii falmii kanaa, murtii manneen murtii jalaa fi falmiin bita mirgaa kan armaan olii ta'ee, gal mee keessa qorannee akka ilaalletti ijoon dubbi furmaata argachuu qabu:- Adeemsi iyyataan Manni Murtii Aanaa Magaalaa Shaashamannee dhimma aangoo hundee dubbi hin qabne ilaalee murtii kenne jechuudhaan dhiyeesse sirrii dha moo? miti? iyyata iyyataan bu'uura s/d/f/h/h kwt. 78(1)tiin dhiyeesse kufaa itti taasisan seera qabeessa dha moo?, miti? kan jedhu ta'ee murtiin irraa komatamee dogoggora bu'uuraa seeraa qabaachuu yookiin dhiisuu akka itti fufee jiruun xiinxalameera. Iyyataan ammaa murtii hundee dubbi ilaallatu, jechuunis, murtii gaa'ila waamamtuu waliin qaban ittiin diigamee fi murtii qoeddii qabeenya waliin ilaachisee Manni Murtii Aanaa Magaalaa Shaashamannee dhaddacha guyyaa 21/05/2013 fi 02/06/2014 ooleen kenne murtii mana murtii aangoo hundee dubbi dhimma ilaaluu hin qabneen kennamee dha jechuudhaan oliyyannoo mana murtii olaanaa jalaa fi Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Kibbaatti adeemsa oliyyannoonaan itti dhiyaatu hordofuun dhiyeesse hin jiru. Ijoo dubbi ilaachisee murtii kennamu yoo hir'ina dogoggora seeraa yookiin ijoo dubbi kan qabu yoo ta'e adeemsa oliyyannoonaan keessa darbee sirrachuu akka qabu tumaa s/d/f/h/h kwt. 320

fi itti aananii fi labsii Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa Lak. 216/2011 kwt.23(2A fi B) fi 30n jalaa ni hubatama. Dhimma oliyyannoон irraa hin dhiyaanne manneen murtii gara olii jiran adeemsi biroo itti ilaaluun sirreessuu danda'an hin jiru. Iyyataan murtiin osoo falmii hin hordofne kennamee haa ka'u jechuudhaan iyyata dhiyeesse kufaa taasisuun jal murtii kenname waliin hir'ina murtiin haadhoo qabu waliin makee dhiyeesse adeemsa seeraa kan hordofe miti. Kanaafuu, murtiin dhimma ijoo irratti kenname ilaalchisee manneen murtii jalaatis ta'e, dhaddacha kanatti komiin adeemsa seeraa hordofee dhiyaate waan hin jirreefi murtichi seera qabeessa ta'uu yookiin dhiisuu yookiin Manni Murtii Aanaa Magaalaa Shaashamannee jalaa yommuu murtii kennu aangoo qabaachuu yookiin dhiisuu adeemsi itti xiinxaluun danda'amu waan hin jirreef komii gama kanaan komii iyyataan dhiyeesse falmii adeemsaa seeraa hordofee dhiyaate miti jennee bira darbineerra.

Iyyataan ammaa, sababa humnaa oli ta'een ana mudateen beellama hordofuu dhabeen bakka hin jirretti murtiin kenname ka'ee boodatti deebi'ee irra deebiin bakka jirutti falmaame akka murtiin kennamu gaafadha jechuudhaan bu'uura s/d/f/h/h kwt. 78(2) tiin iyyata kan dhiyeesse yoo ta'u, iyyatni bu'uura s/d/f/h/h kwt. 78tiin dhiyaatu; murtii osoo himatamaan dhiyaatee deebii hin kennis fi falmii sirnaan hin geggeessin kenname akka ka'uuf murtii xumuraa eerga kennamee booda falmii dhiyaatu dha. Manneen murtiis sababa waraqaan waamichaa sirnaan gahuu dhabeef yookiin sababa humnaa olii guyyaa dhagahaaf beellamameetti himatamaa qunnameen murtiin bakka hin jirretti kan kenname ta'uu yookiin mirga dhagahamuu isaa bira kan darbame ta'uu yoo hubatee ajaja yookiin murtii kennamee ture akka ka'u murteessuu akka danda'u kan tumu dha. Iyyatni akkaasii kan dhiyaatu guyyaa ajajni yookiin murtiin kennamu beekee irraa eegalee baatii tokko keessatti

ta'uu akka qabu tumaan kun ni hubachiisa. Diiggaa gaa'ilaa hordofee tarree qabeenya waliinii qixxeetti akka qoodamuufiif waamamtuun amma dhiyeessite irratti iyataan ammaa deebii barreffamaa kennuun falmaa tureera. Qabeenya iyataan kan waliinii ta'uu amane ilaachisee Manni Murtii Aanaa Shaashamannee jal murtii dhaddacha guyyaa 21/05/2013 ooleen qixxeetti akka qooddatan iddooyiyataan ammaa jirutti kennee jira. Qabeenya waakkatame irratti falmii bitaa mirgaa dhagahee iddooyiyataan amma jirutti gaafa guyyaa 09/05/2014 ragaa dhagahuuf jijiirraan beellamaa guyyaa 20/05/2014tti qabamee, guyyaa ragaan dhagahamutti, jechuunis dhaddacha guyyaa 20/05/2014 geggeeffameen iyataan ammaa waan hin dhiyaanneef bu'uura s/d/f/h/h kwt. 199tiin mirga ragaa dhageessifachuun isaa bira darbamee ragaa waamamtuu dhagahuudhaan murtiin gaafa guyya 02/06/2014 iddooyiyataan amma jirutti kan dubbiffame ta'uu waraabbi galmee guutuu karaa telegiraamii dhiyaate ilaalamii fi waraabbi murtii jalaa galmee keessatti argamu keessaa hubatamee jira. Dabalataanis iyataan galmee lakk. 09820 ta'e galmeedhuma iyaytni irratti dhiyaate karaa bakka bu'aa yookiin abukaatoo Nugusee Waaqjiraa jedhamuu fi ofin falmachaa turuu; moggaasa oolmaa dhaddacha guyyaa 21/08/2013, 23/09/2013, 04,08,11,17, 25/10/2013, 02,12,16/11/2013 fi 15/02/2014 Mana Murtii Aanaa Magaalaa Shaashamannee galmeesse irraa ni hubatama. Iyyataan ammaa gaafa guyyaa 18/05/2014 hanga gaafa 04/06/2014tti boqonnaa yalaarra kan kennamee fi ta'us daangaa boqonnaa isaa keessatti, jechuunis, gaafa guyyaa 02/06/2014 murtiin kennname dhaddacha irratti dhiyaateen adda bahee jira.

Iyyataan iyyannoo bu'uura s/d/f/h/h kwt 78tiin dhiyeesseen murtiin gaafa guyyaa 21/05/2013 fi murtii guyyaa 02/06/2014 kennname akka ka'uuf kan gaafate yoo ta'u; falmii iyataan murtii guyyaa 21/05/2013

iddoo iyyataan jirutti kennamee ture akka ka'uuf bu'uura s/d/f/h/h kwt. 78tiin gaafate, gaaffii turtii waggaa tokkoo booda dhiyaate waan ta'eef manneen murtii jalaa gaaffii gama kanaan iyyataan dhiyeesse haalli kufaa itti taasisan hir'ina kan qabu ta'ee hin argamne. Murtiin guyyaa 02/06/2014 Manni Murtii Aanaa Magaalaa Shaashamanneetiin kennname ilaalchisees, iyyataan ammaa deeblee fi falmii afaanii geggeesse ofii fi karaa bakka bu'aa isaa falmaa booda murtii kennameedha malee, murtii osoo iyyataan hin falmin kennname ta'uu dhabuun ifa dha. Iyyataan mirgi ragaa dhageessifachuu guyyaa 20/05/2014 bira darbamee akka ka'uuf iyyata guyyaa 28/06/2014 barreeffamee Mana Murtii Aanaa Magaalaa jalatti dhiyeesseen ifatti seerummaan gaafate hin jiru. Iyyataan beellama isaa hordofaa waan tureef guyyaa ragaa dhagahuu bira darbamee ni beeka. Kunis gaafa guyyaa 20/05/2014 irraa eegalee baatii tokko keessatti hanga gaafa guyyaa 21/06/2014ti iyyatni dhiyeesse hin jiru. Daangaa boqonnaa yaalaarra ture keessatti iyyataan ammaa sochiirra turuu fi dhimma isaa immoo ofii fi abukaatoo waliin hordofaa kan ture ta'uu waliin xiinxauudhan sababni gahaa murtiin kennamee ture akka ka'u taasisuu danda'u hin jiru jechuudhaan murtiin manneen murtii jalaa kennan dogoggora bu'uura seeraa kan qabu ta'ee hin argamne.

Waliigalaatti, Manni Murtii Aanaa Magaalaa Shaashamannee iyyataan ammaa murtii dhaddacha guyyaa 21/05/2013 fi 02/06/2014 ooleen kennname akka ka'uuf iyyata gaafa guyyaa 28/06/2014 bu'uura s/d/f/h/h kwt. 78tiin barreeffamee dhiyeesse kufaa taasisuun jal-murtiin kennee fi manneen murtii sadarkaa oliyyannootti dhimmicha itti dhiyaate jal-murtii Mana Murtii Aanaa Magaalaa Shaashamanneetiin kennname ajajaa fi murtiidhaan cimsuun dogoggora bu'uura seeraa hin qabu jennee sagalee guutuudhaan murteessinee ajaja itti aanee jiru kennineerra.

## **Ajaja**

1. Jal murtii Manni Murtii Aanaa Magaalaa Shaashamannee lakk. gal mee 09820 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 12/09/2014 ooleen kennee, Ajaja Manni Murtii Olaanaa Godina Arsii Lixaa lakk. gal mee 44921 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 03/02/2015 ooleen kennee fi Murtii Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachi Dhaabbi Kibbaa lakk. gal mee 407495 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 08/03/2015 ooleen kenne bu'uura Labsii Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa, Lak. 216/2011 kwt. 26(5) tiin cimeera.
2. Ajajni dhorkaa dhaddacha kanaan gal mee Mana Murtii Aanaa Magaalaa Shaashamannee lakk. 21205 fi 24294 ta'e irratti kennamee ture ka'eera. Haa barreeffamu.
3. Garagalchi murtii kanaa manneen murtii jalaa haa qaqqabu.
4. Baasii fi kisaaraa dhaddacha kanaa bita mirgi of haa danda'an.
5. Galmeen murtii waan argateef cufameera. Mana galmeetti haa deebi'u.

Abbootii Seeraa: -

1. Gammachuu Baqqalaa
2. Dobee Dhaabaa
3. Abdusalaam Siraaj
4. Gammachiis Dhugumaa
5. Ashannaafii Raggaasaa

Iyyataan:- Aadde Shibirree Haayiluu

Waamamaan:-

1. Abbaa Taayitaa Konstraakshinii Bulchiinsa Maagalaa Buraayyuu
2. Waajjira Mana Qopheessaa Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu

Galmeen kun qorannoodhaaf kan bule dha. Galmee kana waliin galmeen lakkofsa 406610 qorannoof kan dhiyaate yoo ta'u galmicha irratti waamamtootni ammaa iyyanna dhiyeessanii Dhaddachi Ijibbaataa Quranno Duraa yeroo dhiyeessisutti galmee kana waliin bakka tokkotti ilaalam ee murtii akka kennamu kan jedhe waan ta'eef, dhimmichis mana murtii jalaatti galmeedhuma tokko irraa kan ka'e waan ta'eef komii fi deebii galmee lameen irratti dhiyaate galmeedhuma kana irratti bakka tokkotti cuunfuun murtii itti aanu murteesineerra.

### **Murtii**

Galmeen kun dhaddacha ijibbaataaf dhiyaachuu kan danda'e iyyattuun iyyanna guyyaa 17/02/2015 barreefameen murtii Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachi Hariiroo Hawaasaa galmee lakkofsa 396226 irratti dhaddacha guyyaa 10/02/2015 ooleen murteesse dogoggora bu'uuraa seeraa waan qabuuf akka naaf sirratu jechuun waan gaafatteefi dha.

Ka'umsi dhimmichaa himannaay iyyattuun gaafa guyyaa 29/02/2014 fooyessuun Mana Murtii Ol Aanaa Godina Adda Oromiyaa Naannawa Finfinneetti waamamtoota ammaa kana irratti dhiyeessiteen qabiyyee lafa daldala lafa hektaara 204 ta'u ragaa abbaa qabiyyee (kaartaa) itti qabu gamoo daldala waliigalaa abbaa darpii afurii ijaaruuf himatamaa 1ffaan (Abbaa Taayitaa Konistraakshinii Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu) akkan ijaaruuf hayyama ijaarsaa naaf kennee anis ogeessa waliin waliigaluun ijaarsi jalqabamee waamaman 1ffaa hanga ijaarsi gamoo 2ffaa irra gahutti hojiiwwan jiran wal duraa duubaan sirrii fi seera qabeessummaa isaa hordofaa hojjechaa turee jira. Haata' u malee, waajirri waamamaa 1ffaa kun xalaya W/kon/B/3042/35 gaafa guyyaa 9/02/2013 barreeffameen dursee daandii fuula dura gamoo kiyyaa kana darbu ijaarsa gamoo ani hojjechuuf hayyama ijaarsaa irratti baasee jiru kanatti hin buune mirkaneessuun ijaarsa akkan eegalu na taasisee jiru kana cinatti dhiisuun gamoo koo kun daandii hojjetamaa jiru keessa meetira lama seena kan jedhuun ijaarsa kana akkan addaan kutu na dhorkee jira. Waajirri waamamaa 2ffaa immoo rakkina kanaaf akka furmaata naaf kenu gaafadhus adeemsa seeraan ala gamoo koo kana diiguu qabda yoo diiguu baatte ofif diigna jechuun doorsisa garaagaraa na irraan gahanii jiru. Sababa kanaan miidhaan garaagaraa kan na irra gahe yoo ta'u innis, meeshaalee galtee ijaarsaaf oolan tajaajila malee achitti qisaasaman, gatii kira meeshaalee ijaarsaa tajaajila malee turan, sababa kontiraaktarri hojii dhaabeef bu'uura waliigalatee keenyaan adabbii kaffaleef, gamoon yeroon xumuramuu dhabuu isaatiin sababa qaala'insaan gatii ijaarsa kana xumuruuf baasu, ijaarsichi osoo xumurame silaa hanga galii kira argamu dabalatee waliigala miidhaan qarshii 3,813,020.96 (miiliyoona sadii fi kuma dhibba saddeetii fi kuma kudha sadii fi digdama ) na irra gaheera. Kanaafuu, himatamtootni jeequmsa dhaabuun tilmaama miidhaa na irra gahe kana akka naaf kaffalan jechuun himatteetti.

Waamamtootni ammaa himanna isaan irratti dhiyaateef deebii mana murtichaatti dhiyeessaniin gamoon falmiif sababa ta'e kun daandii asfaaltii Gamoo Urgaa hanga Ashawaa Meedaatti ijaaramu irratti ka'umsa Ashawaa Meedaa irraa km 5 fi metira 500 irratti meetira 2 fi km 5 fi metira 506 irratti meetira 3.5 daandiitti seenee jira. Kanas gorsaan daandii kanaa xalayaa gaafa 09/01/2013 barreeffameen gamoon kun dizaayinii daandii keessa seenee jira waan ta'eef akka dhaabbatu himatamaa 2 ffaa gaafatee, himatamaan 2 ffaa immoo xalayaa gaafa guyyaa 09/02/2013 himattuuf barreesseen ijaarsi gamoo kanaa akka dhaabbatu taasisee jira. Kanaafuu, adeemsi dhaabbachuu ijaarsa gamoo kanaa karra seera qabeessa waan ta'eef, sababa ijaarsi gamoo dhaabbateef galii cite fi miidhaa ga'eef waajjirri itti gaafatamaa hin ta'u. Himattuun beenyaan akka kaffalamuuf itti himamus, gamoon ijaaraa jiru daandii hin tuqu jechuun diddee beenyaan illee safaramee akka hin shallagamne abbaa warraa ishee waliin dhorkaa turte. Dabalataan kan beenyaan shallagamef kan isaanii qofa waan hin taaneef hanga qoratamutti yeroo fudhatee jira. Yeroo ammaas beenyaan akka kaffalamuuf murtaa'ee xalayaan dhaqqabee jira. Kanaafuu, hangi gamoon daandii keessa seene akka diigamuu fi hanga diigameef beenyaan shallagameefii jira waan ta'eef fudhattee akka galmeen nu irraa cufamu jechuun deebisaniiru.

Manni Murtii Olaanaa Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee kanumaan ijoo jeequmsi jira moo miti? waamamaan 1ffaa ammaa kun ijaarsa gamoo iyyattuun gaggeessaa jirtu seeraan ala dhaabsise moo miti? sababa kanaan miidhaan ga'e moo miti? miidhaa gaheef eenu itti gaafatama? Kan jedhu qabatee falmii fi ragaa dhaga'ee akkasumas Institiyyuutii Pilaanii Magaalota Oromiyaa irraa qulqulleessee booda murtii kenneen himattuun (iyyattuun kun) gamoo kan ijaaraa turte hayyama himatamtootaatiin waan ta'eef ijaarsa eegale akka dhaabdu

taasifamuu isheetiin miidhaan irra gahuu hubatama. Haata'u malee, mirgi namni dhuunfaa faayidaa uummataaf jecha yeroo kamittuu daanga'uu danda'a. Namni faayidaa misooma uummataatiif miidhaan irra gahe immoo akka labsii lakkofsa 1161/2011 tiin beenyaa gaafachuu danda'a. Kanaafuu, himattuun miidhaa irra gaheef beenyaa gaafachuu qabdi malee himata jeequmsaa dhiyeessuun daandiin uummataa hojjetamaa jiru akka dhaabbatu gaafachuuf hin dandeessu jechuun himannaas ishee kufaa godhee murteesseera.

Iyyattuun ammaa murtii manni murtii ol'aanaa murteesesse kana irraa komachuudhaan gara Mana Murtii Waliigala Oromiyaatti kan ol iyyatte yoo ta'u Manni Murtii Waliigala Oromiyaa Dhaddachi Hariiroo Hawaasaa galmee lakkofsa 396226 irratti erga dhiyeessisee booda dabalataan Abbaa Taayitaa Konistraakshinii Oromiyaa fi Koorporeeshinii Ijaarsa Oromiyaa irraa qulqulleessee bu'aa dhiyaate waliin qorachuudhana murtii dhaddacha guyyaa 10/02/2015 oole kenneen ijaarsi gamoo iyyattuu kanaa akkaataa maaster pilaanii magaalichaatiin daandii hojjetamaa jiru keessatti kan hin hammatamne yoo ta'u, akkaataa karoora qindaa'aa ijaarsa daandii falmii kaaseen garuu kan hammatamee jiru ta'uu gabaasa irraa hubatama. Gama biraatiin himattuun kun ijaarsa gamoo ijaaraa kan jirtu bu'uura hayyama ijaarsaa gaafa guyyaa 01/07/2012 kennameefiin akka ta'ee fi waamamaan 1ffaa illee ijaarsa isheen ijaaraa turte kana yeroo yerootiin hordofaa kan ture yoo ta'u, pirojektiin ijaarsa daandii Urgaa Ashewaa Meedaa jedhamu kun immoo kan mirkanaa'e gaafa 05/01/2012 dha. Hayyamni ijaarsaa gamoo kanaa qaama aangoo qabuun kan isheef kenneme erga ijaarsi projektii daandii mirkanaa'ee booda dha, Bu'uura maasterpilaanii magaalichaatiin daandiin hojjetamaa jiru kun iddoo gamoo iyyattuu ijaaraa jirtu kan hin tuqne yoo ta'e illee dizaayiniin ijaarsa daandichaa yeroo mirkanaa'etti garuu gamoo falmii

kaase kana kan hammate ta'us gama waamamtootaan hayyama ijaarsaa iyattuu kanaaf osoo hin kennin akkasumas isheen illee qabeenya ishee dhangalaasuun ijaarsa ammaa osoo hin eegalin dura haala pirojekti ijaarsa daandii kanaatiin wal simuu qabuun hayyama ijaarsa isheef kennuu kan qaban ture. Rakkoon kun erga mul'atee booda immoo akka labsii lakk. 1161/2011 jalatti tumameen iyattuuun ammaa ijaarsicha akka dhaabdu gochuun miidhaa fi mancaatiin qabeenya osoo hin geessisin bu'uura labsicha keewwata 8 fi 9 tiin dursa qabeenya isheef beenyaa kaffaluu kan qabani dha. Haata'u malee, waamamtootni adeemsa seeraan beenyaa osoo hin shallagin dura iyattuuun ijaarsa gamoo hojjechaa jirtu akka dhaabduuf dhorkuu isaanii ragaan gal mee keessa jiruu fi qulqulleessa mana murtii jalaatiin taasifame irraa kan hubatamu dha. Manni murtii ol aanaa sababii gocha waamamtoota kanaatiin miidhaan iyattuu irra gahuu kan mirkaneeffate ta'us miidhaa gahe kana beenyaan himachuuf mirga qabdi jechuun haalli itti xiinxalee murteesse sirrii miti jechuun fooyessee manni murtii ol aanaa gal mee cufee ture deebisee sochoosun sababii waamamtootni kun iyattuuun ijaarsa gamoo dhaabduuf adeemsa seeraa osoo hin eegin dhorkaniif miidhaa fi mancaatiin qabeenya isheerra gahe hagam akka ta'e qulqulleeffachuuun murtii akka kennu jechuun akka SDFHH kwt. 343 (1) tiin gara mana murtii ol aanaatti gadi deebisee murteesseera.

Iyyattuuun ammas murtiin kun dogoggora bu'uura seeraa waan qabuuf akka naaf jijiiramu jechuun kan iyyatte yoo ta'u iyyanna guyyaa 17/02/2015 barreeffameen gabaabumatti, Mani Murtii Waliigalaa ijaarsa gamoo kiyya hayyamamuummaa fi hordoffii waamamtootaatiin ijaaramaa ture haalli itti dhaabsisan labsii laccoofsa 1161/2011 kwt. 8 f fi 9 yaada keessa kan galche akka hin taanee fi gochi isaanii sabaaba fi adeemsa seera qabeessa akka hin taanee, kana irraa kan ka'e miidhaa na

irra gaheef beenyaan akka shallagamee naaf kaffalamu erga murteesee gochi jeequmsa miidhaa geessise garuu dhaabbachuu qabaata yookaan hin qabaatu jechuun murtii osoo irratti hin kennin darbuun faallaaa SDFHH kwt/. 182 ti. Waamamtootni aangoo tajaajila uummataaf jecha gamoo koo akka diigamu ajajuu fi raawwachiisuu qabaatanis adeemsii itti na dhaabsisan miidhaa ol aanaaf na saaxilan garuu adeemsa seeraa fi iftoomina hin qabne dha. Manni Murtii Waliigalaa dhorki ijaarsaa dhaabsisuu narratti kennname yookiin jeequmsi uumame akka naaf dhaabbatu jechuun dhiyeesse irratti murtii ifa ta'e osoo hin kennin darbuun isaa dogoggora seeraa isa bu'uura ati. Gama biraatiin, ijaarsi daandii fuuldura gamoo kanaatti ijaaramaa jiru gamoo koo kan hin tuqne ta'uun Instituutiin Pilaanii Magaalota Oromiyaa gabaasa guyyaa 16/05/2014 ergeen mirkaneesseera. Anis ta'e waamamtootni gabaasa kana irratti mormiin dhiyeessine osoo hin jiraatin erga gabaasni kun dhiyaatee booddees kilaasterri qindaa'aa magaalaa jedhamuun hojimaatni haaraa bahee hojii irra oolee osoo hin jiraatin, qixa kanaan falmiin ka'e osoo hin jiraatin irra deebiin qabxiin kun Koorporreshinii fi Konistraakshinii Magaalota Oromiyaatiin qoratamee akka dhiyaatu ajajamuun isaa sirrii miti. Kilaasterri qindaa'aa magaalaa jedhamuun sanadni of danda'e wayita institiyyutiin magaalaota dhimmicha qoratus ta'e sana booddee tumamee bahu isaa ragaan agarsiisu yookaan pilaaniin agarsiisuu osoo hin jiraatiin sanada qabaatama hin qabne irratti hundaa'uudhaan deebii kennname ta'uun osoo hubatamuu duuchumatti ni tuqa jedhuun xiinxalli taasifame deggarsa ragaa hin qabu. Kanaafuu gochi ijaarsa gamoo na dhorkuu gaafa guyyaa 09/02/2013 irraa eegalee raawwatame seeraan ala waan ta'eef. seerummaa jeequmsi kunis narraa dhaabbachuu ijaarsa akkan itti fufuuf gaafadhe irratti murtiin osoo hin kennamin darbamuun isaa dogoggora bu'uura seeraa waan ta'eef murtiin Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa qabxii kana qofa ilaalchisee akka naaf fooyya'u jechuun gaafatteetti.

Iyyanni akka armaan olii ta'ee Dhaddachi Ijibbaataa Qorannoo Duraa kanumaan gal mee keessa qorachuudhaan ijoo gamoon iyyattuun ijaaraa jirtu pilaanii daandii ijaaramaa jira jedhamee keessa kan hin galle ta'uun isaa mirkanaa'eera moo miti? ijaarsichi pilaanii daandichaa keessa kan hin galle yoo ta'e seerummaan jeequmsa dhaabsisuuf dhiyaate bira darbamuun isaa tumaa seera hariiroo hawaasaa keewwata 1149akkamiin ilaalam? kan jedhu qulqulleessuuf ni dhiyeessisa jedhee waamamtootni deebii barreffamaan akka dhiyeessan ajajeera.

Haaluma kanana waammatootni deebii guyyaa 28/03/2015 barreffameen gabaabumatti, gamoon iyyattuun ijaaraa turte dizaayinii daandii misooma faayidaa uummataaf jedhamee gaggeeffamuun kan wal tuqu waan ta'eef hanga shallaggiin beenyaa ogeeessaan tilmaamamee kaffaltiin raawwatamuufitti ijaarsi gamoo yeroof turuun akka eeggattu beeksisuun miidhaa dhufu hambisuuf yaadamee ti. Waamamtootni bu'uura aangoo labsii lakk. 1162/2011 keewwata 5 fi 6 tiin beenyaa kaffaluun qabeenya kamuu kaasisuun hojii misoomaa fi faayidaa uummataaf karoorfameen gaggeessan waan ta'eef dhimmichi jeequmsa miti. Ijoon gamoon iyyattuu fi ijaarsi daandii wal tuqa moo miti kan jedhu falmisiisaa waan ta'eef Manni Murtii Waliigalaa qabxiin kun akka qulqulla'u ajajuun dogoggora kan qabu miti. Bu'uura qulqulla'a'enis karoorri qindaa'aa misooma guddinaa magaalaa jedhamee mirkanaa'e jiraachuu fi dizaayiniin daandii haaraa hojjetamaa jiru gamoo kana kan tuqu kan agarsiisu dha. Bakka dizaayiniin daandii gaggeeffamaa jiruu ijaarsa gamoo iyyattuu ammaa tuquun isaa mirkanaa'ee jirutti beenyaa kaffaluun hanga tuqe irratti gamoo diigsisuun aangoo mana murtii waan hin taaneef Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa jeequmsi jira yookaan hin jiru jechuu dhabuun hanqina miti. Iyyattuun adeemsa seeraa eeggattee tilmaamaa beenyaa kennameef fudhachuu diduun gara mana murtii kan deemte waan ta'eef

xalayaan hanga beenyaa shallagamuuf ijaarsa yeroof akka tursiistu jedhame jeequmsi raawwatame kan jedhamu waan hin taaneef komiin dhiyeessite kufaa nuuf haa ta'u jechuun deebisaniiru.

Gama biraatiin, waamamtootni iyyanna 23/02/2015 barreeffamee dhaddacha kanatti galmee lakkoofsa 406610 irratti dhiyeessaniin iyyattuun dizaayiniin daandii haaraa gaggeeffamaa jiru ijaarsa gamoo iyyattuu ammaa metira 2.5 fi 3.5 keessa galee tuquun isaa erga mirkanaa'ee booda shallaggii beenyaa qarshii miiliyoona tokkoo ol murtaa'eef akka fudhattu gaafatamtee shallaggii beenyaa kana diduu ishee mirkanaa'ee osoo jiruu Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa dhorkaan waamamtootni taasifame deemsaa seeraa hin eegne jechuun murtiin kenne faallaa labsii lakk. 1162 /2011 keewwata 5, 6 ti. Gama biraatiin hayyamni kennname erga dizaayiniin daandii haaraa mirkanaa'ee booda dha kan jedhu kun hayyamni ijaarsaa iyyattuu ammaatiif booda kennnamee dhiisee inni guddaan qabeenyaan sababa hojii misooma faayidaa uummataaf jedhamee yommuu kamuu gaggeeffamutti qaamni qabeenya gadi lakkisu tokko tilmamaa qabeenya akka qabuu fi tumaa seeraan haguugamee dhimma fala argatu dha malee ijaarsa al tokko kennname hin tuqamu seerri jedhu waan hin jirreef yaadni kun fudhatama hin qabu. Dhimmi kun jeequmsa osoo hin taane waamamtootni faayidaa uummataaf jecha beenyaa kaffaluun lafa misoomaaf barbaadamu lafa magaalaa misoomaaf kaasisan yoo ta'u kun immoo akka danda'amu seeraan tumamee osoo jiruu murtiin Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa murteesse dogogora bu'uura seeraa qaba jedhamee diigamee hojiin ijaarsa daandii akka itti fufu murtiin mana murtii ol aanaa nuuf cimu jechuun gaafataniiru.

Iyyanni akka armaan olii ta'ee Dhaddachi Ijibbataa Qorannoo Duraa

iyyanna waamamtootni gal mee lakkoofsa 406610 irratti dhiyeessan kana dhimma gal mee kana irratti dhiyeessisa jedhame waliin tokko ta'uu isaatiin bakka tokkotti ilaalamee dhimma waa'ee jeequmsaa irratti murtii haqa qabeessa kennuuf dhiyeessisa jedhee iyyattuun ammaa galmicha irratti deebii barreeffamaan akka dhiyeessitu ajajeera. Haaluma kanaan iyyattuun ammaa kun deebii deebii guyyaa 28/03/2015 barreeffamee galmicha irratti dhiyeessiteen gabaabumatti, murtiin Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa dhaddacha guyyaa 10/02/2015 ooleen kenne ijoo jeequmsi narraa dhabbachuu qabaata jechuun ani dhiyeeffadhe irratti murtiin kennname kan hin jirre yoo ta'u komiin waamamtootaa ijoo murtii argatee hin jirre irratti waan ta'eef fudhatama hin qabu. Xalayaan gaafa guyyaa 09/02/2013 naaf barreessan gamoon kee daandii keessa seentee ijaaraa waan jirtuuf ammaa kaastee akka addaan kuttu yoo ta'u baate garuu tarkaanfii kan fudhannu ta'uu ni akekkachiisna kan jedhu malee bakka gamoo keetti daandii ijaaruu waan barbaannuuf beenyaan siif qophaa'ee waan jiruuf fudhachuun akka diigdu kan jedhu miti. Koreen dursa na mariisisee beenyaa naaf hojjechuun akkan fudhadhu na gaafates hin jiru. Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaatis kanuma madaaluun gochi waamamtootni amma ijaarsa dhaabsisuuf fudhatan adeemsa seera qabeenya dantaa uummataaf lakkisiisuu akka hin taane ragaa madaalee mirkaneessee kan murteesse waan ta'eef komiin gama kanaan dhiyeessanis fudhatama kan qabu miti. Xalayaan waamamtootni gaafa guyyaa 07/01/2014 naaf barreessan erga himannaan dhiyaatee fi gocha isaanii kan duraa jequmsa uuman hafaa kan godhu miti. Daandiin jedhame kun gamoo kiyya bira kan hin geenye ta'uu Instiitiyutiin Pilaanii Magaalota Oromiyaa bakka irra gahuun qulqulleessee gabaasee gabaasa kana irratti iyyanni dhiyaate osoo hin jiraatin waa'ee karoora qindaa'aa magaalotaatiin daandiin kun gamoo kana tuqa jechuun falmiin dhiyeessan fi ajajni Manni Murtii Waliigalaa kenne ka'umsumaa irraa iyyuu bu'uura

kan hin qabne, iftoomina hin qabnee fi akka SDFHH kwt. 329 (1) tiin fudhatama hin qabne waan ta'eef komiin isaanii kufaa naaf haa ta'u jechuun deebisteetti. Achii as dhufaatiin dhimmichaa akka armaan olii ta'ee nutis ijoowwan Dhaaddachi Ijibbaata Qorannoo Duraa gal mee lameen irraatti qabe waliin gal mee keessa qoran neerra. Haaluma kanaan ijoon akka gal mee keessa qoran netti, himannaan iyyattuun ammaa mana murtii aanaatti dhiyeessite gamoo bu'uura hayyama ijaarsaa waamamaa 1ffaa irraa naaf kennameen ijaaraa jiru waamamtootni akkan ijaarsa dhaabu taasisuun jeequmsa waan ta'eef jeequmsi dhaabbatee, beenyaa miidhaa sababa gocha jeequmsaan na irra gahe akka naaf kaffalan kan jedhu dha. Manni Murtii Olaanaa Godina Addaa Oromiyaa Naannawa Finfinnee adeemsi waamamtootni iyyattuun ijaarsa akka dhaabdu taasisan sirrii ta'u baatus gochi isaanii jeequmsaan kan himachiisu miti jedhee kufaa kan godhe yoo ta'u, Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa immoo seerummaan gaafatame dhimma jeequmsaa irratti jeequmsi jira yookaan hin jiru osoo hin jenne dhimma beenyaa irratti qofa murtiin akka kennamuuf qajeelfamaan gadi deebisee murteesse.

Akka SHH kwt. 1149 (1) tiin namni qabeenya isaa irratti jeequmsi uumame jeequmsi akka irraa dhaabatuu fi sababa gocha jeequmsa uumameen miidhaa irra gaheef beenyaa miidhaa akka kaffalamuuuf gaafachuuf mirga qaba. Bu'uura tumaa kanaan manneen murtii dhimma miidhaa ga'e irratti murtii kennuun duratti jalqaba jeequmsi jiraachuu fi dhabuu dura adda baasuun murtii ifaa kennuu akka qaban tumaa kana irraa hubatama. Haala kanaan, jeequmsi uumame yoo hin jiraanne beenyaa sababa jeequmsaan murtaa'u hin jiraatu. Jeequmsi yoo jiraate immoo qaamni jeequmsa uume akka dhaabu ifatti murtaa'ee booda gara beenyaa miidhaa sababa jeequmsaan uumametti darbama jechuudha. Dhimma qabanne kana irratti iyyattuun ammaa himanna dhiyeessitee

fi falmii gooteen waamamtootni jeequmsa uumuun ijaarsa gamoo akkan dhaabu waan na taasisaniif jeequmsa na irraa dhaabuun ijaarsa gamoo akkan itti fufu akkasumas tilmaama miidhaa sababa kanaan na irra gahe akka naaf kaffalan kan jedhu dha. Manni Murtii Waliigalaa bu'uura olitti ibsameen waa'ee jeequmsaa irratti ifatti murtii ifa ta'e osoo hin kennin waa'ee beenyaa irratti qulqullaa'ee akka murtaa'u jechuun murtiin kenne dogoggora kan qabu dha.

Qabxii waa'ee jeequmsi jira moo miti? kan jedhu adda baasuuf haala waamamtootni iyyattuun ijaarsa gamoo akka dhaabdu taasisanii fi falmii isaan bu'uura seeraan dhaabsisne waan ta'eef jeequmsa miti jechuun falman waliin ilaaluu barbaachisa. Kunis, himannaa iyyattuun jeequmsi akka dhaabbatuuf dhiyeessite ilaachisee falmiin gama waamamtootaan dhiyaate bu'uura dizaayinii daandii gamoo Urgaa Ashawaa Meedaa hojjetamaa jiruun gamoon iyyattuu kanaa daandii hojjetamaa jiru waan tuquuf daandiin immoo dantaa uummataaf kan hojjetamu waan ta'eef iyyattuun ijaarsa gamoo akka dhaabdu jechuun jeequmsa miti. Mirgi isheen qabdu beenyaa amma shallagameef fudhachuu qofa kan jedhu dha. Akka bu'uuraatti mootummaan yookaan qaamni mootummaa qabeenya namoota dhuunfaa dantaa uummataaf jecha akka labsii lakkoofsa 1161/2011 tiin gad lakkisiisuu danda'a. Haata'u malee, murtiin gadi lakkisiisuu kennamu dantaa uummataaf ta'uu isaa fi adeemsi isaas adeemsa seeraan kaa'ame kan hordofe ta'uu qaba. Haalli itti qabeenyi lakkisiifame bu'uura seeraan dantaa uummataaf yoo hin taanee fi dantaa uummataaf ta'us akkaataan itti lakkisiifame adeemsa seeraan ala yoo ta'e qaamni gadi lakkisiise miidhaa gocha seeraan alaa raawwatee geessiseef sababni hin gaafatamneef hin jiraatu. Dhimma qabanne kana irratti falmiin iyyattuu bu'uura maaster pilaanii bara 2005 mirkanaa'een bakki gamoon ijaaramaa jiru daandiin akka wal hin tuqne ta'uu ibsamee

osoo jiruu ergasii pilaaniin mirkanaa'e osoo hin jiraatiin gamoo kiyya akkan diigu jedhamuun jeequmsa uumuudha jettee kan falmitu dha. Waamamtootni immo karoora qindaa'aa fi dizaayiniin ergasii mirkanaa'e waan jiruuf bu'uura kanaan immoo daandiin hojjetamu gamoo iyyattuu waan tuquuf ijaarsa akka dhaabdu kan godhame bu'uura dizaayinii mirkanaa'een dantaa uummataaf jedhameeti kan jedhu dha. Kunis, master pilaaniin bara 2005 mirkanaa'e osoo jiruu karoora qindaa'aa fi dizaayinii jijiiriun dantaa uummataaf fuudhame jechisiisa moo miti? kan jedhu waliin ilaaluu barbaachisa. Akkasumas adeemsi iyyattuu ammaa kun ijaarsicha akka dhaabdu taasifames bu'uura labsii lakkoofsa 1161 /2011 fi fi dambii sana raawwachiisuuf baheen kaa'ame hordofee ta'uu qulqulleeffachuu barbaachisa. Kanaaf, dhimma kana irratti jeequmsi jira yookiin hin jiru jechuudhaaf haalli itti iyyattuu ijaarsa akka dhaabdu taasfame durumaa seera qabeessa ta'uu fi dhabuu akkasumas adeemsi itti akka ijaarsa dhaabdu taasifamte adeemsa seeraa kan eege ta'uu fi dhabuu waliin xiinxaluu barbaachisa.

Walumaagalatti, Manni Murtii Waliigala Oromiyaa osoo waa'ee ijoo jalqabaa jeequmsi jiraachuu fi dhabuu irratti murtii ifa ta'e osoo hin kenniin, waa'ee beenyaa qofa irratti murtiin kenne duraa duubummaa kan eeggate waan hin taaneef,akkasumas seerummaa gaafatame irratti murtii ifa ta'e osoo hin kenniin kan darbe waan ta'eef dogoggora bu'uura seeraa kan qabu dha. Kanaafuu, murtii Manni Murtii Waliigala Oromiyaa galmeek lakkoofsa 396226 irratti dhaddacha guyyaa 10/02/2015 ooleen murteesse diigneerra. Ammas Manni Murtii Waliigala Oromiyaa seerummaa gaafatamee fi falmii taasifame waliin ilaaluun akkasumas ragaa dhiyaateef irratti hundaa'ee murtii ifa bakka hin kenninetti dhaddachi kun asitti dhimma jeequmsi jira yookiin hin jiru jedhu irratti murtii kennuun adeemsa isaa kan eeggate waan hin taaneef Manni Murtii

Waliigalaa Oromiyaa galmee cufee ture sochoosuudhaan seeerummaa jalatti gaafatame, komii ol iyyannoo dhiyaatee fi falmii waamamtootni ammaa mana murtichaatti dhiyeessan waliin ilaaluudhaan dhimma seerummaa jalattii fi komii ol iyyannoona gaafatame irratti murtii akka kenu jennee dhimmicha akka SDFHH kwt. 343 (1) tiin gadi deebisnee murteessineerra.

### **Ajaja**

1. Murtii Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa galmee lakkofsa 396226 irratti dhaddacha guyyaa 10/02/2015 ooleen murteesse diigameera.
2. Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa galmee cufee ture sochoosuudhaan seeerummaa jalatti gaafatame, komii ol iyyannoo dhiyaatee fi falmii waamamtootni ammaa mana murtichaatti dhiyeessan waliin ilaaluudhaan dhimma seerummaa jalattii fi komii ol iyyannoona gaafatame irratti murtii akka kenu jennee dhimmicha akka SDFHH kwt. 343 (1) tiin gadi deebisnee murteessineerra. Gargalchi murtii kanaa haa dhaqqabu.
3. Garalchi murtii kanaa koppii ta'ee galmee lakkofsa 406610 irratti akka qabatu haa ta'u.
4. Galmeen murtii waan argateef cufameera. Haa deebi'u.

Abbootii Seeraa:-

1. Gammachuu Baqqalaa
2. Abdusalaam Siraaj
3. Duulaa Lataa
4. Ashannaafii Raggaasaa
5. Alamaayyoo Gaaddisaa

Iyyattoonni:-

1. Waldaa IMX Yeroon Boonii Hojii Lukkuu Horsiisuu I/G/Murtaa'e
2. Obbo Sulxaan Huseen

Waamamaan:- Waajjira Misooma Interpiraayizii fi Indastirii Bulchiinsa Magaalaa Burraayyuutti Wiirtuu Ganda Malkaa Gafarsaa Galmeen qoratamee murtiin kanaa gadii kennamee jira.

### **Murtii**

Murtii kanaaf sababa kan ta'e iyyattooni ammaa kun murtii Manni Murtii Aanaa Magaalaa Burraayyuu Galmee Lakkoofsa 75207 ta'e irratti dhaddacha gaafa 04/05/2014 ooleen kenne, kan Manni Murtii Ol'aanaa Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee Galmee Lakkoofsa 44230 ta'e irratti dhaddacha gaafa 18/06/2014 ooleen kennee fi kan Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Galmee Lakkoofsa 396082 ta'e irratti dhaddacha gaafa 18/09/2014 ooleen murteesse dogoggora seeraa isa bu'uuraa of keessaa kan qabudha jechuudhaan akka sirraa'uufif waan gaafateefi. Falmiinis kan eegale himanna iyyattooni kun waamamaa fi Bulchiinsa Magaalaa Burraayyuu Ganda Malkaa Gafarsaa irratti dhiyeessaniin yommuu ta'u tarreen himanna isaaniis gabaabinaan lukkuu horsiisuudhaaf waamamaa kanaan gaafannee innis lafa 400m<sup>2</sup> ta'u waliigaltee gaafa 21/06/2010 barraa'een wagga shanif nuu kireessee

nutis kanuma irraa ka'uudhaan maallaqa hanga qarshii 2,000,000 ta'u laficharratti baasnee mana horsiisa lukkuu kanaaf oolu sadarkaa isaa eeggate irratti ijaarraa jirra. Maashina hojii horsiisa lukkuu kanaaf ni gargaarus qarshii 40,000tiin binnee ittiin hojjechaa otoo jirruu waamamaan qaama adda addaa faana ta'uudhaan qabeenyaa keenya qarshii 591,220tti tilmaamamu barbadeessanii konkolaataatti fe'atanii deemanii jiru. Kanaaf jeequmsa nurraa dhaabanii tilmaamaa qabeenyaa manca'e kanaa qarshii 591,220 nuuf haa kanfalani kan jedhudha. Waamamaan ammaas himanna kanaaf deebii kenneen iyyattoonni ammaa kun mana falmiif sababa ta'e kan fudhatan waggaaf afuriifi malee waggaaf shaniif miti. Kan isaan kireessatanis sheedii fudhatan keessatti lukkuu horsiisuuf ta'ee garuu isaan otoo hin eeyyamsiisiin mana irratti waan ijaarraniif kunis ol'aantummaa seeraa kabachiisuudhaaf waan ta'eef himannaan dhiyaate kufaa ta'ee galmeen akka nurraa cufamu gaafanna jedheera.

Manni murtii aanichaas dhimma kana irratti falmii akkasumas jecha ragaa namaa bitaa fi mirgaa waamee erga dhagaheen booda tilmaama qabeenyaa bade jedhamuus ogeessaan tilmaamsisuudhaan iyyattoonni ammaa kun karaa seera qabeessa ta'een gurmaa'anii waliigalteedhaan bakka horsiisa lukkuu kireeffatanii hojii horsiisa lukkuu irratti hojjechaa otoo jiranii waamamaa fi himatamaan kan biraa jalaa jeequmsa irratti kaasuudhaan qabeenyas iyyattoota kana jalaa mancaasuun isaanii mirkanaa'eera jechuudhaan waliin ta'uun tilmaama qabeenyaa manca'ee bu'uura ogeessaan dhiyaateen qarshii 243,451.38, akkasumas tilmaama maashina cuucii lukkuu ittiin horsiisanii qarshii 40,000 walumatti qarshii 283,451.38 iyyattoota kanaaf haa kanfalan jedhuudhaan murteesseera. Waamamaan ammaas murtii haala kanaan kennname komachuudhaan ol'iyyata gara Mana Murtii Ol'aanaa Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinneetti dhiyeeffatus manni murtichaa murtiin kennname dogoggora

of keessaa hin qabu jechuudhaan iyyattoota kana waamuu otoo hin barbaachisne akkaataa S/D/F/H/H/keewwata 337tti hin dhiyeessisu jedhee ajaja kennee jira. Ajaja kana irraas komii isaa Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaatti waan dhiyeeffateef manni murtichaas ol’iyyata isatti dhiyaate dhiyeessisuudhaan falmiis dhagahee iyyattoonni kun faallaa waliigaltee isaanii ittiin lafa falmiif sababa ta’e fudhataniin ijaarsa waan raawwataniif waamamaa fi himatamaa 2ffaan jalaa gochaan isaan raawwatan jeequmsa jechisiisuu hin danda’u waan ta’eef ijaarsa manaa diigameef tilmaama isaa iyyattootaaf kanfaluuf hin dirqamani. Haata’u malee qabeenyaa gara garaa fudhatanii deemuun isaanii mirkanaa’ee jira waan ta’eef qabeenyota fudhataman adda baasuudhaan tilmaama isaanii qulqulleessee murtii itti haa kenu jechuudhaan qabxiidhaan akkaataa s/d/f/h/h/keewwata 343(1) tti gara Mana Murtii Ol’aanaa Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinneetti deebiseera.

Komiin amma iyyattoonni dhiyeeffatanis murtii haala kanaan kenname ilaalcissee yommuu ta’u tarreen komichaas gabaabinaan hariiroon unuu fi waamamaa kana gidduu jiru waliigaltee irraa kan maddu waan ta’eef yoo akkaataa waliigalteetiin hin raawwanne ta’e waliigaltichi akka diigamuuf sababa ta’a malee seeraan ala mana ijaarame diiguuf hin danda’ani. Nutis sheediin nuuf kenname kan hin jirre yommuu ta’u qabiyyee falmiif sababa ta’e kanas wagga shaniif kiraadhaan fudhanne malee dhaabbataan waan hin taaneef kaayyoo laficha ittiin fudhanne horsiisa lukkuu kanaaf mijessuuf bu’uura pirooppoosaalii keenyaan ijaarsa nuti gaggeessine eeyyama nu hin barbaachisu. Manneen murtii jalaa garuu manichi eeyyama malee ijaarame jedhamee diigamuun isaas jeequmsa hin jechisiisu jechuudhaan kan murteessan mirga qabeenyaa keenya irratti qabnu kan miidhedha. Mana kana yeroo diiganittis qabeenyaa keenya miidhuun isaanii yookaan immoo barbadeessuun isaanii fi

fudhatanii deemuuun isaanii erga mirkanaa'ee yeroo ijaarsa kana diiganis qabeenyaa keenya nu jalaa miidhaniif tilmaama isaa nuuf kanfaluu otoo qabaniif bira kan nu jalaa darbame dogoggora dha. Akeekkachiisa mana kana akka diignuufis waamamaan nuuf kenne mallatteessuu keenya kan agarsiisu ragaan otoo hin jiraanne akka akeekkachiisni nuuf kennametti fudhatamee murtiin kenname dogoggora seeraa isa bu'uuraa of keessaa kan qabudha waan ta'eef murtiin Mana Murtii Ol'aanaa Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee fi Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaan kennamee diigamee akka Manni Murtii Aanaa Magaalaa Burraayyuu murteessetti nuuf haa cimu jedhaniiru.

Dhaddachi Ijibbaataa Qorannoo Duraa Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaas iyyata haala kanaan isatti dhiyaate erga qorateen booda ijoo, Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa dhimma wal fakkaatu Galmee Lakkooofsa 397536 ta'e irratti murtii Manni Murtii Ol'aanaa kenne cimsee otoo jiruu, gama biraan galmee lakk. 396082 ta'e irratti dhimmi falmii wal falmitoota gidduu jiru qulqullaa'ee murtiin akka kennamuuf murtaa'uun isaa dogoggora seeraa isa bu'uuraa of keessaa kan qabudha moo miti? jedhu qabachuudhaan waamamaan deebii akka irratti kennuuf ajajeera. Waamamaanis deebii kenneen iyyataan ammaa kuni akkaataa ulaagaa imaammataa fi tarsiisoo IMXTiin waldaa tokkoof yeroo turmaataa iddo hojji guyyaa waliigalteen taasifamee kaasee gosa hojji kennameef hojjechuu otoo qabuu waliigaltee keenyaan alatti waan barbaadan hojjechaa waan turaniif waliigalteen keenya addaan citee jira. Bu'uura waliigaltee keenya gaafa 21/06/2010 taasifame keewwata 3(4) fi (5) irratti taa'ee jiruunis kireeffataan gidduu gala kireeffate keessatti ijaarsa kamiyyuu gaggeessuu akka hin dandeenye waliigalameera. Haata'u malee dirqama waliigalteedhaan seene kana bahuu dhabuun Bulchiinsi Ganda Gafarsaa tarkaanfii fudhate malee nuti iyyataa kanaan kan miine

hin qabnu. Kanaaf murtii mana murtii jalaan kennname dogoggora seeraa isa bu'uuraa of keessaa hin qabu jedhamee cimee galmeen akka irraa cufamuuf gaafateera.

Seenaan galmee kanaa kan armaan olitti ibsame yommuu ta'u, ijoo qabamee galmeen kuni ittiin dhiyeessifame kanaaf furmaata kennuudhaaf dhimma wal fakkaataa irratti galmee dhaddacha kanatti murtii argate lakk. 405497 fi galmee lakk. 405349 ta'e dhiyeessisuudhaan seera rogummaa qabu faana qorannee jirra. Haala kanaan Galmee Lakkoofsa 405497 ta'e dhaddacha kanatti murtii argatee ture yommuu ilaallu dhimmuma kana irratti murtii Manni Murtii Aanaa Magaalaa Burraayyuu kennee ture irraa himatamaa 2ffaan jalaa Bulchiinsi Ganda Malkaa Gafarsaa Magaalaa Burraayyuu ol'iyyannoo Mana Murtii Ol'aanaa Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinneetti iyyattoota kanaan deebii kennitoota gochuudhaan fudhatee manni murtichaas gochaan bulchiinsa gandaa kanaan raawwatame jeequmsa jedhamuu hin danda'u jechuudhaan garuu yeroo gochaa mana seeraan ala ijaarame diigaa turanitti qorqoorroo haaraa baay'inni isaa 100 ta'e qarshii 22,000tti tilmaamamuu fi maashina horsiisa lukkuudhaaf oolu tilmaamni isaa qarshii 40,000 baasu jalaa fudhachuun isaanii mirkanaa'eera jedhee tilmaama isaa walumatti qarshii 62,000 iyyattoota kanaaf kanfaluu qabu jechuudhaan murtii kennee kan jiru ta'u ni hubatama. Murtii kana irraa iyyattoonni ammaa ol'iyyannoo gara Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaatti fudhatanii manni murtichaas Galmee Lakkoofsa 397536 ta'e irratti dhaddacha gaafa 23/10/2014 ooleen, kan Bulchiinsi Ganda Malkaa Gafarsaa kan ol'iyyate immoo Galmee Lakk. 397229 ta'e irratti dhaddacha gaafa 16/09/2014 ooleen ol'iyyanni bitaa fi mirgaan dhiyaate hin dhiyeessisu jechuudhaan akkaataa s/d/f/h/h/keewwata 337tti galmee cufee jiraachuu seenaan galmichaa ni agarsiisa. Ammas iyyattoonni kuni murtiin haala

kanaan kennname dogoggora seeraa isa bu'uraa of keessaa kan qabudha jechuudhaan dhaddacha ijibbaataa kanatti Galmee Lakk. 405349 ta'e irratti komii isaanii dhiyeeffatanii, Bulchiinsi Ganda Malkaa Gafarsaa Magaalaa Burraayyuus iyyata isaa dhaddacha kanatti Galmee Lakk. 405497 ta'e irratti fudhatee dhaddachi kunis galmee lamaan wal qabsiisee bakka tokkotti qorachuudhaan murtiin komiin irraa dhiyaate dogoggora seeraa isa bu'uraa of keessaa hin qabu jechuudhaan cimsee kan jiru ta'uu ni hubatama. Kunis kan agarsiisu galmee kana irraa iyyattootaaf qabeenyaa nu jalaa manca'ee jira jedhan keessaa kan gatii qorqoorroo haaraa fi maashina lukkuu horsiisuuf ooluu murtaa'eefii hanga dhaddacha kanaatti kan cime ta'uudha. Dhimma amma of harkaa qabnu kana irratti immoo murtii Manni Murtii Aanaa Magaalaa Burraayyuu kenne irraa waamamaan ammaa kuni ol'iyyata gara Mana Murtii Ol'aanaa Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinneetti dhiyeeffateef manni murtichaas murtiin kennname dogoggora of keessaa hin qabu jechuudhaan iyyattoota waamuu otoo hin barbaachisne akkaataa s/d/f/h/h/keewwata 337tti komii isatti dhiyaate kufaa godhee jiraachuu galmee keessaa ni hubatama. Murtii kana irraas waamamaan komii isaa gara Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaatti dhiyeeffateef manni murtichaa jeequmsi akka dhaabbatuuf murtiin inni kenne sirriidha jechuudhaan cimsee garuu tilmaama qabeenyaa yeroo diigan fudhatanii turan Manni Murtii Ol'aanaa Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee qabeenyota fudhataman adda baasee tilmaama isaanii immoo qulqulleessee murtii akka kenuuf akkaataa s/d/f/h/h/keewwata 343(1)tti gara Mana Murtii Ol'aanaa Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinneetti deebisee jira. Murtiwwan kunneen hunda isaanii walitti qabnee yommuu ilaallu iyyattooni ammaa kuni dhimmuma wal fakkaataa ta'e irratti komii isaanii Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaatti dhiyeeffatanii murtiin wal hin fakkaanne kennnamee kan jiru akka ta'edha. Haalli akka kanaa gaafa

uumamus qajeeltoon seeraa jiru maal akka ta'e yommuu ilaallu akkaataa s/d/f/h/h/keewwata 11(1) tti komiin ol'iyannoo lamaa fi sanaan ol ta'e gaaffiin seeraa tokko yookaan immoo wal fakkaataa lamaa fi sanaan ol ta'e of keessaa qabu manni murtii kaka'umsa mataa isaan yookaan immoo gaaffi garee wal falmaniin walitti qabamanii akka ilaalamani gochuu akka qabu tumameera. Kunis dhimma tokkoof murtiin gara gara ta'e raawwiif nama rakkisuu fi wal fakkeenyummaa hin qabne akka hin kennamneef yaadamee tumaa seeraa tumamee jiru akka ta'e ni agarsiisa.

Dhimma ammaa kana irrattis firiin dubbii fi gaaffiin seeraa wal falmitoota kana gidduutti gal mee Mana Murtii Waliigala Oromiyaa Lakkoofsi isaa 396082 ta'ee fi kan Gal mee Lakkoofsa 397536 gidduu jiru tokko akka ta'e gal mee keessaa ni hubatama. Gareewan wal falmaniinis wal qabatee iyyattoonni kun akkuma jiraniin hirmaattuu garee falmii lamaanii yommuu ta'an Gal mee Lakkoofsa 396082 ta'e irratti ol'iyataan Waajjira Misooma Interpiraayizootaa Industirii fi Bulchiinsa Magaalaa Burraayyuutti Wiirtuu Ganda Malkaa Gafarsaa yommuu ta'u, Gal mee Lakkoofsa 397536 ta'e irratti garuu waamamaa ta'ee kan moggafame Bulchiinsa Magaalaa Burraayyuutti Bulchiinsa Ganda Malkaa Gafarsaadha. Haata'u malee gareewan kuni himatamtoota ta'anii waliin Mana Murtii Aanaa Magaalaa Burraayyuutti moggafamanii kan turani akka ta'ee fi galmeewan hunda irratti waliinis itti gaafatamoodha jedhamanii murtiin kennamee jiraachuu gal mee keessaa ni hubatama. Kanaaf lamaan isaanii gareewan waliin itti gaafatamummaa fudhatani waan ta'eef gareewan lamaan jedhamuu hin danda'ani jechuudha. Haalli akka kanaa bakka mul'atuttis manni murtii jalaa walitti fidee otoo ilaaluu qabuu qofaa qofaatti baasee waan ilaaleef dhimma tokkoof murtiwwan garagaraa kennee jiraachuu agarsiisa. Komiin amma iyyattoonni kun dhiyeeffatanis tilmaamni qabeenya nu jalaa manca'ee hanga nuuf

murtaa'uu qabu hin murtoofne sababa jedhuun yommuu ta'u iyyattoonni kun komii kanaan wal fakkaatu dhaddacha kanatti Galmee Lakk. 405349 ta'e irratti murtii Manni Murtii Ol'aanaa tilmaama qorqoorroo haaraa fi kan maashina lukkuu horsiisuu qarshii 62,000 murteesseef irraa dhiyeeffatanii dhaddachi kunis murticha cimsee kan jiru ta'uu ni mul'ata. Kunis kan agarsiisu komiin iyyattoonni kun amma dhiyeeffatan gal mee biraa irratti dursee furmaata argatee kan jiru akka ta'edha. Sababa kanaaf komiin isaan amma addatti dhiyeeffatan kun fudhatama hin qabu jedhamee walumatti ajajni kanaa gadii kennameera.

### **Ajaja**

1. Murtii Manni Murtii Aanaa Magaalaa Burraayyuu Galmee Lakkoofsa 75207 ta'e irratti dhaddacha gaafa 04/05/2014 ooleen kenne, kan Manni Murtii Ol'aanaa Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee Galmee Lakkoofsa 44230 ta'e irratti dhaddacha gaafa 18/06/2014 ooleen kennee fi kan Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Galmee Lakkoofsa 396082 ta'e irratti dhaddacha gaafa 18/09/2014 ooleen murteesse dogoggora seeraa isa bu'uuraa of keessaa kan qabudha jedhamee akkaataa Labsii Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa Lakkoofsa 216/2011 keewwata 26(5)tti fooyya'eera.
2. Dhimmi komii iyyataa kanaa dursee galmee dhaddacha kanaa 405349 fi 405497 ta'e irratti furmaata argatee waan jiruuf bu'uura murtii galmicha irra jiruun haa raawwatamu jedhamee jira.
3. Baasii fi kasaaraa sababa falmii kanaaf bahe gareen lamaan of haa danda'an.
4. Galmeen murtii waan argateef cufameera. Mana galmeetti haa deebi'u.

Abbootiin Seeraa:-

1. Doobee Dhaabaa
2. Fiixaa Dachaasaa
3. Masfine Geetaachoo
4. Taaddasaa Qana'ii
5. Ayyaanaa Toliinaa

Iyyattooni:- 1. Waajjira Bulchiinsa aanaa Adaamaa

2. Waajjira Bulchiinsa Magaalaa Awaash Malkaa Sa'aa

Waamamaan:- Obboo Takkaa Bajigaa

Galmeen qorannee murtii kanaa gadii kennineerra.

### **Murtii**

Galmeen kun banamee dhaddacha ijibbaataa kanaaf dhiyaachuu kan danda'eef iyyattooni iyyannoo lakk. W/B/A/A/5001/14 guyyaa 17/08/2014 barreessanii dhiyeessaniin murtii Manni Murtii Aanaa Adaamaa galmeen lakk. 115328 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 18/06/2014 ooleen kenne, ajaja Manni Murtii Olaanaa Godina Addaa Adaamaa galmeen lakk. 39643 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 28/07/2014 ooleen kennee fi ajaja Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Bahaa galmeen lakk. 399457 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 07/08/2014 ooleen kenne dogoggora seeraa isa bu'uuraa qaba jechuudhaan akka sirratuuf waan gaafateefi.

Ka'umsi dhimmichaa himanna himata jalaa (waamamaan ammaa) himatamtoota jalaa (iyyattoota ammaa) irratti mana murtii aanaa dhiyeesseen yoo ta'u, qabiyyeen himatichaa gabaabinaan; mana jireenyaa Ganda Qonnaan Bulaa Awaash Malkaa Sa'aa iddoo bal'ina

kaaree meetira 312 ta'e irratti qabu (daangaa isaa ibsuudhaan), mana qorqorroo 60 irratti ijaare itti jiraachaa jiru himatamtoonni of-eeggannoo tokko malee dhufanii gaafa guyyaa 7/01/2014 balbalaa fi foddaa isaa buqqisanii kan deeman yoo ta'u, gaafa guyyaa 19/01/2014 immoo deebi'uudhaan mana kana dallaa fi biqiltuu adda addaa qabu wajjin akka jirutti mancaasuuudhaan jeequmsa kan narratti kaasanii qehee kiyyaa na buqqisanii fi yeroo ammaa nama biraaf kennuuf sochii gochaa jiru. Himatamtoonni lafa qonnaan bulaa seeraan mana irratti ijaarradhee seeraan qabadhee jiru of-eeggannoo tokko osoo naaf hin kennine fi beenyaa tokko malee mana koo diiguudhaan qabeenyaa koo mancaasanii jiru. Kanaafuu jeequmsa qabiyyee kiyya irratti dhaban akka narraa dhaabanii fi sababa kanaan baasii fi kisaaraa narra gahu mirgi gaafachuu akka naaf eegamu kan jedhuudha.

Himatamtoonni jalaa (iyyattoonni ammaa) himannaar irratti dhiyaateef deebii kennanii tureen; himataan qabiyyeen falmii kaase kan isaa ta'u ragaan abbaa qabiyyee dhiyeeffate (green card) sirrii miti, mana diigame kana irratti ijaaruufis hayyamaan ijaarsa hin qabu, manni ijaarame mana seeraan alaa waan ta'eef bu'uura labsii 213/2011 fi qajeelfama lakk. 5/2008tiin diiguuf mirga qabna waan ta'eef jeequmsi uumame hin jiru kan jedhoo fi kkf bal'inaan ibsuudhaan himanni dhiyaate kufaa akka ta'uuf gaafateera. Manni murtii aanichaatis falmii fi ragaa bitaa mirgaan dhiyaatan erga dhagaheen booda murtii kenneen; qabiyyee falmii kaase qabiyyee qonnaan bulaa maatii waamamaa ammaa irraa itti darbee qabate itti fayyadamaa jiruu fi mana irraa qabu ta'u ragaadhaan kan mirkanaa'e ta'u, qonnaan bulaan immoo bu'uura Heera Mootummaa Federaalaa kwt. 40tiin mirga qabiyyee isaa irraa buqqa'u dhabuu kan qabu ta'u isaa, qonnaan bulaa lafa isaa babal'ina magaalaatiin kan irraa fuudhamu yoo ta'e bu'uura labsii lakk. 1161/2011 kwt. 18 fi 13 tiin beenyaan isaaf

malu kanfalamee lafti mana jirenyaa bakka bu'ummaan kennameefii ta'uu akka qabaatu kan tumame ta'uu, iyyattoonni jalaal haal-duree kana osoo hin guutin of eeggannoo tokko malee waantonni waamamaaf malan osoo hin raawwatiniif manaa fi qabeenyaa isaa mancaasuun qabiyyee isaa gadi lakkisiisuun jeequmsa waan ta'eef jeequmsi uumame akka irraa dhaabbatu; akkasumas sababa kanaan mancaatii manaa fi biqiltuu isaa irra gaheef mirga tilmaama qabeenyaa kana gaafachuu eegameefii jira jechuudhaan murteessee ture.

Himatamtoonni jalaal (iyyattoonni ammaa) murtii manni murtii aanichaah kenne kana komachuudhaan oliyyannoo Mana Murtii Olaanaa Godina Addaa Adaamaa fi Mana Murtii Waliigala Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbi Bahaatti dabaree dabareedhaan kan dhiyeeffatan yoo ta'elée, manneen murtii oliyyannoo dhagahan lamaanuu komii dhiyaateef bu'uura godhachuudhaan galmee qoratanii ajaja kennaniin; murtii mana murtii aanichaatiin kenname hanqina hin qabu jechuudhaan bu'uura sdfs. kwt. 337tiin cimsanii jiru. Iyyattoonni ammaa murtiin mannee murtii jalaatiin kenname dogoggora seeraa isa bu'uuraa qaba jechuudhaan akka sirratuuf iyyanni dhaddacha kanatti dhiyeessan gabaabumatti; qabiyyeen falmii kaasee fi manni irraa diigame kun yeroo ammaa bulchiinsaa magaalaan moo ganda baadiyyaa jala jira? Kan jedhu osoo hin qulqullaahin, akkaataa waamamaan qabiyyee kana itti argates seeraan ifa ta'ee bakka hin beekamnetti, qabiyyeen falmii kaasee kun qabiyyee qonnaa ta'uu ragaan mirkaneessuu osoo hin jiraatin, iddoon manni irratti ijaarame diigame jedhame kunis iddo manna jirenyaa irratti ijaaramuuif ta'u ta'uun isaa bu'uura labsii lakk. 213/11 kwt. 17 fi 16 tiin osoo adda hin bahin, iddoon manni irratti ijaarame kunis mana seeraan ala ijaarame waan ta'eef bu'uura labsicha kwt. 27(10, 11)tiin iyyattoonni mirga seeraa tarkaanfi irratti fudhachuu isaan dandeessisu kan qaban ta'ee osoo jiruu,

manni murtii jalaa manni falmii kaase seeraan ala diigame jedhee murtiin kenne dogoogora seeraa isa bu'uraa qaba jechuudhan murtiin kana murtii jalaa akka diigamuuf gaafateera. Waamamaanis iyyata dhiyaateef deebii guyyaa 03/08/2013 barreessee dhiyeesseen; qabiyyeen kun qabiyyee maatii kiyyaa fi qonnaan bulaa ta'anii qabatanii anatti darneef lafa qonaan bulaa ta'ee osoo jiruu qonaan bulaan mana malee akka hin jiraannee osoo beekamuu falmii fi seera dhimma kanaaf rogummaa hin qabne kaasanii komiin iyyattooni dhiyeessan kufaa akka naaf ta'uu jechuudhaan murtiin manneen murtii jalaa akka cimuuf gaafateera.

Seenaan dhufaatii falmichaa kan armaan olitti ibsame yoo ta'u, dhaddachi kunis falmii dhiyaate seera rogummaa qabu waliin yommuu ilaallu ijoon murtii argachuu qabu, qabiyyeen manni falmii kaase yeroo ijaarametti ganda qonnaan bulaa jala kan ture moo magaalaa jala jala? Qabiyyichi ganda qonnaan bulaa jala kan turee fi babal'ina magaalaatiin kan magaalaa jala gale mirgi qonnaan bulaan qabu maali? Akkaataan qabiyyee waamamaa mancaasun qabiyyichi itti fudhatame adeemsa seeraa kan hordofe moo miti? kan jedhuu fi kkf qabannee qoranneerra. Seeraa falmichaa irraa akka hubatamutti qabiyyeen manni falmii kaase kun irratti ijaarame kan maatii waamamaa akka turee fi manni falmii kaase kunis yommuu ijaaramu qabiyyichi ganda qonnaan bulaa jala akka ture ragaa namaa mana murtii aanichatti dhagahameen mirkanaa'ee jira. Kan ilaalamuu qabaatus yommuu manni falmii kaase kun ijaarametti qabiyyichi ganda qonnaan bulaa jala jiraachuu fi dhabuu isaati malee akka iyyattooni jedhanitti yeroo ammaa magaalaa jalatti hammatamuu fi dhiisuu isaa miti. Gama biraatiin qabiyyeen manni irratti ijaaramee fi manichi kan waamamaa ammaa ta'uun firii dubbi jalatti mirkanaa'eedha. Erga akkana ta'ee immoo qabiyyee qonnaan bulaa tokko babal'ina magaalaatiinis haa ta'uu faayidaa birootif mootummaan qonnaan

bulaa gadi lakkisiisuu yoo barbaadu bu'uura labiisi lakk. 1161/2011 fi 721/2004tiin beenyaa kanfaluu fi lafa mana jirenyaa bakka bu'ummaa kenuun fi kkf ulaagaa seeronni kun dirqisiisan guutuudhaan gadi dhiisisuun alatti humnaan haala al-seerummaa qabu qabeenyaa qonnaan bulaaa mancaasuun irraa fudhachuun hin dandaa'amu. Gochaan akkanaa kun raawwatame taanaan immo mirga heera moorummaa kwt. 40(4) jalatti qonnaan bulaan qabiyyee isaa irraa buqqahuu dhabuu qabu kan faalleessuudha. Qaamni mootummaa kamiyyuu immoo tumaa fi mirgoota heera mootummaatiin kennaman kabajuu fi kabachiisuuf dirqama kan qabu ta'uu heera mootummaa kwt. 9(2) jalatti tumameera.

Kanaafuu sababoota xiinxala armaan olitti ibame kanaatiin yoo ilaalamu iyyattooni haala tumaa heeraa fi seerota armaan olitti ibsaman kana faallessuun qabeenyaa fi mana waamaamaa mancaasuun qabiyyee isaa qabachuu jeequmsa jedhamee manneen murtii jalaatiin murtiin kenname dogoggora seeraa isa bu'uuraa kan qabu ta'ee waan hin mul'anneef akka cimu sagalee guutuudhaan murteessineerra.

### Ajaja

1. Murtiin Manni Murtii Aanaa Adaamaa Galmee lakk. 115328 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 18/06/2014 ooleen kenne, ajaja Manni Murtii Olaanaa Godina Addaa Adaamaa galmee lakk. 39643 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 28/07/2014 ooleen kennee fi ajaja Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Bahaa galmee lakk. 399457 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 07/08/2014 ooleen kenne dogoggora seeraa isa bu'uuraa waan hin qabneef bu'uura Labsii Gurmaa'ina, Aangoo fi Hojii Manneen Murtii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiin Murteessuuf Bahe lakk. 216/2011 kwt. 26(5) fi sdfs. 348(1) tiin akka cimu murtaa'ee jira.

2. Baasii fi kisaaraa dhaddacha kanaa bitaa mirgaan kan ofii ofii akka dandaa'an jenneerra.
3. Garagalchi murtii kanaa manneen murtii jalaatiif haa ergamu jenneerra.
4. Galmeen murtii dhumaan waan argateef cufameera.
5. Galmeen mana galmeecufamaniitti haa deebi'u.

Abbootii Seeraa:-

1. Gazaalii A/Simal
2. Dobee Dhaabaa
3. Fiixaa Dachaasaa
4. Urgaa Geetahuun
5. Taaddasaa Qana'ii

Iyyataan:- Obbo Tammiraat Kabbadaa- qaamaan dhiyaatan.

Waamamtoonni:-

1. Waajjira Bulchiinsa Aanaa Meettaa Roobii
2. Waajjira Misooma Daandii Baadiyaa Aanaa Meettaa Roobii

Galmeen qoratamee murtiin kanaa gadii kennemeera.

### **Murtii**

Dhimmi kun falmii beenyaa ta'ee himannoo himataan jalaa(iyyataan ammaa) Mana Murtii Olaanaa Godina Shawaa Lixaatti himatamtoota jalaa (waamamtoota ammaa fi Tasfaayee Alamuu) irratti dhiyeesseen kan eegalame ta'ee, dhaddacha kanatti dhiyaachuu kan danda'e sababa iyyataan ammaa jal-murtii Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa gal mee lakk. 396016 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 08/07/2014 ooleen kenne dogoggora bu'uuraa seeraa qaba jechuun akka sirratuufif gaafateefidha. Iyyataan ammaa (himataan jalaa) himanna gaafa guyyaa 20/02/2013 barreffamee Mana Murtii Olaanichaatti waamamtoota ammaa (himatamtoota jalaa) irratti dhiyeesseen; lafa qonnaa hektaara tokko, qabiyyee dhuunfaa koo Aanaa Meettaa Roobii Ganda Abboo Charuu naannoo waajituu jedhamutti kallattii bahaan Nugusee Dhaqqabaa, lixaan daandii, kaabaan Dabalaa Gadaa fi kibbaan Damee Magarsatiin daangeffamu akkaataa seeraatiin kaffaltii beenyaa tokko malee bara

2012 fi sanaan duras cirracha ijaarsa daandiif tajaajilu kaan qotaniii, kaan immoo cirracha laficharra ture fudhachuudhaan lafichi oomishaa akka hin kennine taasisuudhaan oomisha misira waggaatti kuntaala 30(sodoomma) argachaa ture dhabeen jira. Kanaafuu, tilmaama oomisha misira waggaa 15tti laficharraa argamuu danda'u qarshii 3,600,000 fi tilmaama dhagaa ijaarsaaf oolu laficha irraa fe'atanii qarshii 2,000,000, durgoo abukaatoo %15 fi baasii sababa falmiin qaqqabu dabalatee akka naaf kaffalan kan jedhu dha.

Himatamtoonni 1ffaa fi 2ffaa jalaa (Waamamtoonni ammaa) deebii gaafa guyyaa 17/03/2013 barreeffamee Mana Murtii Olaanichaatti dhiyeessaniin; mormii sadarkaa duraa falmiin beenyaan akka kaffalamuuf gaafatamu dhimma kallattiidhaan mana murtii idileetti dhiyaatu waan hin taaneef manni murtii dhimmicha ilaaluuf aangoo hin qabu. Iyyataa laficharra bara 2012 duras bu'aa dhabuu waan eereef himannaan isaa bu'uura SHI kwt. 2143(1) tiin darbiinsa yeroo waggaa 2(lamaatiin) daangeffama. Lafti iyyataa jalaa fudhatame hektaara tokko osoo hin taane facaasaa tokkodha. Lafa kanas yommuu iyyataa irraa fudhamu lafa uummataa Ganda Abboo Charuu bakka Waajituu Laga Xabalaa jedhamutti argamu facaasaa lama ta'u kallattii bahaa fi kibbaan baargamoo uummataa, lixaan lafa obbo Tashaalee Hulluuqaa fi kaabaan daandiin daangeffamu facaasaa lama ta'e qaboo yaa'ii guyyaa 27/05/2006 qabameen murtaa'ee, qaboo yaa'ii guyyaa 28/05/2006 barreeffameen kennameefii itti fayyadamaa osoo jiruu badhaadhina hin mallee argachuuf himanna dhiyaatee dha. Lafti iyyataa sadarkaa "c" omishaa misiraa kennuu hin dandeenye fi bu'aa jedhame hin argamsiifne dha. Tilmaama dhagaa gaafachuuf mirga hin qabu jechuudhaan deebisaniiru. Himatamaan 3ffaa jalaa obbo Tasfaayee Alamuu falmii kun mana murtii olaanaa jalaatti adeemsarra osoo jiruu falmii keessaa kan geggeeffame ta'uun hubatameera.

Manni Murtii Olaanaa Godina Shawaa Lixaa dhimma kana ilaaluuf aangoo hin qabu jechuudhaan jal-murtii himannaa iyyataa kufaa taasisuun murtii kennee ture oliyyannoodhaan haqamee, manni murtii dhimmicha ilaaluuf aangoo waan qabuuf ilaalee murtii akka kennu qajeelfama kennameefi bu'uura godhachuudhaan galmee lakk. 32581 ta'e irratti falmii fi ragaa bitaa mirgaa dhagahee, hanga fi bal'ina qabiyyee iyyataa jalaa sababa hojii ijaarsa daandiif cirracha irraa baasuuf jalaa qotamee manca'e hangam akka ta'e? qabiyyeen biroo sababa lafti falmii kaase iyyataa jalaa misoomaa daandiin jalaa manca'eef bakka bu'insi kennamuu ykn kennamuu dhabuu ogeessi waajjiralee ragaa rogummaa qabu kennuu danda'aniin akka qulqullaa'u taasisee booda dhaddacha guyyaa 04/06/2014 ooleen, himannaan iyyataa dhimma darbiinsa yeroo wagga lamaatiin daangeffamu miti. Qabiyyeen iyyataa jalaa misoomaa daandiif cirricha irraa baasuuf faayidaa uummataaf bara 2006 keessa irraa fudhatamuu fi kunis lafa facaasaa lama ta'uu fi iddo qabiyyee kanaa immoo lafti daangaan deebii irratti ibsame facaasaa lama bakka bu'iinsaan kennameefi hanga bara 2007/2008 qonnaan, sanaa booda immoo baargamoo irratti misoomsee itti fayyadamaa jiraachuun waan mirkanaa'eef seerummaan beenyaan akka kaffalamuuf gaafatame deggersa seeraa hin qabu. Dhagaan iyyataan walitti qabatee konkolaataa 1000 tokko ta'uu iyyataan laficharraa qabaachuun hin mirkanoofne, ragaan iyyataa 4ffaa iyyataan lafa falmii kaase irratti dhagaa walitti qabame akka hin qabne dubbatee jira jechuudhaan himannaa iyyataa guutumaan kufaa taasisee, iyyataan ammaa baasii kisaaraa sababa falmii kanaan waamamtoota irraa gahe qarshii 6400(kuma jahaa fi dhibba afur) akka kaffalu murteesseera.

Iyyataan ammaa (himataan jalaa) murtii Mana Murtii Olaanaa Godina Shawaa Lixaatiin kenname komachuudhaan oliyyannoo Mana Murtii

Waliigalaa Oromiyaatti oliyyannoo dhiyeeffatee, dhaddachi komiin oliyyannoo itti dhiyaates, murtiin irraa komatame hanqina hin qabu jechuun jal murtiidhaan oliyyannoон iyyataa bu'uura SDFHH kwt. 337tiin kufaa taasisuun murteesseera. Iyyannoон kunis murtii Mana Murtii Olaanaa Godina Shawaa Lixaa fi jal murtii Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaatiin kennname dogoggora bu'uura seeraa qaba jechuudhaan jijiirsisuuf kan dhiyaate ta'ee, komiin ijoo iyyataa gabaabinaan; qabiyyeen falmii beenyaaf bu'uura ta'e gibira mootummaa itti kaffalaan, shallaggii marsaa 2ffaa bara 2012 keessa maqaa kiyyaan galmaa'e kaartaa itti qabu fi to'annoо kiyya jala jiruudha malee maqaa uummataan kan galmaa'e miti. Qabiyyeen kiyya faayidaa uummataaf fudhatamuun amanamu illee bu'uura seeraatiin bakka bu'iinsi naaf kennamuun hin mirkanoofne. Ragaa barruu (qaboo yaa'ii) guyyaa 27/05/2006 fi 28/05/2006 barreeffame maqaa, mallattoo fi chaappaa waamamtootaa hin qabu. Mallattoo kiyyaa fi kan ragaa illee hin qabu waan ta'eef waliigaltee seera duratti fudhatama hin qabne, ulaagaa seeraa hin guutne fi qabiyyeen bakka bu'iinsaan kennamuun hin hubachiisu.

Ragaan kun ragaa himannaа kiyya hordofee namoota dhuunfaan qophaa'edha malee ragaa seera qabeessa ta'e miti. Gabasaa guyyaa 04/05/2014 lakk. WLGO/SH/L.3081/2014 ta'een gaafa guyyaa 26/04/2014 barreeffameen qulqullaа'ee dhiyaate gabaasa sirrii, bakka bitaa mirgi fi jaarsoliin bitaa mirgaa jiranitti qulqullaа'ee dhiyaatee sababa gahaa malee kufaa taasisuudhaan gabaasa gaafa guyyaa 19/05/2014 qophaa'e fi qaboo yaa'ii guyyaa 17/05/2014 barreeffameen qulqulleesse iddoо ani fi jaarsoliin kiyya hin jirretti haala waamamtootaaф tolutti qophaa'ee irratti mormiin barreeffamaan dhiyeesse na harkaa fuudhuu didee, afaniin yaada qabu akkan ibsu gaafatamu illee, mormiin afaniin dhiyeesse osoo hin barreessin bira darbuun murtiin kennamee seera qabeessa

miti. Osooma ta'ee illee bu'uura labsii lakk. 1161/2011 kwt. 13(b)tiin beenyaa waggaa tokkoo osoo hin murteessin hafuun seera qabeessa miti. Kanaafuu, murtiin manneen murtii jalaa diigamee beenyaan iddo qabiyyee kiyyaa qarshiin 3,600,000 waamamtoonni akka naaf kaffalanii mirga baasii fi kisaaraa gaafachuu akkan dandaa'u mirgi naaf eegamee murtaa'u kan jedhu dha.

Dhaddachi ijibbaataa kunis komii iyyataa fi waraabbi murtii manneen murtii jalaa galmee keessatti argamu seera waliin qoratee ni dhiyeessisa jechuudhaan waamamtoonni deebii akkakennan ajajeera. Waamamtoonnis deebii gaafa guyyaa 17/09/2014 barreeffameen manneen murtii jalaatti iddo qabiyyee iyyataa ammaa jalaa faayidaa uummataaf fudhatame bakka bu'iinsaan beenyaan wal gitu kennamee yeroo ammaa qabiyyee bakka bu'iinsaan kennameefis itti fayyadama iyyataa jala jiraachuun mirkanaa'ee murtiin kenname waan ta'eef komiin dhiyaate fudhatama hin qabu. Himannaan iyyataa dhimma darbiinsa yeroo waggaa lamaatiin daangeffamu dha. Dhimmi kun kan himachiisu osoo ta'ee illee dhimma mana murtiitti kallattiin dhiyaatu miti. Iyyataan ammaa qabiyyee bakka bu'iinsaan fudhate irratti ragaan abbaa qabiyyee illee kennamuufiin mirkanaa'ee murtii kenname waan ta'eef murtiin irraa komatame dogoggora bu'uuraa seeraa hin qabu jechuudhaan deebisaniiru.

Seenaan dhufaatii falmii kanaa, murtiin manneen murtii jalaa fi falmiin bitaa mirgaa akka armaan olitti ibsuuf yaalame ta'ee, galmee keessa qorannee akka ilaletti ijoon dubpii furmaata argachuu qabuu: iddo qabiyyee iyyataa sababa cirracha ijaarsa daandii baadiyaaf oolu qabiyyee iyyataa keessa baafameen faayidaan ala jalaa ta'ee bakka bu'iinsi kennameefi jira moo? hin kennamne? kan jedhu ta'ee murtiin irraa komatame dogoggora bu'uura seeraa qabaachuu yookiin qabaachuu

dhiisuu akka itti fufee jiruun xiinxalameera. Iyyataan ammaa(himataan jalaa) sababa misoomaa daandii baadiyaan qabiyyeen lafa qonnaa hektaarri tokko faayidaatiin ala jalaa ta'uu fi akkaataa seeraatiin beenyaan kaffalameef jiraachuu dhabuu eeruudhaan akkaataa seeraatiin bu'aan dhaabbiin laficharraa waggaatti argataa ture wagga 15niin baayyiffamee beenyaan akka kaffalamuu fi tilmaama dhagaa dhuunfaan laficha irratti walitti qabatee jalaa fudhatame akka kaffalaniifif kan gaafate yoo ta'u, waamamtoonni immoo qabiyyeen iyyataa jalaa sababa cirracha ijaarsa daandii baadiyaaf baasuuf jalaa fudhatamee lafa faceasaa afur( hektaara tokko) osoo hin taane faceasaa tokko dha. Iddoo qabiyyee iyyataa jalaa fudhatames lafti faceasaa lama bakka bu'iinsaan bara 2006 keessa kennamee itti fayyadamaa osoo jiruu himannaan dhiyeesse seera qabeessa miti. Iyyataan qabiyyee falmii beenyaaf sababa ta'e keessatti dhagaa walitti kuufamee ture hin qabu. Osoo walitti qabee jiraatees albuudaa faayidaa uummataaf oolchuuf namaa dhuunfaa irraa kan bitamu waan hin taaneef iyyataan tilmaama dhagaa gaafachuuf mirga hin qabu jechuun falmaniiru.

Manneen murtii jalaas bara 2006 yommuu sababa ijaarsa daandiin qabiyyee isaa keessa cirrachi baafamuu eegalamutti lafti qabiyyee iyyataatiin wal madaalu qabiyyee uummataa irraa bakka bu'iinssan kennameefi itti fayyadamaa jiraachuun mirkanaa'ee jira. Dhagaan dhuunfaan iddo falmii kaase irratti iyyataan walitti qabachuus ragaa isaatiin hin dubbatamne jechuudhaan himannaq iyyataa guutumaan kufaa taassisun murtii komii kanaaf sababa ta'e kan kennan ta'uun hubatameera. Misoomaa daandii baadiyaaf oolchuuf cirrachi qabiyyee iyyataa ammaa keessa bahaat ureen qabiyyeen iyyataa ammaa faayidaan ala ta'uun bitaa mirga gidduutti firii dubbii falmii hin kaafne dha. Qabiyyeen iyyataa ammaa cirracha ijaarsa daandiif oolu baasuuf faayidaan ala ta'ee heektara tokko osoo hin taanee,

heektara 0.4 (facaasaa lama gadi) akka ta'ee qulqulleessa manneen murtii jalaatti taassifameen adda bahee jira. Iyyataan ammaa sababa faayidaa olaanaa uummataaf qabiyyee lafa baadiyaa inni mirga itti fayyadamuu qabu fudhatamee kanaaf beenyaa wal madaalu argachuuf mirga kan qabu ta'uu heera MNO fi HMF kwt 40(8) jalatti tumamee jira.

Iyyataan qabiyyee lafa baadiyaa mirga itti fayyadamuu qabu irraadhaabbiin kan buqqa'ee waan ta'eef beenyaaan bu'uura Labsii Qabiyyee Sababa Misoomaaaf Fudhatamuu, Kaffaltii Beenyaa fi Deebbisani Dhaabuuf Bahee, Lak. 1161/2011 kwt. 13(1) fi dambii labsii kana raawwachiisuuuf bahe Dambii Lakk .472/2012 kwt 25 fi 26 tiin kan raawwatamuufi qabu ta'ee, beenyaa kanaas Bulchiinsi Aanaa yookiin Bulchiinsi Magaalaa kaffaluu yookiin kaffalchiisuuuf itti gaafatamummaa kan qabu ta'uu labsiima kana kwt 25(2) jalatti tumamee jira. Iyyataa ammaaf lafti bakka bu'iinsaan kennamuu yookiin kennamuu dhabuu ilaachisee bitaa mirga gidduutti falmiin waan ka'eef manneen murtii jalaa ragaa namaa bita mirgaa fi koreedhaan qulqulleessanii iyyataa ammaaf sababa qabiyyeen isaa jalaa fudhatameefi bara 2006 keessa lafti facaasaa lama daangaan deebii waamamtoota( murtii manneen murtii jalaa) keessatti caqafamee kennameeffi hanga bara 2007/2008 tti qonnaadhaan, sanaan booda immoo baargamoo irratti misoomsee fayyadamaa jiraachuun ragaa namaa fi qulqulleessa koreetiin taasifameen mirkanaa'ee jira jechuudhaan murtii komii kanaaf bu'uura ta'e kennaniiru.

Bu'uura Labsii Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa, Lak. 216/2011 kwt. 26(3d) jalatti akkuma tumame falmii madaallii ragaa fi hir'ina ragaan fuudhuutiin wal qabatu qabxii dogoggora bu'uura seeraati jedhamu kan hin dandeeny'e waan ta'eef dhimma dhaddacha kanaan ilaalamu hin ta'u. Haa ta'uu malee, haalli ragaan itti madaalames ta'e itti dhiyaate seera

ragaa ifaan jiru yookiin qajeeltoo sirna seeraa madaallii ragaatiin kan wal faallessu ta'ee yoo argame dogoggora bu'uura seeraa ta'uu akka danda'u hiikkoo dhaddachi ijibbaataa federaalaa galmeelee adda addaa irratti kennee fi Dambii Gurmaa'insaa fi Hojimaata Dhaddacha Manneen Murtii Oromiyaa Lakk. 8/2011 kwt. 8(3c) jalaa hubachuun ni danda'ama.

Iyyataan ammaa waliigaltee gaafa guyyaa 27/05/2006 fi 28/05/2006 barreeffamerraan mallattoon fi chaappaan waamamtootaas ta'e mallattoon kiyyaa fi mallattoon ragaa kiyyaa waan hin jirreef waliigaltee qabiyyeen bakka bu'iinssaan naaf kennamuu hubachiisuu danda'u miti. Ulaagaa Waliigalteen tokko guutuu qaba jedhame SHH kwt. 1720 fi 1723 jalatti tumame kan guute miti jechuun falmaa jira. Ragaan barreeffamaa mormiin irratti ka'ee waliigaltee namoota lama yookiin qaama bulchiinsaa fi iyyataa gidduutti taasifamee fi tumaalee SHH kwt 1720 fi 1723tiin raawwatamu osoo hin taane murtii bulchiinsa bu'uura labsii 1161/2011 fi dambii labsii kana raawwachiisuuf bahe yookiin labsii fi dambii labsiilee kanneen dursa hojiirra turan bu'uura godhachuuun kennname dha. Akkuma olitti ibsuuf yaalame (bu'uura labsiichaa kwt 25tiin) Waajjirri Bulchiinsaa Aanaa kallattiin ofin beenyaa kaffaluu qofa osoo hin taane qaamni biroo akka kaffalu taasisuu danda'a. Ijoon bu'uuraa deebii argachuu qabu iyyataan sababa qabiyyeen isaa keessaa cirracha baasuun jalaa faayidaan ala ta'een lafti bakka bu'iinsaan kennamuu fi yookiin dhiisuu dha. Dhugaan iyyataa ammaaf lafti bakka bu'iinsaan kennname jiraachuu irratti manneen murtii jalaa ragaa bitaa mirgaa kan dhagahan yoo ta'u ragaan waamamtoota iyyataa ammaaf qabiyyeen daangaa eeramee bara 2006 keessa bakka bu'iinsaan kennnamee qonnaan itti fayyadamaa turu fi yeroo ammaa baargamoo irratti misoomsee itti fayyadamaa jiraachuu kan dubbatan yoo ta'u, ragaan iyyataa immoo qabiyyeen iyyataa cirracha ijaarsa daandiif ooluu keessaa baheen jalaa

manaca'uu fi bakka bu'iinsaan qabiyyeen iddoo biraatii kennamuufi yookiin dhiisuu kan hin beekne ta'uu yoo dubbatan, iyyataan jecha raguumma kenneen bu'uura himannaa isaatiin dubbachuu hubatameera. Dabalataanis qulqulleessa qabiyyeen iyyataaf bakka bu'iinsan kenname jiraachuu yookiin dhiisuun akka qulqulla'uuf ajajamee gabaasni qaboo yaa'ii guyyaa 26/04/2014 qabamee bu'uura godhachuun gaafa guyyaa 04/05/2014 barreffamee Mana Murtii Olaanaa Godina Shawaa Lixaatti dhiyaate bakka waamamtoonni hin jirretti ragaa fi jaarsa iyyataa bu'uura godhachuun kan dhiyaate fi qabatamaan iddoo qulqulleessaatti waamamtoonni akka argamaniif ajjni darbee qaqqabuu yookiin dhiisuu sababa bilbilli hin hojenneef adda baafachuu hin dandeenye waan jedhameef kufaa ta'ee yeroo 2ffaaaf guyyaa qulqulleessaa, guyyaa bitaa mirgi waajjira deemanii ajaja fudhatanii fi yoo bitaa mirgi dhiyaachuu dhaabaan immoo iddoo garee hin dhiyaanne bulchiinsi jaarsa filatee akka qulqulla'u kan ajajame ta'uu gal mee haadhoo bahee ilaalamee keessa hubatameera.

Ajaja 2ffaa kana bu'uura godhachuun guyyaa qulqulleessa iyyataan ammaa waajjiratti dhiyaatee waamichaa qophaa'e fudhachuun waan dhabeef, iddoo iyyataa jaarsoliin lama bulchiinsaan filatamanii, ragaa waajjiratti argamuu fi iddoo qabiyyeetti qaamaan argamuudhaan iyyataa ammaaf qabiyyee facaasaa lama daangaa eerame bakka bu'iinsaan kennamee, iyyataan ammaa itti fayyadamaa turuu, yeroo ammaa baargamoo irratti misoomsee qabaachuu fi qabiyyeen bakka bu'iinssan kennamee kunis maqaa iyyataa ammaatiin shallagamee kадестера lafaa( safartii marsaa 2ffaa itti qindaa'u keessa) Waajjira Lafaa Aanaa Meettaa Roobii kompitara keessatti kan argan ta'uu bu'aa gabaasaa gaafa guyyaa 19/05/2014 barreffameen kan dhiyaate ta'uus, iyyataan ammaas gabaasa kana mormee jira. Manneen murtii jalaas mormii iyyataa ammaa

dhiyeesse kan dhaddacha irratti kan barreessan ta'uun gal mee haadhoo keessaa hubatamee jira. Adeemsa manni murtii jalaa mormii ragaa kana irratti dhiyaate itti kufaa taasise ajaja kennamee ture waliin yoo ilaalamu faallaa seeraatti yookiin duudhaa sirna seeraa falmii cabsee jira jechuu fi qabxiin dandeessisu hin jiru. Murtiin kennames ragaa namaa fi barreefamaa gal mee keessatti argamu fi seerummaa gaafatame bu'uura godhachuuni dha. Kun immoo iyyataa ammaaf yommuu lafa isaarraa marsaa jalqabaaf cirracha baasuun eegalamu lafti bakka bu'iinsaan kan kenname ta'uun firii dubpii manneen murtii ragaa dhagahuun madaaluuf aangoo qabaniin adda bahee murtii kennamee dha. Haalli ragaan itti madaalames seeraa ifaan jiru, qajeeltoo sirna seeraa madaalli ragaa fi amanamummaa ragaa sarbee jira jechuuf qabxiin dandeessisu dhaddacha kanatti hin argamne.

Iyyataan ammaa abbaa seerummaa beenyaan oomishaa waggaan tokko bu'uura labsii lak. 1161/2011 kwt. 13(1b) tiin akka kaffalamuuifiif gaaffiin dhiyeesse fi falmiin manneen murtii jalaatti gaafatamee osoo hin jirre iyyannoona dhiyaate faallaa tumaa s/d/f/h/kwt. 329 dha. Gabaasni guyyaa 08/03/2013 barreeffames iyyataan ammaa lafa jijiirraan gandarrraa fudhate itti fayyadamaa jiraachuu kan hubachiisuudha malee, lafti bakka bu'iinsaan iyyataaf bara 2013 keessa kennamuu kan eeru miti. Kanaafuu, komiin gama kanaan dhiyaates murtiin manneen murtii jalaa dogoggora bu'uura seeraa qabaachuu kan agarsiisu ta'ee hin argamne.

Waliigalatti, sababoota armaan olitti ibsamaniin murtiin Mana Murtii Olaanaa Godina Shawaa Lixaatiin kennamee fi murtiicha ajajaan cimsuun Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa dogoggora bu'uura seeraa hin qabu jennee sagalee guutuudhaan murteessinee ajaja itti aanee jiru kennineerra.

## **Ajaja**

1. Jal-Murtii Manni Murtii Waliigala Oromiyaa lakk. galmee 396016 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 08/07/2014 ooleen kennee fi murtii Manni Murtii Olaanaa Godina Shawaa Lixaa lakk. galmee 32581 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 04/06/2014 ooleen kenne bu'uura Labsii Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa, Lak. 216/2011 kwt 26(5) fi SDFHH kwt. 348(1) tiin cimeera.
2. Garagalchi murtii kanaa manneen murtii jalaa haa qaqqabu.
3. Baasii fi kisaaraa dhaddacha kanaa bitaa mirgi of haa danda'an.
4. Galmeen murtii waan argateef cufameera. Mana galmeetti haa deebi'u.

Abbootiin Seeraa:-

1. Fiixaa Dachaasaa
2. Abdusalaam Siraaj
3. Hiikaa Araarsoo
4. Duulaa Lataa
5. Gammachiis Dhugumaa

Iyyattuun: Aade Sa'aadaa Mohaammad.

Waamamtootni:-

1. Obbo Taajoo Ahimad
2. Aadde Tumaanee Mahaammad

Galmeen Qoratamee Murtiin kana gadii kennameera.

### **Murtii**

Murtii kanaaf ka'umsa kan ta'e iyyata komii iyyattuun gaafa 19/09/2014 barreessuun Dhaddacha Ijibbaataa kanaaf dhiyeessiteen, Murtii Dhaddachi Dhaabbi Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Bahaa lakk. Galmee 399309 irratti dhaddacha guyyaa 10/09/2014 ooleen kenne dogoggora bu'uura seeraa waan qabuuf dhaddacha kanaan ilaalamee akka naaf sirratu jechuun waan gaafatteefidha.

Dhimmi falmii kanaa, falmii qabiyyee lafa baadiyaa kan ilaalu ta'ee, Mana Murtii Aanaa Bookeetti dhimmichi wayita eegalu, iyyattuun himattuu waamamtootni ammoo himatamtoota turan. Qabiyyeen himannoo ishees: qabiyyee lafa /bakkaa fi daangaa itti argama isaa himannoo ishee keessatti ibsuudhaan jimaa kataraa 25 of irraa qabu bara 1999 abbaa warraa kiyya waliin waggaan sadiif itti kireessinee, booda

irratti qar. 35,000 itti gurgurree jirra. Ani yeroo sanitti oowwi sammuu ana qabee dhukkubsadheen waan jiruu amma qabiyyee lafaa koo jimaa kataraa 25 of irraa qabuu fi lafa qindii 9 akka gadi anaaf lakkisu jechuun gaafatteetti. Waamamtootnis deebii jalatti gaafa 03/10/2013 barreessuun dhiyeessaniin: qabiyyee lafaa iyyattuun gaafstu erga qabatanii waggaa 16 olitti waan lakkofslideef himannoos ishee bu'uura Dambii Bu/I/F/L/Baadiyaa Oromiyaa Lakk. 151/2005 Kwt. 32 tiin darbiinsa yerootiin kufaa ta'a. Kana irra dabree qabiyyee lafaa falmii kaasee jiru himattuu irraa kan bitne osoo hin taane, lafa duwwaa baafadhee qorqoorroo hilaa lama irratti ijaarradheen qabadhee irraa fayyadamaa jira. Kan iyyttuudhaa miti himannoos ishee kufadha jechuun deebisan.

Manni murtii aanichaas dhimmicha irratti ragaa bitaa-mirgaa fi Waajjira Bu/I/F/Lafa Baadiyaa Aaniicha irraa ibsa gaaftee boodaa babiyyee lafa falmii kaasee jiru waamamtootni bittaan kan argatan osoo hin taane lafa duwwaa qabachuudhaan waggaa 16 tiif irraa fayyadamaa kan jiran ta'uu ragaan dhiyaateeru kan hubachiiseeru waan ta'eef himannoos iyyattuudhaa darbiinsa yerootiin kufaadha jechuun murteesseera. Iyyattuun ammaa murtii mana murtii aaniichaan kennname kana komachuun komee ol'iyyannoo ishee Mana Murtii Ol'aanaa Go/Harargee Lixaatti dhiyeeffattetti. Dhimmicha keessa seenuun ilaalee boodaa waamamaa 1ffaan ammaa kun jalatti deebii isaa calqabatti wayita dhiyeessu qabiyyee lafa falmii kaasee jiru qar. 35,000 bitadhee jimaa fi mana kanan irraa qabuudha jechuun deebisee booda hin bitne jechuun deebii fooyyessee dhiyeesseeru keessatti hin bitne jechuun falmuun isaa waamamtootni qabiyyee lafichaa bitachuu kan argisiisuu fi darbiinsa yerootiin hin daangofneedha jechuun murtii mana murtii aaniichaan diiguun manni murtii maniichaa dhimma ijoo falmii bu'uura rratti falmisiisuun murtii akka itti kennu jechuun bu'uura SDFHH. Kwt.

341(1) tiin gara mana murtii aaniichatti deebiseera. Waamamtootni ammaas murtii mana murtii ol'aanichaan kennname komachuun komee ol'iyannoo isaa Dhaddacha Dhaabbii Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Bahaatti dhiyeeffataniiru. Dhimmicha keessa seenuu ilaalee booda waamamaa 1ffaan deebii jalatti fooyessuun dhiyeesseen qabiyyee lafa falmii kaasee jiru kan hin bitnee fi lafa duwwaa qabachuu isaa kaasuun kan falmee ragaan dhiyaatee jirus kanuma hubachiisee osoo jiruu falmiin iyyattuudhaa darbiinsa yerootiin kufaa hin ta'u jechuun dhimmicha qajeelfamaan gadi deebisuun murteessuun isaa dogoggoradha jechuun murtii mana murtii aaniichaan kennnamee jiru haquun kan manni murtii aanichaa himannoon dhiyaateeru darbiinsa yerootiin kufaa ta'a jechuun murteesseeru ammoo cimsuun murteesseera.

Komeen iyyannoo ammaa dhiyaatees Murtii Dhaddachi Dhababii Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Bahaan haala olitti ibsamee jiruun murtaa'eeru jijiirsisuuf kan dhiyaatedha. Qabiyyeen komee iyyannoo iyyattuudhaas: Waamamaa 1ffaan ammaa kun deebii gaafa 03/05/2013 fi gaafa 13/05/2013 barraa'een mana murtii aanichaaf deebiseen qabiyyee lafa falmii kaasee jiru qar. 35,000 bitachuu amanee, deebii gaafa 03/10/2013 barreessuun dhiyeesseen ammoo akka qabiyyee lafichaa hin bitnetti falmuun isaa qabiyyee lafa bitaan argachuu isaa kan hubachiisuu fi dhimma darbiinsa yeroo hin qabne ta'ee osoo jiruu falmiin koo darbiinsa yerootiin kufaa ta'a jedhamuun isaa dogoggora bu'uura seeraa kan of keessaa qabuudha dhaddacha kanaan ilaalmee sirratee akka naaf murtaa'u kan jedhuu dha.

Iyyannoон iyyattuudhaa qoratamee, dhimmichi dhaddacha kanaaf akka dhiyaatu ta'ee booda waamamtootni dhimmicha irratti deebii isaanii akka dhiyeeffatan ta'eera. Deebii gaafa 14/10/2014 barraa'een: qabiyyee

lafa falmii kaasee jiru irratti himannoo fooyya'ee dhiyaateef deebii fooyyeffadhee dhiyeffadhe irratti lafa duwwaa qabadhee jimaa fi mana irratti ijaarrachuuun misoomsee qabadhee jiraachuu koo malee bittaan kan hin arganne ta'uu falmee, ragaan dhiyaatee jirus kanuma hubachiisee himannoon iyyattuudhaa darbiinsa yerootiin kufaa ta'a jedhamee kan murtaa'e ta'uun isaa dogoggora bu'uura seeraa kan qabu miti. Kufaa ta'ee akka nuuf murtaa'u jechuun deebisaniiru. Dhufaatiin dhimma falmii kanaa gabaabinaan kan olitti ilaalamet ta'ee, nutis falmii bitaa mirgaan barreffamaan dhiyaate fi murtii iyyannoo dhiyaateef ka'umsa ta'ee jiru tumaa seeraa dhimmichaaf rogummaa qabu waliin qoranneerra. Akka qorannettis adeemsa ittiin manni murtii jalaa dhimma falmii iyyattuu fi waamamtootaa ilaaluun murtii kennee jiru tumaawwan seerichaa kan hordofeedhaa? qaphxiin jedhu dhimma ilaalamu ta'ee argameera.

Akka galmees jalaa guutummaa isaa ajajuun telegram tiin dhiyaateeru keessa ilaalleetti falmiin iyyattuu fi waamamaa 1ffaan gidduutti adeemsifamee booda dhimmicha irratti manni murtii aanichaahaa dhaddacha guyyaa 11/06/2013 ooleen, waamamaan 1ffaan ammaa kun qabiyyee lafa falmii kaasee jiru qar. 35,000 iyyattuu fi abbaa warraa ishee irraa bitachuun jimaa fi mana jirenyaa irratti ijaarratee qabachuu isaa waan amanee falmee iyyattuuf akka gadi lakkisuuf jedhamee kan murtaa'e ta'uu; haala kanaan murtii argatee bulee booda waamamtuun 2ffaan ammaa kun/haadha warraa waamama 1ffaan/ iyyannoo mormii murtii gaafa 01/07/2013 barreessuun mana murtii aanichaaf bu'uura SDFHH. kwt. 358 tiin, murtiin bakka hin jirretti kennamee fi qabiyyee lafa mirga irraa qabu osoo hin beekin murtiin kennamee jiru akka irraa naaf ka'u jechuun dhiyeffatteetti. Iyyannoo waamamtuun 2ffaan bu'uura SDFHH. kwt. 358 tiin dhiyeffattee jirtu hordofee, waamamaa 1ffaan fi iyyattuun deebii akka itti kennan jedhamee dhimmichi osoo adeemsa irra jiruu

waamamaa 1ffa fi iyyattuun deebii isaanii fi himannoo isaanii /duraa duubaan/ fooyeffachuuf mana murtii aanichaa gaafatanii manni murtii aanichaas akka fooyeffatan ajajee booda dhimmicha irratti falmii guutuu dhaggeeffachuun himannoo iyyattuudhaa bu'uura Dambii Bu/I/F/Lafa Baadiyaa Oromiyaa Lakk. 151/2005 kwt. 32 tiin darbiinsa yeroo waggaa 12 kufaa kan taasise ta'uu gal mee jalaa keessaa hubannerra.

Akkaataa SDFHH. kwt. 358 tiin iyyannoон mormii dhiyaatu qabiyyeen isaa kanneen tumaa SDFHH. Kwt. 359 jalatti taa'ee jiru guutuun kan irra jiraatu ta'uu fi falmiin iyyannoон bu'uura SDFHH. kwt. 358 tiin dhiyaatu booda adeemsifamus iyyannoон mormataa murtii fi deebii waamamtootni iyyannoон mormii dhiyaateeru bu'uureffatu ta'uun alatti himataa fi himatamaan murtichaa gara murtii dura kennname duratti deebi'uun himannoo calqabaa fi deebii calqaba kennname ittiin fooyeffatan adeemsa seeraa akka hin taane tumaa SDFHH. kwt. 91, kwt. 358 fi kwt. 359 booda jiru irraa hubachuun ni danda'ama. Sababiin isaa murtiin duraan falmii himataa fi himatamaa gidduutti falmamee murtii argatee jiru hanga akkaataa seerichaatti ilaalamee bu'uura SDFHH. Kwt. 360(2) tiin hin tuqamnetti murtii akka seeraatti kennnamee jiru waan ta'eef.

Kun kana ta'ee osoo jiruu, manni murtii aanichaa iyyannoон waamamtuun 2ffaan bu'uura SDFHH. kwt. 358 fi 359 tiin dhiyeeffattee jirtu irratti iyyattuu fi waamamaa 1ffa deebii irratti kennisiisuun akka seerichaatti dhimmichaaf fala kennun osoo isa irra jiraatuun murtiin kennname booda iyyannoон mormii bu'uura SDFHH. kwt. 358 tiin dhiyaatee booda himattuun jalaa fi himatamaan jalaa himannoo fi deebii akka fooyeffatan hayyamee falmisiisee murtii kennun isaa murtii adeemsa seeraa olitti ibsamee jiru irraa goree kennname fi manneen murtii ol'iyyannoон dhimmicha ilaalanis hanqina adeemsaa mana murtii aanichaan

raawwatame osoo hin sirreessine murtii mana murtii aanichaa diiguu fi cimsuun isaanii dogoggorri bu'uura seeraa kan irratti raawwatedha jenne murteessinnerra. Haaluma kanaan ajajni itti aanee jiru kennameera.

### **Ajaja**

1. Murtii Dhaddachi Dhababii Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Bahaa lakk. Galmee 399309 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 10/09/2014 ooleen kennee jiru, Murtii Manni Murtii Ol'aanaa Go/Harargee Lixaa Lakk. galmee 60956 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 12/07/2014 ooleen kennee jiru fi Murtii Manni Murtii Aanaa Bookee Lakk. galmee 35869 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 15/11/2013 ooleen kennee jiru dhaddachi kun bu'uura Labsii Gurmaa'ina, Aangoo fi Hojjii Manneen Murtii Oromiyaa Irra Deebiin Murteessuuf Bahe Labsii Lakk. 216/2011 kwt. 26(5) tiin haqameera jennee murteessinnerra. Galagalchi Murtii kanaa haa ergamuuf.
2. Manni Murtii Aanaa Bookee mormii waamamtuun 2ffaan bu'uura SDFHH. Kwt. 358 fi 359 tiin dhiyeeffatee jirtuu fi deebii iyyattuu fi waamamaa 1ffaan mormii waamamtuu 2ffaan dhiyeeffattee jirtu irratti kennan akkaataa SDFHH tiin ilaaluun falmisiisee dhimmicha qulqulleeffachuun murtii akka itti kennuuf dhimmichi bu'uura SDFHH. Kwt. 343(1) tiin gara Mana Murtii Aanaa Bookeetti haa deebi'u jenneerra. Galagalchi Murtii kanaa haa ergamuuf.
3. Baasii fi dhamaatii falmii dhaddacha kanaa bitaa-mirgaan of haa danda'an jennerra.
4. Galmeen kun murtii waan argateef cufameera. Gara mana galmeetti haa deebi'u.

Abbootii Seeraa: -

1. Gazaalii Abbaasimal
2. Abdusalaam Siraaj
3. Hiikaa Araarsoo
4. Alamaayyoo Gaaddisaa
5. Salamoон Mogas

Iyyattootni: -

1. Obbo Misbaahuu A/Luulleessaa
2. Obbo Mannuu Jamaal

Waamamaan: - Obbo Diggee Mahammad

Galmeen Qoratamee Murtiin kana gadii kennameera.

### **Murtii**

Murtii kanaaf ka'umsa kan ta'e iyyata komii iyyattootni gaafa 14/10/2014 barreessuun Dhaddacha Ijibbaataa kanaaf dhiyeessaniin murtii Manni Murtii Shari'aa Waliigalaa Oromiyaa lakk. Galmee 10260 irratti dhaddacha guyyaa 30/09/2014 ooleen kennee dogoggora bu'uura seeraa waan qabuuf dhaddacha kanaan ilaalamee akka naaf sirratu jechuun waan gaafataniifidha. Dhimmi falmii kanaa, falmii dhaala qabiyee lafaa kan ilaalu ta'ee, dhimmichi Mana Murtii Shari'aa Aanaa Saxxamaa irraa wayita eegalu waamamaan himataa, iyyattootni ammoo himatamtoota turan. Dhimmichi duraan bakka Iyyattootni hin jirretti ilaalmee murtiin kennamee booda, iyyattootni komee ol'iyyannoo Mana Murtii Shari'aa Ol'aanaa Go/Jimmaatti dhiyeeffatanii dhimmicha keessa seenuuun ilaalee boodaa; iyyattootaaf waamichi sirnaan isaan gahuu fi dhiisuu ilaachisee qulqulleeffatee boodaa dhimichaaf akka fala kennuuf gara Mana Murtii Shari'aa Aanichaatti kan deebise ta'uu murtii jalaa keessaa ni hubatama.

Manni Murtii Aaanichaas gaafa falmisiisu, iyyattootni ammaa kun bu'uura labsii lakk. 53/1994 tiin mana murtii shari'atti falmuuf fedhii hin qabnu jechuun mormuun falmaniiru. Manni murtii shari'aa aaniichaas, bu'uura manni murtii shari'aa ol'aanaa godinichaa qajeelfama qabee deebiseen dhimma waamichi sirnaan gahuu fi dhiisuu akkasumas dhimma ijoo falmii bu'uura irratti falli akka kennamu kan ajajme waan ta'eef mormiin iyyattootni kaasaan fudhatama kan qabu miti jechuun mormii iyyattootaa kufaa gochuun, iyyattootni qabiyyee lafaa waamamaaf akka gadi lakkisaniif jechuun murteesseera. Iyyattootni murtii kana komachuun komee ol'iyyannoo isaanii Mana Murtii Shari'aa Ol'aanaa Go/Jimmaatti dhiyeeffataniiru. Dhimmicha keessa seenuun ilaalee boodaa murtiin mana murtii shari'aa aaniichaan kennamee jiru hanqina hin qabu jechuun bu'uura SDFHH. kwt. 348(1) tiin cimsuun murteesseera.

Iyyattootni darbuun komee ol'iyyannoo isaanii Mana Murtii Shari'aa Waliigalaa Oromiyatti dhiyeeffataniiru. Murtiin jalatti kennamee jiru hanqina kan qabu miti jechuun tumaa SDFHH. kwt. 348(1) tuquun murtii jalaa cimsuun murteesseera. Iyyannoona amma dhiyaates murtii jalatti kennamee jiru jijiirsisuuf kan dhiyaateedha. Qabiyyeen komee iyyattootaas: mormii jalatti kaasnee jirru irratti bira darbamuun murtiin kennamee jiru labsii Manneen Murtii Shari'aa Oromiyaa hundeessuuf bahee Lakk. 53/94 kwt. 6(2) kan hordofe waan hin taaneef dogoggori bu'uura seeraa kan irratti raawwatamee dha. Adeemsi ittiin dhimmichi ilaalamee murtiin itti kennamee jirus adeemsa seeraa kan hordofeera waan hin taaneef ilaalamee srratee akka nuuf murtaa'u kan jedhudha. Iyyannoona Iyyattootaa Qoratamee, dhimmichi dhaddacha kanaaf akka dhiyaatu ta'ee booda Waamamaan dhimmicha irratti barreeffamaan deebii akka itti kennu ta'ee, deebii gaafa 29/10/2014 barra'een: Dhimmichi akkataa Manni Murtii Shari'aa Ol'aanaa Go/Jimmaa

dhimmichi qulqulla'ee murtiin akka itti kennamu jedhamee qajeelfameen ilaalmee kan murtiin itti kennamedha. Qabiyyeen lafaa falmii kaasee jjirus kan dhaalaa ta'uun qaama ilaalu irraa ququllaa'ee kan murtiin itti kennamedha waan ta'eef murtiin kennamee jiru dogoggora hin qabu jechuun deebisaniiru. Dhufaatiin dhimma falmii kanaa gabaabinaan kan olitti ilaalamet ta'ee, dhaddachii kunis falmii bitaa-mirgaan barreeffamaan dhiyaate fi murtii iyyannoo dhiyaateef ka'umsa ta'ee jiru tumaa seeraa dhimmichaaf rogummaa qabu waliin qoranneerra. Akka qorannettis; iyyattootni akkaataa labsii Manneen Murtii Shari'aa Oromiyaa cimsuuf bahe, labsii Lakk. 53/94 kwt. 5tti mana murtii shari'aatti falmuuf fedhii isaanii kennaniiru kan jechisiisuudha? Qabxiin jedhu dhimma ilaalamu ta'ee argameera. Haaluma kanaan akka itti aanutti ilaallerra.

Akkaataa Labsii Manneen Murtii Shari'aa Oromiyaa cimsuuf bahe, labsii lakk. 53/94 kwt. 5(1) tti abbootii dhimmaa keessaa gareen tokko dhimma ofii mana murtii Shari'atti ilaalchifachuudhaaf iyyannoo yemmuu dhiyeeffatu manni murtii dhimmichi itti dhihaatee gareen biroo dhimma ofii mana murtichaatti ilaalchifachuudhaaf fedhii yoo qabaate fedhii isaa fi deebii himatichaa; fedhii yoo hin qabaatne ammoo mormiisaa qabatee akka dhihaatu waraqaa waamichaa ni ergaaf jechuun tuma. Akkaataa keewwata ibsame kanaattis gareen waamichi mana murtichaa sirriitti isa ga'e mormisaa ykn fedhii isaa dhihaatee utuu hin mirkaneessin yoo hafe mormii dhiheessuu akka hin barbaannetti lakka'aamee dhimmichi bakka inni hin jirretti ilaalamet jechuun labsicha kwt. 5(2) jalatti haala adda ta'een tuma. Akkuma olitti ilaalamet jiru, himannoona Mana Murtii Shari'aa Aanaa Saxxamatti dhiyaatee boodaa waamichi iyyattoota gaheera jedhamee dhimmichi bakka isaan hin jirretti ilaalamet murtiin kennamee booda, iyyattootni ammaa kun Murtii Mana Murtii Shari'aa Aaniichaa komachuun komee ol'iyyannoo isaanii Mana Murtii Ol'aanaa

Shari'aa Go/Jimmaatti dhiyeeffatanii booda Manni Murtii Shari'aa Ol'aanaa Go/Jimmadhaa iyyattoota kana jalatti waamichi mana murti sirnaan isaan gahuu fi dhiisuu qulqulleeffadhutti dhimmichaaf fala kenni jechuun gara Mana Murtii Shari'aa Aanichaatti kan deebise ta'uu, Manni Murtii Shari'aa Aaniichaas iyyattootaaf waamichi sirnaan gaheeramoo? Hin geenye? Kan jedhu ilaalcissee Mana Murtii Shari'aa Aaniichaa fi akkasumas godinaatti, iyyattoota ammaa kana waamichi mana murtii shari'aa aanichaadhaa karaa miliishaa gandichaa isaaniif ergamee isaan gahee waan hin dhiyaatiiniif dhimmichi bakka isaan hin jirretti kan ilaalambe ta'uu manni murtii shari'aa aaniichaas ta'e godinichaa murtii isaanii keessatti ifatti ibsanii jiran. Waamichi gahee yoo hin dhiyaatin ammoo akkaataa labsicha kwt. 5(2) jalatti tumamee jiruun iyyattootni akka mormii dhiyeessuu hin barbaannetti lakkaa'amuu dha. Kanaaf dhimmi iyyattootni waamichi mana murtii shari'aadhaa sirnaan nu hin geenye jechuun falman ammoo dhimma firii dubpii fi madaallii ragaa ilaalu waan ta'eef bu'uura Labsii Gurmaa'ina, Aangoo fi Hojii Manneen Murtii Oromiyaa Irra Deebiin Murteessuuf Bahe Labsii Lakk. 216/2011 kwt. 26(3)(d)) tiin fudhatama hin qabu jenneerra.

Iyyattoota waaamichi mana murtii shari'aa aanichaa isaan gahee dhimmichi bakka isaan hin jirretti ilaalamuun isaa bu'uura tumaa Labsii Manneen Murtii Shari'aa Oromiyaa cimsuuf bahee labsii lakk. 53/94 kwt. 5(2) tiin gareen waamichi mana murtichaa sirriitti isa ga'e mormiisaa ykn fedhii isaa dhihaatee utuu hin mirkaneessin yoo hafe mormii dhiheessuu akka hin barbaannetti lakkaa'ama jechuun waan tumuuf iyyattootni falmicha irratti fedhii isaanii hin kennine kan jechisiisu waan hin taaneef komeen iyyattootni roga kanaan kaasanis fudhatama hin qabu jenneerra. Bu'uuruma kanaan murtii manneen murtii shari'aan kennamee jiru dogoggorri bu'uura seeraa kan irratti raawwatame miti jennee

murteessinneerra. Haaluma kanaan dhimmicha irratti tarrefefamaan Ajajni itti aanee jiru kennameera.

### **Ajaja**

1. Ajaja Manni Murtii Shari'aa Waliigala Oromiyaa lakk. gal mee 10260 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 30/09/2014 ooleen kennee jiru, Murtii Manni Murtii Shari'aa Ol'aanaa Go/Jimmaa lakk. gal mee 53225 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 10/09/2014 ooleen kennee jiruu fi Murtii Manni Murtii Shari'aa Aanaa Saxammaa lakk. gal mee 21629 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 11/06/2014 ooleen kennee jiru bu'uura Labsii Gurmaa'ina, Aangoo fi Hojii Manneen Murtii Oromiyaa Irra Deebiin Murteessuuf Bahe Labsii Lakk. 216/2011 kwt. 26(5) tiin cimeera jenneerra. Galagalchi murtii kanaa manneen murtii jalaa haa qaqqabu.
2. Ajajni dhorkaa lakk. gal mee Mana Murtii Shari'aa Aanaa Saxammaa 23193 ta'e irratti hanga dhimmi kun fala argatutti kennamee jiru ka'eera jedhameera. Haa barraa'uuf
3. Baasii fi dhamaatii falmii dhaddacha kanaa bitaa-mirgaan of haa danda'an jenneerra.
4. Galmeen kun murtii waan argateef cufameera. Gara mana galmeetti haa deebi'u.

Abbootii Seeraa: -

1. Gazaalii Abbaasimal
2. Abdusalaam Siraaj
3. Hiikaa Araarsoo
4. Alamaayyoo Gaaddisaa
5. Salamoон Mogas

Iyyattootni:-

1. Aadde Amalwarq Tasfaayee
2. Obbo Fiqiree Kabbadaa
3. Aadde Tsiggeemaariyaam Kabbadaa
4. Obbo Ma'aaza Kabbadaa
5. Obbo Saahiluu Kabbadaa

Waamamtootni: -

1. Waajjira Bu/Aanaa Xiyyoo
2. Waajjira Bu/I/F/Lafa Magalaa Asallaa

Galmeen qoratamee murtii itti aanee jiru kennameera.

### **Murtii**

Murtii kanaaf ka'umsa kan ta'e iyyata komii iyyattootni gaafa 23/10/2014 barreessuun dhaddacha ijibbaataa kanaaf dhiyeessaniin murtii Dhaddachi Dhababii Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Bahaa lakk. Galmee 385905 irratti dhaddacha guyyaa 24/09/2014 ooleen kenne dogoggora bu'uura seeraa waan qabuuf ilaalamree akka nuuf sirratu jechuun waan gaafataniifidha. Dhimmi falmii kanaa, falmii jeequmsi akka dhaabbatu kan jedhu kan ilaalu ta'ee, Mana Murtii Aanaa Xiyyootti dhimmichi wayita eegalu, iyyattootni himattoota waamamaa 2ffaan himatamaa

waamamaa 1ffaan ammoo g/lixaa turan. Iyyattootnis himannoo jalatti hundeessaniin, qabiyyee lafaa bal'inni isaa hktra. 8.3 ta'e, iyyattuu 1ffaa fi abbaan iyyattoota 2ffaa hanga 5ffaa tti jiran bara 1969 isaaniif kennamee qabatanii irraa fayyadamaa jiran, qabeenyaa irraa qaban, Waamamaan 2ffaan ammaa kun keessa seenuudhaan jeequmsa kaasee nama sadaffaatti dabarsee kennuuf adeemsa irra waan jiruuf jeequmsa akka nurraa dhaabu jechuun gaafataniiru.

Waamamaa 2ffaan deebii akka itti kenu jedhamee deebii kennachuu waan dhabeef mirgi isaa irra taramee dhimmichi osoo falmii irra jiruu, waamamaa 1ffan ammaa kun iyyanno g/lixxummaa dhiyeeseen, qabiyyee lafaa iyyattootni jeequmsa akka irraa dhabbatu jechuun gaafatan bara 1999 iyyataa 4ffaa tiif investimeentiif kennamee akkaataa isaaf kennameen itti hojjechaa waan hin jirreef lafichi irraa fuudhamee baankii lafaatti kan galee jiruu dha. Iyyattoota harka kan jiru miti. Dhimma isaan harka hin jirree fi mirga irraa hin qabne irratti himannoo hundeessan. Ragaa abbaa qabiyyee lafaa isaan dhiyeessanis kan lafa bal'inni isaa hektaara 2.93 malee kan qabiyyee lafaa jeequmsi irratti ka'e jedhan kan ilaallatu miti waan ta'eef, iyyattootni qabiyyee lafaa kan mootummaa harka jiru irratti himannoo hundeessan waan ta'eef himannoon iyyattootaa kufadha akka jedhamu jechuun gaafataniiru. Iyyattootni ammoo, g/lixaan gidduu lixee falmuuf mirga hin qabu, iyyattootni qabiyyee lafichaa irraa mirga kan qabanidha. G/lixaan dhimma mirga irraa hin qabne irratti himannoo hundeesse waan ta'eef iyyanno g/lixxummaa isaa kufadha jechuun falmaniiru. Waamamaa 1ffaan ammoo qabiyyeen lafaa iyyattootni falman kan mootummaati, istookii mootummaa keessatti argama, qabiyyee lafa baadiyaa haala maaster pilaanii hin faallessineen waldaalee garaagaraaf qopheessaa kan jirrudha jechuun falmeera.

Manni murtii aaniichaas bitaa-mirga irraa falmii fi ragaa guutuu akkasumas ibsa Waajjira Bu/I/F/Lafa Baadiyaa aaniicha irraa gaafachuu dabalataan ragaawwan barruu waamamaa 1ffaan jalatti dhiyeessee jiru ilaalee booda qabiyyeen lafaa falmii kanaaf ka'umsa ta'ee jiru qabiyyee lafaa iyyataa 4ffaatiif investmentiif kennname, akkaataa barbaadamuun itti hojjechuu waan dhabeef harkaa fuudhamee istookii lafaa keessatti kan argamuu fi mootummaa harkatti kan argamu waan ta'eef jeequmsi uumame hin jiru jechuun himannoo dhiyaatee jiru kufaa gochuun murteesseera. Iyyattootni murtii mana murtii aaniichaan kenanme komachuun komee oliyyannoo isaanii Mana Murtii Ol'aanaa Go/Arsiitti dhiyeeffataniiru. Sababni gahaan dhimmicha keessa seenamee akka ilaalmu taasisu hin argamne jechuun tumaa SDFHH. Kwt. 337 tuquun gal mee cufeera.

Iyyattootni darbuun komee ol'iyyannoo isaanii Dhaddacha Dhababii Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Bahaatti dhiyeeffataniiru. Dhimmicha keessa seenuu ilaa lee booda murtiin jalatti kennnamee jiru hanqina kan qabu miti jechuun bu'uura SDFHH. Kwt.348(1) tiin murtii jalaa cimsuun murteesseera.

Iyyannoona amma dhiyaatees murtii manneen murtii jalaan kennname jijjiirsii suuf kan dhiyaatedha. Qabiyyeen komee iyyannoo iyyattootaas: qabiyyee lafaa falmii kaasee jiru bara 1968 iyyattuu 1ffaa abbaa iyyattoota 2ffaa-5ffaa tti jiraniif kennname ta'uu, kan mirga irraa qabnu fi qabeenyaa irraa qabnu ta'uu ragaaleen keenya kan mirkaneesse ta'ee osoo jiruu, waamamtooni kan jeequmsa nutti kaasan ta'ee osoo jiruu himannoona keenya kufaadha jedhamee murtaa'uun isaa dogoggora bu'uura seeraa kan qabu waan ta'eef dhaddacha kanaan ilaalamo sirratee akka nuuf murtuu kan jedhudha. Iyyannoona iyyattootaa qoratamee, dhimmichi dhaddacha kanaaf akka dhiyaatu ta'ee booda waamamtootni dhimmicha

irratti deebii akka itti kennan ta'ee deebii gaafa 19/11/2014 barraa'een: qabiyyeen lafaa gaafatan kan istookii mootummaa keessatti argamuu fi harka iyyattootaa hin jirre ta'uu manni murtii aaniichaa ragaadhaan qulqulleessee kan murtii itti kenne waan ta'eef murtiin jalaa hanqina kan qabu miti jechuun deebisaniiru.

Dhufaatiin dhimma falmii kanaa gabaabinaan kan olitti ilaalamet ta'ee, dhaddachi kunis falmii bitaa-mirgaan barreeffamaan dhiyaate fi murtii iyyannoo dhiyaateef ka'umsa ta'ee jiru tumaa seeraa dhimmichaaf rogummaa qabu waliin qoranneerra. Akka qorannettis; qabiyye lafaa falmii kanaaf ka'umsa ta'ee jiru irratti jeequmsi raawwatame hin jiru jedhamee murtaa'uun isaa rogummaa seerichaatiin? Qabxiin jedhu dhimma ilaalamu ta'ee argameera. Haaluma kanaan akka itti aanutti ilaalleerra. Akka ilaallettis akkuma olitti ilaalme jiru qabiyyeen lafaa falmii kaasee jiru asiin duratti bara 1999 keessa iyyataa 4ffaa tiif investimentiif kennamee booda, tajaajila barbaachisuuf oolchuu waan dhabeef qaamni ilaalu murteesse gara stookii lafa mootummatti kan deebi'e ta'uu; qabiyyee lafaa iyyattootni qabatanii jiran bal'inni isaa heektaara 2.93 ta'uu fi qabiyyee lafaa bal'inni isaa falmii kaasee jiru istookii mootummaa keessatti kan argamu ta'uu, manni murtii aaniichaa ragaawwaan dhiyaate, ragaa sanadootaa fi ibsa qaama ilaalu irraa dhiyaateefin adda baafachuu isaa murtii jalaa keessaa hubanneerra.

Qabiyyeen lafa baadiyaas ta'e kan magaalaa investimentiif kennamee jiru akkaataa barbaadamutti tajaajila barbaachisuuf hojii irra kan hin oolchine yoo ta'e qaamni ilaalu qabiyyee lafichaa sirna seeraa diriiree jiru hordofuun nama qabiyyeen lafichaa kennname irraa fuudhuun gara istookii mootummaatti deebisuu kan danda'u ta'uu tumaawan labsii Bu/Investimenti Oromiyaa Lakk. 138/2000 kwt. 8, kwt. 10 fi kwt.

12, akkasumas dambii labsii kana raawwachiisuuf bahe Dambii Bu/Investmentii Oromiyaa Lakk.208/2012 kwt. 24 fi labsii lakk. 721/2004 fi Dambii Bu/Lafa Magaalaa Oromiyaa 182/2008 ni tuma. Qaamni kana raawwatus qabiyyee lafa baadiyaas ta'e kan magaalaa bulchuuf aangoo fi gaafatama kan qabu ta'uu, Labsii Qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiidhaan Gurmeessuu, Aangoo fi Hojii Isaanii Murteessuuf Qophaa'e Labsii Lakkoofsa 242/2014 kwt. 26 jalatti ni tuma.

Bu'uura kanaan yoo walitti qabamus qabiyyeen lafaa jeequmsi irratti ka'e jedhame qabiyyee lafaa iyyataan 4ffaan bara 1999 investimeentiif fudhatee tajaajila barbaadamuuf hojii irra oolchuu waan dhabeef qaamni ilaalu irraa fuudhee istookii mootummaa keessatti kan argamu ta'uu ykn qabannaan isaa iyyattoota harkaa kan bahe ta'uu manneen murtii jalaa falmii fi ragaatiin adda baafachuun kan murtii itti kennan ta'uu waan hubatameef, jeequmsi hin jiru jedhamee murtiin jalatti kennamee jiru hanqina kan qabu miti jenneerra. Komee iyyattootni dhaddacha kanaaf dhiyeessanii jiranis fudhatama hin arganne jenneerra. Bu'uruma kanaan ajajni itti aanee jiru kennameera.

### Ajaja

1. Murtii Dhaddachi Dhaabbii Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Bahaa lakk. gal mee 385905 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 24/09/2014 ooleen kennee jiru bu'uura Labsii Gurmaa'ina, Aangoo fi Hojii Manneen Murtii Oromiyaa Irra Deebiin Murteessuuf Bahe Labsii Lakk. 216/2011 kwt. 26(5) tiin cimeera jennee murteessinneerra.
2. Baasii fi dhamaatii falmii dhaddacha kanaa bitaa-mirgaan of haa danda'an jenneerra.
3. Galmeen kun murtii waan argateef cufameera. Gara mana galmetti haa deebi'u.

Abbootii Seeraa: -

1. Gammachu Baqqalaa
2. Dobee Dhaabaa
3. Hiikaa Araarsoo
4. Gammachiis Dhugumaa
5. Ashannaafii Raggaasaa

Iyyataan:- Waajjira Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Magaalaa Baatuu  
Waamamtuun:- Aadde Anshaa Godaanaa

Galmeen kun qorannoodhaaf kan bule yoo ta'u galmee keessa qorannee  
murtii itti aanu murteessineerra.

### **Murtii**

Galmeen kun dhaddacha ijibbaataaf dhiyaachuu kan danda'e iyyataan  
iyyanna guyyaa 10/02/2015 barreeffameen murtiin Manni Murtii  
Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachi Dhaabbii Bahaa galmeek lakkoofsa  
400396 irratti dhaddacha guyyaa 26/01/2015 ooleen murteesse dogoggora  
bu'uuraa seeraa waan qabuuf akka naaf sirratu jechuun waan gaafateefi  
dha. Dhimmi falmii kun falmii dhimma qabiyee lafaa ilaallatu dha.  
Ka'umsi dhimmichaa himanna waamamtuun ammaa gaafa 15/06/2014  
barreesuun iyyataa ammaa, Waajjira Bulchiinsa Ganda Malkaa Wafiqoo  
fi nama Maammoo Barisoo jedhamu irratti Mana Murtii Aanaa Adaamii  
Tulluutti dhiyeessiteen qabiyee lafaa koo lafa kaaremetira 140 ta'e ganda  
baadiyaa Worjaa Woshgullaa keessatti argamu mana irratti iijaarradhee  
jiru na jalaa diiguun qabatanii kaartaa himatamaa 3ffaaf hojjetan waan  
ta'eef akka gadi naaf lakkisanii fi mirgi lafa kanatti fayyadamu akka naaf  
eegamu jechuun himatteetti.

Himatamtootni jalaa himanna isaan irratti dhiyaateef deebii yoo kennan mormii sadarkaa duraa dhiyeessanin dhimma lafaa kana irratti armaan dura gal mee lakkoofsa 45331 irratti nu himathee dhimma murtii xumura argate waan ta'eef yeroo lammaffaaf nu himachuu hin dandeessu jedhu dhiyeessaniiru. Abukaatoon waamamtuu immoo mormii ka'e irratti deebii kenneen dhimmi dura murtii argate falmii jeequmsaa waan ta'eef ijoon falmii keenyaa fi dhimmi ragaan qulqullaas'us garaagar waan ta'eef mormiin gama kanaan ka'e fudhatama hin qabu jechuun deebiseera.

Manni Murtii Aanaa Adaamii Tulluu dhimmicha gal mee lakkoofsa 45973 irratti ilaalee gal mee duraan murtii irratti kenname gal mee lakkoofsa 45331 mana gal mee irraa baasisuun waliin ilaaluudhaan jala murtii dhaddacha guyyaa 25/08/2014 ooleen kenneen himanna duraa fi amma dhiyaate keessatti ijoon dubbi furmaata seeraa barbaadu qabiyyee falmiif sababa ta'e irraa himattuun mirga qabaachuu ishee fi himatamtootni immoo karaa seeraan ala ta'een qabiyyee kana jalaa qabatanii yookiin fudhatanii himatamaa 3ffaaf kaartaa hujjetanii kennanii jiru moo miti? kan jedhu waan ta'eef gal mee duraa keessatti seerummaa gaafatmeef tokko tokkoon xiinxalamee fudhatama hin qabne ta'uu isaa ibsamuu dhabus haala waliigalaatiin ragaa namaa fi gabaasa Biirro Oromiyaa irraa dhiyaate irratti hundaa'uudhaan qabiyyee falmiif sababa ta'e irraa himattuun mirga kan hin qabne ta'uu qulqulleessee himanna ishee kufaa godhee murtii xumuraa kan kenne waan ta'eef seerummaa ifatti gaafatames manni murtii callisuun bira darbuun isaa ol iyyannoон dhimma furmaata argatu malee himanna haaraa hundeessuuf mirga kan kenu waan hin taaneef dhimma murtii xumura argate akka SDFHH kwt. 5, 244 (b) fi 245 (2) 'n himanna haaraa dhiyeessuu hin dandeessu jedhee kufaa gochuun murteesseera. Waamamtuu ammaa murticha irraa komachuudhaan gara Mana Murtii Olaanaa Godina Shawaa Bahaatti kan

ol'iyyatte yoo ta'u, manni murtii ol aanaa Godina Shawaa Bahaa gal mee lakkofsa 68100 irratti ilaaluudhaan dhaddacha guyyaa 18/09/2014 ooleen ol iyyata ishee akka SDFHH kwt. 337 tiin haqee murteesseera.

Waamamtuun ammas murticha irraa komachuudhaan gara Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaatti kan ol iyyatte yoo ta'u Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachi Dhaabbi Bahaa gal mee lakkofsa 400396 irratti dhiyeessisee erga falmisiiseen booda murtii dhuma irratti kenneen waamamtuun ammaa himatamtoota jalaa gal mee lakkofsa 45331 ta'e irratti himattee himanni ishee sababa qabiyyeen osoo harka ishee hin jirre himata jeequmsaa dhiyeessite jechuun kufaa kan jalaa ta'e yoo ta'u himata ammaa kanarraatti garuu yoo ilaalamu lafa falmii kaase irraa mirga qabiyyee kan qabdu ta'uu ibsuun ragaa qabdu tarreessitee falmii qabiyyee kan dhiyeeffatte ta'uu kan hubatamu dha. Kunis himanni duraa falmii jeequmsaa kan jedhuu fi ijoon murtii dhuma irratti kennames qabiyyeen kun osoo to'annoos ishee jala hin turre falmii jeequmsaa dhiyeessuun ishee sirrii miti kan jedhuun kan kufaa ta'e dha. Himannaan ammaa immoo falmii qabiyyeen ko karaa seeraa alatiin narraa fudhatame jechuun dhiyeeffatte falmii abbaa qabiyyee ta'uu osoo hubatamu kufaa ta'uun sirrii miti. Gama ijoonis yoo ilaalamu falmii duraa irratti qabiyyeen kun harka ishee ture moo miti? kan jedhu yoo ta'u kan ammaa immoo kan isheen mirga abbaa qabiyyummaa irraa qabdu moo miti? fi kanaan kan wal qabatan ta'ee osoo jiruu akka falmii seeraa tokkon ilaalamutti fudhachuuun himata 2 ffaa dhiyaate dha jechuun murtiin kennname sirrii miti jechuudhaan murtii mana murtii aanaa diiguun manni murtii aanaa ijoo irratti falmisiisee murtii akka kenu jechuun akka SDFHH kwt. 341 tiin qajeelfamaan gara mana murtii aanaa Adaamii Tulluutti gad deebisee murteesseera.

Iyyataan murtiin kun dogoggora bu'uura seeraa qaba jechuudhaan kan

iyyate yoo ta'u iyyanna guyyaa 10/02/2015 barreeffameen gabaabumatti himanna waamamtuuun amma dhiyeessite irratti nuti mormii sadarkaa duraa akka SDFHH kwt. 5 (3) tiin dhimmi Abbaan seerummaan ifatti gaafatame bira darbame kan ol iyyannoон gal mee duraa san irratti murtee argatu malee himata biroo dhiyeessuun hin danda'amu jennee kan falmine yoo ta'u manni murtii aanaa Adaamii Tulluu mormii sadarkaa duraa nu kaafne fudhatee himata kufaa godhee fi Manni murtii ol aanaa Godina Shawaa Bahaa cimseera. Manni Murtii Waliigala Oromiyaa dhaddachi Dhaabbii Bahaa garuu ijoon dubbii duraa fi ijoon dubbii ammaa garagar waan ta'eef himata yeroo lammaffaa dhiyeessuun ni danda'ama jedhee murtee manneen murtii jalaa diiguun faallaa falmii gaggeeffamaa ture waan ta'eef murteen mana murtii waliigala oromiyaa dhaddacha Dhaabbii Bahaa dogoggora bu'uura seeraa qaba jedhamee diigamee murtiin mana murtii aanaa fi ol aanaa akka nuuf cimu jechuun gaafateera.

Iyyanni akka armaan olii ta'ee Dhaddachi Ijibbaataa Qorannoo Duraa kanumaan gal mee keessa qorachuudhaan ijoo waamamtuuun ammaa himanna amma dura dhiyeessite irratti seerummaan tarreessitee gaafattee jirtu irratti murtiin kenneme osoo jiruu manni murtii waliigalaa himanna lammaffaa waliin tokko miti jechuudhaan irra deebi'ee akka falmisiisu gara mana murtii aanaatti gad deebisuun sirrii dha moo miti? kan jedhu qulqulleessuuf ni dhiyeessisa jedhee waamamtuuun deebii barreeffamaan akka kennitu ajajeera. Haaluma kanaan waamamtuuun deebii guyyaa 30/02/2015 barreeffameen gabaabumatti, himanna duraa kan ani gal mee lakkofsa 45331 ta'een dhiyeeffadhe himata jeequmsaa bu'uura tumaa SHH kwt. 1149 (1) tiin hundaa'e yoo ta'u, murtiin manni murtii aanaa gal micha irratti kenes jeequmsi hin jiru kan jedhu malee waan biraan hin qabu. Yeroo lammaffaatiif ani gal mee lakkofsa 45973 ta'e kanaan seerummaan gaafadhe falmii mirga itti fayyadama qabiyyee lafa

baadiyaa na dhorkan akka naaf murtaa'uu dha. Kun immoo falmii abbaa qabiyyummaa lafa baadiyaa waan ta'eef falmii jeequmsaa himanna duraatiin tokko miti. Kanaafuu, murtiin manni murtii waliigala Oromiyaa dhaddachi Dhaabbi Bahaa ijoon falmii gal mee lakkoofsa 45331 ta'ee fi ijoon falmii gal mee lakkoofsa 45973 ta'e irratti argamu tokko miti jechuudhaan murteewwan mana murtii aanaa Adaamii Tulluu fi Manni murtii ol aanaa Godina Shawaa Bahaa kennan diiguudhaan akka SDFHH kwt. 341 tiin qajeelfamaan gara mana murtii aanaa Adaamii Tulluutti erguun isaa kan dogoggora bu'uura seeraa kan qabu miti akka naaf cimu jechuudhaan deebisteetti.

Achii as dhufaatiin dhimmichaa akka armaan olii ta'ee dhaddachi kunis kanumaan ijoo Dhaddachi Ijibbaataa Qorannoo Duraa qabe waliin gal mee keessa qoranneerra. Haaluma kanaan, komiin iyyataa inni bu'uuraa dhimmi himannaam ammaa kun armaan dura murtii xumuraa argatee waan jiruuf himannaan amma dhiyaate akka SDFHH kwt. 5 fi 244 (b) tiin yeroo lammaffaaf dhiyaachuu hin qabu kan jedhu waan ta'eef dhimmichi tumaa seeraa kana waliin ilaalamuu kan qabu dha. Bu'uuruma kanaan akka SDFHH kwt. 5 tiin dhimmi tokko dhimma duraan murtii xumuraa argate dha kan jedhamu dhimmi ijoo bu'uuraa himannaan haaraa irratti dhiyaate gal mee duraanii irratti ijoo bu'uuraa ta'ee walfalmitoota san gidduutti kan murtaa'e yoo ta'e dha. Kanaaf, dhimmichi duraan ilaalam ee murtaa'eera jechuudhaaf gareen falmitootaa gal mee duraanii fi ammaa tokko ta'uu fi qabeenyi falmamus tokko ta'uu qofa osoo hin taane ijoon bu'uuraa falmamee murtaa'e tokko ta'uu qaba. Dhimma qabanne kana irratti qabiyyeen himannaan irratti dhiyaatee fi gareen falmitootaa tokko ta'uu ibsameera. Haata'u malee , himanni waamamtuu gal mee ammaa irratti dhiyeessite qabiyyeen seeraan ala jalaa qabame akka lakkifamu kan jedhu yoo ta'u gal mee duraanii lakkoofsa 45331 irratti immoo

jeequmsi akka irraa dhaabbatuu fi qabiyyeenis akka lakkifamuuf kan gaafatte ta'uu ibsameera. Falmii dhimma jeequmsaa akka SDFHH kwt. 1149 (1) dhiyaatu irratti qabiyyeen seeraan ala gocha jeequmsaan qabame akka lakkifamuuf gaafachuun waan danda'amuuf sababa qabiyyeen akka lakkifamu jedhamee gaafatameef qofa falmii dhimma mirga abbaa qabiyyummaa ti kan jechisiisu miti. Galmee duraanii irratti ijoon dubbii manni murtii qabee irratti falmisiisee fi murtii kenes dhimma jeequmsaa yoo ta'u sababni itti himanni ishee duraanii kufaa ta'es sababa yeroo gochi jeequmsaa raawwatame jedhametti qabiyyeen harka ishee hin jirreef jeequmsaan himachuu hin dandeessu kan jedhu dha. Galmee ammaa kana irratti immoo iyattuun mirgi abbaa qabiyyummaa ishee akka mirkanaa'uu fi qabiyyeenis akka lakkifamuuf kan gaafatte waan ta'eef seerummaan duraan gaafatamee fi galmee ammaa irratti gaafatame adda adda akka ta'e hubatama. Qabxiin waamantuun ammaa kun qabiyyicha irraa mirga qabdi moo miti? Qabiyyeen ishee seeraan ala jalaa fudhatame moo miti? kan jedhu immoo dhimma ragadhaan qulqullaa'uu qabu dha. Kanaafuu, manni murtii waliigala Oromiyaa dhaddachi Dhaabbi Bahaa seerummaa galmee jalqabaa gaafatame, falmii gaggeeffamee fi murtii duraan kenname seerummaa galmee ammaa irratti gaafatame waliin xiinxaluudhaan dhimmi duraanii fi ammaa tokko miti jechuun manni murtii aanaa ijoo irratti falmisiisee murtii akka kennuuf dhimmicha qajeelfamaan gara mana murtii aanaatti gad deebisee murteesuun dogoggora bu'uura seeraa kan qabu miti. Kanaafuu murtii Manni Murtii Waliigala Oromiyaa Dhaddachi Dhaabbi Bahaa galmee lakkoofsa 400396 irratti dhaddacha guyyaa 26/01/2015 ooleen murteesse dogoggora bu'uura seeraa hin qabu jennee akka SDFHH kwt.348 (1) fi labsii lakkoofsa 216/2011 keewwata 26 (5) tiin cimsinee murteessineerra.

## **Ajaja**

1. Murtii Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachi Dhaabbii Bahaa gal mee lakkooofsa 400396 irratti dhaddacha guyyaa 26/01/2015 ooleen murteesse cimeera.
2. Baasii fi kisaaraa bitaa fi mirgi of haa danda'an.
3. Galmeen murtii waan argateef cufameera. Haa deebi'u.

Abbootii Seeraa: -

1. Gammachu Baqqalaa
2. Dobee Dhaabaa
3. Hiikaa Araarsoo
4. Gammachiis Dhugumaa
5. Ashaannafii Raggaasaa

Iyyataan:- Obboo Daammanaa Kabbadaa

Waamamaan: - Bulchiinsa Ganda Waacilaalii Qaxaabaree Dobbii

Galmeen qoratamee murtiin armaan gadii kennameera.

### **Murtii**

Iyyannoон kun dhaddacha kanaaf kan dhiyaate ajajnii Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa galmee lakk.410105 ta'e irrattii dhaddacha gaafa 24/02/2015 ooleen kenne, murtii Manni Murtii Olaanaa Godina Shawaa Kibba Lixaa galmee lakk.59253 ta'ee irratti dhaddacha gaafa 06/10/2014 ooleen kenne dogongora bu'uura seeraa qaba jechuudhaan iyyataan iyyata gaafa 07/03/2015 barreeffameen akka sirreffamuuf waan gaafatefidha. Iyyataan ammaa Mana Murtii Aanaa Ammayyaatti himataa ennaa ta'u, waamamaan ammaa himatamaa turee. Ka'umsi falmii kanaas himannaan iyyataan ammaa dhiyeesseen kan eegale ennaa ta'u gabaabinaan:- qabiyyee lafaa koo Aanaa Ammayya Ganda Wacilalii Qaxabaree Doobbii keessaatti argamuu heek.3.21 ta'e gaafa 15/04/1995 naaf kennamee itti fayyadamaa turee maqaa kiyyaan shallagamee ragaa abbaa qabiyyummaa lakk.addaa isaa 11571 ta'e koodii maasii 720 itti fudhee jiru keessa namni Darribuu Dassaalanyi jedhamu kallatti kibbaatiin lafa qarxii lama seenee ana jalaa qabatee irratti obboo Dirribuu Dassaalanyi himannaan, himatamaan ammaa kun qabiyyeen falmiif ka'umsa ta'e

kooti jedhee gidduu galee falmaa turee himanni kiyya gal mee lakk.13860 ta'e irratti kufaa taanaan, Mana Murtii Olaanaa Godina Shawaa Kibba Lixaatti oliyyadhee gal mee lakk.32059 ta'e irratti dhaddacha gaafa 04/09/2006 naa murtaa'ee, Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaas gal mee lakk.171537 ta'e irratti murtii godinaa cimsee, Dhaddachi Ijibbaataa Oromiyaas gal mee lakk.204468 ta'e irratti erga cimsee booda Dhaddachi Ijibbaataa Mana Murtii Waliigalaa Federaalaa gal mee lakk.116543 ta'een irra deebi'ee qulqulla'a'ee murtiin akka kennamu mana murtii aanaatti gadi deebisee, manni murtii aanaas gal mee lakk.13680 ta'e irratti akka jeequmsi dhaabbatu naaf murteesee himatamaan ammaas gal mee rawwii lakk.26948 ta'e banatee gaafa guyyaa 06/09/2010 rawwiidhaan na jalaa qabatee raawwii kunis Dhaddacha Ijibbaataa Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaatiin kan diigamee jiru ta'u himatamaan lafa koo kan hunda isaa daangaan himanna keessatti ibsame gaafa 06/09/2012 erga qabatee gadi naaf hin lakkisne waan ta'eef akka gadi naaf lakkisu naaf yaa murtaa'u jechuun kan gaafateedha.

Waamamaan ammaas deebii barreeffamaan dhiyeeffateen akka mormii sadarkaa duraatti falmiin himataa gal mee adda addaa irratti qulqulla'a'ee dhimma murtii dhuma argate waan ta'eef himanni dhiyaate bu'uura S//D/F/S/keew.5tiin kufaa akka nuuf ta'u; himanni himataas darbiinsa yeroon kufaa akka nuuf ta'u jechuun gaafate akka deebiitti qabiyyeen lafaa falmiif ka'umsa ta'e kan iyyataa osoo hin taane kan gandaa waan ta'eef himataan mirga irraa hin qabu jedhamee gaaffiin isaa kufaa ta'ee akka nuuf murtaa'u jechuun kan gaafateedha. Manni Murtii Aanaa dhimmicha sadarkaa jalqabaatti ilaalee mormii sadarkaa duraa himatamaan dhiyeesse kufaa erga taasisee booda ijoo irratti bitaa fi mirga erga falmisiisee booda ragaa namaa bitaa fi mirgaa dhagahuun dabalataan qaamni aangoo qabu akka qulqulleessu taasisee bu'aa dhiyaate waliin

galmee qoratee “qabiyyee lafaa falmiif ka’umsa ta’e himatamaan karaa seeraan alaatiin himataa jalaa qabachuun waan mirkanaa’eef himataaf akka gadi lakkisu jechuun murteesseera. Murtuma kana waamamaan ammaa komachuun Mana Murtii Olaanaa Godina Shawaa Kibba Lixaatti oliyyatee, manni murtii olaanaa ni dhiyeessisa jechuun bitaa fi mirga erga falmisiisee booda galmee qoratee gama tokkoon himataan jalaa qabiyyee lafaa falmiif ka’umsa ta’e irraa mirga hin qabu jechuun gama birootiin dhimmi falmiif ka’umsa ta’e dursa galmee lakk. 270303 ta’e irratti murtii dhumaan kan argateedha jechuun murtii manni murtii aanaa kenne diiguun murteesseera. Iyyataan ammaas murtii manni murtii olaanaa kenne kana komachuun Mana Murtii Waliigalaatti oliyyatullee, Manni Murtii Waliigalaa komii isaa kufaa gochuun murtii manni murtii olaanaa bu’uura S/D/F/S/keew.337tiin cimsuun murteesseera.

Iyyanni amma dhiyaates murtuma kana komachuun yoo ta’u; ijoon komii gaafa 07/03/2015 barreeffamaan dhiyaates:- falmiin duraa nama dhuunfaa waliin gaggeeffamee fi kan amma waamamaa waliin gaggeeffamaa jiruu tokko bakka hin taanetti manni murtii jalaa dhimma murtii dhumaan argateedha jechuun himata koo kufaa taasisee murtiin kenne dogongora kan qabuudha; qabiyyeen amma falmii kaasse lafa heek.3.21 yoo ta’u falmiin dursa gaggeeffame falmii jeequmsa lafa qarxii 2 wal qabatu ta’ee osoo manni murtii olaanaa lafti falmii kaase tokkuma jechuun murtiin kenne dogongora seeraa isa bu’uuraa kan qabuudha qabiyyee lafa heek.3.21 ta’e galmee lakk.26948 ta’e irratti waamamaaf raawwatamee ture dhaddachi ijibbaataa galmee lakk.291134 ta’e irratti kufaa taasisee murtii kenne osoo jiruu manni murtii olaanaa falmiin dursa taasifame falmii jeequmsa ta’ee osoo jiruu fi falmiin lafa heek.3.21tiin wal qabatee jiru falmii abbummaa ta’ee osoo jiruu dhimma murtii dhumaan argateedha jechuun murtiin kenne dogongora seeraa isa bu’uuraa kan qabuudha;

qabiyyeen lafa falmiif ka'umsa ta'ee karaa seera qabeessaan kan naaf kennamee fi falmii namoota biroo waliin qabnu kan naaf murtaa'e ana harka jiru ta'ee osoo jiruu manni murtii olaanaa kan gandatti dursa murtii argatee jira jechuun murtiin kenne dogongora bu'uura seeraa kan qabuudha; manni murtii jalaa qabiyyeen kun akkaataa seeraatiin qaboo yaa'ii gaafa 15/04/1995 barreeffameen kan naaf kenname ta'uu ragaan mirkanaa'ee osoo jiruu iyyataan mirga irraa hin qabu jechuun murtiin kenne deggarsa seeraa waan hin qabneef murtiin mana murtii olaanaa fi Manni Murtii Waliigalaa kenne naaf diigamee murtiin manni murtii aanaa akka naaf cimu jechuun kan gaafateedha. Dhaddachi qorannoo duraas komii dhiyaate murtii waliin qorachuun ni dhiyeessisa waan jedheef, waamamaan deebii akka kenu ajajmee waamamaan deebii gaafa 12/05/2015 barreeffamaan dhiyeeffateen murtiin mana murtii olaanaa fi Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa kenne dogongora bu'uura seeraa kan qabu miti jedhamee akka naaf cimu jechuun gaafatee jira.

Seenaan dhufaatii galmeekanaa gabaabinaan kan armaan olii ennaa ta'u dhaddachi kuniis murtii komii ijibbaataaf ka'umsa ta'e falmii bitaa fi mirgi barreeffamaan dhaddacha kanaaf dhiyeessan ijoo ni dhiyeessisa ittiin jedhamee fi seera rogummaa qabu waliin galmicha qorateera. Akka qorannettis seerummaan iyyataan mana murtii aanaatti gaafate qabiyyeen nama obboo Darribuu Dassaalanyi jedhamu waliin irratti wal falmaa ture lafa qarxii lama ta'ee osoo jiruu waamamaan qabiyyeen falmii kaasse kiyya jedhee gidduu galee falmaa erga turee booda lafa falmiif ka'umsa ta'e galmee lakk.26948 ta'e irratti rawwachii fatullee raawwiin galmee lakk.28948 ta'e irratti gaggeeffame Dhaddacha Ijibbaataa Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaatiin waan diigameef qabiyyee sababa raawwiitiin qabatee lafa heek.3.21 himatamaan akka gadi naaf lakkisu jechuun kan gaafate yoo ta'u; waamamaan gama isaatiin mormii sadarkaa duraa

dhimmichi dursa murtii dhumaa argatee jira; gaaffiin iyyataa darbiinsa yeroon hafaa ta’uu qaba kan jedhuu fi deebii guutuu qabiyyee lafa falmiif ka’umsa ta’e irraa iyyataan mirga hin qabu kan jedhu dhiyeessuun gaaffiin iyyataa kufaa ta’ee akka murtaa’uu f kan gaafateedha. Mannii murtii aanaas ragaa bitaa fi mirgaa erga dhagahee booda qaama bulchiinsaa irraa qulqulleessee qabiyyee lafaa falmiif ka’umsa ta’e waamamaan iyyataaf akka gadi lakkisu murteessuullee; manni murtii olaanaa garuu iyyataan qabiyyee falmiif ka’umsa ta’e irraa mirga hin qabu dhimmi falmiif ka’umsa ta’e dursa murtii dhumaa argatee jira jechuun murtii manni murtii aanaa kenne diigee gaaffii iyyataa kufaa godhee yoo murteessu, Manni Murtii Waliigalaas murtiichaa bu’uura S/D/F/S/keew.337tiin cimsee jira. Murtiin raawwiif ka’umsa ta’e yoo diigame gareen murticha dursa raawwate waanti raawwatame akka deebi’uuf galmuuma raawwii irratti gaafachuu kan danda’u ta’uu tumaa S/D/F/S/keew.349(3) irraa kan hubatamuudha. Bu’uura S/D/F/S/keew.375(1)tiin raawwiidhaan wal qabatee falmiin ka’u kamuu galmee haaraa banuun osoo hin barbaachisin galmuuma raawwii irratti ilaalamee murtiin kan itti kennamuu qabu ta’uu tumamee jira.

Dhimma of harkaa qabnu kanaan falmiin iyyataa qabiyyee koo irratti murtiin osoo hin kennamin raawwiidhaan lafti heek.3.21 harka waamamaa gale raawwiin galmee lakk.26948 ta’e irratti raawwatames Dhaddacha Ijibbaataa Mana Murtii Waliigalaatiin waan diigameef qabiyyee lafa sababa raawwiitiin of harka galfate akka gadi naaf lakkisu kan jedhu ta’uu falmii barreeffamaan iyyataan mana murtii aanaatti dhiyyeesse keessaa kan hubatamuudha. Falmiin murtii raawwiif ka’umsa ta’e diigamee waan jiruuf bakka dursa jirutti akka deebinu kan jedhuu fi osoo murtiin hin kennamin ana irratti raawwatamee jira kan jedhuu fi sababa raawwiitiin qabeenyi ykn qabiyyeen murtiin irratti hin kennamne ana jalaa qabamee

jira namni jedhu bu'uura S/D/F/S/keew.349(3)fi375(1)tiin galmuma raawwii irratti iyyata dhiyaatuun qulqulla'ee murtiin kan itti kennamuu qabu ta'ee osoo jiruu fi manni murtii aanaas dhimmichi galuma raawwii irratti akka ilaalamu taasisuu osoo qabuu galmee haaraa saaquin murtii kennuu isaa fi manni murtii olaanaas dogongorri adeemsaa uumame akka sirreeffamu taasisuu osoo qabuu galmee adeemsaa dogongoraa ta'een baname irratti hundaa'ee murtiin kennee fi murtichas Manni Murtii Waliigalaa haalli ittiin cimsuun murteesse adeemsaa seeraa kan hin hordofne miti jenneerra. Walumaagalatti manni murtii jalaa dhimma falmiif ka'umsa ta'e galmuma raawwii iyyataan lafti heek.3.21 seeraan ala ana jalaa irratti raawwatamee jiraa jedhu irratti ilaalee murtii kennuu osoo qabuu galmee haaraa saaquin bitaa fi mirga erga falmisiisee booda murtiin kenne adeemsaa seeraa kan hordofe waan hin taaneef murtichi dogongora seeraa isa bu'uuraa kan qabuudha jenneerra.

Kanaafuu, sababa armaan olitiin falmiin iyyataa galmee raawwii qabiyyeen falmii kaase irratti raawwatamee jira iyyataan jedhu irratti ilaalamee furmaata kan argatuudha malee akka haaraatti galmeen saaqamee falmiin gaggeeffame kan murtiin irratti kennamuu qabu miti jennee murtii mana murtii jalaa adeemsaa seeraa osoo hin hordofin kennname diiguun murteessinee ajaja armaan gadii kennee jira.

### **Ajaja**

1. Ajajni Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa galme lakk.410105 ta'e irrattii dhaddacha gaafa 24/02/2015 ooleen kenne murtiin Manni Murtii Olaanaa Godina Shawaa Kibba Lixaa galme lakk.59253 ta'e irratti dhaddacha gaafa 06/10/2014 ooleen kenne murtiin Manni Murtii Aanaa Ammayyaa galme lakk.35968 ta'e irratti dhaddacha gaafa 16/07/2014 ooleen kenne sababa armaan oliitiin bu'uura

labsii Gurmaa'ina, Aangoo fi Hojii Manneen Murtii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiin Murteessuuf Bahe,Labsii Lak. 216/2011keew.26(5) tiin diigamee jira.

2. Falmiin murtii kennameen ala raawwatamee jira ykn falmiin qabiyyee murtiin irratti hin kennamne qaama raawwii gaafateef raawwatamee jira jedhu bu'uura S/D/F/S/keew.349(3) fi375 (1)tiin galmuma rawwiin irratti ilaalamee erga qulqullaa'ee booda bakka bitaa fi mirgi dursa turanitti akka deebi'an kan murtaa'uu qabuudha jenneerra.
3. Iyyataan osoo itti hin murtaa'in irratti raawwatamee jira yoo ta'e gaaffii isaa galmuma raawwii irratti raawwatamee jira jedhu irratti iyyata isaa dhiyeeffachuuf mirga qaba jenneerra.
4. Dhorkaan galmee kana irratti kennamee ture ka'ee jira.
5. Garagalchi murtii kanaa manneen murtii jalaaf yaa ergamu jenneerra.
6. Baasii fi kisaaraa dhaddacha kanaa bitaa fi mirgi of yaa danda'an jenneerra.
7. Galmeen xumura waan argateef cufameera. Mana galmeetti haa deebi'u.

Abbootii Seeraa: -

1. Gammachuu Baqqalaa
2. Abdusalaam Siraaj
3. Hiikaa Araarsoo
4. Gammachiis Dhugumaa
5. Ashannaafii Raggaasaa

Iyyattuun:- Aadde:-Hawwaa Hamdaa

Waamamtootni:

1. Obbo Amaanoo Daaluu
2. Aadde: - Ashuu Baabbisoo

Galmeen qoratamee murtiin itti aanee jiru kennameera.

### **Murtii**

Murtii kanaaf ka'umsa kan ta'e iyyattuun komee iyyannoo gaafa 17/04/2015 barreessuun Dhaddacha Ijibbataa kanatti dhiyeessiteen Murtii Manni Murtii Shari'aa Waliigalaa Oromiyaa lakk. Galmee 10315/2015 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 29/03/2015 ooleen kenne dogoggora bu'uura seeraa waan qabuuf dhaddacha kanaan ilaalamee akka naaf sirratu jechuun waan gaafatteefidha.

Dhimmi falmii kanaa falmii qabiyyee lafa fi qabeenya diiggaa gaa'ilaa booda jiru kan ilalau ta'ee dhimmichi Mana Murtii Shar'aa Aanaa Adaamii Tulluutti wayita eegalu iyyattuun qabiyyeen lafaa fi qabeenyaan akka qoodamuuf waamamaa 1ffa gaafatteetti. Waamamaan 1ffaan ammoo qabeenyaan waliin qabanii fi hin qabne ibsuun deebissee booda; qabiyyee lafaa falmiin isaa dhaddacha kana gahe lafa baadiyaa tushaa 4 kan waamamtuu 2ffa ta'uu ibsuun falmeera. Waamamtuun 2ffaan

qabiyyee lafaa tushaa jahaa fi qabeenyaa biroo falmiin isaa as gahe kan koo irratti falmiin geggeeffamaa jira akka falmii keessaa anaaf bahu jechuun akkaataa SDFHH. Kwt. 41 tiin iyyatteetti. Iyyattuun ammoo qabiyyee lafaa falmiin isaa dhaddacha kana gahe nikaa naaf kennname gaa'ila keessatti yeroo dheeraaf waamamaa 1ffaa waliin fayyadamaa malee kan waamamtuu 2ffaa miti jechuun falmiteetti. Manni Murtii Shari'aa Aanichaas falmisiisuun ragaa bitaa-mirgaa fi ibsa Waajjira Bu/I/F/Lafa Baadiyaa Aanichaa irraa gaaftee booda qabiyyeen lafaa falmiin isaa as gahe, bara 1992 keessa akkaataa seera shari'aatiin nikaan iyyattuuf hidhamee ergasii waamamaa 1ffaa waliin kan irraa fayyadamaa turan waan ta'eef g/lixxuu/waamamtuu 1ffaa ammaa hin ilaallatu jechuun murteesseera.

Waamamtootni murtii kana komachuun komee ol'iyyannoo isaanii Mana Murtii Shari'aa Ol'aanaa Go/Shawaa Bahaatti dhiyeeffataniiru. Dhimmicha keessa seenuun ilaalee boodaa murtiin qabiyyee lafaa tushaa 4 ilaachisee mana murtii aanichaan kennamee jiru hanqina kan qabu miti jechuun murteesseera. Iyyattootni darbuun komee ol'iyyannoo isaanii Mana Murtii Shari'aa Waliigalaa Oromiyaatti dhiyeeffataniiru. Dhimmicha keessa seenuun ilaalee booda qabiyyeen lafaa falmii kaase tushaan afur maqaa waamamtuu 2ffaan galmaa'ee jira, gibira waamamtuu 2ffaa tu itti kaffalaa jira, iyyattuun osoo maqaa ofitti hin jijjiirratin fayyadamuun qofti abbaa qabiyyee kan ishee taasisu miti waan ta'eef kan waamamtuu 2ffaa ti/g/lixxuu jalati jechuun murteesseera. Komeen iyyannoo dhaddacha kanatti dhiyaatee jirus murtii Mana Murtii Shari'aa Waliigalaa Oromiyaan kennamee jiru jijjisuisuuf kan dhiyaateedha. Qabiyyeen komee iyyannoo iyyattuus gabaabinaan yoo ilaalmu: qabiyyee lafaa nikaatiin argadhee, wagga 23 tiif waamamaa 1ffaa waliin kan irraa fayyadamaa turre ta'ee osoo jiruu mirga hin qabdu

jedhamee murtaa'uun isaa seera dhimmichi ilaalu kan faallessu waan ta'eef ilaalamee sirratee akka naaf murtaa'u kan jedhuudha. Komeen iyyannoo iyyattuu qoratamee dhaddachaa kanaaf akka dhiyaatu ta'ee boodaa waamamtootni dhimmicha irratti deebii barreffamaan akka kennan ta'eera. Waamamtootni bakka tokkotti deebii gaafa 24/05/2015 barraa'een bara 1992 iyyattuu fi wamamaan 1ffaan wal-fuudhuun hojji mootummaan kan jiraatanii fi qabiyyeen lafaa nikaa kan kennameef miti. Qabiyyeen lafaa falmii kaasee jiru maqaa abbaa warraa waamamtuu 2ffaan galmaa'ee kan jiruu fi iyyattuun takkallee kan irraa fayyadathee hin beekne ta'uun jalatti qulqulla'a'ee iyyattuun mirga hin qabdu jedhamee kan murtaa'ee jiru waan ta'eef komeen dhiyaatee jiru fudhatama kan qabu miti jechuun deebisaniiru.

Dhufaatiin dhimma falmii kanaa gabaabinaan kan olitti ilaalamet ta'ee, dhaddachi kunis falmii bita-mirgaan barreffamaan dhiyaate fi murtii iyyannoo dhiyaateef ka'umsa ta'ee jiru tumaa seeraa dhimmichaaf rogummaa qabu waliin qoranneera. Akka qorannettis; Murtii Manni Murtii Shari'aa Waliigalaa Oromiyaa kennee jiru sirna deemsaa seeraa kan eeggateedha? Qabxiin jedhu dhimma deebii seeraa barbaadu ta'ee waan argameef akka itti aanutti ilaallee jirra. Bu'uura irraa Manneen Murtii Shari'aadhaa dhimmota gaa'ilaa fi maatii ilaachisee falmiiwaaan ka'an fedhii abbootii dhimmaa irratti hunda'uun akkataa seera Shari'atiin ilaaluuf aanggoo abbaa seerummaa kan qabaatan ta'uu Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa kwt. 34(5), fi Labsii Manneen Murtii Shari'aa Oromiyaa cimsuuf bahe Labsii Lakk. 53/1994 kwt.4(2) fi kwt. 6(1) ni tuman. Manneen Murtii Shari'aas dhimmoota isaaniif dhiyaatan haala sirna qabeessa ta'een ilaalanii murteessuudhaaf akka isaan dandeessisutti seera deemmii falmii siivilii hojji irra jiran hordofuun kan hojjetaan ta'uu labsichi kwt. 6(2) jalatti ni tuma. Bu'uura tumaawwan heeraa fi seera

kanaan Manneen Murtii Shari'aadha dhimma isaanitti dhiyaate ilaaluuf: Tokkoffaa dhimmichi dhimma gaa'ilaa fi maatii kan ilaallatu ta'uun fi kunis falmiiwwaan dhimmota gaa'ilaa, hiikkaa fi hirmannaa qabeenyaa, mashurufa, guddiftummaa daa'imman gaa'ila hin geenyee fi firooma maatii kamiyyuu ilaachisee fuudhaa fi heerumni dhimmichaaf bu'uura ta'e akkaataa Sirna Amantii Islaamaatiin kan raawwatame yoo ta'e fi dhimmota waqfii, kenna (hibbaa) ykn dhaala ykn dhaamoo ilaachisee namoonni dhaala ykn kenna keenne ykn dhaamoo godhe sun Musiliima yoo ta'e ykn yeroo du'etti Musiliima ta'ee kan du'e yoo ta'e akka ta'e labsichi kwt. 4(1) (a fi b)) jalatti ni tuma. Akkaataa tumaawwan heeraa fi seeraa olitti ibsameenis Dhaddachi Shari'aadhaa akka waliigalaatti dhimmoota ilaaluuf aangoon kennamee jiru seerota bu'uuraa ilaachisee Seera Shari'aa hojji irra oolchuun ta'uu fi hojji irra oolmaa seera bu'uura kan shari'aaf ammoo tumaawwan SDFHH hojji irra jiran hordofuun akka ta'e kan hubachiisuudha.

Falmii harkaa qabnu kanaaf qabiyyee lafaa falmii kaasee jiru ilaachisee maqaa iyyattuu fi waamamaa 1ffaan galmaa'ee jiraachuu baatus waamamtuu 2ffaa irraa iyyattuu ammaaf nikaan kan kennameef ta'uu ragaan hubachiisuu isaa fi akkaataa Seera Shari'aatti ammoo nikaan kennamee kan hin deebinee fi kan itti hin gaabbamne ta'uun isaa ibsuudhaan Manni Murtii Shari'aa Aaniichaa murteessuu isaa murtii Mana Murtii Shari'aa Aanaa Adaamii Tulluu keessaa ni hubatama. Manni Murtii Ol'aanaa Shari'aa Go/Sh/Bahaas dhimmicha cimsuun kan murteesse ta'us, Manni Murtii Shari'aa Waliigalaa Oromiyaa ammoo qabiyyeen lafaa falmii ammaaf ka'umsa ta'ee jiru, qabiyyee lafa baadiyyaa nikaan argachuun hanga maqaa abbaa qabiyyee hin jijirannetti wagga dheeraa fayyadamuu abbaa mirgaa nama hin taasisu jechuun qabiyyee lafaa falmiin isaa as gahee jiru ilaachisee murtii Manneen Murtii Shari'aa

jalaan kennaan haquun qabiyyeen lafichaan kan waamamtuu 2ffaa ta'uu kan murteesse ta'uu murtii isaa keessaa ni hubatama. Akkuma olitti ilaalamee jiru Manneen Murtii Shari'aadhaa dhimmota isaaniif dhiyaatan haala sirna qabeessa ta'een ilaalanii murteessuudhaaf akka isaan dandeessisutti seera deemsa falmii siivilii hojii irra jiran hordofuun kan hojjetan ta'us labsichi kwt. 6(2) jalatti ni tuma. Akkaataa tumaawwan SDFHH. Kwt. 182 (1 fi 2)); kwt. 347 fi kwt. 348 tti ammoo Manneen murtii wayita murtii kennaan qabiyyee fi xiinxala murtii isaanii keessatti ijoo ilaalan akkamitti akka murteessani fi sababa bu'uureffachuun murteessan murtii isaanii keessatti ibsuun kan irra jiraatu ta'uu kan tumanidha. Bu'uura tumaawwan Seera Deemsa Falmii Hariiroo Hawwaasaa kanaan murtiin Mana Murtii Shari'aa Waliigalaa Oromiyaan kennamee jiru dhimmooti lama kan itti hanqatuudha. Isaaniis: tokkoffaa murtii Manneen Murtii Shari'aa jalaan akkaataa seera shari'aatti nikaan kennamee itti hin gaabbamu ykn deebi'uu hin danda'amu jechuun kan murteessanii jiran ilaachisee akkaataa seera shari'atti qabiyyeen lafaa nikaa kennamee bara 1992 irraa kaasee iyyattuun irraa fayyadamaa turte waan maqaan gara iyyattuu fi waamamaa 1ffaa tti hin jijiiramneef qofaa kan deebi'u ta'uu murtii isaa keessatti kan ibseeru miti. Lammffaa- qabiyyeen lafa baadiyaadhaha nikaa kennamee booda iyyattuu fi waamamaa 1ffaan bu'uura nikaa argataniin waliin kan irraa fayyadaman ta'ee osoo jiruu qabiyyee lafaa nikaa argachuun maqaa osoo hin jijiirranne wagga 23 fayyadamuun qofti abbaa mirgaa nama hin taasisu jechuun murtiin kenname seera shari'aa kan bu'uureffatedhamoo? Tumaa Labsii Bu/I/F/Lafa Baadiyaa Oromiyaa Lakk. 130/1999 kan bu'uureffatedhaa? Inni jedhu murtii isaa keessatti ifa hin goone. Ibsa biraan murtiin dhaddacha Shari'aa Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaan dhimma qabiyyee lafaa tushaa afur ilaachisee kennamee jiru tumaa seera isa kam bu'uureffatee murtiwwan Manneen Murtii Shari'aa jalaan kennaan ittiin diigee jiru iftoomina kan hin

qabnee fi tumaawwan SDFHH olitti ibsamani jiran kan hin hordofne waan ta'eef dogoggorri bu'uura seeraa kan irratti raawwateedha jennee murteessinnerra. Haaluma kanaan ajajni itti aanee jiru kennameera.

### Ajaja

1. Murtii Manni Murtii Shari'aa Waliigala Oromiyaa lakk. Galmee 10315/2015 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 29/03/2015 ooleen dhimma qabiyyee lafa baadiyaa, lafa qonnaa tushaa afur [bakki itti argama isaa falmii jalaa keessatti ibsamee jiru], ilaachisee kennee jiru qofti bu'uura Labsii Gurmaa'ina, Aangoo fi Hojii Manneen Murtii Oromiyaa irra deebiin murteessuuf bahe Labsii Lakk. 216/2011 kwt. 26(5) tiin haqameera jennee murteessineerra. Galagalchi murtii kanaa haa ergamuuf.
2. Manni Murtii Shari'aa Waliigala Oromiyaa galmee cufee ture deebisee sochoosuun falmii qabiyyee lafa qonnaa tushaa afur [bakka itti argama isaa falmii jalaa keessatti ibsamee jiru], ilaachisee kennee jiru irra deebi'ee ilaaluudhaan qabiyyee lafa baadiyaa akkaataa seera shari'atti nikaan kenname akkaataa nikaan kennameen iyyattuu fi waamamaan 1ffaan waggoota 23 tiif waliin irraa fayyadamaa turan, maqaan sababa gara maqaa iyyattuu fi waamamaa 1ffaatti hin jijiiramneef qofaa nikaan kenname hafee ykn itti gaabbamee iyyattuu mirga kan dhabsiisuu ta'u fi dhiisuu isaa bu'uura Seera Shari'atiin ilaaluun murtii akka itti kennuuf dhimmichi akkaataa SDFHH. Kwt. 343(1) tiin gara Mana Murtii Shari'aa Waliigala Oromiyaatti deebi'ee haa ilaalmu jennee murteessiineerra. Galagalchi murtii kanaa haa ergamuuf jennerra.
3. Baasii fi dhamaatii falmii dhaddacha kanaa bita-mirgaan of haa danda'an jennerra.
4. Galmeen kun murtii waan argateef cufameera. Gara mana galmeetti haa deebi'u.

Abbootii Seeraa:-

1. Gammachuu Baqqalaa
2. Abdusalaam Siraaj
3. Hiikaa Araarsoo
4. Ashannaafii Raggaasaa
5. Gammachiis Dhugumaa

Iyyattuun: - Aadde Masarat Booyidoo

Waamamtuun: - Aadde Geexuu Ayyeetaa

Galmeen qoratamee murtiin itti aanee jiru kennameera.

### **Murtii**

Iyyanni ijibbaataa kun murtiin Mana Murtii Hawaaasummaa Ganda Baasaatiin gaafa 5/4/2015 kennname, Mana Murtii Aanaa Bachootiin lakk. Galmee 32445 ta'e irratti dhaddacha gaafa 26/4/2015 ooleen hin komachiisu jedhamee bu'uura SDFHH kwt. 337tiin cime dogoggora seeraa isa bu'uuraa waan qabuuf naaf haa sirreffamu jechuun kan dhiyaateedha. Falmiin kun Mana Murtii Hawwaasummaa Ganda Boosaatti waamamtuun ammaa himattuu, iyyattuun ammaa immoo himatamtuu ta'uudhaan kan eegale yammuu ta'u, ijoon himannaa waamamtuu ammaas gabaabinaan iyyattuun ammaa daarii oomisha kootiirra baargamoo waan dhaabdeef, baargamoon dhaabame kun immoo oomisha koo waan miidhuuf akka narraa kaastu naaf hamurtaa'u kan jedhuudha.

Iyyattuun ammaas deebii laatteen himattuun baargamoo dhaabde jechuu malee bara kam akkan dhaabe waan hin ibsineef himanni ishee kufaadha.

Himattuuun lafa kiyyarra dhaabde jechuu barbaadde ta'ee fi daangaarra dhaabde jechuu barbaadde ta'een ifa waan hin taaneef himanni ishee kufaadha. Ani baargamoo kanan dhaabe qabiyyee kiyyarra mana koo jala waan ta'eef himattuurraan miidhaa kan geessisu waan hin taaneef himanni ishee kufaadha jetteetti.

Manni murtii hawaasummaa gandichaas himannaas fi deebii barreeffamaa kanatti aansee ragaa namaa bitaa fi mirgaan dhiyaatan dhaggeeffatee falmii erga xumursiisee booda gaafa 13/06/2014 gal mee qoratee himatamtuuun baargamoo daarii oomisha himattuu dhaabde kaaftee meetira sadii (3) irraa haa siqsitu jedhee murteessuun isaa iyyattuun ammaas murtii kana komattee MMA Bachootti oliyyannaan manni murtii aanichaa lakk. gal mee 31817 ta;e irratti bitaa fi mirga walfalmisiisee dhaddacha guyyaa 02/02/2015 ooleen manni murtii hawaasummaa gandaa baargamoon himatamtuuun jalaa daarii oomisha himattuu jalaa dhaabde oomisha himattuu irraan miidhaa kan gahu ta'uu fi dhiisuu ragaa ogeessaatiin otuu hin qulqulleeffatin ragaa namaa qofa dhaga'ee kaastee meetira sadii irraa haa fageessitu jedhee murteessuun isaa dogoggora jedhee murticha diigee, manni murtii hawaasummaa gandaa gal mee cufee ture sochoosee ragaan namaa duraan dhaga'ame akkuma jirutti ta'ee, W/Q/Q/Uumamaa Aanaa Bachoo ykn caasaa rogummaa qabu sadarkaa gandaatti jiru ajajuun ijoo dubbi baargamoon iyyattuun dhaabde waamamtuu irraan miidhaa geessisu ni danda'a moo? Miti? Miidhaa ni geessisa yoo ta'e hangam irraa siquu qaba kan jedhu qulqulleessee murtii haa kennu jedhee gadi itti deebisuu isaa guutummaa gal mee jalaa soofti kophiin fichisiifnee ilaalle irraa hubatameera.

Manni murtii hawaasummaa gandichaas bu'uuruma ajajameen iyyattuun daarii oomisha waamamtuu baargamoo dhaabuu ishee,

baargamoon dhaabbate kunis meetira 3-5tti yoo irraa siqe malee oomisha waamamtuu ammaa irraan miidhaa kan gahu ta'uun isaa, ogeessa W/Q/Q/Uumaamaa Aanaatiin adda buhu isaa ibsee murtii guyyaa 5/4/2015 kenneen baargamoon daangaa lafa himattuu cinaa dhaabbate kun hundeen isaa oolee bulee oomisha himattuu irraan miidhaa cimaa waan gahuuf akka waajjirri qonnaa hubachiisetti buqqa'ee meetira shan(5) irraa haa siqu jedhee murteesseera. Iyyattuun ammaa murtii kana komattee MMA Bachootti oliyyannaan manni murtii aanichaas lakk. gal mee 32445 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 26/4/2015 ooleen bu'uura SDFHH kwt. 337tiin oliyyannichi fudhatama hin qabu jedhee kufaa taasisseera.

Iyyatni ijibbaataa kunis murtii kana komachuun kan dhiyaate yoo ta'u, iyyattuun ammaa iyyata guyyaa 5/5/2015 barreeffameen labsiin lakk. 128/99 kwt.16(1) jalatti namni kamiyyuu dameewwan muka ollaa isaarraa gara lafa isaatti dagaage baatii tokko keessatti akka irraa ciramu manni murtii ajajuu danda'a jedha. Kwt 16(2) jalattimmoo hidda yoo ta'e abbaan qabiyee ofirraa ciruu akka qabu tumamee jira. Waamamtuun tumaa seeraa kanaan ala baargamoo lafa koo irra waggaa sagal (9) dura dhaabbate jiru muree akkan kaasu waan na himatteef, manni murtii hawwaasummaa gandaas waajjira qonnaa ogummaa gaafateen baargamoon midhaan irraa meetira 3-5tti fagaachuu qaba waan jedheef baargamoo koo akkan lafa koo irraa kaasu murteessuun isaa dogoggora. Akkaataa labsii lakk. 128/99 kwt. 16(1) tiin dameewwan mukaa dagaagee lafa waamamtuutti darbuun otuu hin qulqulla'in ogeessi waajjira qonnaa lafa midhaanii irraa meetira 3-5tti fagaachuu qaba waan jedheef lafa koo irraa baargamoo koo akkan muru natti murteessuun dogoggora. Manni murtii damee fi hiddi mukaa lafa ollaatti darbuu irratti falmii kahu qulqulleessuuf ibsa ogummaa gaafachuu osoo hin barbaachisin damee fi hiddi lafa ollaatti yoo darbe akka ofirraa muranuu fi dameenis akka ciramu

ajajuu otuu qabuu, baargamoon lafa ollaa irraa hangam fagaachuu akka qabu ogeessaan qulqulleessee muka koo lafa qarxii tokkotti bo'oo tokko irra jiru meetira shan(5) irra kan jiru hunda akkan kaasu natti murteessuun dogoggora bu'uura seeraa waan qabuuf himanni waamamtuu kufaa ta'ee baasii fi dhamaatii narra gahe itti naaf muramee murtiin jalaa naaf haa haqamu kan jedhuudha.

Komiin dhiyaate galmee jalaa waliin yammuu qoratamu baargamoon daangaa iyyattuu irra dhaabbate akka kaafamu murtiin kennname bu'uura labsii lakk. 128/1999 kwt.16 hordofee kan kennameedha moo? Miti? Kan jedhu qulqulleessuuf waamamtuun komii dhiyaatetti akka deebii laattu ajajamtee deebii gaafa 24/5/2015 barreeffame fuula lama dhiyeessiteetti. Ijoon deebii ishees gabaabinaan ijoon himata kootii iyyattuun baaragamoo daangaa oomisha kootiirra waan dhaabdeef akka irraa naaf kaastu kan jedhu malee baargamoo dur dhaabbate hamurtu kan jedhu miti. Biqiltuun baargamoo ani haa kaastu jedhes bara 2013 keessa lafa oomisha qonnaa kiyatti maxxanee kan dhaabbate malee baargamoo dhaabbatee wagga sagal (9) gahe naaf haa murtu jedhee hin himanne. Baargamoon dhaabbatee wagga sagal (9) gahes cinaa lafa qonnaa koo hin jiru ykn baargamoo buqqa'u malee baargamoon muramu hin jiru. Iyyattuun ijoo falmii mana murtii jalaatti hin kaane sadarkaa oliyyannootti kaasuun akkaataa SDFHH kwt. 329 tiin dhorkaadha. Keewwatni seeraa iyyattuun caqasuun dhiyeessites dhimmicha waliin kan walsimu miti. Kan jedhuu fi qabxii biroos kaastee murtiin jalaa dogoggora bu'uura seeraa waan hin qabneef naaf haa cimu jetteetti. Falmiin jiru gabaabinaan kan olitti ibsame yoo ta'u, dhaddachi kunis murtiin manneen murtii jalaatiin baargamoon daangaa lafa qonnaa himattuu dhaabbate hundeen isaa oolee bullee oomisha himattuu irraan miidhaa waan gahuuf buqqa'ee meetira shan (5) irraa haa siqu jedhamee murtaa'e dogoggora seeraa isa bu'uuraa qaba

moo? Hin qabu? Kan jedhu falmii bitaa fi mirgaa, galmee jalaalaa fi seeraa dhimmichaaf rogummaa qabu waliin akka itti aanutti qorateera. Galmee bitaa fi mirgi irratti walfalmaa turan guutummaa isaa mana murtii jalaalaa irraa soofti kophiin fichisiifnee akka ilaalleetti seerummaan waamamtuun ammaa mana murtii hawwaasummaa gandaatti gaafatte iyyattuun ammaa baargamoo daangaa oomisha qonnaa kootiirra dhaabde oomisha koo waan na jalaalaa miidhuuf akka narraa kaaftu naaf hamurtaa'u kan jedhuudha. Ijoo kana irratti deebiin jalqaba gama iyyattuun ammaatiin kenname baargamoo kanan dhaabe qabiyyee kiyyarra mana koo jala waan ta'eef waamamtuu ammaarraan miidhaa geessisu hin qabu kan jedhuudha. Bitaa fi mirgi qabiyyee lafaatiin waldaangessuun isaanii, iyyattuun ammaa daangaa oomisha qonnaa waamamtuu ammaa irra baargamoo dhaabuu ishee bitaa fi mirgi wal hin haalle. Murtiin Mana Murtii Hawwaasummaa Gandaatiin murtaa'ee MMAtiin hin komachiisu jedhames baargamoon iyyattuun ammaatiin daangaa oomisha qonnaa waamamtuu ammaa irra dhaabbate oolee bulee himattuu (waamamtuu ammaa) irraan miidhaa gahuun isaa ogeessaan waan mirkanaa'eefbuqqa'ee akka ibsa ogeessaatti meetira shan daangaa oomisha qonnaa waamamtuu ammaa irraa haa siqu kan jedhu akka ta'e galmee jalaalaa keessaa hubatameera. Iyyata ijibbaata kanaaf dhiyaate keessatti iyyattuun murtichi dogoggora bu'uura seeraa qaba jettee sababa isaa yoo ibsitu akkaataa tumaa labsii lakk. 128/1999 kwt. 16(1, 2) tiin dameen muka baargamoo gara lafa waamamtuutti dagaaguun isaa, hiddi mukichaa gara lafa waamamtuutti darbuun isaa otuu hin qulqullaa'in baargamoo erga dhaabbatee wagga sagal xumure muree akkan kaasu murtaa'uun isaa dogoggora kan jedhuudha. Hata'u malee, iyyattuun baargamoon falmiif sababa ta'e erga dhaabamee wagga sagal ta'uu isaa mana murtii jalaatti kaaftee hin falmine. Inumaayyuu ragaan namaa iyyattuun ammaa Mana Murtii Hawwaasummaa Gandaatti dhiyeeffattee dhageessifatte lachuu baargamoon falmiif sababa ta'e kan

dhaabbate bara 2013 ta'uu mirkaneessuun isaanii gal mee jalaa keessaa hubatameera. Baargamoon bara 2013 dhaabbate yeroo ammaa biqiltuudha malee muka wagga dheeraa lakkoofsissee muruudhaan kaafamu miti. Kanaaf akkuma waamamtuuun jette iyyattuun kallatti falmii jijiirsisuuf ijoo falmii mana murtii jalaatti hin ka'in sadarkaa ijibbaataatti kaasuun ishee fudhatama hin qabu. murtii manneen murtii jalaatiin kennname keessattis baargamoon jedhame buqqa'ee haa kaafamu kan jedhu malee muramee haa kaafamu kan jedhu waan hin taaneef labsiin lakk. 128/1999 keewatni 16 (1 fi 2) iyyattuun tuqxee ittiin falmites kan rogummaa qabu dameewwan mukaa gara ollaatti dagaagee fi hidda mukaa gara ollaatti darbeef malee biqiltuu baargamoo falmii kaaseef kan rogummaa qabu waan hin taaneef komiin iyyattuun dhimma manneen murtii jalaatti falmii hin turre kaastee keewata seeraa iddo isaa malee itti fayyadamuuf dhiyeessite fudhatama hin qabu jenneerra.

Iyyattuun baargamoo falmiif sababa ta'e qabiyyee ofirra daangaa oomisha qonnaa waamamtuu irra dhaabuun ishee falmii hin qabu. Namni kamiyyuu qabiyyee ofirratti qabeenyaa barbaade horachuun mirga seeraan kennnameef ta'uunis ni beekama. Haata'u malee, abbaan qabeenyaa tokko mirga abbaa qabeenyummaa isaatti yammuu fayyadamu haala faayidaan namoota ollaa isaa jiranu hir'isuutti ykn miidhuutti ta'uu akka hin qabne labsii lakk. 128/1999 kwt. 21(1) jalatti ifaan tumamee jira. Dhimma harkaa qabnu ilaachisee baargamoon iyyattuun qabiyyee ofirra dhaabde kun daangaa oomisha qonnaa waamamtuu irra ta'uun isaa, oomisha waamamtuu irraan miidhaa kan gahu ta'uun isaa fi meetira 3-5tti irraa siquu akka qabu karaa waajjira qonnaa aanaatiin dhimma ogessaan mirkanaa' ee dhiyaate ta'uun gal mee jalaa keessaa waan hubatamuuf manneen murtii jalaas ragaa waajjira qonnaa irraa dhiyaate kana bu'uura godhatanii baargamoon iyyattuun daangaa oomisha waamamtuu irra

dhaabde oolee bulee oomisha waamamtuu ammaa irraan miidhaa waan geessisuuf buqqa'ee meetira shan (5) irraa hasiqu jedhanii murtiin kennan murtii dogoggora bu'uura seeraa qabu ta'ee waan hin argamneef ajajni itti aanee jiru kennameera.

### **Ajaja**

1. Murtiin Mana Murtii Hawwaasummaa Ganda Baasaatiin gaafa 5/4/2015 kennamee, Mana Murtii Aanaa Bachootiin lakk. Galmee 32445 ta'e irratti dhaddacha gaafa 26/4/2015 ooleen hin komachiisu jedhamee bu'uura SDFHH kwt. 337tiin cime dogoggora seeraa isa bu'uura waan hin qabneef bu'uura labsii lakk. 216/2011 kwt.26(5) tiin haa cimu jedhamee sagalee guutuudhaan murtaa'eera.
2. Akka beekaniif garagalchi murtii kanaa manneen murtii jalaa haa qaqqabu jedhameera.
3. Baasii fi kisaaraa falmiin ijibbaataa hordofsiise bitaa fi mirgi mata mataa ofii haa danda'anu jedhameera.
4. Galmeen murtii waan argateef cufameera. Mana galmeetti haa deebifamu.

Abbootii seeraa:-

1. Gammachuu Baqqalaa
2. Doobee Dhaabaa
3. Abdusalaam Siraaj
4. Duulaa Lataa
5. Alamaayyoo Gaaddisaa

Iyyataan/ttuun/ttootni/: Fissahaa Taaddasaa

Waamamaan/ttuun/ttootni:- Birriituu Gammadaa dhaaltoonni Sannaayi  
Taaddasaa faa n.4

Galmee kana qorannee murtii kanaa gadii kannineerra.

### **Murtii**

Galmeen kun dhaddacha ijibbataaf dhihaachuu kan dandahe iyyataan ammaa Murtii Manni Murtii Aanaa Waayyuu Tuqaa galmee lakk.13099 tahe irratti dhaddacha gaafa 25/06/14 ooleen kenne, Manni Murtii Ol'aanaa Go W/Bahaa galmee lakk.59767 tahe irratti dhaddacha gaafa 18/08/14 ooleen fooyyeessuun kenne,manni murtii Waliigala Oromiyaa dhaddacha dhaabbii Lixaa galmee lakk.388888 tahe irratti dhaddacha gaafa 25/09/14 ooleen cimsuun kenne kun dogoggora bu'ura seeraa kan qabuu dha naaf haa sirraahu jachuun iyyannoo gaafa 27/10/14 barreeffameen waan dhiheeffateefi dha.

Ka'umsi falmii kanaa mana murtii aanaa irraa yoo tahu, iyyataan ammaa himatamaa waamamtuun immoo himattuu dha.Falmiin falmii waliigaltee qabiyyee lafa baadiyyaa yoo tahu waamamtuun ammaa himannaa gaafa 23/02/14 barreeffamee Mana Murtii Aanaa Waayyuu Tuqaatti iyyataa ammaa kana irratti dhiheessiteen,bara 1996 keessaa anii fi abbaan warraa

koo waliin taanee sababa umriin keenya deemee fi qabiyyee lafa keenya waayyuu Tuqaa keessatti argamu namoonni quoddachuuwaan ka'aniif iyyataan mucaa keenyaa angafa waan taheef akka nuuf hordofuuf, qixxee akka nuuf kennuu jennee inni immoo nu goowwoomsee qabiyyee lafa keenyaa waliigaltee kenna gaafa 29/11/1996 taasifamee qopheesesse dogoggoraan akka kenna isaaf kennineetti osoo nuuf hin dubbifamiini fi hin hubatiin akkasumaas waajjira haqaa dhaqnee hin mallateessin waan nu mallateesiseef waliigaltee seeraa ala waan taheef qabiyyeen lafaa amma illee maqaa koo fi abbaa warraa koo du'een waan jiruuf waliigalteen kenna jedhame kun akka naaf diigamuu fi qabiyyee koo naaf gadi lakkisu itti naaf haa murtahu kan jedhu dha. Iyyataan himanna isa irratti dhihaatu deebii akka itti kenu jedhamee innis deebii gaafa 09/03/14 barraahee dhihaate ciccitaa dhaa siritti sirahe fooyyahe akka dhihaatu manni murtii isa ajajee fooyeesse hin dhiheeffanne beellama irraa illee ni bade jechuun mirga deebii fooyyeffachuu isaa dhaddacha gaafa 24/03/14 bira darbame jira.

Manni murtii aanaa jalqaba murtii kennee ol'iyyannoona mana murtii ol'aanaa ol'iyyata dhagahu gahe murtiin manni murtii aanaa kenne ture diigamee manni murtii aanaa irra deebi'ee dhimmicha akka qulquleessu jechuun bu'ura d/f/s/s.343(1)tiin ijoo qabee waan gadi deebi'eef manni murtii aanaa bu'ura ajajameen bitaa fi mirga falmisiun ragaa namaa waamamtuu dhagahuun waajjira haqaa irraa ragaan kenna taasifame akka dhihaatu eega taasise booda murtii kenneen:waliigalteen kenna falmii kaase ulaagaa dhaamoo ifaatiin akkaataa seera dhaalaa kew.881-883 jiraniin taasifamu qaba, dhaamoo warri kennan yeroo kamiyyuu dhaamoo isaani jijiiruu dandahu gara biraatiin akka jecha ragaa irraa hubatametti qabiyyee nin bite naaf mallateessaa jedhee waajjira haqaatti mallateesineef malee nuuf hin dubbifamne waan jedhanii fi dhaaltoota

namoota sagal osoo jiranii kan iyyataa qofaaf dhaamame tahuun waan hubatamee fi qabiyyee lafa bonee kana kan ittifayydamaa jiran waamamtuu fi abbaa warra isii akka tahe maqaa isaanitiin illee galamaahe kan jiru waan taheef waliigalteen kennaa gaafa 29/11/1996 taasifame waliigaltee seeraa ala waan taheef diigamu qaba jechuun akka diigamu murteesseera. Iyyataan ammaa murtii akkaataa kanaan kennname komachuudhaan komii ol'iyyannoo Mana Murtii Ol'aanaa Go/W/Bahaatti dhiheeffatee manni murtii ol'iyyata dhaghee bitaafi mirga dhiheesee falmisiisuun dhuma irratti murtii kenneen:qabiyyee lafa oolmaa 15 waamamtuu fi abbaan warraa isii waliin tahanii waliigaltee taasifameen iyyataaf kan kennan tahuun hubatamee jira, abbaan iyyataa yeroo ammaa du'ee waan jiruuf waliigalteen akka diigamu hin gaafatamne kan gaafatame gahee walakkaa walakkaa oolmaa 15 oolmaa torba waamamtuu qofa diigamu qaba jechuun bu'ura d/f/s/s.348(1)tiin murtii mana murtii aanaatiin kennname fooyeessuun murteesseera.

Iyyataan ammaa murtii haala kanaan fooyyahe kennname kana komachuudhaan komii ol'iyyannoo Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbi Lixaatti yoo dhiheeffate illee komiin ol'iyyannoo hin dhiheessisu jechuun bu'ura d/f/s/s.337 kufaa taasisuun murteesseera. Iyyataan ammaa murtii haala kanaan kennname kana komachuudhaan iyyannoo dhaddacha kanaaf dhiheesseen,waliigaltee kennaan gaafa 29/11/1996 taasifame fedhaan qabiyyee lafa falmiikaase kan naafkenannii fi gaafa 06/12/1996 waajjira haqaa godinaa qaama waliigaltee galmeessaa fi ragaa taasisuuf aangoo qabu fulduratti dhihaatanii mallataahee kan naaf kennname tahuue mirkanaahe osoo jiru, waliigalteen eega taasifamee waggaa 18 booda akka diigamu taasufamuun isaa;waliigaltee naaf haa diigamu namni jedhu bu'ura seera waliigaltee kew.1810 waggaa lama keessatti gaafachuu osoo qabanii waggaa dheeraa booda gaafatame haala

kanaan akka diigamu taasifamuun isaa; waliigaltichi waliigaltee kennaa tahe osoo jiru akka dhaamoo tahetti fudhatamee bu'ura seera dhaamoo hordofuuun akka diigamu taasifamuun isaa waligaltee kennaa lafa baadiyyaa maatiin ijoollee isanitiif bu'ura labsii lafa baadiyaya 130/1999 kennuu akka dandahan tumamee osoo jiruu bira darbamee akka diigamu taasifamuun isaa dogoggora bu'ura seeraa waan taheef akka ana irraa diigamu jechuun gaafateera.

Dhaddachi kuniis komee iyyannoo dhihaate, murtii manneen murtii jalaatiin kanname seera waliin ilaaluun waliigalteen kennaa lafa baadiyyaa taasifame gahee waamatuu(duutu) ilaachisee akka diigamu jedhame murtiin manneen murtii jalaatiin kenname deegarsa seeraa ni qabaa? kan jedhu bakka bitaa fi mirgi jiranitti qulquleessuuf ni dhiheesisa bu'ura jedhameen waamamtuun deebii akka itti kennitu jedhame duutee jirti waan jedhamee dhaaltooni akka falmitti makamanii deebii itti kennan bu'ura ajajameen dhaaltooni waamamtuu namni afur dhaaltummaa isaanii mirkanoeffachuun dhihaatanii deebii gaafa 30/02/15 barreessani dhiheessaniin, haadhaa fi abbaan keenya umriin isaani waan deemeef qabiyyee lafa falmii kaase iyyataan akka kuunuunsuuf, eeguuf kan jedhu malee waliigaltee kennaa isaaf kennname hin jiru haadhaa fi abbaan keenya waajira kamu dhaqanii iyyataaf qabiyyee lafaa kana kennuuf wanni mallateessan hin jiru, waliigaltee kennaa jedhame waliigaltee seeraa ala waan taheef akka diigamu taasifamuun isaa dogoggora hin qabu nuuf haa cimu jechuun falmaniiru. Dhaddachi kunis komee iyyannoo dhihaate, deebii kennamee fi murtii manneen murtii jalaatiin kenname seera waliin qoranneerra.

Akka qorannetti sanadni waliigaltee gaafa 29/11/1996 taasifame gahe waamamtuu ilaachisee diigamu qaba jedhamee murtiin manneen murtii jalaatiin kenname deegarsa seeraa ni qabaa? kan jedhu qabxii

furmaata barbaadu tahe argameera. Falmii bitaa fi mirgaa irraa akka hubatamutti,walfalmitoonni ilmaan abbaa fi haadha tokko tahuun isaani hin haalamne. Abbaa fi haati isaani (waamamtuun(duutuun)) osoo lubbudhaan jiranii sanada waliigaltee falmii ammaa kanaaf ka'umsa tahe mallateessuu isaani hin haalamne. Kun kanaan osoo jiru abbaan walfalmitootaa Taaddasaa Birrii dhukubsatee gaafa 24/06/13 falmii kana dura kan du'e yoo tahu, waamamtuun ammaa kophaa isii himannaa falmii ammaa kanaaf ka'umsa tahe iyyataa ammaa irratti dhiheessiteen, sanadni waliigaltee gaafa 29/11/1996 taasifame iyyataan nu dogoggorsiise nu mallateessise qabiyyee lafa keenya akka qixxee nuuf kenne nuuf qochisiisuu fi nuuf eegu jenne male kennaan dabarsine isaaf hin kennine waan taheef waliigaltee kennaan tahuu eegana waaniin bareef akka naaf diigamu jechuun sanadicha akka ragaatti himannaa waliin walqabsiifte kan dhiheessite tahu hubatameera. Iyyataan seera qabeesummaa sanada kana ilaachisee deebiin barreffamaan mana murtii jalatti kenne falme yoo jiraachuu baate illee manneen murtii jalaa falmi waamantu fi sanada dhihaatee fi ragaa namaa waamantu irratti hundaahuun seera qabeesummaa sanadichaa irratti murti kan kennan tahu hubatameera. Iyyataan deebiin barreffamaan kenne yoo jiraachuu baate illee murtiin kenname dogoggora yoo qabaate ijoo seeraa irratti ol'iyyanno dhiheeffate akka sirraahuuf gaafachuu ni dandaha. Bu'ura kanaatiin waamantuun ammaa himannaa dhiheessiteen(seerummaa gaafatteen) waliigalteen akka naaf diigamu jechuun gaafatte, waliigaltee gaafa 29/11/1996 taasifame yoo tahu sanadichi dhaamoodha ulaagaa dhaamoo hin guutu naaf haa diigamu osoo hin tahiin waliigaltee kennaan ani hin beeknee fi kennaan taasise hin jiru iyyataan nu dogoggorsise nu mallatteessise naaf haa diigamu kan jedhu dha. Manni murtii murtii kan kenu seerummaa gaafate irraa dhaabbateeti malee faallaa seerummaa gaafatameen deemee murteessu akka hin dandeenyे tumaa d/f/s/s.182(2)

irraa hubachuun ni dandahama. Bu'ura kanaatiin waamamtuun falmii taasifteen iyyataan dogogorsiise yokaan moksee akka seera waliigaltee lakk.1696-1710 jiraniin sanada waliigaltee kennaa falmii kaase kana kan isii mallateessise tahuu bu'ura falmii isitiin wanni mirkaneeffate kan hin jire tahu isaati. Qabiyyee sanadichaa yoo ilaalamu dhaamoo yeroo dhaalchisaan du'e hojii irraa oolu osoo hin tahin kennaa dhaabbi bu'ura seera hariiroo hawaasaa kew.2427 fi 2443 taasifame dha. Kennaan qabiyyee hin sochoone barreeffamaan tahu akka qabuu fi ulaagaa dhaamoo ifaa seera dhaalaa kew.881 taasifamu akka qabu kan dirqisiisu dha. Sanadni waliigaltee gaafa 29/11/1996 taasifame abbaan warraa waamamtuu yookaan abbaan walfalmitootaa fi waamamtuun waliin tahuun qabiyyee lafa isaanii biqiltuu bunaa,caati fi geeshoo ofi irraa qabu kennaa dhaabbiin dabarsanii iyyataaf kan kennan tahu kan mul'isuu dha. Kunis nuti kennaa kennitooni abbaa warraa fi haadha warraa taane kun umriin keenya deeme(dulloomee) waan jiruuf iyyataan mucaa hangafa keenya waan taheef akka gara fuulduraa hanga lubbuudhaan jirutti nu xooruu qabiyyee lafa keenya akka fudhatee kan dhunfaa isaa taasifatu kennineefi jira kan jedhu fi warri kennaa kennan, kennaa kan fudhate(iyyataa) fi ragaan namoonni afur kan irratti mallateesani fi ragooleen kennaa taasifame agarree dhageenyje jechuun kan barraahee mallateessani dha.

Bu'ura kanaatiin waligalteen kennaa falmii ammaa kanaaf ka'umsa tahe dhaamoo osoo hin tahin kennaa dhaabbi osoo warri kennaa kennan lubbuudhaan jirani raawwatamu fi ulaagaa dhaamoo ifaa guutamee kan taasifame tahu mirkanaahe jira. Kan qofa osoo hin tahin waliigaltichi waajjira haqaatti gaafa 06/12/1996 dhihaatee seera qabeessummaan waliigaltichaa ilaalamee mirkanaahe kan galmaahe tahu sadarkaa firii dubbitti mirkanaahe jira. Waamamtuun waliigaltee kana malee waliigaltee

bakka bu'ummaa iyyataan qabiyyee lafa akka qixxee kenuuf, eeguu fi bulchuuf bu'ura seera hariiroo hawaasaa kew.2199 fi 2204 Aangoo bulchiinsaa kenuuf mul'isuu hin dhihaanne. Waliigalteen barreeffamaan akka tahu qabu seeraan tumamee jiru tokko akkaatuma kanaan barreefamaan taasifame qaama waliigaltee mirkaneessuu fi galmeessuuuf aangoo qabu biratti galmaahe jiru sanadicha dhiheessu malee ragaa kan biraan dhagahuun qabiyyee sanadichaa faalleessuu akka hin dandahamne tumaa seera hariiroo hawaasaa kew.2003,2005 fi 2010(2) irraa hubachuun ni dandahama. Haa tahu malee manni murtii aanaa jalqaba dhimmicha ilaalee ragaa namaa waamatuu faallaa qabiyyee sanadichaatiin dhihaatanii ragaan akka jirutti akka ragaa dhugaatti fudhachuun itti adeeme dhuma irratti waliigaltee taasifame kan diige tahuu hubatameera. Innis sanadicha mallateessuu osoo hin haaliin garu sanadicha iyyataan qabiyyee naan bitadhe naaf mallateessaa jedhee waajjira haqaatti osoo nuuf hin dubbifamin mallateessinee kan jedhu dha. Asi irratti jechi ragaa namaa haala kanaan dhagahame rogummaa fi fudhatama seeraa hin qabu. Sanadni waliigaltee kennaa bu'ura dhaamoo ifaatiin taasifame kana irraa kan hubatamu waligaltee taasifame kana agarree, dhagenyee jechun kan mallateessani jiran yoo tahu arguu fi dhagahu kan dandahan qabiyyeen waliigaltichaa yoo dubbifameef malee haalli itti argani dhagahan hin jiraatu waan taheef sandichi mataan isaa dhubifamu isaa kan ofi ibsu waan taheef ragaa gara biraan kan barbaadu miti.

Sanadni waliigaltee falmii kaase kennaa dhaabbii eega tahe sababa kennaan dhaabbi itti digamu gara waamamtuitiin wanni ka'e irratti falmame mirkanaahe hin jiru. Kanaaf waliigaltee kennaa dhaabbii tahe manni murtii aanaa akka dhaamootti fudhate ulaagaa dhaamootiin ilaalee dhaamoo tokko namni dhaamoo taasise hanga lubbudhaan jirutti sababa kamiinuu dhaamoo hafaa taasisuu ni dandaha, dhaamoon nama lamaan

sanada tokko irratti taasifamu hin dandahu, dhaaltooni warraa dhaamoo taasisani namoota sagal osoo jirani isaan dhaala irraa buqqisuun qabiyyee lafaa akkuma jiruun iyyataa qofaaf akka fudhatu taasifamu hin dandahu jechuun diiguun isaa dogoggora dha .Manni murtii ol'aanaa ol'iyayata dhagahe immoo faallaa ejjannoo mana murtii aanaatiin sanadni akka sanada waliigaltee kennaatti fudhachuun waliigaltee kennaa immoo nama lamaan kan mallaataahe waan taheef abbaan walfalmitousaa sanadicha irratti mallateesse osoo akka diigamuuf hin gaafatiin waan du'eef kan isaa ilaachisee diigamu hin qabu waamantuun immoo gahe isii diigsisuu dandeessi jechuun murti mana murtii aanaatiin kennname kan fooyeesee yoo tahu waamantuun sababni gahaan waliigaltee kennaa taasifte itti diigsisuu dandeessu jiraachuu fi jiraachuu dhabuu osoo hin ilaaliin kan murteesse waan taheef dogoggoraa dha. Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa ol'iyayata dhagahe illee dogoggora manneen murtii jalaatiin uumame kana sirreessuu osoo qabu cimsuun isaa dogoggoraa dha.

Walumaagalatti waamantuun(duutuun) waliigaltee kennaa gaafa 29/11/1996 abbaa warraa isii waliin tahuun taasifteen qabiyyee lafaa qaban kennaadhaan iyyataaf dabarsani jiran mallateessuu osoo hin haalin ani akka qixxee naaf kennuu fi naaf tohatuufin mallateesse malee kennaan hin kennineef jechuun akka diigamuuf gaafate sababani gahaan waliigalticha diigsisu kan dhiheessite osoo hin jiraatiin, manneen murtii jalaa seerummaa fi falmii waamantuun malee sanada waliigaltee kennaa dhaabbii waamantuun akka ragaatti dhihaate hiikkaa addaa addaa itti kennun qabiyyee lafa gaheen waamantuun akka diigamu jedhamee murtiin kennname dogoggora seeraa isa bu'uraa waan tahef sirraahu qaba jenneerra.

## **Ajaja**

1. Murtiin manni murtii Aanaa Waayyuu Tuqaa gal mee lakk.13099 tahe irratti dhaddacha gaafa 25/06/14 ooleen kenne, Manni Murtii Ol'aanaa Go W/Bahaa gal mee lakk.59767 tahe irratti dhaddacha gaafa 18/08/14 ooleen fooyyeessuun kennee fi Manni Murtii Waliigala Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbi Lixaa gal mee lakk.388888 tahe irratti dhaddacha gaafa 25/09/14 ooleen cimsuun kenne bu'ura labsii lakk.216/2011 kew.26/5/ fi d/f/s/s.348/1/tiin diigameera.
2. Waliigalteen kennaa gaafa 29/11/1996 taasifame waliigaltee seera qabeessaa waan tahee fi sababni akka diigamu taasisuu bakka hin jirretti diigamuu hin qabu jechuun murtaaheera. .
3. Garagalchii murtii kanaa manneen murtii jalaa haa qaqqabu.
4. Galmeen kun murtii dhumaan waan argateef mana galmeetti haa deebi'u.

Abbootiin Seeraa:-

1.     Gazaalii Abbaa Simal
2.     Geetachoo Taklee
3.     Fiixaa Dachaasaa
4.     Masfine Geetaachoo
5.     Taaddasaa Qana'ii

Iyyattuun: - Aadde Raahimaa Abdulqaadir

Waamamtuun: - Aadde Hamziyaa Sh/Abdusalaam

Galmee qorannee murtii kanaa gadii kennineerra.

### **Murtii**

Galmeen kun banamee dhaddacha ijibbaataa kanaaf dhiyaachuu kan danda'eef iyyattuun iyyanno guyyaaa 12/09/2014 barreessitee dhiyeessitee murtii Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Kibbaa galmee lakk. 381523 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 14/07/2014 ooleen kenne dogoggora seeraa isa bu'uuraa qaba jechuudhaan akka sirratuuf waan gaafatteef.

Ka'umsi dhimmichaa himanna falmii qabeenyaa himattuun jalaa (waamamtuun ammaa) himatamuu jalaa (iyyattuun ammaa) Mana Murtii Aanaa Sinaanaatti dhiyeessiteen yoo ta'u, qabiyyeen himatichaa gabaabinaan mana jirenyaa dhuunfaa koo Magaala Roobee Ganda Baha Biiftuu jedhamu keessatti argamu lafa bal'ina kaaree meetira 200 irratti qorqorroo ziingoo 70n ijaarame, daangaan isaa bahaan Makkoo, dhihaan karaa, kaabaan Gazzaalii fi kibbaan Shamsaddiin namoota jedhamaniin daangeffamu, lakk. kaartaa 1466/08 ta'een maqaa kiyyaan galmaahee argamu himatantuun kun haadha warraa ilma kiyyaa waan

taateef walitti dhufeenyaa maatii waan qabnuuf bara 2010 akka keessa jiraattu hayyameefii sababa kanaan manicha keessa kan galte yoo ta'u, amma mana koo kanatti galuu waanan barbaadeef akka gadi naaf lakkistu gaafannaan waan diddeef dirqamatee mana qabeenya kiyyaa kana akka gadi naaf lakkiftu naaf haa murtaa'u kan jedhuudha.

Himatamtuu jalaa (iyattuun ammaa) himannaa irratti dhiyaateef deebii kennitee tureen waa'ee qabiyyee mana kanaatiin kanaan dura gal mee lakk. 53627 ta'e irratti walfalminee dhimma murtii argate waan ta'eef bu'uura sdfs. kwt. 5 fi 244(2,B)tiin dhimma tokko irratti lammaffaa himannaa dhiyeesssuu hin dandeessu, tilmaama mana falmii kaase kanaas kanfaltii abbaa seerumma kanfaltee himannaa kan hin dhiyeessine waan ta'eef himanni himattuu kufaa ta'uu qaba jechuun mormii sadarkaa duraa kan dhiyeessitee ture yoo ta'u; ijoo dubbii falmichaa irratti deebii guutuu kenniteen mana falmii kaase kana abbaa warraa kiyya waliin biyya Sa'uud Arabiyaa osoo jirruu abbaan warraa koo namni maqaan isaa Yaahiyyaa Sh/Amaan jedhamu mana akka nuuf bitu maallaqa itti ergee maqaa himattuu kanaanmanni kun kan nuuf bitame yoo ta'u, himattuunis keessa taa'aa jettee kan nuuf kennitee fi yommuu gaa'ela raawwannus abbaan warraa kiyya NIKHAA kan naaf lakkaahe yoo ta'u, himattuun bara 2009 irraa kaaftee qabeenya keessan jettee waan nuuf laatteef baruma kana dallaa qorqorroo ijaaruu, suuqii laameeraan abbaa qorqorroo /ziingoo/ 20 qarshii 130,000.00 irratti ijaaruun, liishoo mana keessaa qarshii 30,000.00 itti galchuun, walumaagalatti mana kana irratti mormii tokko malee ijaarsa dabalataa qarshii 160,000.00 ta'u baasii taasisuudhaan kanan irratti ijaaree qabadhe waan ta'eef bu'uura s/s/ kwt. 1179tiinmanni kun qabeenya koo waan ta'uuf naaf murtaa'uu qabaata; himattuun mana kana irratti ragaa abbaa qabiyyee qabaachuun ishee qofaan abbaa qabiyyee ishee hin taasisu, kan jedhu fi kkf caqasuudhaan himanni dhiyaate kufaa

akka ta'uuf gaafattee ture. Manni murtii aanichaatis falmii fi ragaa bitaa mirgaan dhiyaatan erga dhagaheen booda murtii galmeek lakk. 55201 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 12/04/2014 ooleen kenneen; mana kana ilaalchisee ragoonni himattuu namoonni sadi dhiyaatanii jecha ragummaa kennaniin; mana falmii kaase kana himattuun maqaa isheetiin bara 2006/2007 keessa nama maqaan isaa Awwol Kadiir jedhamu irra kan bitatte ta'uuf fi bara 2010 himatamtuu fi abbaan warraa ishee keessa akka jiraatan kan laatteeif ta'uuf mirkaneessanii jiru. Ragoonni himatamtuu immoo ragaa 1ffaan jecha ragummaa kenneen mana falmii kaase kana abbaan mana himatamtuu Yaahiyaa kan jedhamu nama maqaan isaa H/Umar jedhamutti maallaqa biyya Arabaatii ergee maqaa himattuu ammaatiin manni falmii kaase kun kan bitame ta'uuf oduu dhagaheera jechuudhaan yoo ibsu; ragaa 2ffaan himatamtuu nama mana falmii kaase kana gurgure ta'uuf isaa ibsee, mana falmii kaase kana namni H/Umar jedhamutu narraa biteera. Manni kunis maqaa himattutiin kan bitamee fi bara 2007 maqaan abbaa qabeenyumma manichaa maqaa himattuutti kanan jijiireedha, aniyuu yeroo muraasaaf manicha himattuu irraa kireeffadhee ergan keessa jiraadheen booda bara 2010 himatamtuu fi abbaan warraa ishee mana kanatti galuu isaanii beeka, mana kana nama H/Umar jedhamu kanatti gaafan gurgure manich nama biyya alaa jirutu qarshii natti kenne jennaan bitaa jira jechuun natti hime ture, gruu nama manni bitamuuf sun eenyu akka ta'e natti hin himne jechuudhaan ragaa kan bahe ta'uuf; ragaa 3ffaan himatamtuu immoo nama manicha bite nama H/Umar jedhamu yoo ta'u, jecha ragummaa kenneen mana falmii kaase kana himattuuf kan bite ta'uuf, qarshii manni itti bitames namni Sh/Abduljawaad jedhamu biyya alaatii (biyya Sa'uudiitii) natti ergee himattuuf biteen jira yoo jedhu, himatamtuu fi abbaan warraa ishee garuu kan hin beekne ta'uuf ibsee ragaa bahe jira. Jecha ragoota bitaa fi mirgaa seeraa fi ragaa barreeffamaa dhiyaate waliin yoo madaalamu namni

qabeenya hin sochoone tokko irratti bu'uura s/s/ kwt/ 1195tiin ragaa abbaa qabiyyee itti qabu abbaa qabeenya qabeenyichaa akka ta'eetti kan tilmaamamuudha. Bu'uruma kanaan himattuun mana falmi kaase kana irratti ragaa abbaa qabiyyee lakk. 2390/H-1976/8 ta'e gaafa guyyaa 06/03/2008 barreffamee qaama aangoo qabu irraa kennameef kan qabdu yoo ta'u, ragoonni namaa isheetis qabiyyee kana himattuun nama Awwol Kadiir jedhamu irraa maqaa isheetiin bitattee maqaan isheetti kan jijiirsifattee fi bara 2010 himatamtuu fi abbaan warraa ishee keessa akka jiraatan kan hayyamteef ta'uu kan mirkaneessan ta'uu hubachiisanii jiru.

Ragaan gama himatamtuu dhiyaate garuu haala ragaa barreffamaa fi ragaa namaa himattuun dhiyeeffattee kana faashaleessu ykn sobsiisu danda'uun hin mirkaneessine. Himatamtuu mana kana qarshii biyya alaatiin nama H/Umar H/Zakariyaa jedhamutti ergachuun nuuf bite jettee kan falmite yoo ta'elie, namni H/Umar jedhamu kun immoo ragaa 3ffaa himatamtuu ta'uudhaan dhiyaatee jecha ragummaa kenneen mana falmii kaase kana himattuuf kan bite ta'uu, qarshi manni itti bitames namni Sh/Abduljawaad jedhamu (obboleessa himattuu kan ta'e) biyya alaati (Biyya Sa'uudiitii) itti ergee himattuuf kan bite ta'uu ragaa kan baheedha malee himatamtuu qarshii biyya alaati ergiteen manichi kan bitameef ta'uu kan agarsiisu miti. Walumaagalatti manni falmii kaase kun kan bitate himattuu ta'uu, manничis maqaa isheetti kan jijiirame ragaa abbaa qabiyyee itti qabdu ta'uu, manicha yeroof bara 2010 keessa himatamtuu fi abbaan warraa ishee akka keessa jiraatan hayyamuufi kan mirkanaahe waan ta'eef himatamtuu mana kana irraa mirga qabaachuu ishee bu'uura s/s/. kwt/ 1996 tiin haala ragaa himattuu faashaleessu ykn sobsiisu ragaa waan hin dhiyaanneef himatamtuu mana falmiif sababa ta'e kana himattuuf akka gadi lakkiftuuf jechuudhaan murteessee ture. Himatamtuu jalaa (iyyattuun ammaa) murtii manni murtii aanichaa

kenne kana komachuudhaan oliyyannoo Mana Murtii Olaanaa Godina Baaleetti kan dhiyeeffatte yoo ta'u, Manni Murtii Olaanaa Godinichaatis komii dhiyaate bu'uura godhachuudhaan dhiyeessisee bitaa mirgaan erga falmisiiseen booda gal mee qoratee murtii gal mee lakk. 33519 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 23/05/2014 ooleen kenneen; mana falmii kaase kana himattuun jalaajaraa seera qabeessa ta'een maqaa isheeetiin bitattee ragaa abbaa qabiyye kan itti qabdu ta'uu ragaa barreeffamaa fi namaatiin kan mirkanaahe waan ta'eef manni falmii kaase kan himattuu jalaati jedhamee murtaa'uun kan komachiisu miti. Gama biraatiin himatamtuun jalaajaraa mana kana irratti ijaarsa adda addaa dallaa, suuqji fi liishoo manaa dabalataan irratti raawwachuuudhaan qarshii 160,000.00 baase kan jette ilaachisee himatamtuun jalaajaraa akkataa ifa ta'een bu'uura sdfs. kwt. 234 fi 224tiin ulaagaa seeraa guuttee himanna himatamaa (couter claime) dhiyeessite waan hin taaneef maallaqni kun naaf kaffalamuu qaba jettee komiin mana murtii kanatti dhiyeessite fudhatama hin qabu. Iyyattuun ijaarsa dabalataa mana kana irratti mormii tokko malee waanan raawwadheef bu'uura s/s/ kwt. 1179tiin abbaa qabeenyaa mana kanaa ta'uun qaba kan jettu ilaachisee tumaan s/s/ kwt. 1179 lafa duwwaa irratti mormii tokko malee mana haaraa ijaaramuuf malee qabiyye manni irra jirutti ijaarsa dabalataa raawwachuuuf miti, kaayyoon tumaa s/s/ kwt/ 1179tis kanaaf miti jechuudhaan walumaagalatti komii himatamtuun jalaajaraa (iyyattuun ammaa) dhiyeessitee ture kufaa gochuudhaan murtii mana murtii aanichaa bu'uura sdfs. kwt. 348(1) tiin deebisee cimsuudhaan murteessee ture.

Himatamtuun jalaajaraa (iyyattuun ammaa) murtii manneen murtii aanaa fi olaanaa godinichaatiin kennaman kana komachuudhaan oliyyannoo Mana Murtii Waliigala Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Kibbaatti kan dhiyeeffatte yoo ta'u, Manni Murtii Waliigalaatis komii dhiyaate bu'uura

godhachuudhaan dhiyeessisee bitaa mirgaan erga falmisiiseen booda murtii kenneen, manni falmii kaase kun maqaa himattuu jalaatiin kan bitame ta'uu, ragaan abbaa qabiyyees maqaa isheetiin kan jiru ta'uu, ragaan namaa ragumti himatamtuu mana kana qarshii himatamtuu fi abbaan warraa ishee biyya alaatiin erganii isaaniif jedhamee kan bitame osoo hin taane manichi maqaa himattutiin qarshii obboleessi himattuu biyya alaatiin ergan himattuuf jedhamee kan bitame ta'uu waan mirkaneesseef manni falmii kaase qabeenya himattuu jalaati jedhamee murtiin manneen murtii jalaatiin kennname kan komachiisu miti. Iyyattuun ammaa (himatamtuun) bara 2009 mana kanatti erga galleen booda ijaarsa dabalataa qarshii 160,000.00 mormii tokko malee raawwadheera. Mormii malee qabiyyee nama biraa irratti ijaarsi gamoo yoo raawwatame namni ijaarsa raawwate abbaa qabeenya gamoo sanaa ta'a jechuudhaan s/s/ 1179 caqasuun komii dhiyeessite ilaachisee, tumaan seerichaa qabiyyee duwwaa nama biraa ta'e irratti mormii malee nama gamoo ijaare raawwatiinsa kan qabuudha malee nama qabiyyee ofii irratti mana ijaaree namni biraa ijaarsa dabalataa irratti raawwate kan ilaallatu miti. Tumaan s/s/ kwt. 1179tiin hafuura kana kan of keessaa qabu miti. Kanaafuu haala kanaan xiinxalli manni murtii olaanaa ijoo kana irratti kenne sirrii waan ta'eef kan komatamu miti.

Gama biraatiin himatamtuun jalaa mana falmii kaase kana irratti ijaarsa dabalataa qarshii 160,000.00tti tilmaamamu raawwachuu ishee ibsiteetti, iyyattuun haala ifa ta'een bu'uura sdfs. kwrt. 234 fi 224tiin himata himatamummaa (counter claim) ulaagaa seeraa guuttee dhiyeessuu yoo baaattellee manni murtichaa gaaffi abbaa seerummaa ishee sirreffattee akka dhiyeeffattu gochuu qaba ture malee ijoo kana ilaachisee gaaffii himatamtuu jalaa kufaa gochuun sirrii miti jechuudhaan ijoo kana ilaachisee murtii manneen murtii jalaatiin kennname diigee; manni murtii

aanichaa gal mee cufame sochoosee, himata himatamummaa (counter claim) qofa irratti himatantuun jalaan deebii ishee fooyeffattee akka dhiyeeffattu taasisuudhaan himattuu jalaan deebii akka irratti kennitu taasisuudhaan, himatantuun jalaan mana falmii kaase kana irratti ijaarsa dabalataa kan akka dallaa fi suuqii laameeraan irratti ijaarte moo miti? Yoo ijaarte ta'e immoo tilmaamni isaa meeqaa? Ijoo jedhu ragaa namaa fi ogeessatiin qulqulleessee murtii akka itti kenu jechuudhaan bu'uura sdfs. kwt. 343(1)tiin mana murtii aanichaatti falmiin akka gadi deebi'u murteesseera.

Iyyattuun ammaa murtiin manneen murtii jalaatiin kennname dogoggora seeraa isa bu'uura qaba jechuudhaan akka sirratuuf iyyanni dhaddacha kanatti dhiyeessite gabaabumatti; mana falmii kaase kana irratti kana dura gal mee lakk. 53627 ta'e irratti falminee dhimma murtii argate ta'uu, tilmaama manichaan kanfaltiin abbaa seerummaa kanfalamee himanni kan hin dhiyaanne ta'uu ibsee mormii sadarkaa duraa kaase murtiin osoo hin argatin bira darbamuun dogoggora seeraa isa bu'uuraati; mana falmii kaase kana qarshii ani fi abbaan warraa koo biyya alaatii ergineen nuuf bittee erga galleehis mana keessan jettee akka itti gallu nu taasifteera, waamantuun mana dhuunfaan bitachuun haa hafuutii ofifuu qarshii nuti erginuufiin nama jiraachaa turte ta'ee osoo jiruu manni maqaa isheetiin waan bitame qofaaf mirga irraa qabdi jedhmee murtiin kennname dogoggora. Mana kana waamantuun kan nuuf bitte ta'uu ibsitee biyya alaatii akka galleen mana keessan jettee akka itti gallu nu taasiftee, abbaa warraa kiyas manicha Nikahaa naaf lakkaahee mana kana irratti mormii tokko malee ijaarsa dabalataa kan irratti ijaare waan ta'eef bu'uura s/s/ kwt. 1179tiin abbaa qabeenyaa mana falmii kaasee ta'ee osoon jiruu manneen murtii hiikaa seeraa sirii hin taane kennanii komii koo kufaa gochuun dogoggora kan qabuudha kan jedhuu fi kkf bal'inaan ibsuudhaan

murtiin manneen murtii jalaa diigamee manni falmii kaase kan isheeti akka jedhamee murtaa'uuf gaafateera. Waamamtuunis iyyata dhiyaateef deebii guyyaa 20/11/2014 barreessitee dhiyeessiteen; falmiin gal mee lakk. 53627 irratti nu gidduu ture waa'ee kiraan manaatiin kan walqabatu waan ta'eef falmii ammaa kanaan waan tokko hin taaneef manni murii jalaa mormii sadarkaa kanaa kufaa godhee kan darbe waan ta'eef amma bifa komitiin dhiyaachuu hin qabaatu. Himanni kiyya mana qabeenyaa kiyyaa fedhii kiyyaan iyyattuun itti galchee keessaa bahuu waan diddeef mana koo akka gadi naaf lakkiftuuf abbaa seerummaa kanan gaafadhe waan ta'eef akka falmii birootti tilmaama qabeenyaaatiin kanfaltiin abbaa seerummaa kan itti kanfalamu miti waan ta'eef komiin gama kanaan ka'es fudhatama hin qabu. Mana kanas maqaa kiyyaan obboleessi kiyya maallaqa isaatiin kan naaf bite malee kan maallaqa iyyattuu fi abbaa warraa isheetiin bitame akka hin taanee ragaadhaan mirkanaahee murtiin kan kennname waan ta'eef iyyattuun mana bituuuf waamamtuun maallaqa hin qabdu jechuudhaan komiin kaafte fudhatama hin qabu kan jedhuu fi kkf bal'inaan ibsuudhaan murtiin manneen murtii jalaa dogoggora seeraa waan hin qabneef akka naaf cimu jechuun gaafateera.

Seenaan dhufaatii falmichaa kan armaan olitti ibsame yoo ta'u, dhaddachi kunis falmii dhiyaate seera rogummaa qabu waliin yommuu ilaallu ijoon murtii argachuu qabu, manni falmii kaase kun maallaqa iyyattuu fi abbaan warraa isheee biyya alaatii erganiin kan bitame ta'uu mirkanaa'ee jjira moo miti? Haala manneen murtii jalaa ragaa namaa bitaa mirgaan dhiyaatanii fi ragaa barreffamaa gama waamamatutii dhiyaate itti madaalanii murtii itti kennan madaallii ragaa haqa jalliseedha moo miti? kan jedhuu fi kkf qabannee qoranneerra. Murtii manneen murtii jalaa sadarkaa sadeen irratti kennname irraa akka hubatamutti manni falmii kaase kun maqaa waamamtuu ammaatiin kan bitame, maqaa isheetti

jijiiramee ragaa abbaa qabeenyummaa maqaa isheetiin kan hojjatamee kanname fi ammas maquma isheetiin kan jiru ta'uun firii dubbii manneen murtii jalaatti mirkanaaheedha. Hanga ragaan faallessu hin jiraannetti namani qabeenya hin sochoone irratti ragaa abbaa qabeenyummaa qaama aangoo qabuun kennname itti qabu abbaa qabeenya qabeenya hin sochoone sanaa akka ta'e s/s/ kwt. 1195(1) jalatti tumameera. Ragaa abbaa qabeenyummaa haala kanaan kennname sobsiisuun kan dandaa'amu bu'uura tumaa s/s/ kwt. 1196(A, B, fi C) jalatti haalaa guutuun ragaa faallaa ta'e dhiyeessuun. Kunis ragaan abbaa qabeenyummaa sun qaama bulchiinsaa dhimmi ilaallatuun kan kennname adeemsa seeraa osoo hin hordofin yoo ta'e; ragaan abbaa qabeenyummaa sun kan kennname barreeffaama ykn ragaa barreeffamaa rogummaa seeraa hin qabne irratti hundaah ee kan kennname yoo ta'e fi ragaan abbaa qabeenyummaa sun kan kennname dursee qabeenya sana irratti ragaan abbaa qabeenyummaa kennname osoo jiruu irratti dabalamee kan kennname yoo ta'eedha. Bu'uura tumaa s/s/ kwt. 1196 (A,B,C)tiin ragaan faallaa ragaan abbaa qabeenyummaa maqaa waamamtuutiin kennname kana faallessu ykn faashaleessu gama iyyattuun ammaatiin wanti dhiyaate hin jiru. Haala kanaan falmiin iyyattuun dhiyeessites hin turre.

Inumayyuu iyyattuun hanga dhaddacha kanaatti cichitee kan falmaa jirtu manni falmii kaase kun qarshii anii fi abbaan warraa koo biyya alaatii ergineen bitame waan ta'eef manichi qabeenya keenya ta'uu qaba kan jedhuudha. Haa ta'u malee, falmii kana hubachiisuu ragaan iyyattuun dhiyeeffatte ragaan namaa yoo ta'u ragaan namaa isheen dhiyeeffatte mana murti aanichaatti dhaggeessifatte hundinuu mana kana maallaqa iyyattuu fi abbaan warraa ishee erganiin bitamuu kan mirakneessan miti. Keessattuu ragaan ishee 3ffaan nama manicha bite yoo ta'u, manni kun iyyattuuf ykn abbaa warraa isheetiif maallaqa isaan erganiin kan bitame

osoo hin taane maallaqa obboleessi waamamtuu biyya alaatii ergeen waamamtuuf jedhamee maqaa waamamtuutiin kan bitame ta'uu kan ibse waan ta'eef falmii iyyattuu guutummaa guutuutti kan faallesseedha. Kanaafuu, manneen murtii jalaa iyyattuun mana falmii kaase kana irraa mirga abbaa qabeenyummaa hin qabdu jedhanii manichi qabeenyaa waamamtuu ammaa waan ta'eef iyyattuun waamamtuuf akka gadi lakkiftu jechuun murtiin kennan bu'uura xiinxala armaan olitti kaa'ameen dogoggora seeraa isa bu'uuraa dhaddacha ijibbaataa kanaan ilaalamuu malu kan qabu miti jenneerra.

Iyyattuun tumaa s/s/ kwt. 1179 waliin walqabsiiftee ammas dabaltee dhaddacha kana irrattis komii dhiyeessite kaayyoo fi afuura tumaa s/s/ kwt. 1179 waliin yommuu ilaalamu akkuma murtii mana murtii olanaa godinichaa fi murtii mana murtii waliigalaa keessatti ibsame kaayyoон seerichaa lafa duwwaa abbaan qabiyyee osoo hin mormiin namni biraa gamoo ykn mana yoo irratti ijaare, namni gamoo ykn mana ijaare sun abbaa manichaa ta'a kan jedhu yoo ta'u dhimma ammaa qabne kanaan tumaan seera kanaa wal hin argu. Sababiin isaa iyyattuun ijaarsa dabalataa fooyya'iinsa xixiqqa fide raawwachuun ishee qabiyyee lafa duwwaa irratti waamamtuun osoo hin mormiin waan raawwatteef guutummaa guutuutti mana waamamtuun mirga abbaa qabeenyummaa irraa qabdu dabalatee abbaa qabeenyaa ishee taasisa yaada jedhu tumaan seeraa kun of keessaa hin qabu. Baasii ijaarasa dabalataa kanaaf iyyattuun baase jette immoo qulqullaah ee akka murtaa'uufmanni murtii waliigalaa ijoo qabee gadi deebisee jira. Kanaafuu gama kanaanis yoo ilaalam murtiin Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Kibbaatiin kennname kan komatamu miti.

Walumaagalatti mirga abbaa qabeenyummaa mana falmii kaasee

ilaalchisee haalli manneen murtii jalaa ragaalee namaa bitaa mirgaan dhiyaatanii fi ragaa barreeffamaa gama waamamtuutiin dhiyaate itti xiinxalanii murtii itti kennan sirna madaallii ragaa seera qabeessa ta'eedha malee haqa iyyattuu kan jallise waan ta'eef dogoggori seera ragaatiin walqabatee manneen murtii jalaatiin raawwatame hin jiru jenneerra. Kanaafuu murtiin Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Kibbaatiin dhumarraatti kenne dogoggora seeraa dhaddacha ijibbaataa kanaan ilaalamuu malu kan ofi keesaa qabu ta'ee waan hin argamneef akka cimu sagalee guutuudhaan murteessinee jirra.

### **Ajaja**

1. Murtiin Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Kibbaa gal mee lakk. 381523 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 14/07/2014 ooleen kenne dogoggora seeraa isa bu'uuraa waan hin qabneef bu'uura labsii Gurmaa'ina, Aangoo fi Hojii Manneen Murtii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiin Murteessuuf Bahe lakk. 216/2011 kwt. 26(5) fi sdfs. 348(1) tiin akka cimu murtaa'ee jira.
2. Baasii fi kisaaraa dhaddacha kanaa kan ofi ofi haa danda'atan jenneerra.
3. Garagalchi murtii kanaa manneen murtii jalaatiif haa ergamuuf jenneerra.
4. Galmeen murtii dhumaan waan argateef cufameera.
5. Galmeen mana gal mee cufamaniitti haa deebi'u.

Abbootii Seeraa: -

1. Gammachuu Baqqalaa
2. Dobee Dhaabaa
3. Hiikaa Araarsoo
4. Gammachiis Dhugumaa
5. Ashannaafii Raggaasaa

Iyyataan: - Obbo Yusuuf Mohaammad Ibroo

Waamamaan: - Obbo Shariif Abdii Ibroo

Galmeen qoratamee murtiin kanaa gadii kennemeera.

### **Murtii**

Murtii kanaaf ka'umsa kan ta'e iyyata komii iyyataan gaafa 25/11/2014 barreessuun dhaddacha ijibbaataa kanaaf dhiyesseen murtii Dhaddachi Dhaabbii Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Bahaa lakk. galmee 400130 irratti dhaddacha guyyaa 15/11/2014 ooleen kenne dogoggora bu'uura seeraa waan qabuuf dhaddacha kanaan ilaalamii akka naaf sirratu jechuun waan gaafateefidha. Dhimmi falmii kanaa, falmii beenyaa miidhaa qaamaa kan ilaalu ta'ee dhimmichi Mana Murtii Aanaa Jaarsoo irraa wayita eegalu waamamaan himataa iyyataan ammoo himatamaa turan. Waamamaan himannoo jalatti hundeesseen: himatamaan mancaatiin gaafa 07/10/2010 harka mirgaa qubeen shanacha sadeen irraan miidhaa ana irraan gahee waan jiruuf, baasiiwaan sababa yaalaa fi sababa kanaan hojii koo idileedhaan hojjechuun argachuu malu kanan dhabe waan ta'eef ida'amatti beenyaa qar. 833,524.00 akka anaaf kaffalu jechuun gaafteera. Iyyataan deebii jalatti kennateen: miidhaan himataa irra gahee jiru miidhaa qaamaa salphaa waan ta'eef beenyaa haala kanaan gaafachuu hin danda'u. Yaalaaf baase kan jedhus baasii hambisuu osoo danda'u

baase jedhuu dha. Miidhaan qaqqabes kan fayyeeru waan ta'eef hojji idilee isaa hoijechuu kan isa dhorku miti waan ta'eef beenyaan inni tilmaamee gaafate fudhatama hin qabu jechuun deebiseera. Dhimmichi mana murtii aaniichaan murtii argatee boodaa, Mana Murtii Ol'aanaa Godina Harargee Bahaa gahee dhimmicha keessa seenuun ilaalee boodaa qabxiidhaan akkaataa SDFHH. Kwt. 343(1) tiin gara mana murtii aaniichaatti deebissee, manni murtii aanichaas dhimmicha irra deebi'uun ilaalee jira jechuudhaan iyayataan beenyaa qar. 756,000.00 waamamaaf akka kaffaluuf murteesseera.

Iyyataan ammaas murtii kana komachuun komee ol'iyyannoo isaa Mana Murtii Ol'aanaa Go/Harargee Bahaatti dhiyeeffateera. Sababni gahaan dhimmicha keessa seenamee akka ilaalamu taasisu hin argaman jechuun akkaataa SDFHH. kwt. 337 galmee cufuun iyayataa gegeesseera. Iyyataan darbee komee ol'iyyannoo isaa Dhaddacha Dhaabbi Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Bahatti dhiyeeffateera. Dhimmicha keessa seenuun ilaalee booda manni murtii aaniichaa dursee falmii beenyaa ilaalee, iyayataan qar. 371,578.00 waamamaaf akka kaffalu murteesseera. Murtii kana irraa mana murtii ol'aanaa godinichaatti kan komate iyayataa ta'ee osoo jiruu, manni murtii aaniichaa irra deebi'uun qulqulleessee gaafa murtii kennu kan duraan murteessee jiruun olitti iyayataan qar. 756,000.00 waamamaaf akka kaffaluuf murteesuun isaa dogoggora waan ta'eef murtii mana murtii aanichaa fi ol'aanaan kenname haquun kan duraan dhaddacha guyyaa 20/04/2014 ooleen iyayataan qar. 371,578.00 waamamaaf haa kaffalu jechuun murteesseeru cimeera jechuun murteesseera.

Iyyannoonaan amma dhiyaates murtii manneen murtii jalaan kenname jijiirsisuuf kan dhiyaateedha. Qabiyyeen komee iyayataas: waamamaa

ammaa irratti miidhaan qaqqabee jiru ammattis ta'e of duratti akka inni hojjeteetee hin jiraanne kan taasisu akka hin taanee fi sababa kanaan galiin inni dhabu osoo hin jiraanne beenyaa akkan kaffalu jedhamee Dhaddachi Dhaabbi Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Bahaa Murtii Manni Murtii Aanaa Jaarsoo dhaddacha guyyaa 20/04/2014 ooleen kennee jiru cimsuun dogoggoradha ilaalamee sirratee akka naaf murtaa'u kan jedhu dha.

Iyyannoон iyyataa qoratamee, dhimmichi dhaddacha kanaaf akka dhiyaatu ta'ee, waamamaan dhimmicha irratti deebii gaafa 23/02/2015 barraa'een dhiyeesseera. Deebiin isaas sababa iyyataan miidhaan qama kan ana irraa gahe ta'uu fi sababa miidhaa qaamaa ana irra gaheen ammoo beenyaa anaaf malu jalatti dhimma qulqullaa'ee murtiin itti kennname waan ta'eef murtiin Dhaddacha Dahaabbi Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Bahaatiin kennamee jiru dogoggora bu'uraa seera kan qabu miti kan jedhudha.

Dhufaatiin dhimma falmii kanaa gabaabinaan kan olitti ilaalamet ta'ee, dhaddachi kunis falmii bitaa-mirgaan barreeffamaan dhiyaate fi murtii iyyannoo dhiyaateef ka'umsa ta'ee jiru tumaa seeraa dhimmichaaf rogummaa qabu waliin qoranneerra. Akka qorannettis dhimma dhiyaate kana irratti adeemsa ittiin Dhaddachi Dhaabbi Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Bahaa murtii kenne adeemsa seeraa kan eeggatedhhaa? Qabxiin jedhu dhimma ilaalamu ta'ee argameera. Dhimma gaafatamaa ilaalcissee komeen iyyataan kaasu dhimma falmii firii dubbii fi ragaatiin jalatti qulqullaa'e waan ta'eef fudhatama hin arganne jenneerra. Dhimma kaffaltii ilaalcissee adeemsa jiru akka itti aanutti ilaalleerra.

Akkuma olitti ilaalamee jiru, falmii jalatti waamamaan himataa ta'ee iyyataan ammoo himatamaa ta'ee jiru irratti manni murtii aanichaa iyyataan beenyaa qar. 371,578 waamamaaf akka kaffalu murteesseera.

Murtii kana komachuun iyyataan Mana Murtii Ol'aanaa Go/Harargee Bahaatti komee ol'iyyannoo dhiyeeffateera. Manni Murtii Ol'aanaa Godinichaa dhimmicha keessa seenuun ilaalee booda murtii mana murtii aanichaan beenyaa qar. 371,578 haa kaffalamu jedhame haquun dhimmichi irra deebi'amee ilaalmee akka murtaa'uuf akkaataa SDFHH. kwt. 343(1) tiin gara mana murtii aanichaatti qabxii hanga miidhaa qulqullaa'uu qabaatu qabee deebiseera. Manni murtii aanichaa dhimmicha irra deebi'uun ilaalee booda iyyataan beenyaa qar. 756,000 waamamaaf akka kaffalu murteesseera. Manni murtii ol'aanaa godinichaa ammoo murtii kana akkaataa SDFHH. kwt.337 komee ol'iyyannoo iyyataa kufaa taasiseera. Iyyataan komee isaa Dhaddacha Dhababii Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Bahatti dhiyeeffatee dhimmicha keessa seenuun ilaalee boodaa, waamamaan murtii mana murtii aanichaa kan calqaba qar. 371,578 isaaf murtaa'ee jiru irraa osoo ol hin iyyanne iyyatatti beenyaaan miidhaa qaamaa geessise jedhameef kan duraan osoo dhimmichi mana murtii ol'aanaan ilaalamee mana murtii aanichatti hin deebi'in duratti murtaa'eeru qar 371,578 olitti isatti murtaa'uun irra hin jiraatu jechuun murtii mana murtii aaniichaa kan calqaba dhaddacha guyyaa 20/04/2014 ooleen kenne cimsuun murteesseera.

Iyyataan waamamaaf beenyaa sababa miidhaa qaamaaf qar. 371,578 akka kaffaluuf jedhamee yeroo murtaa'u waamamaan dhimmicha irraa ol hin iyyanne. Kan ol'iannoodhaan deemee murtichi diigamee gara mana murtii aanatti deebi'ee akka ilaalamu taasise iyyataadha. Kana ta'ee osoo jiruu iyyataatti qarshiin beenyaa duraan isatti murtaa'ee jiru qar. 371,578 olitti qarshiin 756,000 akka kaffalu itti murtaa'uun isaa kaayyoo ol'iyyannoo Labsii Gurmaa'ina, Aangoo fi Hojii Manneen Murtii Oromiyaa Irra Deebiin Murteessuuf Bahe Labsii Lakk. 216/2011 kwt. 23(2)(b)) fi kwt. 30(1), akkasumas tumaawwan SDFHH. kwt. 328, kwt. 338, kwt. 339,

kwt. 343 fi kwt. 348 jalatti tarreeffamee jiru kan hordofe hin ta'u waan ta'eef Dhaddachi Dhabbi Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa waamamaan dhimma calqaba issaaf murtaa'e irraa osoo hin komanne iyyataan ammoo dhimma ofin gaafatamummaa fi hanga miidhaa fi beenyaa qar. 371,578 isatti murtaa'ee kometee jiruun olitti qar. 756,000 akka kaffaluuf isatti murtaa'uun dogoggora jechuun isaa hanqina kan qabu miti. Haa ta'uuti Dhaddachi Dhabbi Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Bahaa dhimma adeemsaan dhiyaateef bu'uura olitti ibsameen iyyataan waamamaaf qar. 371,578 akka kaffaluuf jechuun murtii jalaa fooyyessuun osoo isa irra jiraatuu murtii manni murtii aanichaa calqabatti dhaddacha guyyaa 20/04/2014 ooleen kenne cimseera jechuun murtii inni kenne hanqina adeemsaa kan qabuudha jenneerra. Bu'aatiin garuu iyyataan qar. 371,578 kaffaluun irraa eegame jedhamee murtiin kennname hanqina kan qabu miti jenneerra. Haaluma kanaan ajajni itti aanee jiru kennnameera.

### Ajaja

1. Murtii Dhaddachi Dhabbi Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Bahaa lakk. gal mee 400130 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 15/11/2014 ooleen kennee jiruu hanqina adeemsaa waan qabuuf bu'uura Labsii Gurmaa'ina, Aangoo fi Hojii Manneen Murtii Oromiyaa Irra Deebiin Murteessuuf Bahe Labsii Lakk. 216/2011 kwt. 26(5) tiin fooyya'eera jennee murteessineerra.
2. Ajaja Manni Murtii Ol'aanaa Go/Harargee Bahaa lakk. gal mee 99966 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 12/09/2014 ooleen kennee jiruu fi murtii Manni Murtii Aanaa Jaarsoo lakk. gal mee 28231 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 11/08/2014 ooleen kennee jiru bu'uura Labsii Gurmaa'ina, Aangoo fi Hojii Manneen Murtii Oromiyaa Irra Deebiin Murteessuuf Bahe Labsii Lakk. 216/2011 kwt. 26(5) tiin fooyya'eera jennee murteessineerra. Haa beekaniif waraabbiin murtii kanaa isaan

haa qaqqabu.

3. Iyyataan ammaa sababa miidhaa qaamaa waamamaa irratti qaqqabsiiseef beenyaa waliigalatti qar.371,578/Kuma dhibba sadii fi torbaatamii tokkoo fi dhibba shanii fi torbaatamii saddet/ waamamaaf akka kaffaluuf jedhamee murtaa'eera. Bu'uura kanaan akka raawwachiisuuuf waraabbiin murtii kanaa mana murtii aanichaa haa qaqqabu.
4. Ajajni dhorkaa galmee Mana Murtii Aanaa Jaarsoo Lakk. isaa 30941 ta'e irratti kennamee ture ajaja kanaan ka'eera. Haa barraa'uuf.
5. Baasii fi dhamaatii falmii dhaddacha kanaa bitaa-mirgaan of haa danda'an jenneerra.
6. Galmeen kun murtii waan argateef cufameera. Gara mana galmeetti haa deebi'u.

Abbootii Seeraa: -

1. Gammachuu Baqqalaa
2. Fiixaa Dachaasaa
3. Urgaa Geetahuun
4. Masfin Geetaachoo
5. Taaddasaa Qana'ii

Iyyataan: - Sh. Abubakar Sh/ Muhaammad

Waamamaan: - Dhaabbata Tajaajila Bishaan Dhugaatii Roobee Maliyyuu  
Galme kana qorannee murtii armaan gadii kennineerra.

### **Murtii**

Falmiin kun waamamaan ammaa himataa, iyyataan ammaa himatamaa ta'uudhaan Mana Murtii Aanaa Diinshootti kan eegalame yoo ta'u, dhaddacha kanatti dhiyaachuu kan danda'e sababa iyyataan ammaa murtii Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachi Dhaabbi Kibbaa lakk. galme 382161 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 03/02/2015 ooleen kennee dogoggora bu'uuraa seeraa qaba jechuudhaan akka sirratuufif iyyannoo guyyaa 16/02/2015 barreeffameen iyyatefidha.

Waamamaan ammaa himannaan mana murtii aanaa jalaatti iyyataa ammaa irratti dhiyyeessen iyyataan jiraataa Aanaa Doolloo Mannaa ta'e Ganda Mi'oo Zoonii Bonuu iddo bishaa odaa jedhamuu lafa qonaa qaba. Maddi Bishaan Odoo jedhamu bakka argama bishaan Roobee Maliyyuu ta'e dhaabbatni waamamaa kunuunsuu fi eegumsaa taasisuuf dirqama qabu dha. Mukeen akka baargamoo madda bishaanii gogsuu yookiin miidhuu danda'an raadiyesii meetiraa 100 keessatti yookiin madda bishaan irratti dhaabuun dhorkaa akka ta'e dambii 151/2005 kwt 21 jalatti

tumameen faallaa iyyataan ammaa ( himatamaan jala) muka baargamoo hundee 1310 oli madda bishaan odaatti siqsuun dhaabee haa kaasuu jechuudhaan abbaa seerummaa gaaffateera. Iyyataan ammaas mormii sadarkaa duraa adda addaa dhiyeesse ijoo dubpii irratti qabiyee waggaa hedduuf itti fayyadamaa maatii kiyaa jalaa turee fi bara 1990 irraa eegalee osoo dhaabbatni waamamaa madda bishaanii kana hin qabatiin baargamoo dhaabee itti fayyadamaa ture fi jiru dha. Iddoo falmiif sababa ta'e faayidaa uummataaf kan barbaade yoo ta'e dursee beenyaa kaffaluu qaba. Baargamoon madda bishaanii irraa meetiraa 100 ol siqee miidhaa geessisuu akka hin dandeenyeen kan dhaabame waan ta'eef himannaan dhiyaate fudhatama hin qabu jechuudhaan deebiseera.

Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachi Dhaabbii Kibbaa baargamoont falmiif sababa ta'e yoom akka dhaabame, madda bishaanii irraas fageenya meetira meeqa ta'u irratti akka dhaabamee fi falmii beenyaan wal qabatu irratti qulqulleessee murtii akka kennuuf qajeelfamaan mana murtii aanaati deebiseera. Manni Murtii Aanaa Diinshoos galme sochoosee akka qulqulla'u taasisuudhaan iyyataan bara 2012 keessaa fi bara 2012 booda madda bishaanii irraa fageenya meetira 36 hanga 40 ta'u keessatti baargamoo hundee 1482 dhaabuun mirkanaa'ee jira, kun immoo bu'uura dambii lakk. 151/2005 kwt. 21tiin gocha madda bishaanii miidhuu danda'u fi fageenya dhorkaa ta'e keessatti dhaabame waan ta'eef iyyataan baasii ofin haa kaafatu jechuudhaan murteesseera. Iyyataan murtii Manni Murtii Aanaa Diinshoo galme lakk. 11699 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 13/08/2014 ooleen kenne komachuudhaan oliyyannoo Mana Murtii Olaanaa Godina Baalee fi Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Kibbaatti duraa duubaan dhiyeffatee, manneen murtii oliyyannoont itti dhiyaates murtiin irraa komatame hir'ina hin qabu jechuudhaan cimsuun murteessaniiru.

Iyyatni kunis murtiin Mana Murtii Waliigalaa Dhaddacha Dhaabbiin Kibbaatiin kenname dogoggora bu'uura seeraa qaba jechuudhaan jijjiirsisuuf kan dhiyaate ta'ee, komiin ijoo iyyataa gabaabinaan; manneen murtii jalaa bu'uura dambii lakk. 151/2005 kwt.21tiin baargamoon naannoo madda bishaanii irraa meetira 25 fagaachuu akka qabu tumamee jiru akka malee hiikuudhaan meetira 100 fagaachuu qaba jechuun baargamoo meetiraa 37 ol madda bishaanii irraa fagaatee dhaabate akka buqqa'uuf murtiin kennan seera qabeessa miti. Manni Murtii Waliigalaa baargamoo bara 2012 dura bara 1985 keessa dhaabamee fi beenyaa osoo hin kaffalle akka gadi lakkisu murtiin kenname sirrii ta'uu fi dhiisuu ijoo qabame qajeelfamaan deebi'ee irratti murtii osoo hin kennin bira darbuun sirrii miti. Baargamoo falmiif sababa ta'e bara 2012 dura bara 1990 irraa eegalee yommuu adda waraanaatii gale kanan dhaabe ta'uun fi madda bishaanii irraa meetiraa 50 ol fagaatee dhaabamuun osoo mirkanaa'uun murtiin kenname dogoggora bu'uura seeraati kan jedhu dha.

Dhaddachi Ijibbaataa Qorannoo Duraas komii iyyataa fi waraabbii murtii manneen murtii jalaa gal mee keessatti argamu seera waliin qoratee, bu'uura dambii lakk. 151/2005 kwt. 25(1)tiin qajeelfamni ifaan bahee fi daangaa biqiltuun baargamoo keessatti dhaabuun dhoorku jiraachuu waanti beekame bakka hin jirretti, baargamoo dhaabee ture iyyataan akka kaasu jechuudhaan murtiin kenname dogoggora bu'uura seeraa qaba moo? miti? kan jedhu qulqulleessuuf ni dhiyeessisa jechuudhaan waamamaan deebii akka kennu ajajeera. Waamamaan deebii gaafa guyyaa 05/04/2015 barreeffamee dhiyeesseen iyyataan bara 2012 keessaa fi sanaa asi biqiltuu misooma madda bishaanii irratti dhiibbaa fiduu danda'u, biqiltuu baargaamoo fageenya seeraan tumame ala bahuudhaan madda bishaan dhugaatii dhaabbatni waamamaa bulchaa fi kunuunsaa jiru irratti haala miidhaa geessisuun fageenya meetiraa 36-

40 itti siqee kan dhaabe ta'uun ragaa fi qulqulleessa taasiffameen adda bahee mirkanaa'ee murtii kennname waan ta'eef murtiin irraa komatame hir'ina hin qabu jechuudhaan deebiseera. Seenaan dhufaatii falmii kanaa, murtiin manneen murtii jalaa fi falmiin bitaa mirgaa kan armaan olii ta'ee, gal mee keessa qorannee akka ilaaletti ijoon dubbii furmaata argachuu qabu baargaamoon madda bishaanii irraa fageenya meetira 100 gaditti dhaabuun dambii lak. 151/2005 tiin dhorkaa dhaa? baargamoo iyyataan ammaa misoomse madda bishaan Odaa irratti dhiibbaa fiduu danda'a moo? hin danda'u? kan jedhu ta'ee murtiin irraa komatame dogoggora bu'uura seeraa qabaachuu yookiin dhiisuu akka itti fusfee jiruun xiinxalameera. Manneen murtii jalaatti madda bishaan dhugaatii Odaa madda bishaanii waamamaan ammaa kunuunsaa fi bulchaa jiruu iyyataan ammaa qabiyyee lafa baadiyaa mirga itti fayyadamaa qabu qabaachuu fi madda bishaanii kana irraa fageenya meetira 36-40 keessatti baargamoo hundee 1,482 bara 2012 fi sanaan booda kan dhaabee ta'uun firrii dubbii mirkanaa'ee dha. Bu'uura Labsii Tajaajila Bishaan Dhugaatii fi Dhangala'aa Oromiyaa, Lak. 228/2012 kwt. 8(13)tiin Dhaabatni Tajaajila Bishaan Dhugaatii sadarkaan jiran iddoowwan argama bishaanii kunuunsuu, eeguu fi faalamaa irraa ittisuuf aangoo fi gahee hojii kan qaban yoo ta'u, labsiima kana kwt. 2(3) jalatti bakka argama bishaanii jechuuni bakka bishaan uumamaanis ta'e namaan tolfame kuufamee argamu, bishaan burqaa, bishaan lafa keessaa fi kkf akka dabalatu tumamee jira. Waamamaan ammaa aangoo fi gahee hojii seeraan kennname kana bu'uura godhachuudhaan baargamoo iyyataan qabiyyee mirga itti fayyadamaa qabu irratti dhaabee bu'uura dambii lak. 151/2005 kwt. 21tiin madda bishaanii irraa meetiraa 100 faagatee dhaabuu osoo qabuu itti siqee haala madda bishaan dhugaatii odaarra miidhaa geessisuun kan dhaabame waan ta'eef haa kaasu jechuudhaan falmaa kan jiru ta'ee, manneen murtii jalaas iyyataan baargamoo madda bishaanii irraa meetira 100 faagatee

dhaabuuuf bu'uura dambii lakk. 151/2005 kwt 21(3)tiin dirqaama osoo qabuu fageenya meetira 36-40 gidduutti waan dhaabeef baasii ofin akka kaasuu murteessaniiru. Iyyataan komii dhaddacha kanatti dhiyeesseen dambii fi tumaan seeraa manneen murtii jalaa murtii isaaniif bu'uura godhatan baargamoon madda bishaanii irraa meetiraa 25 qofa fagaatee akka dhaabamu kan tumuudha malee, meetiraa 100 fagaachuu akka qabu miti jechuudhaan falmaa jiraachuun hubatameera.

Dambii Bulchiinsa fi Itti Fayyadama Qabiyyee Lafa Baadiyaa Naannoo Oromiyaa, Lak. 151/2005 kwt. 21 lafa dheedichaa fi bishaanii kunuunsuu tumaa ilaallatu ta'ee, kwt.21(3) jalatti namni mirga itti fayyadama qabiyyee lafa baadiyaa naannoo madda bishaanii, lageen, haroowwan, caffee fi kkf qabu fageenya meetira 25, naannoo kuufamaa bishaanii fi haroowwaan uumamaatti immoo fageenya meetira 100 irratti qonnaaf fayyadamuun dhorkaa akka ta'e kan tumuu dha. Falmiin bitaa mirgaa biqiltuun baargamoo madda bishaan dhugaatii irraa fageenya hangamii irratti dhaabamuu qaba kan jedhudha malee, falmii naannoo madda bishaanii qonnaaf fayyadamuun wal qabatu miti. Dambii lakk. 151/2005 kwt. 21(3) biqiltuu naannoo madda bishaanii dhaabuu kan ilaallatu osoo hin taane, naannoo madda bishaanii midhaan misoomsuuf lafa qotuu tumaa ilaallatuudha. Kanaafuu, tumaa kana bu'uura godhachuudhaan baargamoon madda bishaanii irraa meetiraa 25 yookiin meetiraa 100 fagaatee dhaabamuu qaba jechuun hin danda'amu. Manni Murtii Aanaa Diinshoo dhimma kana sadarkaa jalqabaan ilaalee fageenya kamirratti iyyuu baargamoo dhaabuun hin danda'amu haala jedhuun, Manni Murtii Olaanaa Godina Baalee fi Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Kibbaa tumaa seeraa rogummaa fi dhimma kanaaf fudhatama hin qabne bu'uuraa godhachuun baargamoon madda bishaanii irraa meetiraa 100 fagaatee

dhaabamuu qaba jechuudhaan murtii kennaan murtii dogoggora hiikaa seeraa qabuu fi tumaa seeraa rogummaa hin qabne bu'uura godhachuun kennname waan ta'eef dogoggora bu'uraa seeraa Labsii Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa, Lak. 216/2011 kwt. 26(2A) jalatti tumame kan irratti raawwatame ta'ee argameera.

Baargamoo naannoo madda bishaaniitti dhaabuun falmii wal qabatuuf keewwatni rogummaa qabu dambiima kana kwt. 21(5) dha. Keewwatichis namni naannoo madda bishaaniitti mirga itti fayyadama qabiyyee lafa baadiyaa qabu biqiltuuwaan madda bishaanii irratti dhiibbaa fiduu danda'an dhaabuu akka hin qabnee fi raawwiin isaa qajeelfama bahuu akka murtaa'u kan tumuu dha. Biqiltuuwan madda bishaanii irratti dhiibbaa geessisuu danda'an keessaa baargamoon tokko akka ta'ee ifaan tumamee jira. Haa ta'uu malee, bu'uura tumaa kanaatiin biqiltuun baargamoo fageenya meetira meeqa irratti yoo dhaabame madda bishaanii irratti dhiibbaa fiduu danda'a gaaffii jedhuuf deebii ifa ta'e kan kennu miti. Akka manni murtii aanaa jalaa xiinxala murtii keessatti eeree biqiltuu baargamoo dhaabuu guutummaan kan dorku osoo hin taane, biqiltuu baargamoo dhaabuun bu'uura tumaa kanaan kan dhorkame madda bishaanii irratti dhiibbaa fiduu kan danda'u yoo ta'e qofa dha. Kanaafuu, ijoo dubbii murtii haqa qabeessa fi sirrii ta'e kennuuf barbaachisuu, biqiltuu baargamoo iyyataan ammaa dhaabee madda bishaanii falmii kaase irratti dhiibbaa fiduu danda'a moo? hin danda'u? kan jedhu ta'a. Ijoo dubbii kanaaf fageenya baargamoon kun irratti dhaabamee bu'urra godhachuu murtii kennuuf qajeelfamni haala kanaan tumame yookiin ragaan ogummaa dhiyaate waan hin jirreef ogeessa dhimma kanaaf rogummaa qabuun adda baasuu barbaachisaa ta'a. Manneen Murtii jalaa bu'uura s/d/f/h/h kwt. 136tiin garee ogeessota qulqulleessuuf ogummaa qaban akka qulqulleessan osoo hin taasifne murtiin kennan, dogogoggora

bu'uuraa seeraa ijoo dubbii murtii haqaa kennuuf barbaachisuu ogeessaan osoo adda hin baasiin kennname irratti raawwatame ta'ee argameera.

Waliigalatti, murtiin manneen murtii jalaa dogoggora bu'uuraa seeraa dogoggora hiikaa seeraa, dogoggora tumaa seeraa rogummaa hin qabne bu'uura godhachuun murtii kennuu fi dogoggora bu'uuraa seeraa ijoo dubbii murtii haqa qabeessa kennuuf barbaachisu osoo adda hin baasin kennuu irratti kan raawwatame waan ta'eef dogoggora bu'uuraa seeraa Labsii Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa, Lak. 216/2011 kwt. 26(2A) jalatti tumameeti jennee sagalee guutuudhaan murteessinee ajaja itti aanee jiru kennineerra.

### Ajaja

1. Murtii Manni Murtii Aanaa Diinshoo lakk. gal mee 11699 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 13/08/2014 ooleen kenne, ajaja Manni Murtii Olaanaa Godina Baalee lakk. gal mee 34241 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 12/09/2014 ooleen kennee fi murtii Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachi Dhaabbii Kibbaa lakk. gal mee 382161 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 03/02/2015 ooleen kenne bu'uura Labsii Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa, Lak 216/2011 kwt. 26(5) tiin diigameera.
2. Manni Murtii Aanaa Diinshoo gal mee lakk. 11699 ta'e sochoosee ogeessota Waajjira Bulchiinsaa fi Itti Fayyadamaa Lafaa (waajjira Lafaa), Abbaa Taayitaa Eegumsaa Naannoo fi Waajjira Qonnaa sadarkaa aanaa yookiin godinaa jiran fi ogeessota biroo dhimma kana qulqulleessuu danda'u jedhe manni murtii itti amane irraa akka hundeffaman taasisuudhaan, gareen ogeessotaa kunis qaamaan iddo madda bishaanii odaatti argamuudhaan ogummaa isaanii giddu galeessa godhachuudhaan, qabxii biqiltuu baargamoo iyyataan ammaa dhaabe madda bishaan Odaa irratti dhiibbaa fiduu

kan danda'u ta'uu yookiin ta'uu dhiisuu haala ifa ta'ee fi raawwiif mijatuun qulqulleessanii akka dhiyeessan taasissee, bu'aa dhiyaatu fi ragaa gal mee keessa jiru bu'uura godhachuun murtii haa kennu jennee bu'uura Dambii Gurmaa'insaa fi Hojimaata Dhaddacha Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa, Lak 8/2011 kwt.15(3)tiin qajeelfamaan deebifneerra.

3. Garagalchi murtii kanaa manneen murtii jalaa haa qaqqabu.
4. Dhorki dhaddacha kanaan gal mee Mana Murtii Aanaa Diinshoo lakk. 12478 ta'e irratti kennamee ture ka'eera. Haa barreeffamu,
5. Baasii fi kisaaraa dhaddacha kanaa bitaa mirgi of haa danda'an.
6. Galmeen murtii waan argateef cufameera. Mana galmeetti haa deebi'u.

Abbootii seeraa:-

1. Gammachuu Baqqalaa
2. Abdusalaam Siraaj
3. Duulaa Lataa
4. Ashannaafii Raggaasaa
5. Alamaayyoo Gaaddisaa

Iyyataan/ttuun/ttootni/:-

1. Bulchiinsa Magaalaa Baakkoo
  2. Waajjira Bulchiinsaa fi Ittifayyadama Lafa Magaalaa Baakkoo
- Waamamaan/ttuun/ttootni: Aagaa Irrattii  
Galmee kana qorannee murtii kanaa gadii kannineerra.

### **Murtii**

Galmeen kun dhaddacha ijibbataaf dhihaachuu kan dandahe iyyattoonni ammaa murtii Manni Murtii Aanaa Baakkoo Tibbee galmee lakk.32904 tahe irratti dhaddacha gaafa 30/07/14 ooleen kenne, Manni Murtii Ol'aanaa Go/Sh/Lixaa galmee lakk.51280 tahe irratti dhaddacha gaafa 23/09/14 ooleen cimsuun kenne, Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Jiddugaleessaa galmee lakk.397676 tahe irratti dhaddacha gaafa 14/10/14 ooleen cimsuun kenne kun dogoggora bu'ura seeraa kan qabuu dha naaf haa sirraahu jechuun iyyannoo gaafa 11/11/14 barreeffameen waan dhiheeffataniifi dha.

Ka'umsi falmii kanaa mana murtii aanaa irraa yoo tahu, iyyattoonni ammaa himatamtoota waamamaan immoo himataa dha. Falmiin falmii tilmaama qabeenyaa yoo tahu, waamamaan ammaa himannaa gaafa 02/03/14 barreessee Mana Murtii Aanaa Baakkoo Tibbeetti iyyattoota

ammaa irratti dhiheesseen, qabiyyee lafa dhunfaa koo ganda badiyyaa Danbii Diimaa naannoo Mekel jedhamutti argamu daangaan isaa murtii jalaa keessatti caqasamee jiru iyyattoonni ammaa himatamtoota jalaa kan turan waliin tahuun gaafa 19/02/14 dallaa muka qabiyyee lafa koo irraa seeraan ala diiguun waan balleessaniif gatii dallaa koo diiganii qarshii 15,295(kuma kudha shanii fi dhibba lamaa fi sagaltamii shan), akkasumas sababa dallaa ana jala diiganiif boqqolloon lafa koo irraa qote qabu, muuzii fi biqiltuu jaakaraandaa horiin ana jalaa akka mancaasu waan taasisaniif tilmaama qabeenya manca'e kanaa qarshii 23,100(kuma diigdamii sadii fi dhibba tokko) walumaagalatti qarshii 38,395(kuma soddomii saddeetii fi dhibba sadii fi sagaltamii shan) akka naaf kaffalan itti naaf haa murtaahu kan jedhu dha. Iyyattoonni ammaa deebii gaafa 04/04/14 barreesanii dhiheessaniin, qabiyyee lafa waamamaan dallaa koo irraa ana jalaa diigan jedhu sanada lafa qonnaan bulaa gara Magaalaatti daangeessu wal harkaa fuudhiinsa ittiin taasifame gaafa 18/06/13 barreeffame bulchiinsa magaalaa jala gale waliin tokko miti, tari tokko tahe ragaa kan itti qabu yoo tahe kallatti lixaa fi kibbaatiin heyyama ijaarsaa tokko malee ijaarsa seeraa ala irratti gaggeessuuf kutee dallaa waan irratti ijaareef ijaarsa seeraa ala tahu hubatame akka irraa diigu karaa waajjira keenyatiin ejjannoон irratti fudhatamee bu'ura qajeelfama jiruun akka irraa diigamu bakka ijaarsi seeraa ala jiru irratti gaafa 09/02/14 maxxanfamee akka irraa kaasuuf jedhame waan irraa kaasu dideef, manni hojii keenya akka irraa diigamu bu'ura ajaja gaafa 18/02/14 dabarseen gaafa 19/02/14 dallaa seeraan ala ijaarame akka irraa diigamu taasifamee baasi itti diigame waamamaan kafaluuf heyyamamaa waan taheef ijaarsa diigame nu harkaa fudhate jira. Dallayaan diigame akka waamamaan jedhu osoo hin taane muka duuda diigdamaa fi maagara kudhan qofaa dha, falaxaan hin ijaaramne mismaarri itti hin rukutamne, muuzii fi jaakaaraandaan laficha irra hin jiru soba dha, miidhaan laficha

irra jiru horiin ana jalaa nyaate kan jedhu nuti dallaa seeraan ala diigne malee sababa kanaan miidhaan horiin isa jalaa nyaate hin jiru, osoo dhuma tahe illee itti hin gaafatamnu, tilmaama qabeenyaa dhihaate sirri miti ni mormina kufaa nuuf haa tahu jechuun itti fufuun himata himatamummaa jechuun baasii ogeessi dallaa ittiin diige waamaman niin kafala jedhee dallaa nu harkaa fudhatee waan hin kafaliniif qarshii 2400(kuma lamaa fi dhibba afur) akka kafalu itti nuuf haa murtahu jechuun falmaniiru. Manni murtii aanaa bitaa fi mirga dhiheesse falmisiisuun ragaa namaa walfalmitootaa dhagahun ogeessaan akka qulqulaahu taasisuun dhuma irratti murtii kenneen:qabiyyee lafa falmii kaase qabiyymaan isaa kan waamamaa tahuu fi magaalaa jala yoo gale irraa mirga ittifayyadamaa waamamaa kan hin sarbamne waan taheef dallaa diigamee fi qabeenya mancaasaniif iyyattoonni ittigaafatamummaa waan qabaniif waliigalaati qarshii 19,397(kuma kudha sagaliifi dhibba sadhiiifi sagaltami torba) waamamaaf akka kafalan jechuun murteesseera.

Waamamtoonni ammaa murtii akkaataa kanaan kenname komachuudhaan komii ol'iyyannoo Mana Murtii Ol'aanaa Go/Sh/Lixaatti yoo dhiheeffate illee komiin ol'iyyannoo fudhatama hin qabu jechuun bu'ura d/f/s/s.337 kufaa taasisuun murteesseera. Waamamtoonni ammaa murtii kana komachuudhaan komii ol'iyyannoo Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Jiddugaleessaatti yoo dhiheeffatan illee komiin ol'iyyanno hin dhiheessisu jechuun bu'ura d/f/s/s.337 murteesseera. Iyyattoonni ammaa murtii haala kanaan kenname kana komachuudhaan iyyannoo dhaddacha kanaaf dhiheessaniin, lafti tilmaama qabeenyaa irraa gaafatame saaytii pilaanii magaalaa jala ooluu gabaasa dhihaatee fi ragaa keenyaan mirkanaahe osoo jiruu, waamamaan heyyama ijaarsaa malee dallaa irratti ijaaruun mirknaahe osoo jiru, dallaa seeraa ala lafa daangaa bulchiinsa magaalaa jala oole jiru irratti ijaarame faana buune diigsisuuf

aangoo kan qabnu ta'ee bakka jirutti, waamamaan dallaa seeraa ala ijaare akka diigu beeksisa bakka dallaan itti ijaarame irratti maxxansinee diiguu waan dideef akka diigamu kan taasifne seera qabeessa tahe osoo jiru faallaa kanaatiin gatii dallaa mukaa fi oomisha midhaanii akka kafalu murtaahuun isaa; waajjirri qonnaa aanaa dallaa fi mismaara ittiin ijaarame bal'ina isaa meeqa akka tahe fi tokkoon isaa qarshii meeqa akka tahe akka tilmaamee dhiheessu jedhame sababii ragaan sababa dallaan isaa ijaaramu hin beeknu jedhaniif osoo hin tilmaamiin bira darbee osoo jiruu fi ragaan ittisaa keenyaa dallaa diigame hunda waamamaan fudhachuu isaa mirkaneessanii osoo jiranii tilmaama dalla nutti murtaahuun isaa; waamamaan tilmaama gatii ogeessii dallaa seeraa ala ijaarame itti diigame waamamaan niin kafala jedhee dallaa diigame fudhachuu isaa mirkanaah osoo jiru himata himatatummaa keenyaa kufaa taasifamuun isaa dogoggora bu'ura seeraa waan taheef nu irraa diigamee ittigaafatatummaa hin qabdan jedhamee akka nuuf murtaahu jechuun gaafataniiru.

Dhaddachi kuniis komee iyyannoo dhihaate, murtii manneen murtii jalaatiin kennname seera waliin ilaaluun dallaa lafa bulchiinsa magaalaa jala jiru irratti heyyama ijaarsaa malee ijaarame jiru iyyattoonni seeraa ala jedhanii diigani bakka jiranitti tilmaama qabeenya sababa kanaan bade jedhame akka kaffalan jechuun murtiin manneen murtii jalaatiin kennname seera qabeessummaa isaa bakka bitaa fi mirgi jiranitti qulquleessuuf ni dhiheessisa bu'ura jedhameen waamamaan deebii akka itti kennu taasifamee deebii gaafa 16/02/15 barreessee dhiheesseen, qabiyyeen lafaa iyyattoonni dallaa akka irraa diigamu taasisan bulchiinsa magaalaa jala kan jiru osoo hin tahiin bulchiinsa baadiyyaa ganda qotee bulaa Dambii Diimaa jedhamu keessatti argama waan taheef magaalaa jala galee wal harkaa fuudhiinsi taasifame kan jedhame sobaa dha, ofeeggannoo

gaafa 18/02/14 kenninee kan jedhan ofeeggannoonaaf kennan ani mallatteesesse irraa fuudhe tokko illee hin jiru, iyyattoonni dallaa lafa baadiyyaa diiguuf iyyattoonni aangoon qaban waan hin jirreef dallaa koo seeraa ala diiganii sababa kanaan qabeenyi koo lafa san irraa ture akka badu waan taasisaniif, tilmaamni illee yeroo adda addaa ogeessaan qulqulaahee dhihaatee jira waan taheef iyyattoonni gocha raawwatanifi if ittigaafatamaa taasifamanii tilmaama akka kafalan itti murtahuun dogoggora tokko illee waan hin qabneef akka naaf cimu jechuun falmeera. Dhaddachi kuniis komee iyyannoo dhihaate, deebii kennamee fi murtii manneen murtii jalaatiin kenname seera waliin qoranneerra.

Akka qorannetti iyyattoonni dallaa akka diigamu taasisuuf aangoo ni qabu moo hin qaban? Aangoo ni qabu yoo tahe tilmaama dallaa diiganii fi qabeenyi sababa kanaan waamamaa jalaa barbadaahe jedhame waamamaaf akka kafalamu jedhamee murtiin kenname hoo deegarsa seeraa ni qabaa? kan jedhu qabxii furmaata barbaadu tahe argameera. Falmii bitaa fi mirgaa irraa akka hubachuun dandahametti qabiyyee lafa dallaan akka irraa diigamu taasifame duraan bulchiinsa ganda baadiyyaa keessaa kan turee fi booda bara 2013 irraa kaase daangaa magaalaatti akka galee fi wal harkaa fuudhamiinsi akka taasifame; qabiyyummaan isaaa kan waamamaa akka tahe waamamaan dallaa falmii kaase kana heyyama ijaarsaa malee akka ijaaree fi iyyattoonni immoo ijaarsa seeraa alaati jechuun akka diigamu kan taasisan tahuu sadarkaa firii dubbitti manneen murti jalaatin mirkanaahe jira. Bu'ura kanaatiin akka qajeelfama lakk.4/2008 kew.34(7)(a),b(i) gubbatti akka ibsamee jirutti qonnaan bulaan lafti isaa gara magaalaatti daangahe manaa fi dallaa isaa suphachuu mirga akka qabuu fi yoo suphachuu barbaade duraan dursee heyyama ijaarsaa addaa bulchiinsa magaalaa irraa fudhachuu akka qabu fi heyyama yoo hin fudhanne tahe ijaarsa ijaaru akka hin

dandeenye tumamee jira. Haala walfakkaatuun danbii lakk.182/2008 kew2(17) gubbatti akka tumamee jirutti ijaarsii kamuu heyyama ijaarsaa malee daangaa bulchiinsa magaalaa keessatti ijaaramee ijaarsa seeraa ala akka tahe tumamee jira. Bu'ura kanaatiin iyyattoonni labsii qaama raawwachiiftuu Naannoo Oromiyaa irraa deebi'ee gurmeessuu fi aangoo fi hojii isaanii murteessuuf fooyyahe bahe lakk.213/2011 kew.kew.20(5) fi 26(10) gubbatti ijaarsa seeraan ala magaalaa keessatti ijaarame jiru hodofanii akka diigamu akeekachiisa kennuun diiguuf yookaan akka diigamu taasisuuf aangoon kenameefii jira. Akkaatuma kanaan dhimma amma harkaa qabnu kana waamamaan heyyama ijaarsaa osoo hin qabaatiin ijaarsa gaggeesse akka diigu beeksisa iddoo dallaan itti ijaarametti maxxansuun guyyaa torba tursisanii waan hin diigniif akka diigamu murteessuun kan diigan tahuu mirkanaahe jira. Kanaaf ijaarsa seeraa ala magaalaa keessatti ijaarame diigsisuuf iyyattonni mirga ni qabu. Ijaarsa seeraa ala diigsisuuf aangoo yoo qabaatan immoo dallaa akka diigamu taasisaniif ittigaafatatummaa hariiroo hawaasaa hin qaban jechuu dha.Gara biraatiin dallaa diigamee waamamaan batalatti baasii itti diigame nan kafala jedhee kan harkaan gahate tahu hubatame jira.Sababa dallaa diigameef qabeenya bade yoo jiraate illee haala walfakkaatuun baduu isaatiin iyyattoonni ittigaafatatummaa waan hin qabneef tilmaama qabeenya bade akka waamamaaf kafalan jedhamee murtiin manneen murtii jalaatin kennname dogoggoraa dha.

Walumaagalatti. waamamaan qabiyyee lafa magaalaa jala jiru qabiyyummaan kan isaa yoo tahe illee heyyama ijaarsaa qaama dhimmi isaa ilaallatu irraa osoo hin fudhatiin cal'isee dallaa ijaaree waan argameef dallaan akkaataa kanaan ijaare ijaarsa seeraa ala waan taheef ijaarsa seeraa ala immoo faana bu'anii akka diigamu taasisuuf iyyattoonni aangoo waan qabaniif dhimma aangoo seeraan kennnameefiin

raawwataniin ittigaafatamummaa waan hin qabneef tilmaama dallaa diigamee fi qabeenya sababa kanaan bade jedhame waamamaaf kafaluuf kan hin dirqamne tahe osoo jiru; manneen murtii jalaa tilmaama qabeenyaa waamamaaf akka kafalan jechuun murtiin sadarka sadarkaan kennan dogoggora seeraa isa bu'uraa waan taheef sirraahu qaba jenneerra.

### **Ajaja**

1. Murtiin Manni Murtii Aanaa Baakkoo Tibbee gal mee lakk.32904 tahe irratti dhaddacha gaafa 30/07/14 ooleen kenne, Manni Murtii O1'aanaa Go/Sh/Lixaa gal mee lakk.51280 tahe irratti dhaddacha gaafa 23/09/14 ooleen cimsuun kenne fi Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Jiddugaleessaa gal mee lakk.397676 tahe irratti dhaddacha gaafa 14/10/14 ooleen cimsuun kenne bu'ura labsii lakk.216/2011 kew.26/5/ fi d/f/s/s.348/1/tiin diigameera.
2. Iyyattooni timaama qabeenya manca'e jedhame kafaluuf ittigaafatamummaa hin qaban jechuun murtaaheera.
3. Garagalchi murtii kanaa manneen murtii jalaa haa qaqqabu.
4. Dhorkaan kenname ka'eera.
5. Galmeen kun murtii dhuma waan argateef mana galmeetti haa deebi'u.

Abbootii Seeraa:-

1. Gammachuu Baqqalaa
2. Abdusalaam Siraaj
3. Hiikaa Araarsoo
4. Duulaa Lataa
5. Alamaayyo Gaaddisaa

Iyyataan/ttuun/ttootni/- Dirribaa Diidhaa

Waamamaan/ttuun/ttootni:- Maskaram Abbabaa

Galmee kana qorannee murtii kanaa gadii kannineerra.

### **Murtii**

Galmeen kun dhaddacha ijibbataaf dhihaachuu kan danda'e iyyataan ammaa murtii Manni Murtii Aanaa Amboo gal mee lakk.63078 tahe irratti dhaddacha gaafa 17/06/14 ooleen kenne, Manni Murtii Ol'aanaa Go/Sh/Lixaa gal mee lakk.50715 tahe irratti dhaddacha gaafa 04/09/14 ooleen cimsuun kenne, Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Jiddugaleessaa ol'iyyannoo dhaga'u gal mee lakk.397698 tahe irratti dhaddacha gaafa 29/02/15 ooleen cimsuun kenne kun dogoggora bu'ura seeraa kan qabuu dha naaf haa sirraahu jechuun iyyannoo gaafa 12/04/15 barreeffameen waan dhiheeffateefi dha.

Ka'umsi falmii kanaa mana murtii aanaa irraa yoo tahu, iyyataan ammaa himatamaa waamamtuun immoo himattuu dha. Falmiin falmii qooddii qabeenya waliinii kan ilaalu yoo tahu, gaa'elli bitaa fi mirgaa karaa mana murtiitiin eega diigame booda; bu'aa diiggaa gaa'elaa kan ta'e qooddii qabeenya waliini ilaachisee waamamtuun ammaa tarree qabeenya a dhiheessite keessaa mana jireenya guddaa qorqorroo baallee 70 qabuu

kun gaa'ela keessatti kan horatame ta'uu waan mirkanaa'eef iyyataan ga'ee waamamtuu akka qooduuf jechuun murteesseera.

Iyyataan ammaa murtii haala kanaan kennname kana komachuudhaan komii ol'iyyannoo Mana Murtii Ol'aanaa Go/Sh/Lixaatti dhiheffatee, manni murtii ol'iyyata dhagahe bitaa fi mirga dhiheesee falmisiisuun dhuma irratti gal mee lakk.50715 ta'e irratti dhaddacha gaafa 04/09/14 ooleen murtii kenneen bu'ura Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa qabxii qabee gadi deebiseen kan qulqulaa'e dha jechuun murtii mana murtii aanaatiin kennname bu'ura d/f/s/s.348(1)tiin cimsuun murteesseera. Iyyataan murtii kana komachuudhaan komii ol'iyyannoo yeroo lammaaffaa Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Jiddugaleessaa ol'iyyannoo dhaga'utti dhiheffatee manni murtii ol'iyyata dhaga'ee bitaa fi mirga dhiheesee falmisiisuun dhuma irratti gal mee lakk.397698 ta'e irratti dhaddacha gaafa 29/02/15 ooleen manni jirenyaa falmii kaase gaa'ela walfalmitootaa keessatti ijaramtu mirkanaah'ee jira waan ta'eef murtiin manneen murtii jalaatiin kennname dogogora hin qabu jechuun bu'ura d/f/s/s.348(1)tiin cimsuun murteesseera. Iyyataan ammaa murtiilee haala kanaan kennname kana komachuudhaan iyyannoo dhaddacha kanaaf dhiheesseen, qabeenyaa falmii kaase kana ani iyyataan osoo gaa'elaan waamamtuu hin fuudhiin dura kan ijaaradhe yoo tahu, innis sarviisoota kutaa 12 bara 1994 irraa eegalee hanga bara 1997tti kan ijaaradhe yoo ta'u, mana jirenyaa guddaa immoo bara 1997 hanga bara 1998tti ijaaree ragaa abbaa qabeenyummaa lakk.kaartaa BNMA/4486/99 ta'een Gurraandhala 21 bara 1999 mana ijaarame irratti kan naaf kennnamee fi waamamtuu immoo Caamsaa 16 bara 2000 kan fuudhe ta'uu fi gaa'ela dura kan ijaaradhe ta'u ragaa bitaa fi mirgaatiin mirkanaa'e osoo jiru, ragaa gaa'elaa waamamtuu sobaan qopheessitee qarshii itti liqeeffatee fi ragaan gaa'elaa dhugaa ana harka jiru walmadditti akka naaf ilaalamu jedhee osoon gaafadhu bira darbuun

qabeenya dhuunfaa koo tahe waamamtuun akka qooddattu jedhamee murtiin manneen murtii jalatiin kennname mirga abbaa qabeenyummaa koo kan dhiibe waan taheef dogoggora bu'ura seeraati akka ana irraa diigamu jechuun gaafateera.

Dhaddachi kuniis komee iyyannoo dhihaate, murtii manneen murtii jalaatiin kennname seera waliin ilaaluun qabeenyi mana jirenyaa falmii kanaaf ka'umsa tahe gaa'ela keessatti horatamuun isaa mirkanaahe jira waan taheef bitaa fi mirgi qixxetti qooddachuu qabu jedhmee murtiin manneen murtii jalaatiin kennname seera qabeessummaa isaa bakka bitaa fi mirgi jiranitti qulquleessuuf ni dhiheesisa bu'ura jedhameen waamamtuun deebii akka itti kennitu taasifamee gaafa 02/05/15 barreessitee dhiheessiteen, qabxiin komii dhihaate dogoggora bu'ura seeraa osoo hin ta'iin madaallii ragaa waan ta'eef akkasumaas ragaa gaa'elaa gosa lama kan jedhu falmii mana murtii jalatti hin dhihaatinii fi ragaa gaa'elaa lamaa miti tokkooyyuu dhihaate falmii bakka hin tahinitti falmii mana murtii jalatti hin ka'in sadarkaa kanatti akka qabxii komitti dhiheessuun iyyataa faallaa d/f/s/s.329(1), gara biraatiin mana falmi kaase eega gaa'elaan walitti dhufne booda lafa k.m.400 irratti walumaan kan ijaarre ta'uu ragaan olla keenyaa mirkaneessanii bu'ura kanaan qabeenya gaa'ela keessatti horatame ta'uu mirkaneessanii jiru. Qabxii Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa qabee gadi deebise keessaa heyyama ijaarsaatiin ijaarame yoo tahe akka qulqulaahu kan jedhame iyyataan dhaddacha irratti gaafatame hin qabu kan jedhe ta'u fi waajjira konstraakshinii magaalaa Amboo fi waajjira ittifayyadma lafa magaalaa Amboo gaafatame heyyama ijaarsaa akka isaan biraa hin fudhatiin mana murtitiif ibsame jira waan taheef akkaataa Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa irraa qabxii qabamee akka qulqullaa'u jedhamee gadideebi'een manni murtii aanaa qulqleesse manichi kan gaa'ela keessatti horatame

ta'uu mirkanaa'ee akka qixxeetti qooddannu murtiin manneen murtii jalaatiin kennname dogoggora hin qabu waan taheef akka naaf cimu jechuun falmitee jirti.

Dhaddachi kuniis komee iyyannoo dhihaate, deebii kennnamee fi murtii manneen murtii jalaatiin kennname seera waliin qoranneerra. Akka qorannetti mana jirenyaa falmii kanaaf ka'umsa ta'e gaa'ela walfalmitootaa keessatti kan horatame ta'uu waan mirkanaa'eef bitaa fi mirgi qixxeetti haa qooddatan jedhamee murtiin manneen murtii jalaatiin kennname deegarsa seeraa ni qaba? kan jedhu qabxii furmaata barbaadu tahee argameera. Falmii bitaa fi mirgaa irraa akka hubatamutti walfalmitoonni bara 2000 keessa gaa'elaan walfuudhani waliin jiraachaa akka turan hin haalamne.Gaa'elli jidduu isaani ture gara mana murtiitiin hiikkaadhaan kan diigame yoo tahu, bu'aa diigaa gaa'elaa kan tahe qoddie qabeenyaa ilaalchisee manni jirenyaa falmii ammaa kanaaf ka'umsa tahe kan gaa'eela keessatti waliin horanne waan ta'eef ga'een koo akka naaf qoodamu jechuun waamamtuun gaafatteen walqabatee, iyyataan manneen kana bara 1994 irraa kaase osoon waamamtuu hin fuudhiin dura ijaaree xumuree ragaa mirkaneessaa abbaa qabiyyee illee gaa'ela bara 2000 dura kan ittifudhe waan taheef bu'ura seera maatii Oromiyaa kew.73 qabeenya gaa'ela dura dhunfaadhaan horadhe waan taheef waamamtuun qooddachuuf mirga hin qabdu jechuun haalee falmeera.

Bu'ura kanaatiin akka seera maati Oromiyaa kew.78 fi 79 gubbatti tumameee jiruun qabeenyi abbaa warraa fi haadha warraa keessaa maqaa tokko isaaniitiin galmaa'ee yoo jiraate illee kan dhuunfaa ta'uun hanga hin hubachiifamnetti yookaan mirkanoofnetti akka qabeenya waliinii gaa'ela keessatti horatametti tilmaamama seeraa ni fudhatama. Gareen

qabeenyi kan dhuunfaa kooti jedhu duraan dursee ragaa qabuun tilmaama seeraa kana yoo fashaleesse malee gareen kaan jiraachuu qabeenyaa kan mirknaahe jirutti kan waliini tahu isaa dirqama ragaan hubachiisu irraa bilisa dha. Akkaataa kanaatiin qabeenyi mana jirenyaa kan dhunfaa kooti jechuun kan falmaa jiru iyyataa waan taheef iyyataan immoo qabeenyaa kana gaa'ela waamantuun dura ijaare xumuree kan qabu tahu akkaataa seera maatii Oromiyaa kew.<sup>79</sup> gubbatti tumameen sadarkaa firii dubbiitti wanni mirkanoeffate akka hin jire murtii manneen murtii jalaatiin kennname irraa hubachuun dandahameera. Waan taheef manni jirenyaa falmii kaase jiraachuun isaa hanga hin haalaminii fi iyyataan kan dhunfaa isaa tahu hanga hin hubachisinitti waamantuun manichi kan waliini tahu ragaan hubachiisu irraa hin eegamu, yookaan fayyadamoo tilmaama seeraa waan taateef mana falmii kaase kan gaa'ela keessatti horatame kan waliini waan taheef quoddachuuuf mirga kan qabdu ta'uusisaati. Walumaagalatti manni jirenyaa guddaa fi manni sarviisootaa falmii kanaaf ka'umsa tahe qabeenyaa waliini gaa'ela keessatti horatame tahuun waan mirkanaahe jiruuf yookaan iyyataan kan dhunfaa isaa gaa'ela dura ijaarate tahu waan hin hubachisiniif akka qabeenyaa waliiniitti waan fudhatamuuf bitaafi mirgi qixxeetti haa qoodatani jechuun murtiin manneen murtii jalaa sadarka sadarkaan kennan akkaatuma seeraatiin kan kennname ta'ee waan argameef dogoggora seeraa isa bu'uraa dhaddacha kanaan sirraa'u hin qabu janneerra.

### Ajaja

1. Murtiin Manni Murtii Aanaa Amboo galmee lakk.63078 tahe irratti dhaddacha gaafa 17/06/14 ooleen kenne, Manni Murtii Ol'aanaa Go/Sh/Luxaa galmee lakk.50715 tahe irratti dhaddacha gaafa 04/09/14 ooleen cimsuun kenne fi Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Jiddugaleessaa ol'iyyannoo dhagahu galmee lakk.397698

tahe irratti dhaddacha gaafa 29/02/15 ooleen cimsuun kenne bu'ura  
labsii lakk.216/2011 kew.26/5/ fi d/f/s/s.348/1/tiin cimeera.

2. Garagalchi murtii kanaa manneen murtii jalaa haa qaqqabu.
3. Dhorkaan dhaddacha kanaan kennname ka'eera.
4. Galmeen kun murtii dhumaa waan argateef mana galmeetti haa  
deebi'u.

Abbootii Seeraa:-

1. Gammachuu Baqqalaa
2. Abdusalaam Siraaj
3. Duulaa Lataa
4. Ashannaafii Raggaasaa
5. Alamaayyoo Gaaddisaa

Iyyataan/ttuun/ttootni/- Galatti Jireenyaa

Waamamaaan/ttuun/ttootni:- Jirenyaa Tarfaa

Galmee kana qorannee murtii kanaa gadii kannineerra.

### **Murtii**

Galmeen kun dhaddacha ijibbataaf dhihaachuu kan dandahe iyyataan ammaa murtii Manni Murtii Ol'aanaa Go/W/Bahaa galmee lakk.59676 tahe irratti dhaddacha gaafa 28/08/14 ooleen kenne, Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Lixaa galmee lakk.388819 tahe irratti dhaddacha gaafa 16/09/14 ooleen cimsuun kenne kun dogoggora bu'ura seeraa kan qabuu dha naaf haa sirraahu jechuun iyyannoo gaafa 01/10/14 barreeffameen waan dhiheeffateefi dha.

Ka'umsi falmii kanaa mana murtii ol'aanaa irraa yoo tahu, iyyataan ammaa himatamaa waamamaan immoo himataadha. Falmiin falmii qarshii yookaan qabeenyaa yoo tahu, waamamaan ammaa himannaa gaafa 21/06/14 barreessee Mana Murtii Ol'aanaa Go/W/Bahaatti iyyataa ammaa irratti dhiheesseen, iyyataan ilma koo yoo tahu maallaqa beenyaa ani waamamaan yunivarsitii Wallaggaa bara 2014 keessa naaf kafaleen ana tajaajiluu kan dandahu konkolaataa naaf bitamee galii irraa argamuun jiraachuuf jedhamee nama dullomaa waaniin tahee fi ija kootiin hin

argine waan taheef iyyataan kun akka konkolaataa naaf bitu waliigallee kanumaan iyyataan kun magaalaa Finfinnee deemee konkolaataan argamee qarshii baankitti ergi naan jedhee qarshii 1,750,000(miliyaana tokkoofi kuma dhibba torbaafi kuma shantama) baankii hojii gamtaa Oromiya damee Bokkuu lakkofsa heerraga koo 1029000067069 tahe irraa bu'ura inni naan jedheen herraga nama dhaabbata konkolaataa Mahaatamee Tashoomaa G/Amlaak jedhamu lakkofsa heerraga 1000013816305 irratti gaafa 11/04/14 galii tasisee fi dhaabbata gurgurtaa konkolaataa Balaayii fi Tasfaa IGM jedhamu irraa konkolaataa lakoofsa shaansii isaa JT121JK2200036723 tahe fi lakk.gabatee 3-B273110AA galmaahe tajaajila kennaa ture eega gara magaalaa Naqamtee dhufe immoo lakk.gabatee isaa ORO3-76040tti jijjiruun akka waan ofii isaaf biteetti ana dhoksee sanadoota gara maqaa isaatti mijeffatee Abbaa Taaytaa Geejjibaa Godina Wallaggaa Bahaatti libiree/ragaa abbaa qabeenyummaa lakk.gabatee3.76040 OR galmeefatee waan jiruuf konkolaataa kana akka dabarse harkaan ana gahuu fi ragaan abbaa qabeenyaa/libireen maqaa isaa irraa haqamee gara maqaa kootitti akka jijjiramu akka naaf murttaahu kun hin dandahamu yoo tahe immoo qarshii akka konkolaataan itti naaf bitamu itti erge qarshii 1,750,000(miliyaana tokkoofi kuma dhibba torbaa fi dhibba shan) kana gaafa fuudhe irraa kaase dhala isaa waliin akka naaf kafalu itti naaf haa murttaahu kan jedhu dha. Iyyataan ammaa gama isatiin deebii kenneen, ani waligaltee kamuu waamamaa waliin hin qabu, konkolaataan siif bita jedhee waliigalteen gale hin qabu, maallaqa jedhame kana baankiin ergi jedhenii hin jiru, qarshiin anatti hin kennamne, konkolaataan jedhame ofii kootiif qarshii dhunfaa koofi haadha warraa kootiin kan bitame malee qarshii waamamaan anatti ergen kan bitame miti waan taheef himanni ana irratti dhihaate kufaa naaf haa tahu jechuun falmeera.

Manni murtii ol'aanaa bitaa fi mirga dhiheesse falmisiisuun ragaa namaa walfalmitootaa dhagahuun baankii irraa qarshii waamamaan erge akka qulqulaahedhihaatu taasisuun dhuma irratti murtii kenneen:konkolaataa falmii kaase iyyataan maqaa isaatiin yoo bite illee kan bite qarshii dhunfaa isaatiin osoo hin tahiin qarshii waamamaan bakka inni itti ergi jedheeni ergameefin kan bitame tahu waan hubatameefi konkolaataan qabeenya waamamaati iyyataan dabarsee waamamaaf akka kennu;Abbaan Taaytaa geejjibaa godina wallaggaa Bahaa immoo konkolaataa falmii kaaste kana maqaa iyyataa irraa gara maqaa waamamaatti akka jijiru jehuun murteesseera.

Iyyataan ammaa murtii kana komachuudhaan komii ol'iyyannoo Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbi Lixaatti yoo dhiheeffate illee komiin ol'iyyanno hin dhiheessisu jechuun bu'ura d/f/s/s.337 murteesseera. Iyyataan ammaa murtii haala kanaan kenname kana komachuudhaan iyyannoo dhaddacha kanaaf dhiheesseen, ani iyyataan waamamaaf konkolaataa bituuf waligalten taasisee fi bakka bu'ummaan naaf kenname osoo hin jiraatinii fi konkolaataan qarshii dhunfaa koo fi haadha warraa koo biyyaa ala hojjate fideen kan bitadhe malee qarshii waamamaan anatti ergeen kan bitame tahu wanni mirkanaahe osoo hin jiraatiin konkolaataa ofi kootii bitadhee ragaan abbaa qabeenya maqaa kootiin galmaahe jiru qabeenya waamamaati harkaan akka geessuu fi ragaan abbaa qabeenya gara waamamaatti akka jijiramu jedhamee murtiin kenname dogoggora bu'ura seeraa waan taheef akka ana irraa diigamu jechuun gaafateera. Dhaddachi kuniis komee iyyannoo dhihaate, murtii manneen murtii jalaatiin kenname seera waliin ilaaluun konkolaataan falmii kanaaf ka'umsa tahe qarshii waamamaatiin bitame waan taheef qabeenya waamamatii iyyataan dabarse akka kennufi abbaan qabeenyummaagarawaamamaattiakkajijiramujedhamemurtiinmanneen

murtii jalaatin kennname seera qabeessummaa isaa bakka bitaa fi mirgi jiranitti qulquleessuu ni dhiheesisa bu'ura jedhameen waamamaan deebii akka itti kenu taasifamee deebii waan hin kenniniif mirgi deebii kenu isaa eega bira darbamee booda iyyata bu'ura d/f/s/s.78 yoo dhiheeffate illee dhaddacha gaafa 22/02/15 ooleen iyyanni fudhatama hin qabu jedhamee kufaa taasifame jira. Dhaddachi kuniis komee iyyannoo dhihaate fi murtii manneen murtii jalaatiin kennname seera waliin qoranneerra.

Akka qorannetti konkolaataan falmii kanaaf ka'umsa tahe iyyataan yoo bite illee qabeenyummaan isaa kan waamamaati akka dabarsee kennuu fi Abbaa Taaytaa Geejjibaa Godina Wallaggaa Bahaatti libiree(abbaa qabeenyummaa) konkolaataa iyyataa irraa gara waamamaatti akka geeddu jedhamee murtii manneen murtii jalaatiin kennname deegarsa seeraa ni qabaa ? kan jedhu qabxii furmaata barbaadu tahe argameera.

Bu'ura kanaatiin bitaafi mirgi abbaa fi ilma tahuuni fi konkolaataa falmii kanaaf ka'umsa tahe maqaa iyyataatiin bitamee ragaan abbaa qabeenyummaa illee maquma iyyataatiin kan jiru tahu hin haalamne. Waamamaan himanna iyyataa ammaa irratti dhiheesseen, iyyataan ilma koo waan taheef ani immoo qarshi beenyaa mootummaa irraa argadhe waaniin qabuuf iyyataan Magaalaa Finfinnee deeme konkolaataa akka naaf bituu fi galii konkolaataa irraa argamuun akkaan jiraadhu maatiin irratti mariyanne waliigallee akkaatuma kanaan iyyataan magaalaa Finfinnee deemee konkolaataa falmii ammaa kanaaf ka'umsa tahe barbaade arguun konkolaataan argamee jira qarshii ergi naan jedhe qarshii koo itti ergeen naaf bite maqaa isaatti jijjiree dhunfaan ittifayyadamaa jira qabeenya kooti dabarse naaf kenu qaba jechuun kan falme tahu hubatameera. Iyyataan garuu konkolaataa falmii kaase kana abbaa koo waamamaaf kaniin bite osoo hin tahiin dhuunfaa kootiin kaniin bitadhee fi qarshii dhunfaa kootiin qabuu fi qarshii haadha warraa kootii walitti

daballee bitadhe, waamamaan konkolaataa kana irraa mirga hin qab, ani qarshii ergii konkolaataan siif bita jedhee qarshii akka ergu hin taasifne jechuun haalee falmeera.

Bu'ura kanaatiin himanna waamamaan dhiheesse iyyataan haale waan falmeef waamamaan immoo akkaataa himanna isaatti hariiroon bakka bu'ummaan konkolaataa bituu jidduu isaani jiraachuu isaa dirqama mirkaneffachuu akka irra jiraatu tumaa seera hariiroo hawaasaa kew.2001 fi d/f/s/s.kew.258fi 259 gubbaatti tumamee irraa hubachuun ni dandahama. Gara biraatiin akka seera hariiroo hawaasaa kew.2179 fi 2200 gubbaatti tumamee jiruun bakka bu'aa nama tokko tahuun aangoo hojii tokko hojjechuun kan argamu seera yookaan waliigaltee irraa akka tahe tumameera.Gara dhimma amma harkaa qabnu kana yoo deebinu iyyataan konkolaataa abbaa isaa (waamamaaf) bituuf waliigalame waan jedhameef bakka bu'ummaanakkanaa waliigaltee irraa kan maddu tahuu beekamaadha. Konkolaataan qabeenya addaa sochoohu waan taheef akka seera qabeenya kew.1186(1)(2)tiin konkolaataa bituun barreffamaan tahee qaama waliigaltee mirkaneessuun galmeessuuf Aangoo qabu biratti kan taasifame waan taheef waliigalteeakkanaa nama bakka bu'e taasisuuuf aangoon bakka bu'ummaa barreffamaan kennamu akka qabu tumaa seera hariiroo hawaasaa kew.2180,2199 fi 2200(2) akkasumaas kew.2205 fi 2206 gubbaatti haala ifa taheen tumamee jira.Waamamaan akkaataa kanaan ilmi isaa iyyataan konkolaataa akka bituuf aangoo bakka bu'ummaa kennuuf isaa wanni mirkanaahe hin jiru.Iyyataan aangoo bakka bu'ummaa seera qabeessa tahe yoo hin qabaanne abbaa isaa (waamamaa) bakka bu'ee qabeenya adda sochoohu konkolaataa nama kan biraa irraa maqaa waamamaatiin bituu hin dandahu jechuu dha waan taheef waligalteen bakka bu'ummaa seera qabeessa tahee iyyataa fi waamamaa jidduu jiraachuun isaa hin mirkanooofne.

Waliigalteen bakka bu'ummaa konkolaataa bituuf jidduu walfalmitootaa yoo hin jiraanne haalli iyyataan konkolaataa falmii kanaaf ka'umsa tahe maqaa waamamaatiin bakka bu'e nama kan biraaj irraa itti bitu hin jiraatu. Konkolaataa falmii kaase iyyataan kan bite maquma isaatiini malee maqaa waamamaatiin kan bite akka hin tahiin mirkanaahe jira waan taheef namni maqaa isaatiin konkolaataa bite abbaa qabeenymmaa(libre) maqaa isaatti geeddarate abbaa qabeenya qabeenya addaa sochoo'aa konkolaataa dha jedhamee waan tilmaamamuuf waamamaan tilmaama iyyataan qabu kana fashaleessu osoo hin dandahiin gara biraatiin hariiroon waamamaan konkolaataa falmii kaase waliin qabu maal akka tahe wanni mirknaahe osoo hin jiraatiin manneen murtii jalaa ragaa namaa dhimmichaaf rogummaa fi fudhatama seeraa hin qabne irratii hundaahuun konkolaataa falmii kaase iyyataan waamamaaf bite waan jedhaniif qofa qabeenya waamamaati jedhame iyyataan dabarse akka kennuuf jedhame murtaahuun isaa deegarsa seeraa kan qabu tahee hin argamne.

Waamamaan ammaa jalatti seerummaan inni gaafate iyyataan konkolaataa dabarsee akka naaf kennu libireen akka maqaa isaa irraa gara kooti geeddaramu yoo kun hin dandahamne tahe immoo qarshii 1,750,000(miliyaana tokkoofi kuma dhibba torbaafi kuma shantama) dhala baankii waliin akka naaf kafalu itti naaf haa murtaahu jechuun filannoonaan kan gaafate akka tahe hubatameera. Konkolaataan qabeenya iyyataati malee kan waamamaa miti kan jedhamu yoo tahe seerummaan waamamaan filannoonaan gaafate ilaachisee ilaalamu qaba. Bu'ura kanaatiin qarshii waamamaan iyyataan akka konkolaataa ittiin naaf bitu jedhee baankii hojji gamtaa Oromiya damee Bokkuu lakkoofsa heerraga isaa 1029000067069 tahe irraa bu'ura inni naan jedheen heerraga iyyataatti erge kan jedhu osoo hin tahin, herraga nama dhaabbata konkolaataa Mahaatamee Tashoomaa G/Amlaak jedhamu lakkoofsa heerraga

1000013816305 irratti gaafa 11/04/14 galii tasise kan jedhu fi lakkoofsa jedhame kanatti galii tahuun isaa yoo mirkanaahe illee qarshii kana akka ergu waamamaa hin ajajne qarshichi naas hin geenye qarshii inni erge kanaan konkolaataan falmii kaase kun hin bitamne jechuun iyyataan haale falmeed jira. Gara biraatiin bakka konkolaataan falmii kaase irraa bitame fi bakka waamamaan qarshii itti erge jedhu akka murtii jalaa irraa hubatamutti bakka adda addaa tahu isaati. Innis bakki waamamaan qarshii itti eerge jedhu dhaabbata konkolaataa Mahaatamee Tashoomaa G/Amlaak jedhamu lakkoofsa heerraga 1000013816305 yoo tahu, bakka konkolaataan irraa bitamte immoo dhaabbata gurgurtaa konkolaataa Balaayii fi Tasfaa IGM jedhamu irraa waan tahee fi adda addaa dha. Gatiin konkolaataan falmii kaase kun ittiin bitame jedhame illee qarshii isa waamamaan erge jedhu kanaan tahu wanni mirkanaahe hin jiru waan taheef qarshii jedhame kun iyyataa gahuu isaa fi qarshii kanaan konkolaataa bitachuun iyyataa hin mirkanooofne waan taheef qarshicha waamamaaf kafaluuf hin dirqamu janneerra.

Walumaagalatti waamamaan konkolaataa akka bitamuuf aangoo bakka bu'ummaa bu'ura seeraatiin iyyataaf kenne bakka hin jirretti konkolaataa iyyataa maqaa dhunfaa issatiin bitate qabeenya waamamaati qarshii waamamaatiin bitame akka dabarse waamamaaf kennuufi abbaan qabeenyummaa(libireen) iyyataa irraa gara waamamaatti akka jijiramu jechuun murtiin manneen murtii jalaatiin kennname mirga abbaa qabeenyummaa iyyataa kan sarbu tahee waan argameef kun immoo dogoggora seeraa isa bu'uraati sirraahu qaba janneerra.

### **Ajaja**

1. Murtiin Manni Murtii Ol'aanaa Go/W/Bahaa galmee lakk.59676 tahe irratti dhaddacha gaafa 28/08/14 ooleen cimsuun kenne fi Manni

Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Lixaa gal mee lakk.388819 tahe irratti dhaddacha gaafa 16/09/14 ooleen cimsuun kenne bu'ura labsii lakk.216/2011 kew.26/5/ fi d/f/s/s.348/1/tiin diigameera.

2. Konkolaataan falmii kanaaf ka'umsa tahe qabeenya iyyataa waan taheef dabarse waamamaaf kennuuf hin dirqamu; akkasumaas qarshii waamamaan akka konkolaataa itti naaf bitu iyyataatti ergame jedhame qarshichi iyyataatti ergamuu fi konkolaataan ittiin bitamu wanni mirkanaahe hin jiru waan taheef iyyataan qarshicha kafaluuf hin dirqamu janneerra.
3. Waamamaan qarshicha nama itti erge irraa gaafatee deebiffachuu ni dandaha jechuun murtaaheera.
4. Garagalchii murtii kanaa manneen murtii jalaa haa qaqqabu.
5. Dhorkiin gal mee kana irratti kennname ture ka'eera.
6. Galmeen kun murtii dhumaa waan argateef mana galmeetti haa deebi'u.

Abbootii Seeraa:-

1. Gammachuu Baqqalaa
2. Abdusalaam Siraaj
3. Duulaa Lataa
4. Ashannaafii Raggaasaa
5. Alamaayyoo Gaaddisaa

Iyyataan/ttuun/ttootni/: Giraany Margaa

Waamamaan/ttuun/ttootni:- 1.Muluu Dinquu

2. Bulchiinsa Magaalaa Gincii Ganda 01
3. Bulchiinsa Magaalaa Gincii

Galmeen qorannoof bule qorannee murtii kana gadii kennineerra.

### **Murtii**

Galmeen kun dhaddacha ijibbataaf dhihaachuu kan dandahe iyyataan ammaa murtii Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Jiddugaleesasa galmee lakk.397206 tahe irratti dhaddacha gaafa 10/02/15 ooleen diiguun kenne kun dogoggora bu'ura seeraa kan qabuu dha naaf haa sirraahu jechuun iyyannoo gaafa 16/03/15 barreeffameen waan dhiheeffateefi dha.

Ka'umsi falmii kanaa mana murtii aanaa irraa yoo tahu, iyyataan himataa, waamamtoonni immoo himatamtootaa dha.Falmiin falmii qabeenyaa yoo tahu, iyyataan ammaa himanna gaafa 01/08/13 barreessee Mana Murtii Aanaa Dandiitti waamamtoota ammaa kana irratti dhiheesseen, mana jirenyaa kutaa lama magaalaa Giincii ganda 01 keessatti argamu lakkofsa manaa 02 ta'ee fi daangaan isaa murtii jalaa keessatti ibsame jiru, qabeenyummaan isaa kan akaakayyuu koo Baashaa Lammaa

kaabtimar tahe labsii lakk.47/67 osoo hin dhaalamiin akka dhaalame fakkeessuun waamamaan 2ffaa qabatee waamamtuu 1ffaatti kiressee waan jiruuf akkaakayyuun koo waan du'eef abbaan koo manichi kun akka gadi lakkifamuu fi dhaalaa waan taheef falmaa ture booda qaamni dhimmi isaa ilaalatu manichi kan hin dhaalamiin ta'uu qulquleessee abbaa kootiif akka gadi lakkifamuuf yoo murteesse illee waamamtoonni 2ffaa fi 3ffaa gadi lakkisu waan didaniif qaama adda addaatti osoo iyyachaa jiru bara 2010 waan du'eef, ani immoo dhaalaa isaa waan taheef waligalte waamamtuu 1ffaatti fi waamamaa 2ffaa jidduu jiru adda cite manicha akka naaf gadi lakkisan itti naaf haa murtahu jechuun gaafateera. Waamamtoonni ammaa gama isaanitiin deebii 08/08/13 barreessanii dhiheessniin, manni falmii kaase labsii lakk.47/67 mootummaadhaan dhaalaame harka gandaa galee gandii yeroo dheeraadhaaf kireessaa waan jiruuf manni murtii dhimma kana ilaalee murtii kennuuf aangoo hin qabu, iyyataan mana falmii kaase kana irraa mirgaa fi faaydaa waan hin qabneef himanna nu irratti dhiheessuuf mirga hin qabu, manichi eega harka gandaa gale yeroo dheeraa waan taheef himanni darbiinsa yerootiin ni daangaha waan taheef kufaa nuuf haa tahu jechuun falmaniiru.

Manni murtii aanaa bitaa fi mirga falmisiisuun ragaa namaa walfalmitootaa dhagahuun jalqaba murtii yoo kenne illee ol'iyyannoodhaan deemeetee Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Jiddugaleessaa ol'iyyataa dhagahu gahe innis bitaa fi mirga dhiheesse falmisiisuun murtii manneen murtii jalaa diiguun manni falmii kaase akaakayyuu iyyataa kana irraa bu'ura labsii lakk.47/67 dhaalamee jira moo miti? ragaan dhaalamuu agarsiisu jira? yoo hin dhaalamne tahe qaamni dhimmi isaa ilaallatu manichi akka abbaa qabeenyaaaf deebi'u murteessee jira moo miti? kan jedhu ragaa barbaachisaa tahe dhiheessise eega qulquleessee booda murtii itti haa kenu jechuun qajeelfamaan mana murtii aanaatti gadi waan

deebiseef manni murtii aanaa gal mee sochoosuudhaan akka qulqulaahu eega taasisee booda manni falmii kaase dhaalamu kan mirkaneessu ragaan hin dhihaanne, manni falmii kaase kun kan hin dhaalamne tahu xalayaa gaafa 03/11/88 qajeelchi hojii fi misooma magaalaa godina Shawaa Lixaa waamamaa 3ffaa ammaa kanaaf barreesse ture irraa akka hubatamutti, manni kun kan hin dhaalamne waan taheef abbaa iyyataaf akka deebi'u jedhamee murtaahe jira waan taheef waliigalteen kira waamamtoota 1ffaa fi 2ffaa jidduu jiru adda cite iyyataan dhaalaa waan taheef mannichi akka iyyataaf gadi lakkifamu jechuun murteesseera. Waamamtoonni ammaa murtii akkaataa kanaan kenname kana komachuudhaan komii ol'iyyannoo Mana Murtii Ol'aanaa Go/Sh/Lixaatti yoo dhiheeffatan illee komiin ol'iyyannoo hin dhiheessisu jechuun bu'ura d/f/s/s.337 murtaaheera.

Waamamtoonni ammaa murtiilee kanneen komachuudhaan komii ol'iyyannoo Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Jiddugaleessaa ol'iyyannoo dhagahutti dhiheeffatanii manni murtii ol'iyyata dhagahee bitaa fi mirga dhiheessee falmisiisuun dhuma irratti dhimma kana mannii murtii ilaalee murtii kennuuf aangoo hin qabu jechuun murtii manneen murtii jalaa diiguun murteesseera. Iyyataan ammaa murtii haala kanaan kenname kana komachuudhaan iyyannoo dhaddacha kanaaf dhiheesseen manni falmii kaase labsii 47/67 kan hin dhaalamne tahu qulqulaah abbaa kootiif akka deebi'u eega murtaahe booda waamamtoonni 2ffaa fi 3ffaan gadilakkisu kan didan waan taheef abbaan koo qaama adda addatti osoo iyyattuu waan du'eef, ani immoo dhaalaa waan taheef akka gadi naaf lakkisan kan gaafadhe malee manni seeraa ala dhaalame akka naaf deebi'u kan jedhu osoo hin tahn, faallaa seerummaa ani gaafadheen Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa labsii dhimmichaaf rogummaa hin qabne lak, 231/2013 kew.45 caqasuun dhimmicha ilaaluuf manneen

murtii aangoo hin qaban jedhamee murtiin kennname mirga koo kan daangeessuu fi seerummaa gaafatameen ala kan murtaa'e waan ta'eef murtiin haala kanaan kennname ana irraa diigamee murtiin mana murtii aanaa fi ol'aanaatiin kennname akka naaf cimu jechuun gaafateera.

Dhaddachi kuniis komee iyyannoo dhihaate, murtii manneen murtii jalaatiin kennname seera waliin ilaaluun manni falmii kaase yeroo sanitti qaamni ilaaluuf aangoo qabu manichi dhaalamuu fi dhaalamuu dhabuu qulquleesse hin dhaalamne abbaa iyyataatiif haa deebi'u jedhamee amma dura murtaahe jira kan jedhu irratti hundaahne manneen murtii jalaatiin murtiin kan kennname ta'ee osoo jiru, Manni Murtii Waliigala Oromiyaa dhimmicha ilaaluuf aangoo hin qabnu jechuun murtiin kenne seera qabeessummaa isaa bakka bitaa fi mirgi jiranitti qulquleessuuf ni dhiheessisa jedhamee waamamtoonni deebii akka itti kennan taasifamee deebii gaafa 19/04/15 barreessanii dhiheessaniin, manni falmii kaase labsii lakk.47/67 mootummaan dhaalamee harka bulchiinsa gandaa kan ture waan taheef qabeenya mootummaan dhaalamee jiru manneen murtii akka abbaa qabeenyaaf deebi'u jechuun murtii kenuuf aangoo waan hin qabneef Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa; manneen murtii dhimma kana ilaalanii murteessuuf aangoo hin qaban jechuun murteessuun isaa dogoggora hin qabu nuuf haa cimu jechuun kan falman yoo tahu itti fufuudhaan iyyata qaxxaamuraa dhiheessaniin ragaan gaafa 03/11/88 manichi abbaa iyyataatiif akka deebi'u mirkaneessa jedhamee manneen murtii jalaatiin murtiin kennname ragaa sobaati dhugummaa hin qabu akka nuuf qoratamu osoo jennu Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa ol'iyyannoo dhagahe bira darbamee murtiin kennamuun isaa dogoggora bu'ura seeraa waan taheef akka sirraahe ragaan kun nuuf qoratamee murtaahu jechuun gaafataniiru.

Dhaddachi kuniis komee iyyannoo dhihaate, deebii kennamee fi murtii manneen murtii jalaatiin kanname seera waliin qoranneerra. Akka qorannetti Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Jiddugaleessaa mana falmii kaase ilaalee murtii kennuuf manneen murtii idilee aangoo hin qaban jedhamee murtii manneen murtii jalaa diiguun murtiin kenname deegarsa seeraa ni qabaa? kan jedhu qabxii furmaata barbaadu tahe argameera.

Falmii bitaa fi mirgaa irraa akka hubachuun dandahametti, seerummaan iyyataan gaafate manni qabeenyummaan isaa kan akaakayyuu koo tahe osoo labsin hin dhaalamin qabatanii abbaan koo falmaa ture akka deebi'uuf eega murtaahe illee waamamtoonni gadilakkisu didani kireeffachaa jiru ani immoo dhaalaa abbaa koo waan taheef manicha dhaalaan anatti darbu akka naaf gadilakkisan kan jedhu malee manni seeraa ala labsiin yookaan qalaaxeen yookaan ajajaan seeraa ala dhaalame naaf haa deebi'u kan jedhu miti. Qaamani aangoo qabu manichi hin dhaalamne abbaa qabeenyaatiif haa deebi'u jedhe murteesse yoo tahe falmiin bu'ura seera qabeenya kew.1206 falmii abbaa qabeenyummaa kan ilaallatu tahuun beekkamaa dha.Manni murtii aanaa akkaataa amma dura Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Jiddugaleessaa qajeelfamaan gadi deebiseen itti adeemee manichi kan hin dhaalamiin tahuu fi abbaa qabeenyaatiif akka deebi'u illee murtaahe jira kan jedhuun iyyataaf akka gadilakkifamu kan murtaahe tahu murtii jalaa irraa hubatameera.

Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa yeroo lammaaffaa ol'iyyata dhagahe kan ilaalu irraa ture bara 1988 manni falmii kaase abbaa iyyataatif akka deebi'u qaama dhimmi isaa ilaaluu fi murtii kennuuf aangoo qabuun akka deebi'u murteesseera moo miti? ragaan murtaaahuu isaa agarsiisu gara iyyataatiin yookaan qulquleessaa mana murtiitiin dhihaatee yookaan argamee seera qabeessummaa qulquleesse murtii kennuu osoo qabu

akka manni murtii aanaa manni falmii kaase dhaalameera moo miti? kan jedhu ijoo dubbi qabate murtii kennetti ilaaluun faallaa bu'ura d/f/s/s. kew.182(2),328(2)tiin manni murtii idilee dhimma kan ilaaluuf aangoo hin qabu jechuun murteesse dogoggora dha.Gara biraatiin manni akka deebi'u murtaahe ture kan jedhame bara 1988 osoo labsii oromiyaa lakk.231/2013 hin bahin dura waan taheef labsicha kew.45 gaafi manni labsichaa ala dhaalaman naaf haa deebi'u jedhu ilaalchisee ilaaluun murtii kennuuun hin dandahamu kan jedhu gaafa labsiin bahe irraa kaase dhimmoota mana murtitiif dhihaatan tahe osoo jiru, labsichi mirga labsii kana dura argame kan ilaalatu osoo hin tahn eega labsiin kun hojii irratti oole booda gaafii manni qalaaxeen, ajajaan seeraa ala dhaalame naaf haa deebi'u kan jedhu kan ilaallatu ta'ee osoo jiru, manni murtii hojii irra oolmaa kewwata kanaa haala hin taaneen hubachuun manni murtii dhimma kana ilaalee murtii kennuuuf aangoo hin qabu jedhee murtiin kenne mirga abbaa qabeenyummaa dhaalaan argamu kan daangeesse yookaan sarbe tahe waan argameef kun immoo dogoggora seeraa isa bu'uraati sirraahu qaba janneerra.

### Ajaja

1. Murtiin Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Jiddugaleessaa galmee lakk.397206 tahe irratti dhaddacha gaafa 10/02/15 ooleen diiguun kenne bu'ura labsii lakk.216/2011 kew.26/5/ fi d/f/s/s.348/1/ tiin diigameerra.
2. Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa galmee lakk.397206 ta'e irraa deebi'ee sochoosuun manni falmii kaase bara 1988 abbaa iyyataatiif qaamni ilaalee murtii kennuuuf aangoon kennameefin ilaalamee murtii kenneera moo miti? kan jedhu ragaa manneen murtii jalaa irratti hundaahanii murtii kennan waliin ilaaluun qulquleesse murtii itti fakkaate haa kenu jennee bu'ura d/f/s/s.341 qajeelfamaan gadi

deebifneerra.

3. Akkaataa qajeelfama kennname kanaan faana bu'e qulquleesse akka murteessu garagalchi murtii kanaa Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Jiddugaleessaa haa qaqqabu.
4. Galmeen kun murtii dhumaan waan argateef mana galmeetti haa deebi'u.

Abbootii Seeraa :-

1. Gazaalii Abbaas Simal
2. Abdusalaam Siraaj
3. Gammachiis Dhugumaa
4. Ashannaafii Raggaasaa
5. Ayyaanaa Tolinaa

Iyyataan:- Naggasaa Margaa

Waamamatootni:-  
1. Addisuu Kaasaa  
2. Naggasaa Alamuu

Galmeen kun qorannoodhaaf kan bule yoo ta'u galmee keessa qorannee murtii itti aanu murteeessineerra.

### **Murtii**

Galmeen kun dhaddacha ijibbaataaf dhiyaachuu kan danda'e iyyataan iyyannaa guyyaa 19/09/2014 barreeffameen murtiin Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Hariiroo Hawaasaa galmee lakkoofsa 396528 irratti dhaddacha guyyaa 18/09/2014 ooleen murteesse dogoggora bu'uura seeraa waan qabuuf akka naaf sirratu jechuun waan gaafateefi dha.

Dhimmi kun falmii dhimma liqii qarshii ilaallatu dha. Ka'umsi dhimmichaa himannaa iyyataan ammaa kun gaafa 23/05/2014 barreessuun Mana Murtii Aaanaa Daawootti dhiyeesseen waamamaan 1ffaan waamamaa 2ffaa wabii godhachuudhaan waliigaltee gaafa 13/10/2013 barreeffameen qarshii waldaa Igzaarabii 6,400 (kuma jahaa fi dhibba afur) liqeefachuu gaafa guyyaa 13/04/2014 ni deebisna jechuun

waan na dhorkataniif qarshii liqii 6,400 baasii fi kisaaraa waliin akka naaf kaffalan jechuun himateera. Waamamtootni ammaa himanna isaan irratti dhiyaateef deebii barreeffamaan akka dhiyeessan jedhamanii isaanis deebii guyyaa 1/06/2014 barreeffameen himataan ragaa sobaa harka isaa jiru nu himachaa jira malee maallaqa kana galii goonee waldaa Igzaarabii jedhamee miseensa namoota sagal qofaan waan gurmaa'eef waliigaltee guyyaa 13/11/2013 waldaan jigee qabeenyaa ol kaa'amee jiru qoddannee iyyata guyyaa 28/01/2014 Waajjira Bulchiinsa Gandaaw Dwoo Karraaf barreeffameen waldaan kun jiguusaa mirkanaa'ee jira waan ta'eef maallaqni waldaan qabu hin jiru. Maallaqa qaba taanaan bakka bu'insaan nu himachuu qaba jechuun deebisanii falmaniiru.

Manni Murtii Aanaa Daawootis kanumaan dhimmicha galmee lakkooftsa 42778 irratti ilaaluudhaan ijoo waldaan bitaa fi mirgaan jidduu jiru diigameera moo miti? diigameera yoo ta'e idaan himatamtootaa jira kan jedhamu yoo ta'e bakka bu'aan himataa himannaa kana hundeessuuf mirga qaba moo miti? kan jedhu qabchuudhaan falmii fi ragaa garee falmitootaa dhaga'ee murtii kenneen Waldaan Igzaarabii jedhamu fedhii miseensaan diigamee idaan himatamtoota irra jiru himatamtootni erga kaffalanii booda maallaqa fi qabeenyaa qabu miseensi waldsaa qoddachuu isaa ragooleen miseensa waldaa ta'an raggasisanii jiru. Kanaafuu himataan bakka waldaa Igzaarabii jedhame diigametti himatamtoota himachuuf mirga kan qabu miti jechuun himannaa dhiyaate kufaa gochuun murteesseera. Iyyataan ammaa kun murticha irraa komachuudhaan gara Mana Murtii Olaanaa Godina Shawaa Kibba Lixaatti kan ol iyyate yoo ta'u Manni Murtii Olaanaa Godina Shawaa Kibba Lixaa galmee lakkooftsa 58913 irratti erga dhiyeessisee falmisiiseen booda murtii dhuma irratti kenneen falmii keessaa iyyataan walitti qabaa Waldaa Igzaarabii akka turee fi garuu maallaqa jedhame immoo akka dhuunfaatti kan liqeesseef

ta'uu hubatama. Waamamtootni waliigalteen liqii barreeffamaan dhiyaate kan waakkatan miti. Maallaqa liqeefanne kana deebisuu waamamaa 1ffaa immoo ragaan qabatamaan agarsiisu nagaheen dhiyaate hin jiru. Kanfalame osoo ta'ee waliigalteen barreeffamaan dhiyaate kun kan tarsa'e yookaan immoo nagaheen itti kaffalame dhiyaachuu qaba ture. Ragaan namaa kan dhiyaatu waliigalteen kan hin jirre yoo ta'ee fi mallattoon adda bahu yoo hin dandeenye ta'e dha. Bakka kun hin taanetti ragaa namaa dhaga'uun iyyuu rogummaa kan qabu miti jechuudhaan murtii mana murtii aanaa diiguudhaan waamamtootni ammaa kun bu'uura waliigaltee barreeffamaa dhiyaateen qarshii 6400 waamamaan 1ffaa iyyataa irraa liqeeffate akka kaffalu akkasumas waamamaan 2ffaa wabii waan ta'eef bu'uura akka SHH kwt. 1920 tiin yoo waamamaan 1ffaa kaffaluu dadhabe itti darbee haa kaffaluuf jechuudhaan murteesseera.

Waamamtootni ammaa murticha irraa komachuudhaan gara Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaatti kan ol iyyatan yoo ta'u Manni Murtii Waliigalaatis galmee laccoofsa 396528 irratti dhiyeessisee erga falmisiisee booda murtii kenneen Waldaan Igzaarabbii jedhamu kun gaafa 13/11/2013 kan diigame ta'uu fi falmitoota dabalatee qabeenya wal dichaa keessa qaban qooddatanii kan addaan galan ta'uun kan mirkanaa'e yoo ta'u bakka waldaan diigamee jirutti ofiyyuu waan hin jirreef mirgi yookaan dantaan ni gaafata jedhamu waan hin jirreef iyyataan ammaa maallaqa waldaa kanaa jechuun waldaa hin jirre bakka bu'ee gaafachuuf bu'urri seeraa isa dandeessisu hin jiru jechuudhaan murtii mana murtii ol aanaa diiguun murtii mana murtii aanaa cimsee murteesseera. Iyyataan murtiin kun dogoggora bu'uura seeraa waan qabuuf akka naaf sirratu jechuun kan iyyate yoo ta'u iyyannaa guyyaa 19/09/2014 barreeffameen gababumatti, Manni Murtii waliigalaa Oromiyaa Waldaan Igzaarabbii diigameera jechuudhaan guduunfaan irra gahe ragaa galmeessaatti galmaa'ee

argamuun kan hin deeggaramne waan ta'eef dogoggora dha. Ragaan namaa gama kiyyaan dhiyaate waldaan kun kan hin diigamiin ta'u fi waamamaan ammas waldaa kana irraa qarshii fudhachuu nuuf mirka-neessaniiru. Ragootni waamamaa immoo waldaan diigame haa jedhan malee ragaan tokkoffaa qarshii 6400 fudhanne yoo jedhu ragaan tokko immoo qarshii 711 fudhanne waan jedhanii jecha garaagaraa dubbataniif amantaan kan irratti gatamu miti. Waldaan tokko ennaa diigamus ta'e ennaa ijaaramu adeemsa seeraa kan qabu Seera Hariroo hawaasaa ykn seera daldalaatiin kan hoogganamu bakka qaboon yaa'ii waldaan kun itti diigame dhiyaatee hin jirretti manni murtii waliigalaa jecha ragaa dhugummaan isaa shakkisiisu irratti hundaa'ee murtiin kenne dogoggora bu'uura seeraa kan qabu dha. Waldaan falmiif ka'umsa ta'e kan qaama seerummaa hin qabne akkaataa aadaatiin dabareedhaan loon tiksani gal-chuu irratti kan gurmoofne yoo ta'u miseensi waldaa kanaa akka SDF-HH kwt. 38 jalatti namni dantaa qabu himachuu kan danda'u malee akka manni murtii waliigala Oromiyaa murtii isaa keessatti ibsetti waldaan kun qaama seerummaa qabatee ofii isaatii dhaabbatee nama himatee li-qii deeffachuu danda'u miti. Kanaafuu, murtiin manni murtii waliigala Oromiyaa kennname dogoggora bu'uura seeraa waan qabuuf diigamee murtiin mana murtii aanaa Ol aanaa Godina Shawaa Kibba Lixaatiin kennname akka naaf cimu jechuun gaafateera.

Iyyanni akka armaan olii ta'ee Dhaddachi Ijibbataa Qorannoo Duraa ijoo waliigalteen liqii iyyataa fi waamamtoota gidduutti raawwatame qarshii liqeeffatanii kaffaluu osoo hin hubachiisne haalli himannaan itti kufaa taasifame seera qabeessa moo miti? kan jedhu qulqulleessuuf ni dhiyeessisa jedhee waamamtootni deebii barreeffamaan akka dhi-yeessan ajajeera. Haaluma kanaan waamamaan 1ffaan deebii guyyaa 08/10/2014 barreeffameen akkasumas waamamaan 2ffaan deebii guyyaa

22/10/2014 barreeffameen gabaabumatti iyyataan waa'ee waldaan kun ragaa galmeessatti galmaa'u fi dhiisuu mana murtii jalaatti yeroo himanna dhiyeessus ta'e yeroo falmi osoo hin kaasiin waldaan ni jira jedhu akkasumas manni murtii waliigalaa murtii isaa keessatti osoo hin kaasiin falmiin ijoon kana irratti dhiyeesse fudhatama kan qabu miti. manii murtii waliigalaa Oromiyaas kan kaase miti. Dhimmi waldaan diigamuu immoo dhimma madaallii ragaa waan ta'eef dhaddachi ijibbataa kan ilaalu miti. Yoo ta'es ragaan iyyataa kanaa tokkoo fi ragaan keenya hundi waldaan qabeenya qabu hunda qooddatee diigamee addaan galuu ragaa bahanii jiru. Ragooleen isaas hanga qarshii -p-jecha walitti bu'u dubbataniiru. Iyyataan waldaa diigame bakka bu'ee himanna dhiyeessuuf akka SDF-HH kwt. 33 tiin dantaa hin qabu. Kanaafuu, murtiin manni murtii walii-gala Oromiya murteesse dogoggora bu'uura seeraa hin qabu akka nuuf cimu jechuun deebisaniiru.

Achii as dhufaatiin dhimmichaa akka armaan olii ta'ee nutis kanumaan galmeekessa qoranneerra. Haaluma kanaan akka galmeekessa qoran-netti iyyataan ammaa kun dura taa'aa Waldaa Igzaarabii ta'uudhaan waamamaan 2ffaa wabii ta'uudhaan waamamaa 1ffaadhaaf qarshii falmiif sababa ta'e qarshii 6400 kan liqeesse ta'uu kan falmisiise miti. Waamam-tootnis kana kan wakkaatan miti. Falmiin waamamtootaa waldichi kan diigame waan ta'eef bakka bu'aa ta'uudhaan nu himachuu hin danda'u, qarshiinis kaffalameera kan jedhu dha. Kanaafuu ijoon falmii kanaa iyyataan himanna kana dhiyeessuuf mirga qaba moo miti? waamamaan 1 ffaa qarshii liqeefafe kaffaleera moo miti? kan jedhu dha. Haaluma kanaan himannaa iyyataan dhiyeesse yoo ilaallu qabiyyeen himannaa isaa qarshii waldaa waamamaa 1 ffaaf liqeesseef naaf hin deebisne waan ta'eef waamamaan 2 ffaa immoo wabii waan ta'eef akka naaf kaffalan jechuun himannaa maqaa isaatiin dhiyeesse. Iyyataan himanna isaa aangoo bak-

ka bu'insaan kan himate osoo hin taane qarshii waldaa liqeessee isumaaf akka deebi'u maqaa ofitiin himanna dhiyeesse. Kana yoo ta'e immoo aangoo bakka bu'insaan kan himate waan hin taaneef waldichi bakka buusuu fi dhabuu akkasumas waldichi diigamuu fi diigamuu dhabuun dhimma kanaaf rogummaa kan qabu miti. Miseensotni waldaa qarshi-in isaanii iyataa kana biratti hafe yoo jiraate karaa mirga qabaniin kan gaafachuu danda'ani dha. Iyyataan kun qarshii waldaa harka isaa jiru namootaaf maqaa isaatiin liqeesse deebisee gaafachuu wanti isa daang-essu hin jiru. Kanaafuu, waldaan diigamee waan jiruuf himanna dhiyees-suu hin danda'u kan jedhu hiikkoo sirrii miti. Ijoon lammaffaa, iyataan himanna dhiyeessuuf mirga yoo qabaate waamamtootni qarshii himan-naaf sababa ta'e kaffaluuf qabu moo miti? kan jedhu dha. Isa kana irratti firii dubbii mana murtii jalaatti mirkanaa'e waliin akka ilaletti iyataan kun qarshii falmiif ka'umsa ta'e waliigaltee barreeffamaan kan liqeesse ta'uu ibsameera. Waaamamtootni immoo waamamaan 1 ffaa qarshii isa irra jiru kaffaleera haa jedhu iyyuu malee qarshii isa irra jiru kaffaluu isaaf ragaan barruu dhiyeesse hin jiru. Bu'uura Seera Hariiroo Hawaasaa keewwata 2472 (3) tiin qarshiin liqaa deebi'uun isaa ragaa barreeffamaan mirkanaa'uu qaba. Waamamtootni akkaataa kanaan iyataa kanaaf qar-shii kaffaluu wanti mirkaneesson hin jiru. Kanaafuu, waamamaan 1ffa idaa irraa barbaadamu kaffaleera kan jechisiisu miti. Haala kanaan Man-ni Murtii Olaanaa Godina Shawaa Kibba Lixaa waamamtootni qarshii iyyataa kana irraa liqeeffatan akka kaffalan murtiin kenne sirrii ta'ee osoo jiruu manni murtii waliigalaa iyataan mirga himachuu hin qabu jechuun murtiin kenne dogoggora bu'uuraa kan qabu dha.

Walumaagalatti, waamamaan 1ffa waamamaa 2ffa wabii godhachuud-haan qarshii iyyataa kana irraa liqeeffate ta'uu kan waakkatame waan hin taaneef, iyyataan waamamaan 1ffaadhaaf qarshicha yoo liqeessu maqaa isaatiin ta'ee ammas waldichi diigamu illee maallaqa maqaa isaatiin liq-

eesse ilaachisee himatee akka deebi'uuf gaafachuu mirga kan qabu waan ta'eef, waamamaan 1ffaa immoo qarshicha deebisuu bu'uura seeraan kan mirkaneesse waan hin taaneef , Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa himannaas isaa kufaa gochuun dogoggora bu'uura seeraa kan qabu dha. Kanaafuu, Murtii Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachai Hariiroo Hawaasaa gal mee lakkoofsa 396528 irratti dhaddacha guyyaa 18/09/2014 ooleen murteessee fi murtii Manni Murtii aanaa Daawoo Gal mee lakkoofsa 42778 irratti dhaddacha guyyaa 30/06/2014 ooleen murteessan bu'uura labsii lakk. 216/2011 keewwata 26 (5) fi SDFHH kwt. 348 (1) tiin diiguudhaan murtii Manni Murtrii Olaanaa Godina Shawaa Kibba Lixaa gal mee lakkoofsa 58913 irratti dhaddacha guyyaa 20/07/2014 ooleen murteesse cimsinee murteessineerra.

### **Ajaja**

1. Murtiin Manni Murtii Aanaa Daawoo Gal mee lakkoofsa 42778 irratti dhaddacha guyyaa 30/06/2014 ooleen murteessee fi murtiin Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachi Hariiroo Hawaasaa gal mee lakkoofsa 396528 irratti dhgaddacha guyyaa 18/09/2014 irratti murteessan diigameera. Murtiin Manni Murtii Olaanaa Godina Shawaa Kibba Lixaa gal mee lakkoofsa 58913 irratti dhaddacha guyyaa 20/07/2014 ooleen murteesse cimeera.
2. Baasii fi kisaaraa bitaa fi mirgi sababa falmii mana murtii kanaan baasan of haa danda'an.
3. Manni Miurtii Aanaa Daawoo bu'uura murtii Mana murtii Olaanaa murteesseen akka raawwachiisu haa barraa'u.
4. Galmeen murtii waan argateef cufameera. haa deebi'u.

Abbootii Seeraa: -

1. Gammachuu Baqqalaa
2. Abdusalaam Siraaj
3. Hiikaa Araarsoo
4. Gammachiis Dhuguumaa
5. Ashaannafii Raggaasaa

Iyyattuun: - Aadde Mashuu Baqataa

Waamamaan: - Obbo Ahmad H/Heebboo

Galmeen qoratamee murtiin armaan gadii kennameera.

### **Murtii**

Iyyannoон kun dhaddacha kanaaf kan dhiyaate murtiin Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Kibbaa galmee lakk.407272 ta'e irratti dhaddach gaafa 07/03/2015 ooleen kenne dogongora bu'uura seeraa qaba jechuun iyyattuun iyyata gaafa 26/03/2015 barreeffameen akka sirreffamuuf waan gaafatteefidha.

Iyyattuun ammaa Mana Murtii Aanaa Gadab Hasaasaatti himatamtuu ennaa taatu waamamaan ammaa immoo himataa ture. Ka'umsi falmii kanaas waamamaan ammaa himataa dhiyeessen kan eegalame ennaa ta'u; himanni dhiyeesses gabaabinaan: himatamtuu waliin walitti dhiyeenya hawaasummaa qabnuun qarshii 110,000 akkan liqeessuuf bilbilaan natti watwaattee qarshii himatamtuu na gaafatte kana hayyamamaa ta' ee gaafa 17/04/2013 (December 26/2020, lakk. 01320121227700) ta'een ergeefii fudhattee qarshii kana akka naaf deebiftu gaafadhee waan naaf deebisuudiddeef, qarshii liqaan fudhatte dhala baankii waliin akka naaf kaffaltu baasii fi kisaaraa durgoo abukaatooo %15fi kaffaltii abbaa

seeruummaa dabalatee akka naaf kanfaltuu naaf yaa murtaa'u jechuun kan gaafatheedha. Iyyattuun ammaa deebii barreffamaan dhiyeeffatteen liqaan qarshii 500 (dhibba shan)ol waliigaltee barreffamaan ta'uu qaba; qarshiin kun baankii kamitti akka gale hin ibsamne waan ta'eef himanni isaa kufaa akka naaf ta'u ani qarshii 110,000(kuma dhiba tokkoo fi kuma kudhan) irraa liqeffadhee osoo hin taane ani daldaltuu miidhanii waan ta'eef himataa kanatti gaafa 15/04/2013 boqolloo kuntaala 116(dhibaf kudha jaha) gatiin tokkoo qarshii 1200 (kuma tokkoo fi dhibba lama) ta'ee waliigala 139,200 (kuma dhibba tokkoof kuma soddomii sagalii fi dhibba lamaa)itti gurguree gaafa midhaan narraa bitatu kana qarshii 29,200(kuma digdamii sagalii fi dhibba lama) harkatti naaf kennee qarshii 110,000 (kuma dhibbaa tokkoo fi kuma kudhan)irratti hafe gaafa 17/04/2014 Baankii Awaashiin naaf erge malee ani irraa liqeffadhee miti waan ta'eef, himataan akka naaf liqeesse fakkeessee kan na himate ragaa ittisaa kiyyaan naaf qulqullaayee himanni isaa kufaa ta'ee mirgi baasiif xaarii naaf eegamee akka naaf murtaa'u jechuun kan gaafatheedhaa.

Manni murtii Aanaa dhimmicha sadarkaa jalqabaatti ilaalee bitaa fi mirga erga falmisiisee booda ragaa bitaa fi mirgaa dhagahuun galmee qoratee himataa fi himatamtuu gidduu kan jiru walitti dhufeeyna midhaan wal biraa kaa'uu fi waliif bituu malee waliigalteen liqii isaan gidduu jiraachuu ragaadhaan waan hin mirkanoofneef nagaheen Baankii Awaash irraa dhiyaatees himataa lakk.herregaa himatamuutti qarshii galchuu malee waliigalteen liqaa isaan gidduu jiraachuu bu'uura s/s/keew.2472 waan hin mirkaneesineef himanni himataan dhiyeeffate fudhatama hin qabu jechuun kufaa taasisuun murteesseera. Murtii manni murtii aanaa kenne waamamaan ammaa komachuun Mana Murtii Olaanaa Godina Arsii Lixaatti oliyyatu illee, mannii murtii olaanaa komii isaa kufaa taasisuun murtii manni murtii aanaa kenne bu'uura S/D/F/S/keew.337tiin cimsuun

murteesseera. Murtii manni murtii aanaa fi manni murtii olaanaa kenne waamamaan komatee Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Kibbaatti oliyyatee Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachi Dhaabbii Kibba ni dhiyeessisa jechuun bitaa fi mirga erga falmisiisee booda galmee qoratee himataa fi himatantu gidduu waliigalteen liqii jiraachuu mirkanaa'uu baatu illee qarshiin falmiif ka'umsa ta'e kan himataa ta'uu fi dubbiin isaanii jaarsummaan yeroo ilaalamutti himatantuun qarshii kana himataaf akka kanfatu araaramuuun isaanii mirkanaa'ee osoo jiruu manni murtii jalaa liqiin jiraachuun isaa hin mirkanoofne jechuun murtiin kenne hanqina ijoo seeraa fi maddaallii ragaa cimaa kan qabuudha sababa jedhuun murticha diigee himatantuun qarshii falmiif ka'umsa ta'e qarshii 110,000 himataaf akka kanfaltu jechuun murteesseera.

Iyyanni ijjibbaataaf dhiyaates murtuma kana komachuun yoo ta'u; ijoon komii gaafa 26/03/2015 barreeffamaan dhiyaates: akkaataa himata dhiyaateen qarshii falmiif ka'umsa ta'e waamamaa irraa liqidhaan fudhachuu koo ragaadhaan waanti mirkanaa'e tokko illee osoo hin jiraatin Manni Murtii Waliigalaa liqiin jiraachuu baatus qarshii falmiif ka'umsa ta'e kanfaluu qabda jechuun murtii manni murtii aanaa fi manni murtii olaanaa kenne diigee murtiin kenne dogongora bu'uura seeraa kan qabu waan ta'eef murtiin Manni Murtii Waliigalaa kenne diigamee murtiin manni murtii aanaa fi mannii murtii olaanaa kenne cimee baasii fi kisaaraa waliin akka naaf murtaa'u jechuun kan gaafateedha. Dhaddachi qorannoo duraas komii dhiyaate murtii waliin qorachuun ijoo waliigalteen liqaa jiraachuun waakkatamee osoo jiruu kaffaltiin raawwatame kan bittaa fi gurgurataa midhaanii ta'uun ibsamee osoo falmamuu waliigalteen liqaa jiraachuun osoo hin mirkanaa'in kaffaltiin baankiin raawwatame liqa mirkaneessa jedhamuun bu'uura S/S/keew.2472 hiikkaan kennname

dogongora bu'uura seeraa qaba moo?miti?"kan jedhuun dhiyeessisee waamamaan deebii akka itti kenu ajajamee waamamaan deebii gaafa 19/04/2015 barreffamaan dhiyeesseen murtiin Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa kenne dogongora bu'uura seeraa kan hin qabne ta'uu ibsee murtichi akka cimuuf gaafateera. Seennan dhuufatii galmee kanaa gabaabinaan kan armaan olii ennaa ta'u dhaddachii kunis garagalcha murtii manneen murtii jalaa, falmii barreffamaan iyyataan dhiyeessan, ijoo ni dhiyeessisa ittiin jedhamee fi seera rogummaa qabu waliin galmee qorateera. Akka qorannettis bu'uura seerummaa waamamaan gaafateen waliigalteen liqii qarshii 110,000 isaan gidduu kan hin jirtre ta'uu ijoo mana murtii jalaatti ragaan mirkana'eedhaa. Manni Murtii Waliigalaa garuu waliigalteen liqii isaan gidduu jiraachuun mirkanaa'uu baatuu illee qarshii falmiif ka'umsa ta'e iyyattuutti erguu fi iyyattuunis kan fudhatte ta'uu iyyattuun kan amantee fi ragaadhaanis kan mirkanaa'e yoo ta'u; qarshii falmiif ka'umsa ta'es iyyattuun midhaan waamamaaf biteef kan ishiif kanfale ta'uu falmuun alatti ragaadhaan waan hin mirkaneeffannee fi jaarsummaa irrattis kanfaluuf amantee osoo jirtuu manni murtii jalaa liqii jiraachuun hin mirkanoofne jechuun murtiin kenne hanqina ijoo seeraa fi madaallii ragaa cimaa kan qabuudha jechuun murtii manni murtii aanaa fi manni murtii olaanaa kenne diigamee qarshii falmiif ka'umsa ta'e iyyattuun akka waamamaaf kanfaltu kan murteesseedha.

Bu'uura S/S/keew.2472(1)tiin namni liqii qarshii 500 ol ta'e jira jedhu, liqii jiraachuun isaa waliigaltee liqii barreffamaan taasifamee dhiyeessuuun ykn jecha amantaa mana murtiiti taasifameen ykn kakuudhaan mirkaneessuuun kan danda'amu yoo ta'een alatti ragaa birootiin mirkaneessuuun akka hin danda'amnee tumamee jira. Namni dirqamni tokko jira jechuun himata dhiyeessu dirqamichi jiraachuun garee faallaatiin yoo hin amanamne dirqamichi jiraachuun ragaadhaan

hubachiisuuf dirqama kan qabu ta'uu tumaa S/S/keew.2001(2)fi S/D/F/S/ keew.224, 182, 248fi 256 irraa kan hubatamuudha. Dhimma of harkaa qabnu kanaan waamamaan ammaa seerummaan iffatti gaafatee iyyattuun qarshii falmiif ka'umsa ta'e ana irraa liqeefattee waan jirtuuf akka naaf deebistu kan jedhuudha malee filannoodhaan seerummaan gaafatee hin jiru. Manneen murtii jalaa sadanuu waliigalteen liqii jirachuun isaa hin mirkanoofne jechuun isaanii tumaa S/S/keew.2472 (1)waliin wal bira qabamee gaafa ilaalamu dogongora kan qabu ta'uu baatuu illee Manni Murtii Waliigalaa garuu seerummaan waamamaan bu'uura S/D/F/S/ keew.224(1)tiin filannoodhan gaafatee osoo hin jiraatin, walitti dhufeenyaa daldalaanisaan gidduu jiru irratti hundaa'ee himanni waamamaan dhiyeesse osoo hin jiraatin seerummaa gaafatameen ala bahee murtiin kenne tumaalee S/S/keew.2001(2)fi S/D/F/S/keew.224,182,248fi 256tiin wal bira qabamee gaafa ilaalamu murtiin kenne dogongora bu'uura seeraa kan qabuudha jeneerra.

Walumaagalatti iyyattuu fi waamamaa gidduu waliigalteen liqii jiraachuun isaa hin mirkanoofne erga jedhamee booda dhimma waamamaan seerummaa itti hin gaafannee fi falmiin irratti hin gaggeeffamne irratti hundaa'ee murtiin kennname dogongora bu'uura seeraa kan qabuudha. Kanafuu, sababoota armaan oliitiin Murtii Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa kenne dogongora bu'uura seeraa kan qabuudha jennee diignee murtii manni murtii aanaa fi manni murtii olaanaa kenne cimsuun murteessinee ajaja armaan gadii kenninee jirra.

### Ajaja

1. Murtiin Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Kibbaa galmeekibbaa lakk.407272 ta'e irratti dhaddach gaafa 07/03/2015 oooleen kenne sababa armaan oliitiin bu'uura labsii Gurmaa'ina,

Aangoo fi Hojii Manneen Murtii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiin Murteessuuf Bahe, Labsii Lak.216/2011 keew.26(5) tiin diigamee jira.

2. Murtiin Mana Murtii Aanaa Gadab Hasaasaa galmee lakk.31067 ta'e irratti dhaddacha gaafa 03/09/2014 ooleen kenne Ajajni Mana Murtii Olaanaa Godina Arsii Lixaa galmee lakk. 44909 ta'e irratti dhaddacha gaafa 21/10/2014 ooleen kenne sababa armaan oliitiin bu'uura labsii Gurmaa'ina, Aangoo fi Hojii Manneen Murtii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiin Murteessuuf Bahe, Labsii Lak.216/2011 keew.26(5) tiin cimee jira.
3. Akka beekamuuf garagalchi murtii manneen murtii jalaaf yaa ergamu jenneerra.
4. Baasii fi kisaaraa dhaddacha kanaa bitaa fi mirgi akka of danda'an jenneerra.
5. Dhorkaan galmee kana irratti kennname ka'ee jira yaa barreeffamuuf jenneerra
6. Galmeen xumura waan argateef cufameera. Mana galmeetti haa deebi'u.

Abbootiin Seeraa:-

1. Doobee Dhaabaa
2. Fiixaa Dachaasaa
3. Masfiin Geetaachoo
4. Taaddasaa Qana'ii
5. Ayyaanaa Toliinaa

Iyyataan:- Hayiluu Nugusee hin dhiyaannee

Waamamaan:- A/A/Naannoo Oromiyaa Obboo Yooseef Phawuloos

Galmee qorannee murtii kanaa gadii kennineerra.

### **Murtii**

Galmeen kun banamee dhaddacha ijibbaataa kanaaf dhiyaachuu kan danda'eef iyyataan iyyannoo guyyaaa 06/08/2014 barreessee dhiyeesseen murtii Manni Murtii Aanaa Giraar Jaarsoo galmee lakk. 40865 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 10/06/2014 ooleen kenne, ajaja Manni Murtii Olaanaa Godina Shawaa Kaabaa galmee lakk. 64350 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 24/06/2014 ooleen kennee fi ajaja Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Yakkaa G/galeessaa galmee lakk. 353210 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 27/07/2014 ooleen kenne dogoggora seeraa isa bu'uuraa qaba jechuudhaan akka sirratuuf waan gaafateef.

Ka'umsi dhimmichaa himannaayakka ajjeechaa dagannoo himataan jalaa (Abbaan Alangaa Aanaa Giraar Jaaroo) himatamaa jalaa (iyyataa ammaa) irratti Mana Murtii Aanaa Giraar Jaarsotti dhiyeesseen yoo ta'u; himatichis gabaabinaan, himatamaan sy. bara 1996 bahe kwt. 543(3) fi Dambii To'anno Nageenya Tiraafikaa Naannoo Oromiyaa Lakk. 194/2009 kwt, 27(1) jalatti kan tumame irra darbuudhaan fayyaa,

lubbuu fi nageenya namaa eeguuuf dirqama ogummaa osoo qabuu dagannoodhaan gaafa guyyaa 22/10/2013 guyyaa keessaa tilmaamaan sa'aa 5:00 yoo ta'u, Godina Shawaa Kaabaaa Bulchiinsa Magaalaa Fiichee Ganda 04 keessatti iddo addaa Naannoo Hoteela Daadhimoos jedhamee beekamutti konkolaataa gosti isaa SUN LONG Baasii lakk. gabatee isaa 4-06453 OR ta'e kallattii Fiichee irraa gara Dagamitti konkolaachisaa osoo jiruu lafoo deemaadhaaf dursa kennuu dhabuudhaan du'aa Xaqiil Geetaaneh daandii qaxxaamuraa osoo jiruu rukutee miidhaa cimaa irraan geessisee waan ajjeesseef yakka ajjeechaa dagannoo raawwateen himatamee kan jedhuudha.

Himatamaa jalaa (iyyataan ammaa) himanna irratti dhiyaateef jecha amantaa fi waakkii kennee ture; gochaan yakkaa himanna keessatti ibsame kun raawwatamuu ibsuudhaan fuuldura kiyya konkolaataan minibaasii fi isuuzuu bitaa fi mirgaan kan natti dhufan yoo ta'u miidhamaan fiigaa dhufee konkolaataa minibaasiidhaan daheeffatee natti seenuudhaan daawwitii konkolaataa kiyyatti bu'ee rukutame malee ani dagannoo balleessaa qabuun hin rukunne, erga rukutamee kaasee hoospitaalas geesseen jira, booddee rifeerii akka ergamu taasifamee geessinee achitti du'e kan jedhuu fi kkf ibsuudhaan mirga isaa eeggatee waakkatee ture.

Manni murtii aanichaatis ragaa namaa bitaa mirgaan dhiyaatan dhagahee, ragaa barreffamaa gama abbaa alangaatiin dhiyaate ilaalee erga qulqulleesseen booda murtii kenneen; himatamaan miidhamaa daandii qaxxaamuree aspaaltii irraa bu'uuf seenti meetira 10 isa hafutti konkolaataa itti buusee ajjeessuu isaa, konkolaataan fuulduraan isatti dhufes akka hin jirre, nama daandii ce'aa jiru karaa qaxxaamuruuf fixee daandii gahe dursa kennuu dhabuun kan konkolaataa itti buusee

ajjeesse ta'uu ragaa abbaa alangaatiin kan irratti mirkanaa'e yoo ta'u, akka ofirraa ittifatu ajajamee ragoonni isaa homaa kan irraa hin ittifne waan ta'eef keewwatuma seera yakkaa itti himatame sy. 543(3) jalatti balleessaadha jedhee murtii balleessummaa erga kenneen booda adabbii bu'uura qajeelfama adabbii lakk. 2/2006 tiin shallaguudhaan sababa adabbii cimsu hin jiru jedhee sababa adabbii salphisu shan qabeefii adabbii ka'umsaa gulanataa 21 irraa gara gulantaa 16tti buusuudhaan adabbii dhuma hidhaa cimaa wagga sadii fi adabbii maallaqaa qarshii 1000.00tiin akka adabamu murteessee ture.

Himatamaan jalaa (iyyataan ammaa) murtii manni murtii aanichaa kenne kana komachuudhaan oliyyannoo Mana Murtii Olaanaa Godina Sahawaa Kaabaa fi Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Yakkaa G/Galeessaatti sadarkaa sadarkaan kan dhiyeeffate yoo ta'ellee, manneen murtii oliyyannoo dhagahan lachuu komii dhiyaateef bu'uura godhachuudhaan gal mee qoratanii ajaja kennaniin; murtiin balleessummaatis ta'ee murtiin adabbii mana murtii aanichaatiin kennname hanqina hin qabu jechuudhaan bu'uura sdfs. kwt. 195(1)tiin cimsanii jiru. Iyyataan ammaa murtiin manneen murtii jalaatiin kennname dogoggora seeraa isa bu'uuraa qaba jechuudhaan akka sirratuuf iyyanni dhaddacha kanatti dhiyeesse gabaabumatti; gochaan yakka dagannoo ajjeechaa itti himatamee balleessaa itti jedhame ulaagaa tumaa seera yakkaa kwt. 543(3) jalatti tumamee kan guutu ta'ee osoo hin argamin, nama lafoo daandii qaxxaamuruuf dursa kennuu qabda kan jedhameef iddo balaan qaqaabe sanatti mallattoon ZEEBRAA bakka hin jirretti, walumaagalatti dambii traafikaa ifa ta'e mul'atu ani cabsee gochaa dagannoo kana raawwachuun koo osoo hin mirkanoofne, gama biraatiin immoo konkolaachisaan tokko konkolaataa osoo konkolaachisuu dagannoodhaan nama tokko yoo ajjeese gochi isaa sy. kwt. 543(2) jalatti waan kufuuf murtiin balleessummaa

sy. kwt. 543(2)tiin kennamuu osoo qabuu manneen murtii jalaa sy. kwt. 543(3) jalatti balleessaa jedhmuun murtiin balleessummaa fi adabbiin kennan dogoggora seeraa isa bu'uuraa kan qabuudha kan jedhuu fi kkf bal'inaan ibsuudhaan komateera.

Waamamaanis iyyata dhiyaateef deebii guyyaa 10/09/2014 barreessee dhiyeesseen ulaagaaleen sy. kwt. 543(3) jalatti ibsaman keessaa inni tokko dambii ykn qajeelfama ifaan jiru cabsuudhaan dagannoodhaan nama ajjeessuu ta'uun ibsameera. Iyyataanis dambii lakk. 194/09 kwt. 27(1) jalatti kan tumame cabsuudhaan lafoo deemaaf dursa kennuu dhabuun konkolaataa konkolaachisaa ture miidhamaatti buusee ajjeesun isaa waan mirkanaaheef sy. 543(3) jalatti balleessaa jedhamuun isaa dogoggora hin qabu kan jedhuu fi kkf bal'inaan isbuudhaan murtii jalaa dogoggora seeraa waan hin qabneef akka cimu gaafateera. Seenaan dhufaatii falmichaa kan armaan olitti ibsame yoo ta'u, dhaddachi kuniis falmii dhiyaate seera rogummaa qabu waliin yommuu ilaallu ijoon murtii argachuu qabu, gochaan yakka ajjeechaa dagannoo iyyataan ammaa raawwachuun mirkanaahe seera yakkaa bara 1996 bahe kwt. 543(2) moo kwt. 543(3)tti kufaa? Iyyataan dambii ifaan jiru ykn ifaan mul'atu cabsuudhaan lafoo deemaaf dursa kennuu dhabee gocha ittiin himatame kana raawwachuun isaa akkaataa himanana abbaa alangaatiin mirkanaahe jiraa? kan jedhuu fi kkf qabannee qoranneerra.

Seenaal galmichaa keessaa akka hubatamutti iyyataan sy. 543(3) jalatti akka himatamuuf akka sababaatti himannaabbaa alangaa keessatti kan ibsame iyyataan dambii ifa jiru, Dambii Nageenyaa fi Too'anno Tiraafikaa Oromiyaa Lakk. 194/2009 kwt. 27(1) jalatti ibsame cabsuudhaan miidhamaa isa du'e kanaaf dursa kennuufii dhabuudhaan daamacee ajjeese kan jedhuudha. Kanaan walqabatee sy. kwt. 543(3)

jalatti ulaagaan taa'e keessaa inni tokko konkolaachisaa ta'ee dambii ifa jiru cabsuudhaan dagannoodhaan yoo nama ajjeesseedha. Kanaafuu, hiiikkaa itti kennamuu kan qabaatu dambii ifaan bahe ykn ifaan jiru jechuun maal jechuu akka ta'eedha. Dambii ifaan jiru cabsuu jechuun dambii seera irratti waraqaa irratti tumame jechuu miti. Bu'uura tumaa dambichatiin akeekkachiisa kenname ykn mallattoo ifatti mul'atu irra darbuudhaan ykn cabsuudhaan miidhaa ajjeechaa dagannoodhaan yoo raawwatameedha.

Dhimma amma qabannetti yoo deebinu iyyataan lafoo deemaaf dursa kennuu dhabee miidhaa qaqqabsiise yaa jedhamu malee mallatoon lafoo deemaan itti ce'u (ZEBRA CROSS) bakka jirutti osoo kana ilaalu miidhamaa daandii ce'aa jiru Zebraa irratti rukutee ajjeesun isaa ragaan abbaa alangaatiin wanti mirkanaa'e hin jiru. Ragaa ijaatis ta'ee ragaa ogeessaa poolisii tiraafikaa pilaanii kaase dhiyaatanii jecha ragummaa kennan keessatti waa'ee kanaa wanti mirkaneessan hin jiru. Kana jechuun immoo iyyataan zebraa irratti akeekkachiisa ykn mallattoo lafoo deemaaf dursi akka kennamu akeekkachiisu cabsuun dagannoo cimaadhaan miidhamaa daamacee kan ajjeese osoo hin taane akkuma dagannoo kamittuu ogummaa konkolaachisummaan irraa eegu irra darbuudhaan gochaa ajjeechaa kan raawwate ta'a. Kan mirkanaa'e kana erga ta'ee immoo gochaan iyyataan raawwate kun sy.kwt. 543(2) jalatti kan kufuudha malee sy. kwt. 543(3) jalatti kan kufu miti. Kanaafuu murtii balleessummaa manneen murtii jalaatiin kenname dogoggora seeraa isa bu'uuraa waan qabuuf fooyyessinee iyyataan sy. kwt. 543(2) jalatti balleessaadha jedhamuu qaba jennee murteessinee jirra. Adabbiin murtaa'uu qabus bu'uuruma murtii adabbi fooyya'ee kennameetiin irra deebi'amme herregamuu kan qabu waan ta'eef kanuma bu'uura godhachuudhaan qajeelfama 2/2006 yoo ilaalluu adabbiin ka'uumsa

sadarkaa 4ffaa gulantaa 16 jalatti kan kufuudha. Sababa adabbii cimsu ilaachisee gama abbaa alangaatiin yaanni dhiyaate kan hin jirre ta'u kan ibame yoo ta'u gama sababa adabbii salphisuutiin ilaachisee sababa shan manni murtii olaanaa qabatee ture. Sababoota kanas seera rogummaa qabu waliin yoo ilaallu sababa tokko iyyataan kuusaa yakka waan hin qabneef bu'uura sy. 82(1, A) tiin sababa qabame waan ta'eef dhaddachi kanas dhaddachi kunis fudhateera. Sababa biraa sadii walitti aansee MMO qabate; iyyataan qaama seeraatti harka kennachuu, miidhamaa miidhaan irra gahe gargaaree mana yaalaa geessuu fi maatii miidhamaaf beenyaa kanfaluu adda adda baase qabateera. Haa ta'u malee, sababoonni kun sadeenuu bu'uura tumaa sy.kwt. 82(1.E) tiin tarreeffameen akka sababa tokkootti kan lakkaawaman ta'uu tumaa qajeelfama dambii lakk. 2/2006 kwt. 23(1) irratti waan ibsameef dhaddachi kun kanneen akka sababa adabbii salphisuu tokkootti fudhateera. Kan biraa iyyataan maatii qabaachuu isaa bu'uura sy. kwt. 86tiin akka sababa adabbii salphisuu sadaffaatti qabameef dhaddachi kun fudhateera. Walumaagalatti sababa adabbii salphisan sadi qabuufiidhaan adabbii dhumaa gulantaa 16-3=13 jalatti adabbii hidhaa salphaa waggaalamaa fi baatii sadiitiin (2½) fi adabbi maallaqaa qarshii 1000.00 (kuma tokko)tiin akka adabamu fooyyeessinee murteessinee jirra.

### Ajaja

1. Murtiin Manni Murtii Aanaa Giraar Jaarsoo galmeek lakk. 40865 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 10/06/2014 ooleen kenne, ajaja Manni Murtii Olaanaa Godina Shawaa Kaabaa galmeek lakk. 64350 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 24/06/2014 ooleen kennee fi ajaja Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Yakkaa G/Galeessaa galmeek lakk. 353210 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 27/07/2014 ooleen kenne bu'uura labsii Gurmaa'ina, Aangoo fi Hojji Manneen Murtii

Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiin Murteessuuf Bahe lakk. 216/2011 kwt. 26(5) fi sdy. 195(2-b-2)tiin akka fooyya'ee iyyataan sy. kwt. 543(2) jalatti balleessaadha jedhameee murtaa'ee jira.

2. Murtiin adabbii mana murtii jalaatiin kennname fooyya'ee iyyataan adabbii hidhaa salphaa waggaa lamaa fi baatii sadii fi adabbii maallaqaa qarshii kuma tokkootiin akka adabamu murtaa'era.
3. Manni Sirreessaa Godina Shawaa Kaabaa bu'uura murtii adabbii fooyya'eetiin akka raawwachiisu garagalchi murtii kanaa xalayaa gaggeessituu waliin haa ergamuuf.
4. Garagalchi murtii kanaa manneen murtii jalaatiif iyyataaf haa ergamu jenneerra.
5. Galmeen murtii dhumaa waan argateef cufameera.
6. Galmeen mana gal mee cufamaniitti haa deebi'u.

Abbootiin Seeraa: -

1. Gaazaalii Abbaa simal
2. Doobee Dhaabaa
3. Fiixaa Dachsaasaa
4. Urgaa Geetahn
5. Taaddasaa Qana'ii

Iyyataan:- Seefuu Tasfaayee

Waamamaan:- Abbaa Alangaa Naannoo Oromiyaa

Galmee qorannee murtii kanaa gadii kennineerra.

### **Murtii**

Galmeen kun banamee dhaddacha ijibbaataa kanaaf dhiyaachuu kan danda'eefiyyataan iyyannoo guyyaa 09/10/2014 barreessee dhiyeessaniin murtiin Manni Murtii Waliigala Oromiyaa Dhaddachi Yakkaa Gidduu Galeessaa galmee lakk. 353625 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 23-09-14 ooleen murtiin kenne dogoggora seeraa isa bu'uuraa qaba jechuudhaan akka sirratuuf waan gaafateef.

Ka'umsi dhimmichaa himannaabbaan alangaa fooyya'ee Mana Murtii Aanaa Walmaraatiif barreessaanii himatamaa irratti dhiyeessan yoo ta'u, himanni dhiyaates himatamaan kun Labsii Dorgommii Daldalaa fi Eegumsa Shammaattootaa lakk.813/2006 keewwata 24(4) fi 43(5) Qajeelfamaa Rabsaa Meehsaalee Bu'uuraa Nannoo Oromiyaa lakk.3/2009 fi lakk.1/2004 keewwaata 10(2A) irra darbuudhaan ta'e jedhee itti yaadee gaafa guyyaa 18/06/13 halkaan keessaa sa'aa 1:30 yeroo ta'u Godinaa Addaa Naannawaa Finfinnee Bulchiinsa Maalaa Koloboo Ganda 01 iddo addaa kellaajedhamuutti meeshaalee bu'uuraa

shukkaara dhimma maatiif ykn dhuunfaaf hanga Kg 1-10 qofa qabate deemuu osoo qabuu konkoolataa Vitz lakk. gabatee isaa 2-B43279AA ta'e qabeenyummaan isaa kan himatamaa ta'e keessatti kuntaala sadii tilmaamni isa qarshii 7,800.00 baasu fe'ee Magaalaa Finfinnee irraa gara Magaalaa Hoolotaatti osoo geejjibsiisuu waan qabameef yakka meeshaalee bu'uuraa seeraan ala geejjibsiisuu raawwateen himatamee jira kan jedhuu dha. Himatamaan yakka ittiin himatame kana irratti jecha amantaa fi waakkii kennaniin gocha kana raawwaadheen jira. Maatii kiyya keessa cidha sadituu ture. Kanaafan sukkaara kana Magaalaa Finfinnee irraa bitee gara Hoalataa deemaa osoon jiru poolisoonni na qaban. Cidhaaf sukkaarri akka kennamu xaalaya deeggarsaa barreessuun dhorkamee iddo barbaaddaanii bitadhaa jedhame kanaaf balleessaa hin qabu kan jedhuu dha.

Manni murtii aanaas falmii fi ragaa namaa bitaa mirgaan dhiyaatan erga dhagahee erga qulqulleesseen booda madaalee murtii kenneen sukkarri nama dhuunfaaf ykn hawaasummaadhaaf hagam akka kennamu qajeelfama lakk.3/2009 irratti waanti tumame hin jiru. aagoon kun koree tasgabbii gabaatiif akka kennamee fi adeemsi deggarsi ganda irraa akka kennamu ta'aa ture akka dhaabbate ibsamee jira. Gochi tokko immoo seeraan dhorkamee hanga yakka hin jedhamnetti namni adabamuu akka hin qabne seera yakkaa keewwanni 2(2) tumee jira. Kanaaf himanni himatamaan ittiin himatame kun bu'uuraa seera yakkaa keewwata 23(2) tiin ulaagaa yakkaa guutee waan hin argamnee fi ragaanis kanuma waan hubachisaaniif himatamaan himannaa irratti dhiyaate irraa bilisa jechuudhaan bu'uura SDFS lakk.149(2)tiin murtaa'ee jira. Himataan jalaa murtii kana komachuudhaan Mana Murtii Ol'aanaa Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinneetti ol'iyyataanii manni murtii ol'aanaa kunis komii fi deebii dhiyaateef bu'uura godhachuudhaan galmee qoratee

murtii kenneen qajeelfamni lakk.1/2004 bu'uuraa labsii lakk.813/2006 keewwata 49tiin qajeelfamoonni labsii lakk.685/2002 hojii irra oolchuuf bahaan hanga qajeelfamni biraa bahutti hojii irra oolu kan jedhu waan ta'eef qajeelfamni lakk.1/2004 keewwanni 10(2B) immoo sukkaarri namni dhuunfaan qabachuu danda'u KG 10 qofa akka ta'e tumee waan jiruuf himatamaan immoo kana ol osoo geejjibsiisuu waan qabameef kana immoo ragaa ittisaatiin waan of irraa hin ittisneef himaamaan kun labsii lakk.813/2006 keewwata 24(4) fi 43(5) fi qajeelfama Sirna Rabsaa Meeshaalee Biiroo Daldaalaa fi Misooma Gabaa Oromiyaa baase lakk.1/2004 keewwata 10(2A) irra darbuudhaan yakcaa seeraan ala meeshaa bu'uuraa geejjibsiisuu raawwachuu isaa waan mirkanaa'eef balleessaa qaba jechuudhaan adabbii qarshii 6000.00 akka adabamuu fi Konkoolaata VITZ lakk. gabatee ishee 2-B43279AA qabeenyummaan ishee kan himtamaa taatee fi sukkaarri kuntaalli 3 ykn bu'aan gurgurtaa sukkaaraa qabamee mootummaaf galii yaa ta'u jechuun murtii mana murtii aanaa diiguun murteesseera.

Himatamaan jalaa immoo murtii kana komaachuudhaan Mana Murtii Waliigalaa Dhaddachaa Yakkaa Giddu Galeessaatti ol'iyiyataanii manni murtii kunis komii dhiyaateef bu'uura godhachuudhaan galmee qoratee murtii kenneen murtiin jalaa hin komatamu jechuun ol'iyaanoon dhiyaate hin dhiyeessisu jechuun murtii jalaa cimsuun murteesseera. Iyyanni ijibbaataas murtii kana komachuun himatamaa jalaatiin kan dhiyaate yoo ta'u qabiyyeen iyyatichaas qajeelfamni lakk.1/2004 labsii lakk.813/2006 waliin quunnamtii hin qabu. Bu'uura labsii kanaatiin immoo beeksisaa uummataas ta'ee qajeelfama raawwachiiftuu labsii kanaa kan baasu Mootummaa Federaalaatti Ministeera Daldalaa qofa akka ta'e tumamee jira. Naannoleen qajeelfama baasus ta'ee beeksisa uummataa baasuuf aangoon kennameef hin jiru. Kanaaf qajeelfamni

naannoonaan baase lakk.1/2004 ana adabsiisuu hin danda'u. Akkaataa seera yakkaa keewwata 23(2)tiin kutaan seeraa, kutaan gochaa fi adabbii bakka tokkotti guutee yoo hin argaman nama himachuu fi adabuun akka hin danda'amne tumamee osooo jiruu namni tokko hanga sukkaaraa cidhaaf heyyamamuuf labsii lakk. 813/2006 keessaatti hangi kaa'ame bakka hin jirretti balleessa jedhamee adabamuun koo sirrii miti. Tajaajila hawaasummaa cidhaaf xalayaa deggarsa akka hin kennamne mirkanan'a'ee jira. Kana jechuun immoo namni gabaa bilisaa irraa cidhaaf sukkaara bitachuun hin danda'u jechuu miti. Ragaan abbaa alangaa bu'uuraa himannaatiin narratti hin mirkneessine. Sukkaara kana cidhaaf jedhee Magaalaa Finfinnee irraa gara maatii koo yeroon geessuu ta'uu raaa ba'aanii jiru. Kanaaf himanni dhiyaate ulaagaa seera yakka keewwata 23(2) hin guutu jedhamee bilisa na gaggeessuun murtiin mana murtii aanaa naaf yaa cimu kan jedhuu dha.

Waamamaan ammaas iyyannaa dhiyaate kana irratti deebii akka itti kennu ajajamee deebiin isaas gabaabumaatti labsii lakk.813/2006 keewwataa 4(3) fi 23 jalaatti naannoleedhaaf aangoo to'achuu fi bulchuu kenneefii jira waan ta'eef qajeelfama baasuuf aangoo ni qabu. Labsiin kun keewwta 49 jalatti immoo hanga qajeelfamni biroo bahanitti qajeelfamoonni labsii lakk.685/2002 hojii irra oolchuuf bahan itti fufu kan jedhu waan ta'eef qajeelfamni lakk.1/2004 kan hojii irra jiruu fi qajeelfamni kun keewwannii 10(2B)n immoo sukkaarri namni dhuunfaaa qabee socho'uu danda'u Kg 10 caaluu akka hin qabne tumee jira. Iyyataan immoo Kg 10 qabatee socho'uun isaa waan mirkanan'a'ee dogongora hin qabu. Biiroon qajeelfama lakk.1/2004 baasee labsicha keewwata 4(3) waliin walitti hin bu'u. Ragaan abbaa alangaatis mirkanessee jira. Ragaan ogeessaa dhiyaates kanuma mirkanessee jira. Walumaagalatti murtiin mana murtii ol'aanaa fi kan waliigalaa hanqina hin qabu waan ta'eef nuuf yaa

cimu kan jedhuu dha. Seenaan falmichaa kan armaan olitti ibsame kana yoo ta'u, nutis falmii dhiyaate seera roga qabu waliin walbira qabnee yoo ilaallu ijoon ilaalamuu qabu labsiin lakk.813/2006 keewwanni 46(2) aanoon beeksisa baasuu hana meeshalee bu'uuraa namni dhuunfaa qabachuu qabu baasuu kan Ministeera Daldaalaa Federaalaa ta'ee osoo jiruu Qajeelfama Biiroon Daldaala Oromiyaa baase lakk.1/2004 bu'uureffachuun itti gaafatamummaa qaba jechuun murtiin kennname sirrii dhaa? kan jedhuu dha.

Bu'uuruma kanaan falmii mana murtii jalaa keessaa waanti qulqullaa'e iyayataan kun labsii lakk.813/2006 ba'e bu'uura godhachuudhaan himanni kan dhiyaatee ta'uu ni hubtama. Qajeelfamni murtii balleessumaaf bu'uura ta'e immoo qajeelfama Biirroo Daldala fi Misoomaa Gabaa Oromiyaa lakk.1/2004 keewwata 10(2B0 akka ta'e ni hubatama. Qajeelfama kana booda immoo qaamuma walfakkaatuun qajeelfamni lakk.3/2009 kan bahee hojii irra jiru ta'uu ni hubatama. Qajeelfamni kun immoo labsii lakk.813/2009 hojii irra oolchuuf kan bahe ta'uu ni hubatama. Qajeelfamni lakk.1/2004 immoo kan hojii irra oolu hanga qajeelfamni biroo labsii lakk.813/2006 hojii irra oolchu kan biroo bahutti akka ta'e tumaa labsichaa keewwata 49 jalaa ni hubatama. Iyyataan sukkaaraa kuntaala 3 ta'u cidhaaf jedhee konkolaataatti fe'ee qabamuun isaas dhimma falmii jalaa keessatti adda ba'ee dha. Qabxiwwan falmii jalaa keessatti adda ba'an irraa ka'uun ijoo dhaddachi qorannoo duraa qabatee seeraan walbira qabuun xiinxaleera. Bu'uuruma kanaan gochi yakkaa iyayataan ammaa kun ittiin himatame gochaa yakka hundeessuu danda'uu dhaa? kan jedhuu dha. Gochi himatamaan jalaa itti himatame himatamaan sukkaara hanga nama dhuunfaa tokkoof heyyamamuu ol geejjibsiisee qabamuun isaati. Yeroo iyayataan kun gocha kana raawwatu immoo labsiin hojii irra jiru labsii lakk.813/2006 fi qajeelfama lakk.3/2009

dha. Labsiin kun kan tume immoo hanga sukkaaraa namni dhuunfa tokko qabatu kan murtaa'u beeksisaa ykn qajeelfamaan ba'uun akka ta'e tumee jira. Qajeelfamni amma himatamaan jalaa itti himatame immoo qajeelfama yeroo gochi kun raawwatu hojii irra hin turre kan Biiroon Daldaalaa fi Misooma Gabaa Oromiyaa baase qajeelfama lakk.1/2004 fi kan hojii irra jiru qajeelfama lakk.3/2009 walkeessa makuun akka ta'e himannaa dhiyaate irraa ni hubatama. Qajeelfamni lakk 1/2004 kan hojii irra turu hanga qajeelfamni biroo bahutti akka ta'e tumaa labsichaa keewwataa 49 jalaa ni hubatama. Amma garuu qajeelfamni lakk.3/2009 ba'ee waan jiruuf qajeelfamni lakk.1/2004 hojii irra hin jiru jechuu dha. Qajeelfamni hojii irra jiru immoo qajeelfama lakk.3/2009 yoo ta'u qajeelfamni kun immoo hanga sukkaara namni dhuunfaa tokko maatii ykn dhimma hawaasummaatiif qabachuu danda'uu ifaan waanti tume hin jiru. Kanaaf bakka tumaan kun hin jirretti gocha iyyataan ammaa kun raawwatee yakka jechuun keewwata duuchaan jiru fi qajeelfama hojii irraa hin jirre caqasuun himannaa dhiyeessuun duudhaa seera yakkaa keewwata 2 jalatti tumameen kan walfaallessuu dha. Kanaaf akka waliigalaatti iyyataan kun gocha yakka ta'uu isaa seera yakkaatiin ifa ta'ee hin tumamneen himatamee balleessaa qaba jechuun murtii adabbii kenuun dogongora bu'uura seeraa kan of keessaa qabu ta'ee argameera. Kanaaf akka waliigalaatti murtiin Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachi Yakkaa Giddu Galeessaa galmee lakk. 353625 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 23/09/14 ooleen murtiin kennee fi Manni Murtii Ol'aanaa Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee galmee lakk.74210 ta'e irratti gaafa 12/08/14 kennee ture dogoggora seeraa isa bu'uuraa qaba jechuudhaan bu'uura s/d/f/y keewwata 195(2-B-2)tiin diiguun sagaalee guutuun murteessineerra. Iyyataan himannaa irratti dhiyaate kana irraa bilisa jechuun murteessinee jirra.

## Ajaja

1. Murtiin Manni Murtii Waliigala Oromiyaa Dhaddachi Yakkaa Giddu Galeessaa galmee lakk. 353625 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 23/09/14 ooleen murtiin kennee fi Manni Murtii Ol'aanaa Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee galmee lakk.74210 ta'e irratti gaafa 12/08/14 kennee ture dogoggora seeraa isa bu'uuraa qaba jechuudhaan bu'uura s/d/f/y keewwata 195(2-B-2)tiin diiguun sagaalee guutuun murteessineerra.
2. Iyyataan himanna irratti dhiyate kana irraa bilisa jechuun murteessinee jirra.
3. Murtiin Mana Murtii Aanaa Walmaraa galmee lakk.86877 irratti gaafa 16/07/2014 kennamee ture cimeera.
4. Konkolaataan VITZ lakk. Gabatee ishee 2-B43279AA qabeenyummaan ishee kan himtamaa taatee fi shukkarri kuntaalli 3 ykn bu'aan gurgurtaa sukkaraaa qabamee mootummaaf galii yaa ta'u jedhamee ture bahii ta'ee iyyataaf yaa deebi'u jechuun ajajameera. Waajjira Maallaqaa fi Walta'iinsa Dinagdee Magaalaa Koloobootiif yaa barreffamu. Bu'uura ajaja kanatiin akka raawwachiisuuf Mana Murtii Aanaa Walmaaraatiif yaa barreffamu.
5. Garagalchi murtii kanaa manneen murtii jalaatiif yaa ergamu.
6. Galmeen murtii dhumaaw waan argateef cufameera.
7. Galmeen mana galmeetti yaa deebi'u.

Abbootii Seeraa:-

1. Fiixaa Dachaasaa
2. Abdusalaam Siraaj
3. Hiikaa Araarsoo
4. Gammachiis Dhugumaa
5. Ashannaafii Raggaasaa

Iyyataan:- Ashabbir Tsaggaa

Waamamaan:- Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa

Galmeen kun qorannoodhaaf kan bule yoo ta'u galmee keessa qorannee murtii itti aanu murteessineerra.

### **Murtii**

Galmeen kun dhaddacha ijibbaataaf dhiyaachuu kan danda'e iyyataan iyyanna guyyaa 18/11/2014 barreeffameen murtii Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachi Yakkaa galmee laccoofsa 353864 irratti dhaddacha guyyaa 14/11/2014 ooleen murteesse dogoggora bu'uuraa seeraa waan qabuuf akka naaf sirratu jechuun waan gaafateefi dha. Dhimmi kun falmii dhimma yakkaa seeraan ala buna geejjibsiisu ilaallatu dha. Ka'umsi dhimmichaa himanna Abbaan Alangaa Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee galmee laccoofsa 01-06216 ta'e kan gaafa 24/06/2014 qophaa'een himanna garaagaraa iyyataa kana irratti dhiyesse yoo ta'u, himanni tokkoffaa himatamaan (iyyataan kun) tumaa Labsii Daldalaa To'anno Qulqullina Bunaa Mootummaa Federaalaa Labsii Laccoofsa 1051/2009 keewwata 17/3/fi 19/10 irra darbuudhaan gaafa guyyaa 27/03/2014 galgala keessaa tilmaaman sa'atii 1:30 yommuu ta'u Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee Bulchiinsa Magaalaa Sulultaan Ganda Noonnoo Mana Abbichuu iddoo

addaa Warshaa Gogaa yookiin keellaa jedhamee beekamutti konkolaataa Piikaappii laccoofsi gabatee isaa 2-B 81328 ta'e irratti buna qishirii kilogiraamii 180 tilmaamaan qarshii 36,000- 50,4000 ta'u meeshaalee qinxaaboo adda adadaa waliin fe'ee kallattii Magaalaa Finfinneerra gara Magaalaa Caancootti geejjibaa osoo jiruu waan qabameef yakka seeraan ala geejjibsiisuu raawwateera jechuun himateera. Himanna lammaffaa immoo iyyataan kun Labsii Galmeessaa fi Hayyama Daladala Federaalaa Labsii Lakkoofsa 22/1 fi 49 (2) irra darbuudhaan meeshaalee daldalaa adda addaa tilmaamni isaa qarshii 61,350 ta'e bakkaa fi yeroo akkasumas konkolaataa himanna tokkoffaa keessatti ibsametti fe'ee osoo geejjibsiisuu to'atameef yakka daldala seeraan alaa raawwateera jechuun dhiyeesseera.

Manni Murtii Olaanaa Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinneetis kanumaan himanna lammaffaa ilaachisee Abbaan Alangaa akka tumaan seeraa fi tarreen ibsa himanna wal simutti yoo sirreeffate himanna isaa dhiyessuu danda'a jechuun cufee jira. Himanna 1ffaa ilalachisee iyyataan jecha amantaa fi waakkii yoo gaafatamu bunni jedhame na harkatti qabameera. Garuu itti fayyadamuuf, maatiif jedheen bitee fudhee galaa jira malee balleessaa raawwadhe hin qabu jechuun jecha isaa kenneera.

Manni Murtii Olaanaa Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinneetis kanumaan ragaa Ababa Alangaa dhaga'ee booda iyyataan ragaadhaan akka of irraa ittisu ajajee booda murtii dhuma irratti kenneen iyyataan kun yakka itti himatame raawwachuun isaa mirkanan'eera jechuudhaan keewwatuma itti himatame jalatti balleessaa taasissee hidhaa salphaa baatii jahaa fi qarshii 4,000 akka adabamu murteesseera. Iyyataan himanna tokkoffaa jalatti dhimma murtii balleessummaa, adabbii fi raawwii

adabbii ilaachisee akkasumas himannaa lammaffaa jalatti manni murtii olaanaa waa'ee ciraan akka gadi naaf lakkifamu ajajuu osoo qabuu bira darbuun sirrii miti jechuudhaan komatee gara Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaatti kan oliyyate yoo ta'u, Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachi Yakkaa galmeek lakkofsa 353864 irratti dhiyeessisee erga falmisiiseen booda murtii kenneen murtiin balleessummaas ta'e adabbiin mana murtii olaanaatti murtaa'e hanqina kan qabu miti. Gaaffii adabbiin akka daangeffamuuf gaafates iyyataan kun buna seeraan alaa osoo geejjibsiisuu keellaa cabsee osoo darbuu hordofamee kan qabame waan ta'eef akkasumas gocha seeraan alaa dinagdee biyyaa irratti dhiibba qabu kan raawwate waan ta'eef adabbiin raawwatamuu qaba. Ciraan himanna lammaffaa irratti ibsame ilaachisee Abbaan Alangaa akka tumaan seeraa fi tarreen ibsa himanna awal simutti yoo sirreeffate himanna isaa dhiyeessuu danda'a jechuun kan murteesse malee xumura kan argate waan hin taaneef ciraan deebi'uu hin qabu jedhamuun sirrii dha jedhee murtii mana murtii ol aanaa cimsee murteesseera.

Iyyataan murtiin kun dogoggora bu'uura seeraa waan qabuuf akka naaf srratu jechuudhaan kan iyyate yoo ta'u iyyanna guyyaa 18/11/2015 barreefameen gabaabumatti, ani buna kana sababa warri kiyya ayyaantuu ta'aniif isaan immoo buna kan baay'inaan waan itti fayyadamaniiif kanaaf nagahee seera qabeessa ta'een yeroo bunni gahetti kan wagga tokkoo bitee kan deemu ta'uu kiyya ragaan kiyyaan mirkaneesseera. Kanaaf, yakka kana raawwachuuuf kutaa yaadaa seera yakkaa kwt. 23 jalatti tumamee jiru hin qabu waan ta'eef murtiin balleessummaa kenname sirrii miti. Manni murtii jalaa sababa ani buna geejjibsiisuu amanee jiruuf, ijoollee xixiqqoo qabuuf abbaan koo du'ee na irratti hirkattee jirtuuf, dhukkuba sukkaaraa kan qabu ta'uu ragaa mana yaalaa dhiyeeffadhee osoo jiru akkasumas haala amala koo ilaaluun adabbi naaf daangessu

osoo qabuu yaada kana bira darbuudhaan adabbiin akka ana irratti raawwatamu murtiin kenne dogoggora dha. Himannaan 2 ffaan waa'ee zayitaa irratti manni murtii himanni akka qixa seeraan fooyya'u ajaju illee fooyyeffachuu waan didaniif himananan haqamee ciraan sababa kanaan qabame zayitiin akka naaf deebi'u murteessuu osoo qabuu manni murtii hin qabne jechuun bira darbuun sirrii miti. Kanaafuu, manni murtii bilisaan akka na gaggeessu yookaan baate immoo adabbiin akka naaf daanga'u kan jedhu dha.

Iyyannaan akka armaan olii ta'ee Dhaddachi Ijibbaataa Qorannoo Duraa kanumaan ijoo zayitii nyaataa dhangala'aa falmiif sababa ta'e ilaalchisee himannaan lammaffaa iyyata irratti dhiyaate sababa iftoomina hin qabneef waamamaan himanna isaa akka fooyyeffatu ajajamee sababa fooyyeffachuu dhabeef himannoon lammaffaan haqamee osoo jiruu zayita nyaataa dhangala'aan ciraan qabame akka gadhiifamu gaaffii dhiyaate kufaa godhamuun sirrii dha moo miti? kan jedhu qabachuudhaan Abbaan Alangaa waliigalaan deebii barreeffamaan akka dhiyeessu ajajeera. Haaluma kanaan, Abbaan Alangaa deebii guyyaa 30/02/2015 barreeffameen gabaabumatti, iyyataan yakka itti himatame kana raawwachuu isaa haala shakkiin duubatti irratti mirkanaa'ee iyyataan ragaa ittisatiin haala ragaa Abbaa Alangaa shakkii keessa galchuun waan of irraa hin ittisiniif manni murtii murtii balleesummaa fi adabbii hidhaa kennuun dogoggora madaallii fi hiikkoo seeraa kan qabu waan hin taaneef komiin dhiyaate kufaa haa ta'u. Adabbii daangessuuf qabxiileneen adabbii daangessu SY kwt. 190 irratti kaasanii taa'an guutanii bakka hin jirretti manni murtii qabxiilee iyyataan adabbiin akka daanga'uuf jedhee tarreesse adabbii daangessuuf bu'uura seeraa waan hin qabneef yaada adabbii daangessuu bira darbuun dogoggora bu'uura sereraa kan qabu miti. Ciraan himanna 2 ffaa wal qabatee manni murtii jalaa himannaan

kufaa godhee abbaan Alangaa ciraan kanaan wal qabatee himannaa haaraa akka banatu yookiin murtii kenname irraa ol iyyata akka fudhatu yookiin gal mee murtii cufuu raawwatee ciraan irratti abbaan Alangaa murtii akka kenu jedhe malee himanna lammaffaa kan haqe waan hin taaneef himannaan 2ffaa kunis bu'uura olitti ibsameen osoo fala hin argatin ciraan deebisuun bu'uura seeraa hin qabu waan ta'eef manni murtii ciraan akka deebi'u ajajuu dhiisuun isaa dogoggora kan qabu miti murtiin mana murtii jalaa haa nuuf cimu jechuun deebiseera.

Achii as dhufaatiin dhimmichaa akka armaan olii ta'ee dhaddachi kunis kanumaan gal mee keessa qoranneerra. Haaluma kanana akka gal mee keessa qorannetti, himanna tokkoffaa jalatti iyyataan kun hayyama osoo hin qabaatin buna qishira kilogiraama 180 Magaalaa Finfinnee irraa gara Magaalaaa Caancootti fe'ee osoo geejjibsiisuu kan qabame ta'uu firii dubbii mana murtii jalaatti mirkanaa'e dha. Iyyataanis kana hin waakkanne. Falmiin iyyataa warri keenya ayyana waan qabaniif buna baay'inaan waan fayyadamaniiif manatti itti fyyadamuuf bite kan jedhu dha. Haata 'u malee, Labsii Daldala fi To'anno Qulqullina Bunaa Lakkoofsa 1051/2009 kwt. 17 (3) tti nama kam iyyuu waraqaa mirkanessaa qulqullinaa fi geejjibaaf qophaa'aa ta'uu agarsiisu qabaachuu akka qabu malee haala iyyataan ibse kanaaf hayyama malee akka geejjibsiisu hambifannoo kan kaa'e miti. Kanaafuu, bu'uura labsichaan hayyama geejjibsiisuu osoo hin qabaatin kan geejjibsiise waan ta'eef murtiin balleessummaa kenname dogoggora kan qabu miti. Adabbiinis keewwata murtiin balleessummaa jalatti kenname Labsii lakkoofsa 1051/20009 keewwata 19 (10) jalatti hidhaa cimaa wagga tokkoo gad hin taanee fi qarshii 20,000 hanga 40,000 kan adabsiisu yoo ta'u manni murtii ol aanaa bu'uura qajeelfama adabbii lakkoofsa 2/2006 tiin kan shallagee murteesse waan ta'eef, haala maatii iyyataa fi

haala fayyummaa isaa illee yaada keessa galchuun adabbii salphisee kan murteesse waan ta'eef dogoggora kan qabu miti. Gaaffii iyyataan kun adabbiin akka irraa daanga'uuf gaafates iyyataan yeroo yakka kanaan shakkamee qabametti keellaa cabsee kan darbe ta'uu isaa fi waliigalaatti immoo ulaagaa SY keewwata 190 waan hin guunneef kan bira darbe waan ta'eef kunis dogoggora kan qabu miti.

Dhimma ciraan himanna lammaffaa jalaa ilaalchisee Manni Murtii Olaanaa Abbaa Alangaa himanna isaa qabiyyeen isaa fi keewwatni akka wal simutti akka sirreessee fooyyessee dhiyeesu ajajee sababa iyyataan kun himata isaa fooyessee hin dhiyeessineef Abbaan Alangaa yakka tumaan seeraa fi tarreen ibsa himanna wal simutti yoo sirreeffate himanna isaa dhiyeessuu danda'a jechuudhaan galmee akka cufe ibsameera. Kanaaf, himanna lammaffaa kana ilaalchisee Abbaan Alangaa himanna isaa sirreessee yoo dhiyeesse itti fufee ilaaluuf kan bira darbe malee himanna isaa kufaa godhee kan murteesse miti. Kanaafuu, dhimmi himanna lammaffaa fi ciraan himanna lammaffaa irratti ibsame Zayitii dabalatee himannaan duraan dhiyaate sababa hanqina qabuuf fudhatama dhabee Abbaan Alangaa himanna isaa akka sirreessu jedhamees sababa hin sirreessiin hafeef kan manni murtichaa osoo hin ilaaliin hafe waan ta'eef dhimmichi manni murtii akka murtii irratti kennuuf kan dhiyaate dha kan jechisiisu miti. Manni murtii immoo dhimmichi osoo hin dhiyaatiinii fi irratti hin falmisiisiin dhimma ciraan irratti murtii kennuu hin danda'u. Kanaafuu, iyyataan qaamni qabeenya isaa qabe akka deebisu gaafachuu yookaan mirga qabuun mana murtiitti himachuu kan danda'u malee manni murtii osoo dhimmicha hin ilaaliin ciraan irratti murtii akka kennuuf seerummaan gaafate adeemsa seeraa kan eege miti. Kanaafuu, komii iyyataan gama kanaan dhiyeesses kufaa gooneerra.

Akka waliigalaatti, dhimma himanna tokkoffaa irrattis ta'e dhimma ciraan irratti murtiin Manni Murtii Olaanaa Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee galmee lakkoofsa 73845 irratti dhaddacha guyyaa 22/09/2014 ooleen murteessee fi Murtii Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachi Dhimma Yakkaa galmee lakkoofsa 353864 irratti dhaddacha guyyaa 14/11/2014 ooleen murteesse dogoggora bu'uura seeraa kan qabu waan hin taaneef akka SDFY kwt. 195 (B) (II) fi labsii lakkoofsa 216/2011 keewwata 26 (5) tiin cimsinee murteessineerra.

### **Ajaja**

1. Murtiin Manni Murtii Olaanaa Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee galmee lakkoofsa 73845 irratti dhaddacha guyyaa 22/09/2014 ooleen murteessee fi Murtii Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachi Dhimma Yakkaa galmee lakkoofsa 353864 irratti dhaddacha guyyaa 14/11/2014 ooleen murteesse cimeera.
2. Galmeen murtii waan argateef cufameera. Haa deebi'u.

Abbootiin Seeraa: -

1. Gammachuu Baqqalaa
2. Doobee Dhaabaa
3. Urgaa Geetahun
4. Masfin Geetachoo
5. Taaddasaa Qana'ii

Iyyataan:- Taaffaree Allehiny- hin dhiyannee

Waamamaan:- Biroo Abbaa Alangaa Naannoo Oromiyaa- Yooseef Pheexroos dhiyaatan

Galmeen qorannee murtii kanaa gadii kennineerra.

### **Murtii**

Galmeen kun banamee dhaddacha ijibbaataa kanaaf dhiyaachuu kan dandaa'eef iyyataan iyyannoo guyyaa 14/11/2014 barreessee dhiyeessaniin Murtiin Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachi Lixaa galmeen lakk.388784 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 21-10-14 ooleen murtiin kenne dogoggora seeraa isa bu'uuraa qaba jechuudhaan akka sirratuuf waan gaafateef.

Ka'umsi dhimmichaa himannaabbaan alangaa Mana Murtii Ol'aanaa Godina Horroo Guduruutiif barreessaanii himatamaa irratti dhiyeessan yoo ta'u, qabiyyeen himaatichaas himatamaan labsii lakk.1177/2012 keewaata 22(3) irra darbuun Aanaa Amuruu Magaalaa Agamsaa Ganda 01 iddo addaa naannoo Kileesheerii jedhamuutti gaafa 20-07-213 guyyaa tilmaamaan sa'aa 4:00 yommuu ta'utti rasaasa kilaashii 440 tilmaamni birrii 10,560.00 baasu muka koorichaa harreef tolfaame keessatti kaa'ee konkolaataa uummaata deddebisuun naannoo Amaaraa irraa gara Godina

Wallagga Bahaa Magaalaa Guttinitti deemaa osoo jiruu sakatta'iinsa taasifameen harkaa fi harkatti kella irratti waan qabameef yakka meeshaa waraanaa baay'ee hayyama malee qabachuutiin himatamee jira kan jedhuu dha.

Himatamaan yakka ittiin himatame kana irratti jecha amantaa fi waakkii kennaniin yakka ittiin himatme kana hin raawwannee; kanaaf balleessaa hin qabu kan jedhuu dha. Manni murtii ol'aanaas falmii fi ragaa abbaa alangaa dhaga'ee himatamaan ragaa ittisaa waan hin dhiyeeffanneef kanuma madaaluun murtii kenneen himatamaan keewaatumma himatame jalatti balleessaa qaba adabbii hidhaa wagga ja'a fi baatii jahaa akka adabaaman jechuun murteesseera. Himatamaan jalaa murtii kana komachuudhaan Mana Murtii Mana Murtii Waliigalaa Dhaddachaa Yakkaa Lixaatti ol'iyyatani manni murtii kunis komii dhiyaateef bu'uura godhachuudhaan gal mee qoratee murtii kenneen murtiin jalaa hin komatamu jechuun ol'iyaannoон dhiyaatee hin dhiyeessisu jechuun murtii jalaa cimsuu murteesseera.

Iyyanni ijibbaataas mutii kana komachuun himatamaa jalaatiin kan dhiyaate yoo ta'u qabiyyeen iyyatichaas ragaan abbaa alangaa dhiyaatanii osoo hin ragin akka of irraa ittisu jechuun dogongora. Jechi ani mana murtiitti kenes dirqameeti. Ani ragaa ittisaa kiyya unkaan itti guutuu hin arganee to'annoо jalan jira. Kanaaf ragaa ittisaa hin qabu jechuun osoo unkaa hin guutin ragaa ittisaa kiyya bira darbuun sirrii miti. Ani afaan Oromoo kan hin beekneef hiiktuun afaanii illee naaf hin ramadamne ta'u ni hubatama. Ani meebsaa waraanaa kana hin feene. Meeshaan waraanaa itti himatames rasaasa kilaashii gosa tokkoo waan ta'eef meeshaa baay'ina qabu jechuun dogongora. Kanaaf, ragaa ittisaa akka dhiyeeffadhu akka naaf murtaa'u ykn immoo keewanni murtii ballessummaa gosa meesha

tokkoo waan ta'eef akka keewwata rogummaa qabu salphaa jalatti naaf ilaalamu kan jedhu dha.

Waammaman ammaas iyyaannaa dhiyaate kana irratti deebii akka itti kenu ajajamee deebiin isaas gabaabumaatti ragaan nama abbaa alangaa beellama 13 akka dhiyaatan ajajamee sababa gahaan dhiyaachuu waan hin dandeenyeef manni murtii bira darbuun raguma barreffamaa jiruun of irraa ittisi jechuun dogongora hin qabu. Iyyataan ragaa ittisaa akka qabu ibsatee waamichi aka gahuuf tarree ibsadhuu jennaan waan dideef beellamni sadii kennameefii bira darbamee waan ta'eef dogongora kan qabu miti. Rasaasni iyyataa harkatti qabamee 440 yoo ta'u rasaasni immoo akka meesha waraannaatti labsii keessatti ibsamee jira. Kanaaf murtiin mana murtii jalaa nuuf yaa cimu kan jedhuu dha. Seenaan falmichaa kan armaan olitti ibsamee kana yoo ta'u, nutis falmii dhiyaate seera roga qabu waliin walbira qabnee yoo ilaallu ijoon ilaalamuu qabu haalli ragaan ittisaa itti bira darbamee sirrii dhaa? kan jedhuu dha.

Bu'uuruma kanaan falmii mana murtii jalaa keessaa waanti qulqulla'e iyyataan kun rasaasa kilaashii baay'inni isaa 440 hayyama malee qabachuu isaa jecha amanta bu'uura SDFY keewwata 35n kenneen kan amanee fi kunis mirkanaa'u isaa madaallii ragaa mana murtii jalaatti taasifameen dhimma adda ba'ee dha. Iyyataa kanaaf tarree ibsa ragaa ittisaa akka dhiyeffatu ykn immoo kan hin qabnes yoo ta'e kanuma akka dhiyeffatu gaafatamee diduu isaa falmii jalaa keessaa dhimma hubatamuu dandaa'u dha.

Qabxiwwaan falmii jalaa keessatti adda ba'an irraa ka'uun ijoo dhaddachi qorannoo dura qabatee seeraan walbira qabuun xiinxalleerra. Bu'uuruma kanaan gochi yakka iyyataa ammaa raawwatee rasaasa kilaashii 440 hayyama malee qabachuun isaa dhimma adda ba'ee fi kun

immoo rasaasnus akka meesha waraanaatti labsicha keessatti tumamee waan jiruuf iyyataan kun meeshaa baay'ina qabu geejjibsiisuun isaa dhimma adda ba'ee dha. Ragaan abbaa alangaa madaalamees ragaan namaa dhiyaachuu baatus raguma barruu dhiyaateen akka of irraa ittisu ajajuunis kanuma danda'amu fi dogongora kan of keessaa qabu ta'ee hin argamne. Iyyataanis ragaa ittisaa akka dhiyeeffatuuf gaafatamee tarree ibsa ragaa isaa waan hin dhiyeeffanneef beellama sadii kennameefii bira darbamuun illee galmee jalaa keessaa dhimma hubatamu waan ta'eef komii iyyataa gama kanaan ka'es kan fudhatama qabu ta'ee hin argamne. Kanaaf, Murtiin Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachi Lixaa galmee lakk.388784 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 21-10-14 ooleen murtiin kenne dogoggora seeraa isa bu'uuraa hin qabu jechuun bu'uuraa s/d/f/y keewaata 195(2-B-2)tin cimsuun sagaalee guutuun murteessineerra.

### **Ajaja**

1. Murtiin Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachi Lixaa galmee lakk.388784 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 21-10-14 ooleen murtiin kenne dogoggora seeraa isa bu'uuraa hin qabu jechuun bu'uuraa s/d/f/y keewaata 195(2-B-2)tiin cimsuun sagaalee guutuun murteessineerra.
2. Garagalchi murtii kanaa manneen murtii jalaatiif yaa ergamu.
3. Galmeen murtii dhumaa waan argateef cufameera.
4. Galmeen mana galmeetti yaa deebi'u.

## Abbootiin Seeraa:-

1. Gammachoo Baqqalaa
  2. Fiixaa Dachaasaa
  3. Urgaa Geetaahuun
  4. Masfin Geetaachoo
  5. Taaddasaa Qana'ii

Iyyattooni:- 1. Gannat Ayyewu Siraawu

2. Dataa Hayiluu Kaasayee      hin dhiyaanne.  
3. Maskaram Zarfuu Gonnixee

Waamamaan:- A/A/ Waliigalaa Oromiyaa Obboo Yooseef Phaawuloos dhivaateera.

Galmeed qorannee murtii kanaa gadii kennineerra.

Murthi

Galmeen kun banamee dhaddacha ijibbaataa kanaaf dhiyaachuu kan danda'eef iyyataan iyyannoo guyyaaa 07/12/2015 barreessee dhiyeesseen murtii balleessummaa fi adabbii Manni Murtii Olaanaa Godina Addaa Oromiyaa galmee lakk. 74236 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 08/10/2014 fi 10/10/2014 ooleen kenne fi ajaja Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachi Yakkaa G/Galeessaa galmee lakk. 354004 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 14/11/2014 ooleen kenne dogoggora seeraa isa bu'uuraa qaba jechuudhaan akka sirratuuf waan gaafatteeifi.

Ka'umsi dhimmichaa himannaa yakkaa himataan jala (Abbaan Alanga Godina Addaa Oormiyaa Naannawa Finfinnee) himatamaa jala namoota afuri irratti (iyvattoota ammaa dabaleet) Mana Murtii Olaanaa Godina

Addaa Oromiyaa Naannawa Finfinneetti dhiyeesseen yoo ta'u; qabiyyeen himatichaa, abbaa alangaan iyyataa ammaa (himatamaa 1ffaa jalaa) fi himatamaa 2ffaa jalaa irratti baay'inaa miidhamtootaa dhunfaatiin himanna shan kan irratti dhiyeeffate yemmuu ta'u, himatamtoonni kun miidhamtoota dhuunfaan hojiidhaaf biyya alaatti isin ergina jechuun lakk. herregaa 1000272293159 ta'e maqaa Haalimaa Muhammad jedhu irratti tokkon tokko isaanii hanga qarshi 30,000 akka galfatan taasisuun Fiinfinneetti yaamanii erga simatanii booda tikeetii balallii xiyyaaraa kennun miidhamtoota gara buufataa xiyyaaraatti gaggeessuun tikeetiin balallii kan sobaa akka waan itti himameef miidhamtoonni duubatti deebi'uun yoo bilbilaniif himatamtoonni miidhamtoota gara mana himatamtuu 1ffaatti geessuun ji'a tokkoo ol mana keessatti ugguruun miidhaa irraan gahaa osoo jiranii waan qabamaniif, Labsii Seeraan Ala Namoota Naannessuu fi Karaa Seeraan Alaa Daangaa Ceessisuu Dhorku fi To'achuuf Bahe lakk.1178/2012 kew.8(1,3)(c) irra darbuudhaan yakka raawwataniin himatamanii jiru kan jedhuu dha. Himanni 6ffaa hanga 10ffaa immoo himatamtoota jalaa 3ffaa hanga 5ffaa (iyyattoota ammaa 2ffaa fi 3ffaa dabalatee) baay'ina miidhamtoota shanan himanna 1ffa-5ffaa irratti ibsamani kan dhiyaate yoo ta'u, himatamtoonni kun gocha himatamtoonni 1ffa fi 2ffa seeraan ala miidhamtoota mana keessatti ugguruu raawwatan kana dhoksiif jecha miidhamtoota bakka turanii gadi lakkisanii iddo biraatti akka dhokatan fi ragaa dhoksuuf sochii waan godhaniif labsii 1178/2011 kwt. 15(2) darbuudhaan yakka raawwataniif himataman kan jedhuudha.

Himatamtoonni jalaa (iyyattoota ammaa dabalatee) gocha ittiin himataman kana hin raawwanne jechuun waan waakkataniif Manni Murtii Ol'aanaa Godinaa Addaa Oromiyaa Naannawa Finfinnee ragaa abbaa alangaa fi kan ittisaa erga dhagahee booda; himatamtoonni gocha

ittiin himataman raawwachuu isaanii mirkanaa'ee jira jechuun himannaa dhiyaate jalatti balleessaa taasisuun, himatamtuu 1ffaa (iyattuu 1ffaa) adabbii hidha cimaa waggaa 16 fi adabbii qarshii 150,000tiin, himatamaa 2ffaa adabbii hidhaa cimaa waggaa 16 fi adabbii qarshii 10,000tiin, himatamtoota 3ffaa fi 4ffaa jalaa (iyattoota 2ffaa fi 3ffa) adabbii hidhaa cimaa waggaa 5tiin akka adabaman; himatamtuu 5ffaa jalaa (Leensee Maammoo kan jedhamtu) immoo itti waan hin mirkanoofneef bilisaan akka gaggeeffamtu galmee lakk.74236 ta'e irratti dhaddachaa gaafa guyyaa 10/10/2014 ooleen murteessee jira. Himatamtoonni jalaa 1ffaa hanga 4ffaa murtii mana murtii olaanaa godinichaa komachuun Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Yakkaa G/Galeessaatti kan ol'iyyatan ta'us, Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa ol'iyyannoo dhiyaate bu'uura s/d/f/y/kew.195(1) haquudhaan galmee lakk.354004 ta'e irratti dhaddachaa gaafa guyyaa 14/11/2014 ooleen ajaja kennee jira.

Iyyattoonni ammaa murtiin balleessummaa fi adabbii manneen murtii jalaatiin kennname kun dogoggora seeraa isa bu'uuraa qaba jechuudhaan akka sirratuuf iyyanni dhaddacha kanatti dhiyeessan gabaabumatti; ragaan viizaa fi tikeetii miidhamtootaaf kennnamee seera qabeessa ta'ee osoo jiruu seeraan ala jedhamee murtiin jalatti kennname dogoggora ta'uu isaa, ragaan abbaa alangaa dhiyaatan miidhamtoota dhuunfaa qofaa ta'ee osoo jiruu himanni abbaa alangaa ragaa amansiisaa fi gahumsa qabuun osoo hin deggaramne fi ragaan ittisaa keenya immoo nurraa ittisanii osoo jiranii murtii balleessummaa fi adabbiin kennname dogoggora ta'uu isaa, keessumaahuu iyyattoonni 2ffaa fi 3ffaan yakka ittiin himataman raawwachuu isaanii ragaan irratti dhiyaate tokkollee osoo hin jiraanne balleessaadha jedhamuun dogoggora ta'uu isaa bal'inaan ibsuudhaan komatanii jiru. Komiin dhiyaate ni dhiyeessisa jedhamee waamamaan iyyata dhiyaateef deebii guyyaa 13/03/2015 barreessee dhiyeesseen,

iyyattoonni gochaa yakka balleessaa ittiin jedhaman raawwachuun isaanii waan mirkanaa'eef balleessaa jedhamuuun isanii sirriidha. Adabbiin kennames kan komatamu miti jechuudhaan akka waliigalaatti murtii balleessummaas ta'ee adabbiin mana murtii jalaatti kennname dogoggora seeraa waan hin qabneef akka cimuuf gaafataniiru. Dhufaatiin dhimma kanaa gabaabinaan haala olitti ibsame kana yemmuu ta'u, dhaddachi kunis iyyataa fi deebii barreffamaan asitti dhiyaatee murtii mana murtii jalaa fi seerota rogummaa qaban wajjin qoratee jira. Akka qorannetti manneen murtii jalaa murtii kennan irra komiin yoo jiru dhaddacha ijibbaataa kanatti dhiyaachuu danda'aa? Dhaddachi Ijibbaataa Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa kun dhimma kana fuudhee ilaaluuf aagoo qaba moo miti? Kan jedhu qabachuudhaan haala armaan gadiitti xiinxalamee jira.

Bu'uuruma kanaan, manni murtii ol'aanaa naannoo aangoo abbaa seerummaa dhimma naannoo irratti qabu dabalataan aangoo abbaa seerummaa mana murtii sadarkaa jalqabaa federaalaa akka qabuu fi dhimma federaalaa iratti murtii inni kennu irratii ol'iyyannoonaan kan dhiyaatu mana murtii waliigalaa nananichaatti akka ta'e wal duraa dubaan Heeraa FDRI kew.80(4) fi (5) jalatti tumamee jira. Gama biraatiin, bu'uura Heeraa FDRI kew.80(3B), Heeraa Motummaa Naannoo Oromiyaa kew.64(4) fi Labsii Gurmaa'ina, Aangoo fi Hojji Manneen Murtii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiin Murteessuuf Bahe lakk.216/2011 kew.25(2)(F) jalatti tumameetiin dhaddachi kun kan keessummeessu dhimma naannoo ilaachisee manneen murtii naannootiin murtii dhumaa argatan qofa dha. Haala kanaan, labsii lakk.1178/2011 jalatti dhimmoota tumaan jiran irratti aangoo abbbaa seerummaa sadarkaa jalqabaa kan qabu Mana Murtii Federaalaa sadarkaa jalqabaa akka ta'e labsicha kew.42(1) jalatti tumamee jira.

Dhimma harkaa qabnu kanatti yoo deebinu, himanni kan dhiyaates ta'e murtii balleessummaan kan kennname labsii seeraan ala namoota naannessuu fi karaa seeraan alaa daangaa ceesisuu dhorkuu fi to'achuuf bahe lakk.1178/2012 kew.8(1,3)(c ) fi 15(2) jalatti yoo ta'u, bu'uura heeraa mootummaa fi labsii olitti ibsameen manni murtii ol'aanaan dhimmicha bakka bu'ummaadhaan sadarkaa jalqabaatiin ilaaluu isaas ta'e Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa murtii mana murtii ol'aanaan kenne ol'iyyannoonaan ilaaluun isaa sirrii ta'us dhimmi manneen murtii jalaa murtii irratti kennan kun dhimma naannoo osoo hin taane dhimma federaalaa waan taa'eef bu'uura tumaa heera mootummaa armaan olitti ibsamee fi labsii lakk.216/2011 olitti ibsameen iyyatni iyyattoota ammaa dhaddachaa kanatti dhiyaachuu kan danda'u miti. Dhaddachi Ijibbaataa MMW Oromiyaa kunis dhimma federaalaa irratti iyyannoog dogoggora seeraa sirreessisuu waliin walqabatu ofitti fuudhee ilaaluuf aangoo abbaa seerummaa hin qabu.

Akka waliigalaatti, murtii manneen murtii dakaa irratti komiin jiru kan dhiyaatuu qabu Dhaddacha Ijibbaataa Mana Murtii Waliigalaa Federaalaa bu'uura heera mootummaa federaalaa kwt. 80(3,A(6)) fi labsii lakk. 1234/2013 kwt. 10(1,A)tiin aangoo qabuuf malee dhaddacha Ijibbaataa Mana Murtii Waliigalaa kanaaf miti. Kanaafuu, mirgi kanaa olitti ibsamee kun akkuma eegametti ta'ee komii iyyannoog iyyattooni galmeekanaa dhaddachaa kanatti dhiyaatan kun kufaa akka ta'u sagalee guutuudhaan murteessinee jirra.

### Ajaja

1. Murtii manneen murtii jalaatiin kennname kana irratti komiin yoo jiraate iyyanni dhiyaachuu kan qabaatu bu'uura heera mootummaa federaalaa kwt. 80(3,A(6)) fi labsii lakk. 1234/2013 kwt. 10(1,A)tiin

Dhaddacha Ijibbaataa Mana Murtii Waliigalaa Federaalaaf malee Dhaddacha Ijibbaataa Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa kanaaf miti jedhamee komii iyyannoo iyyattoonni galmee kanarratti dhaddachaa kanatti dhiyaatan kufaa akka ta'u murtaa'eera.

2. Garagalchi murtii kanaa manneen murtii jalaa fi iyyattoota teessoo isaaniitiin haa qaqqabu jenneerra.
3. Galmeen murtii dhumaan waan argateef cufameera.
4. Galmeen mana galmee cufamaniitti haa deebi'u

Abbootiin Seeraa: -

1. Fiixaa Dachaasaa
2. Abdusaalaam Siraaj
3. Urgaa Geetahun
4. Masfin Geetachoo
5. Taaddasaa Qana'ii

Iyyataan: -1. Abdiisaa Isheetuu

2.Tolosaa Gammadoo

Waamamaan:- Biirroo Abbaa Alangaa Nannoo Oromiyaa

Galmee qorannee murtii kanaa gadii kennineerra.

### **Murtii**

Galmeen kun banamee dhaddacha ijibbaataa kanaaf dhiyaachuu kan danda'eefiyyattoonni iyyannoo guyyaa 17/02/15 barreessee dhiyeessaniin murtiin Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachi Bahaa gal mee lakk.398580 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 09-02-15 ooleen murtiin kenne dogoggora seeraa isa bu'uuraa qaba jechuudhaan akka sirratuuf waan gaafateef.

Ka'umsi dhimmichaa himannaabbaan Alangaa Mana Murtii Ol'aanaa Godina Shawaa Bahaatiif barreessaanii himatamaa irratti dhiyeessan yoo ta'u, qabiyyeen himaatichaas himatamtoonni seeraa yakkaa keewaata keewaata 32(3A) fib 671(1 A fi B) irra darbuun miidhamaa dhuunfaa Jamaal Seeraa jedhamu gaafa 09/07/14 guyyaa keessaa sa'aa 8:00 yoo ta'u himatamtoonni kun nama baajaajii koru fakkaatanii baadiyyaa nu geessi jechuun magaalaa keessaa erga baasaniin booda himatamaa 1ffaan peestaaliidhaan fuulaa isaa ukkamsee cuubeedhaan tafa isaa gara mirgaa

irratti yoo qabu himatamaa 1ffaan immoo morma miidhamaa hudhee ija isaa gara gadii irra booksiidhaan rukkutee lafatti kuffisee imamaa uffatee ture iddo sadiitti cicciree afaan, miillaa fi harka isaa erga hidheen booda himatamaa 2ffaan kiisii miidhamaa keesssa qarshii 3,500.00 fi baajaajii lakk. gabatee ishee 1-A07409 OR taate tilmaamni qarshii 231,000 taate himatamaa 1ffaan kun oofuudhaan humnaa fi doorsisaan waliin ta'anii saaman waan ta'eef yakka waanbadummaa cimaa raawwataniin himatamaan kan jedhu dha. Himatamtoonni yakka ittiin himataman kana irratti jecha amantaa fi waakkii kennaaniin yakka ittiin himatmne kana hin raawwaanne kanaaf balleessaa hin qabnu kan jedhuu dha.

Manni murtii ol'aanaas falmii fi ragaa namaa bitaa mirgaan dhiyaatan erga dhagahee erga qulqulleesseen booda madaalee murtii肯neen himatamtoonni lamaanuu himanna himatamaan jalatti balleessaa qaba jechuun himatatoota lamaanuu tokkoon tokkoon isaanii hidhaa cimaa wagga sagaliitiin akka adabaaman jechuun murteesseera. Himataamtoonni jalaa murtii kana komaachuudhaa Mana Murtii Waliigalaa Dhaddachaa Bahaatti ol'iyataanii manni murtii kunis komii dhiyaateef bu'uura godhachuudhaan gal mee qoratee murtii肯neen murtiin jalaa hin komatamu jechuun ol'iyanno dhiyaatee hin dhiyeessisu jechuun murtii jalaa cimsuun murteesseera. Iyyanni ijibbaataas mutii kana kommachuun himatamtoota jalaatiin kan dhiyaatee yoo ta'u qabiyyeen iyyatichaas manni murtii jalaa ragaa abbaa alanga iddo yakki jedhame raawwate hin turre akka ragaatti fudhachuun murtiin kenne sirrii miti; iddo yakki raawwate jedhamettis bosonni hin jiru. Jechi ragaa miidhamatis jecha sobaati. suuraan baajaajii jedhames kan sobaan qindaa'ee dha. Kanaaf, murtiin jalaa narraa diigamee bilisaan akka gaggeeffamnu kan jedhuu dha.

Waamamaan ammaas iyyaanna dhiyaate kana irratti deebii akka itti kenu ajajamee deebiin isaas gabaabumaatti iyyattoonni kun yakka ittiin himataman raawwachuu isaanii ragaan keenya haala shakkiin ol ta'een mirkaneessanii jiru. Iyyattoonni yakka waanbadummaa kana kan raawwatan gareen ta'uun meeshaa qara qabuun fayyadamuun, miidhaama irratti balaa du'aa dhiyoo gahuun harka, miillaa fi afaan hidhuun dararuun fi sodaachisuun yakkicha raawwachuun isaanii waan mirkanaa'eef iyyattoonni tumaa seeraa yakka keewwata 671(1A,B) jalaatti kan balleessaa qabanii dha. Adabbiin kennames bu'uura qajeelfamaan kan kennamee dha. Kanaaf murtii mana murtii jalaa nuuf yaa cimu kan jedhoo dha.

Seenaan falmichaa kan armaan olitti ibsame kana yoo ta'u, nutis falmii dhiyaate seera roga qabu waliin walbira qabnee yoo ilaallu ijoon ilaalamuu qabu gochii yakka iyyattota kanaan raawwatame seera yakka keewwata 671(1) jalatti moo 670 jalatti kan ilaalamuu dha? kan jedhoo dha. Bu'uruma kanaan falmii mana murtii jalaa keessaa waanti qulqullaa'ee iyyattoonni ammaa kun gareedhaan ta'uun miidhaama gara baadiyyaatti fuudhanii ba'uun miidhamaa kana afaan, miillaa fi harka hidhuun cuubeen sodaachisuun qarshii 3,500 akkasumas baajaajii humnaan doorsisanii saamuun isaanii dhimma madaallii ragaatiin mana murtii aangoo madaallii ragaa qabuun adda ba'ee dha. Qabxiwwan falmii jalaa keessatti adda ba'an irraa ka'uun ijoo dhaddachi qorannoo duraa qabatee seeraan walbira qabuun xiinxalleerra. Bu'uruma kanaan gochi yakkaa iyyaattoonni ammaa raawwatan gareedhaan ta'uun gocha doorsisaa fi dararsuu miidhamaa kana afaan, harkaa fi miillaa hidhuun qarshii fi baajaajii saamuun isaanii dhimma adda ba'e waan ta'eef kun immoo seera yakka keewwata 671 jalatti ulaagaa taa'e kan guutu waan ta'ee fi dhimmichi keewwaata 670 jalatti kan ilaalamu ta'ee hin argamne.

Kanaaf manneen murtii jalaas qixa kanaan dhimmicha kan xiinxalan waan ta'eef murtiin manneen murtii jalaa hanqina kan qabu ta'ee hin argamne. Waan kana ta'eef murtiin Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachi Bahaa gal mee lakk.398580 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 09-02-15 ooleen murtiin kenne dogoggora seeraa isa bu'uuraa hin qabu jechuun bu'uura s/d/f/y keewaata 195(2-B-2)tiin cimsuun sagaalee guutuun murteessineerra.

### **Ajaja**

1. Murtiin Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachi Bahaa gal mee lakk.398580 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 09-02-15 ooleen murtiin kenne dogoggora seeraa isa bu'uuraa hin qabu jechuun bu'uura s/d/f/y keewaata 195(2-B-2)tin cimsuun sagaalee guutuun murteessineerra.
2. Garagalchi murtii kanaa manneen murtii jalaatiif yaa ergamu.
3. Galmeen murtii dhuma waan argateef cufameera.
4. Galmeen mana galmeetti yaa deebi'u.

Abbootii Seeraa: -

1. Gammachuu Baqqalaa
2. Abdusalaam Siraaj
3. Hiikaa Araarsoo
4. Gammachiis Dhugumaa
5. Ashannaafii Raggaasaa

Iyyataa: - Obbo Barakat Aagaa

Waamamaa: - Obbo Huseen Massaluu

Galmeen qoratamee murtiin kanaa gadii kennameera.

### **Murtii**

Murtii kanaaf ka'umsa kan ta'e iyyata komii iyyataan gaafa 28/02/2015 barreessuun dhaddacha ijibbaataa kanaaf dhiyeesseen murtii Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachi Dhaabbii Kibbaa lakk. Galmee 381958 irratti dhaddacha guyyaa 25/01/2015 ooleen kenne dogoggora bu'uura seeraa waan qabuuf dhaddacha kanaan ilaalamee akka naaf sirratu jechuun waan gaafateefidha.

Dhimmi falmii kanaa, falmii waliigaltee irraa maddu ta'ee Mana Murtii Ol'aanaa Godina Gujii Lixaatti wayita eegalu waamamaan himataa, iyyataan ammoo himatamaa turan. Waamamaan himannoo jalatti hundeesseen: himatamaa waliin hariiroo daldalaa waan qabnuuf, Zayita jaarkaanii 1000 Qar. Miiliyoona tokkoon narraa bitee qar. 200,000 naaf kennee, qar. 800,000 ammoo cheekii Baanki Awasha lakk. 01304159092200 ta'een naaf kennee baankicha deemee yoon gaafadhu, sababa mahallaqa hin qabu jedhameef itti rukuchiiseera. Waan ta'eef

himatamaan qarshii isa irratti hafu qar, 800,000 fi dhala isaa waliin Qar. 872,000 baasii fi dhamaatii adda addaa dabalatee akka naaf kaffalu jechuun gaafateera. Iyyataan ammoo deebii jalatti dhiyeesseen: dhimmichi dhimma waliigaltee irraa maddu waan ta'eef dhimmi tilmaamni isaa qar. 872,000 ta'e jalqabatti kan dhiyaatu Mana Murtii Aanaatti malee Mana Murtii Ol'aanatti miti. Waamamaan qarshii isa irratti hafe kan hin qabnee fi kan isaaf kaffale ta'uu; kana irra darbees anis qarshii waamamaa biraan qaba jechuun walitti qabaatti waamamaan qar. 336,000 akka kaffaluuf qaxxaamuraan gaafateera.

Manni Murtii Ol'aanichaa dhimmicha irratti falmii guutuu fi ragaawwan dhaggeeffatee akkasumas ragaawwan sanadaa dhiyaatan ilaaleera jechuun himatamaan cheekii maallaqa hin qabne himataaf kennee baankii deemee yoo gaaftu maallaqa kan hin qabnee fi cheekii gogaa ta'uun isaa baankichaan waan mirkanaa'eef, cheekiin sababa himannoo waan ta'eef dhimmichi akkaataa Labsii Manneen Murtii Federaalaa Lakk. 1234/2013 kwt. 5(1)(L) fi kwt. 14(1) tiin dhimma federaalaa ta'a. Dhimma Federaalaa sadarkaa calqabaatti ilaalmu ammoo bakka bu'insaan Mana Murtii Ol'aanaa Naannootti dhiyaata jechuun mormii sadrkaa duraa iyyataan dhiyeessee jiru kufaa gochuun, iyyataan qarshii osoo hin kaffalin hafee fi baasii adda addaa dabalatee qar. 946,374 akka kaffalu, iyyataan qar. 336,000 waamamaatiif karaa nama biraa galii godheera jedhu yoo qabtee seera rogummaa qabuun gaafachuu danda'a jechuun himannoo qaxxaamuraan iyyataan dhiyeessee jiru kufaa gochuun murteesseera.

Iyyataan murtii kana komachuun komee Ol'iyyannoo isaa Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa dhaddacha dhaabbii Kibbatti dhiyeffateera. Dhimmichatti seenuun ilaalee boodaa murtiin jalatti kennamee jiru hanqina kan qabu miti jechuun akkataa SDFHH. kwt. 348(1) tiin

cimsuun murteesseera. Komeen asitti dhiyaatee jirus Murtii Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Kibbaa fi Mana Murtii Ol'aanaa Go/Gujii Lixaan kennamee jiru jijiirsisuufidha. Qabiyyeen komee iyyannoo iyyataadhaas: dhimmi falmii kanaa dhimma federaalaa hin ta'u. Falmii waliigaltee irraa maddeedha; dhimma cheekiin ragaa ta'ee himanno wal-qabatee dhiyaateeru dhimma federaalati jechuun mana murtii ol'aanaa irraa eegaluun irra hin jiraatu jechuun osoon falmuu irra darbameera. Maallaqa waamamaaf kaffalee osoon jiru fi falmii himanno qaxxaamuraan gaafadhee osoon jiruu kufaa ta'ee murtaa'uun isaa dogoggora bu'uura seeraa kan qabu waan ta'eef dhaddacha kanaan ilalamee srratee akka naaf murtaa'u kan jedhudha.

Komeen iyyannoo iyyataadha, Dhaddacha Ijibbaataa Qorannoo Duraa Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaan akka dhiyaatu ta'ee, waamamaan dhimmicha irratti deebii akka itti kennu ta'eera. Deebii gaafa 18/04/2015 barraa'een, falmii kanaaf ka'umsa kan ta'e cheekii gogaa waan ta'eef dhimmichi dhimma federaalaa ta'a. Iyyataa irraa maallaqa qabaachuun koo fi iyyataan ammoo maallqa kan anaaf hin kenninee fi ana irraa hin qabne ta'uun jalatti falmii fi ragaatiin ququlla'ee kan murtiin itti kenname waan ta'eef komeen iyyataan asitti dhiyeessee jiru fudhatama kan qabu miti jedhamee akka naaf murtaa'u jechuun falmeera.

Dhufaatiin dhimmichaa kan olitti ilaalamet ta'ee, dhaddachi kunis guutummaa falmii dhiyaatee jiru tumaa seeraa dhimmicha ilaalu waliin qorateera. Akka qorannettis qabxii mormii sadarkaa duraa, iyyataan ammaa kun dhimma aangoo mana murtii ilaachisee dakatti kaasee jiru haalli itti bira darbamee dhimmicha irratti murtiin kennname rogummaa seerichaatiin? kan jedhu tumaawan seeraa dhimmicha ilaalu waliin akka itti aanutti ilaalleerra.

Akka ilaalleettis, seerummaan waamamaan ammaa kun jalatti bu'uureffatee gaafatee jiru hariroo daldalaa iyyataa waliin qabnu irraa kan ka'e iyyataan zayita jarkeena 1000 qar. miiliyeena tokkoon narraa bitee qar. 200,000 naaf kaffalee, qar. 800,000 ammoo cheekii naaf kennee, cheekii iyyataan naaf kenneen baankii deemee yoon gaafadhu maallaqa of irraa hin qabu waan jedhameef qar. iyyataa irratti hafee jiru qar. 800,000 dhala isaa fi baasii adda addaa waliin akka naaf kaffalu jechuun lakk. cheekii iyyataan kenneef wal-qabsiisuun kan gaafate ta'uu murtii jalaa keessaa ni hubatama. Sanadoota kan akka cheekii, hariroo daldalaa fi kaffaltii biroon nama irraa namatti daddarban irratti falmii ka'u ilaachisee, /cases involving negotiable instruments/, dhimmichi dhimma federaalaa ta'uu Labsii Mana Murtii Federaalaa Lakk. 1234/2013 kwt.5(1(L)) jalatti ni tuma. Bu'uura tumaa seeraa kanaan, dhimmi of harkaa qabnu dhimma federaalaati jechuuf, dhimmichi falmii cheekii kan ilaallatuu dha moo miti? Kan jedhu ilaaluun barbaachiisaa ta'e.

Seerummaan waamamaan jalatti gaaftee jirus, waliigaltee bittaa-gurgurtaa zayitaa iyyataa waliin taasissee, iyyataan maallaqa sababa cheekii mahallaqa hin qabne naaf kenneef maallaqa isa irratti hafee jiru naaf hin kaffalin jiru waan ta'eef akka naaf kaffalu kan jedhu kan bu'uureffatee ta'uu seerummaa gaafatamee fi falmii taasifame irraa ni hubatama. Kunis kan argisiisu Seerummaan waamamaan gaafatee jiru waliigaltee bittaa-gurgurtaa zayitaa kan bu'uureffatee ta'uu fi Cheekiin sababa kaffaltiif waamamaaf kennamee jiru, kaffaltiin hariroo waliigaltee irraa madde sababa cheekichi maallaqa hin qabneef waamamaaf osoo hin kaffalamin hafuu argisiisuuf kan dhiyaate ta'uu kan argisiisuudha. Dhimmichi dhimma federaalaati jechuuf bu'uurri falmii dhimmichaa ifatti sanada hariroo daldalaa fi akkasumas dhimma biraaf nama tokko irraa nama biraatti daddarbuu/ negotiable instrument/ kan ilaalu akka ta'e tumaa

seerichaa irraa ni hubatama. Dhimma kana irrattis cheekiin waamamaan dhiyessee jiru sababa lakk. herregaa iyyataadhaa baankii irraa maallaqa hin qabneef maallaqa sababa bittaa-gurgurtaan waamamaan iyyataa irraa gaafatu hin kaffalamin hafuu isaaf akka ragaatti wal-qabatee kan dhiyaate malee falmichi cheekii akka ragaatti dhiyaatee jiru bu'uureffatee kan dhiyaate akka hin taane kan argisiisuudha. Kun kana ta'ee osoo jiruu Manni Murtii Ol'aanaa Go/Gujjii Lixaa bu'uurri falmii dhimmichaa waliigaltee ta'ee osoo jiruu akkasumas cheekiin kaffaltiin sababa bittaa-gurgurtaa zayitaan waamamaaf akka kaffalamu jedhame, maallaqa hin qabneef, kaffaltiin waamamaaf kaffalamuu dhabuu isaa argisiisuuf akka ragaatti dhiyaatee jiru falmii cheekii ilaallatuudha jechuun dhimmichi dhimma federalati jechuun mormii sadarkaa duraan iyyataan kaasee jiru kufaa gochuun dhimmicha akka dhimma federaalaatti ilaaluun murteessuun isaa fi Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachi Dhaabbii Kibbaas hanqina kana sirreessuu dhabuun isaa qajeeltoowwaan Labsii Gurmaa'ina, Aangoo fi Hojii Manneen Murtii Oromiyaa Irra Deebiin Murteessuuf Bahe Labsii Lakk. 216/2011 kwt 24, kwt. 30 fi kwt. 31 jalatti tumamanii jiran kan hin hordofne waan ta'eef dogoggora bu'uura seeraati jennee murteessineerra. Dhimmi falmii waamamaa fi iyyataa ammaa kana gidduu jirus dhimma federaalaa osoo hin taane dhimma Nananoo Oromiyaati jenneerra. Haaluma kanaan ajajni itti aanee jiru kennameera.

### Ajaja

1. Murtii Dhaddachi Dhaabbii Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Kibbaa lakk. gal mee 381958 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 25/01/2015 ooleen kennee jiruu fi murtii Manni Murtii Ol'aanaa Go/Gujjii Lixaa lakk. gal mee 02125 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 20/07/2014 ooleen kennamee jiru bu'uura Labsii Gurmaa'ina, Aangoo fi Hojii Manneen

Murtii Oromiyaa Irra Deebiin Murteessuuf Bahe Labsii Lakk. 216/2011 kwt. 26(5) tiin haqameera jennee murteessineerra. Haa beekaniif waraabbiin murtii kanaa manneen murtii jalaa haa qaqqabu.

2. Dhimi falmii waamamaa fi iyyataa gidduu jiru kun dhimma federaalaa osoo hin taane dhimma naannoo ta'a. Waan ta'eef, himannoo waamamaan kun dhimma tilmaama qar. 800,000, akkataa Labsii Gurmaa'ina, Aangoo fi Hojii Manneen Murtii Oromiyaa Irra Deebiin Murteessuuf Bahe Labsii Lakk. 216/2011 kwt.31(1), dhimma naannoo mana murtii aanaa aangoo tooraa qabutti dhiyaachuu malu, dhimma federaalaati jechuun Mana Murtii Ol'aanaa Go/Gujii Lixaatti dhiyeessee jiru bu'uura SDFHH. Kwt. 244(2)(a)) fi Kwt.245(1) tiin dhimma jalqabaa mana murtii ol'aanatti dhiyaatu miti jennee murteessineerra. Murtiin kunis, waamamaan dhimmicha mana murtii sadarkaa duraan ilaaluuf aangoo qabutti dhiyeeffachuu kan hambisu miti jenneerra.
3. Baasii fi dhamaatii dhimma falmii kanaa bitaa-mirgaan of haa danda'an jenneerra.
4. Galmeen kun murtii waan argateef cufameera. Gara mana galmeetti haa deebi'u.

Abbootii Seeraa: -

1. Gammachuu Baqqalaa
2. Fiixaa Dachaasaa
3. Urgaa Geetahuun
4. Masfin Geetaachoo
5. Taaddasaa Qana'ii

Iyyataan: - Gar/ Ins. Manbaruu Ittaanaa

Waamamaan: - Abbaa Alangaa Naannoo Oromiyaa

Galmee kana qorannee murtii armaan gadii kennineerra.

### **Murtii**

Falmiin kun himannaabbaa Alangaa Mana Murtii Olaanaa Godina Jimmaatti himatamaa jalaa (iyyataa ammaa) irratti dhiyeesseen kan eegalame ta'ee, dhaddacha kanatti dhiyaachuu kan danda'e sababa iyyataan ammaa ajaja Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbi Lixaatti Dameen Jimmaa lakk. galmee 389243 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 10/02/2015 ooleen kenne dogoggora bu'uuraa seeraa qaba jechuudhaan akka sirratuufif iyyannoo guyyaa 28/02/2015 barreffameen iyyateefidha.

Abbaan Alangaa himata dachaa gaafa 12/09/2014 barreffamee mana murtii olaanaa jalaatti dhiyeessen; iyyataan Qajeelcha Poolisii Magaalaa Jimmaa Waajjira Poolisii Aanaa 1ffaatti qindeessaa qorannoo yakkoota malaammaltummaa fi qorataa yakkichaa tahee osoo hojjetaa jiruu, faayidaa hin mallee argachuuf yookiin nama biroof argamsiisuuf yookiin miidhaa qaqqabsiisuuf yaadee namoota Ermiyaas Xibabuu fi Biniyaam Salamoon jedhaman shakkii yakka daldala seeraan alaa

raawwatan jedhuun konkolataa lakk. gabatee 3-81255 A.A ta'e waliin qabamanii qorannoон irratti geggeeffamaa turee, gal mee yeroo beellamaa lakk. 47171 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 09/06/2014 ooleen mirgi wabii namaа qarshii 20,000 eegamee fi galmeen cufameera. Iyyataan galmeen yeroo beellamaa erga cufamee booda miidhamtuu dhuunfaa dhimma shakkamtoota waajjira poolisiitti hordofaa turtee Hiwoot Amsaaluu Eebbaa jedhamtuun mana foonii Tsinaat jedhamu keessatti beellamee argee, mirgi wabii duraan mana murtiin shakkamtootaf eegamee ture akka hin eegamneetti itti himee, yakki ittin shakkamanis hanga wagga ja'atti adabsiisa jechuudhaan sodaachisee, wabiidhaan akka bahan qarshii 50,000 fidi nama kartaa manaa yookiin libiree konkolataatiin wabiif ta'uuf kennee akka bahaan taasisaa jechuudhaan qarshii 50,000 miidhamtuu harkaa waan fudhateef labsii yakkoota malaammaltummaa lak. 881/2007 kwt. 10(2) yookiin filannoон bu'uura s/d/f/y kwt. 113(1) tiin labsii 881/2007 kwt. 32(1) irraa darbuun raawwateen himatameera kan jedhu yoo ta'u; himannaan 2ffaa; iyyataan labsii lak. 881/2007 kwt. 10(2) irra darbuudhaan, gocha himanna 1ffaa keessatti eerame erga raawwatee booda gaafa guyyaa 15/06/2014 shakkamtooni yommuu gadi lakkiffaman, konkolaataa lakk, gabatee himanna 1ffaa keessatti eeramee kennuu didee, qorannoон si'achi irratti geggeeffamaa jechuudhaan, galgala sa'atii 2:00 irratti miidhamtuu dhuunfaatti bilbilee argee "A/Alangaa Miliyon jedhamus qarshii ni barbaada waan ta'eef qarshii 100,000 fidi gal mee cufnee konkolaataa gadhiifna jedhee matta'aa waan gaafateef yakka matta'aa fudhachuu raawwateen himatameera kan jedhuu dha.

Iyyataan miidhamtuu dhuunfaa waliin mana nyaataatti wal arguu fi waliif bilbilaa turuu amanee, kunis dhimma shakkamtoota maqaan eerameen kan walqabatu miti. Dhimma shakkamtoota Ermiyaas Xibaabuu faa hordofaa kan ture qorataa poolisii Ittansaa jedhamu dha

malee ana miti. Konkolaataan shakkiin qabamee deebi'uuf kan dhabe sababa ciraan qabameenidha waan ta'eef gocha yakkaa jedhame hin raawwanne jechuudhaan waakkatee falmeera. Manni Murtii Olaanaa jalaa lakk. gal mee 61931 ta'e irratti ragaa A/Alangaa dhagahee iyataan himannaa 1ffaa labsii lakk. 881/2007 kwt. 32(1) jalatti, himannaa 2ffaa immoo labsichuma kwt. 10(1) jalatti akka ofirraa ittisu ajajee, ragaa ittisaa dhagahee booda dhaddacha guyyaa 08/11/2014 keewwata lamaan ofirraa haa ittisu jedhamee jalatti murtii balleessummaa fi adabbii hidhaa cimaa waggaa 5(shan) guyyaa harki isaa dhimma kanaaf qabamee irraa eegalee shallagamuu fi adabbii maallaqaa qarshii 16,000n akka adabamu murteesseera. Iyyataan murtii Mana Murtii Olaanaa Godina Jimmaatiin kennname komatee, oliyyanno Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Lixaa Damee Jimmaatti dhiyeeffatee, dhaddachichis, bu'uura s/d/f/y kwt. 195(1)tiin ajajaan komii iyataa kufaa taasisuudhaan murtii irraa komatame cimsuun murteessee jira.

Iyyannoona kunis ajaja Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Lixaatti Damee Jimmaatiin kennname dogoggora bu'uuraa seeraa qaba jechuudhaan jijiirsisuuf kan dhiyaate ta'ee, komiin ijoo iyataa gabaabinaan; bu'uura seera yakkaa kwt. 23(2) tiin kutaa gochaa, kutaa yaadaa fi seeraa haala guutuun yakki raawwatamuu waanti mirkanaa'e osoo hin jirre murtiin balleessummaa fi adabbii kennname sirrii miti. Gocha yakkaa ittiin himatame akkaataa himannaa irratti eeramee fi ulaagaa tumaa himannaa jalatti dhiyaatee hundeessuun raawwatamuu ragaan mirkaneesse osoo hin jirre murtiin balleessummaa kennnamee seera qabeessa miti. Ragaan A/Alangaa shakkiin ala gochi yakkaa raawwatamuu hin dubbatne. Murtiin adabbii haalli itti shallagamee gocha raawwatamuu mirkanaa'e, haala qabatamaa dhuunfaa iyataa fi seera giddu galeessa kan godhate miti. Kanaafuu, murtiin balleessummaa

diigamee bilisaan akkan geggeeffamu yookiin gocha qarshii 50,000 fudhachuu jedhuun wal qabatuuf keewwatni rogummaa qabu labsii lak. 881/2007 kwt. 32(1) osoo hin taanee kwt. 10(1) waan ta'uuf kunumti srratee murtiin balleessummaa fi adabbiin akka kennamun gaafadha kan jedhu dha. Dhaddachi Ijibbaataa kunis komii iyyataa fi waraabbii murtii manneen murtii jalaa galmee keessatti argamu seera waliin qoratee qabxiin haala ijoo himanna dhiyaateen iyyataan gochoota yakka gowwoomsuu fi matta'aa fudhachuu raawwachuun irratti mirkanaa'ee murtii kennamee dha moo?, miti? jedhu qulqullaa'uu qaba jechuudhaan waamamaan ijoo qabamee fi komii iyyataa irratti deebii akka kenu ajajeera. Waamamaan deebii gaafa guyyaa 18/04/2015 barreefamee dhiyesseen iyyataan gocha yakkaa ittiin himatamee fi balleessaa jedhamee labsii yakkoota malaammaltummaa lakk. 881/2007 kwt. 10(2) fi 32(1) haala guutuun kan raawwate ta'uun ragaa A/Alangaatiin irratti mirkanaa'ee murtiin balleessummaa fi adabbiin seeraa fi qajeelfama adabbii bu'uura godhatee kennamee waan ta'eef murtiin irraa komatame hir'ina hin qabu jechuudhaan deebiseera.

Seenaan dhufaatii falmii kanaa murtiin manneen murtii jalaa fi falmiin bitaa mirgaa kan armaan olii ta'e, galmeekessa qorannee akka ilaalleetti ijoon dubbi furmaata argachuu qabu:- haalli murtiin balleessummaa itti kennamee fi murtii adabbii itti shallagamee seera qabeessa dha moo?, miti? kan jedhu ta'ee , murtiin irraa komatame dogoggora bu'uura seeraa qabaachuu yookiin dhiisuu akka itti fufee jiruun xiinxalameera. Iyyataan ammaa (himatamaan jalaa) hojjeeta mootummaa (poolisi qorataa yakkaa) ta'e yommuu hojjetaa turetti dhimma manni murtii mirga wabii namaa qarshii 20,000n eegee jiru, miidhamtuu dhuunfaa dhimma shakkamtoota hordofaa turteen wabiin akka bahan taasisa qarshii 50,000 fidi nama kaartaa yookiin libiree qabsiisuuf kennaa jedhee miidhamtuu dhuunfaa

irraa qarshii 50,000 fudhachuun yakka gowwoomsuu cimaa yookiin matta'aa fudhachuu jalatti fi shakkamtooni erga wabiin bahanii boodas miidhamtuu bilbillaan waamee konkolaata qabamee ture akka gadi lakkifamuuf galmeen cufamuu qaba, kana gochuufis A/Alangaa fi mana galmeef kan ta'u qarshii 100,000 qopheessi jedhee miidhamtuu gaafateefi yakka matta'aa fudhachuu raawwatee jira jedhamee kan himatame yoo ta'u, manneen murtii jalaas iyyataan gocha yakkaa gowwoomsuu cimaa fi yakka matta'aa fudhachuu raawwatee jira jechuudhaan murtii balleessummaa fi adabbii komii kanaaf sababa ta'e kennaniiru. Iyyataan murtiin balleessummaas ta'e adabbiin kenname bu'uura seeraa hin qabu jechuudhaan, waamamaan immoo murtiin irraa komatame hir'ina hin qabu jechuudhaan falmaa jiraachuun hubatameera.

Qajeeltoo yakki malaammaltummaa raawwatamuu yookiin dhiisuu addaa baasuuf rogummaa qabu qajeeltoo labsii yakkoota malaammaltummaa lak. 881/2007 kwt, 3 fi 4(1 fi 2) jalatti tumamee dha. Hojeetan yookiin abbaan aangoo waajjira mootummaa yookiin jaarmiyaa uummataa ta'e, kallattiinis ta'e, al-kallattiin faayidaa hin mallee argachuuf, yookiin nama biroof argamsisuuf yookiin faayidaa nama biroorra miidhaa geessisuuf itti yaadee gahee hojii isaan waanta gochuu hin qabne gochuudhaaf yookiin waanta gochuu qabu gochuu dhiisuuf nama biroo irraa faayidaa kan argate( fudhatee) yookiin gaafate yookiin aangoo isaa gar-mallee itti dhimma bahe, waadaa seenee fi kkf raawwatee yakka malaammaltummaa raawwachuu akka adabamuu Labsii Yakkoota Malaamaltummaa lakk. 881/2007 4(2) jalatti tumamee jira. Iyyataan labsii 881/2007 kwt. 32(1) jalatti yakka gowwoomsuu cimaa raawwate jedhame himanna 1ffaa jalatti filannoон irratti dhiyaatee fi murtii balleessummaa kennamee irraa yoo eegalu, yakki gowoomsuu cimaa raawwatamee jira kan jedhamu qabxiileen yakkicha hundeessan haala guutuun gochi raawwatamee

jiraachuun yoo mirkanaa'e ta'a. Labsii kana kwt 32(1) jalatti yakka gowwoomsuu cimaa hundeessuuf ulaagaaleen tumamaan:- hojjetaan mootummaa yookiin hojjetaan jaarmiyaalee uummataa ta'e badhaadhina hin malle argachuudhaaf yookiin nama biroof argamsiisuuf itti yaadee dubbiilee dogoggorsaa ta'an dubbachuun, eenyummaa fi haala dhuunfaa ofii dhooksuun yookiin dubbachuun yookiin tilmaamma dogoggora nama birootti fayyadamuun, waan gochuu qabu gochuu dhabuudhaan yookiin waan gochuu hin qabnee gochuudhaan nama biroo goowwomsuun namni goowwomfamee faayidaa ofii yookiin namaa biroo akka miidhu taasisuu dha.

Himanna 1ffaa ilaachisee mana murtii olaanaa jalaatti, iyyataan Qindeessaa Qorannoo Yakkaa Malaammaltummaa fi Qorataa Yakka Malaammaltummaa Waajjira Poolisii Magaalaa Jimmaa Aanaa 1ffaa ta'ee, dhimma shakkamtoota Ermiyaas Xibaabuu faa N-2 mirgi wabii mana murtiidhaan eeggamee galmeen cufamee akka waan mirgi wabii hin eegamneetti miidhamtuu dhuunfaa bilbilee waamee itti himuu dhaan (dubbii dhugaa hin taanee itti dubbachuun), qarshii 50,000 miidhamtuu dhuunfaa irraa nama wabii shakkamtootaaf ta'uufan kenna jechuudhaan irraa fuudhoo fi ragaa A/Alangaa 2ffaa kan ta'e nama Waziir jedhamuun iyyataan ammaa shakkamtooni firoota kiyya waan ta'aniif libireedhaan wabii ta'if jedhee akka wabii ta'u taasisee booda qarshii 3600n shayii dhugi jedhe kan kenneef ta'uun firii dubbii mirkanaa'ee dha. Kun immoo iyyataan ammaa dubbii sobaa fi dogoggorsaa ta'e miidhamtuu dhuunfaatti dubbachuun hubannoo dhabuu miidhamtuutti fayyadamee qarshii 50,000 irraa fuudhachuu, kana gochuufis gahee hojii isaa dahoo godhatee kan raawwate ta'uun sadarkaa fi dubbiitti mirkanaa'uu kan agarsiisuu dha. Kun immoo, ulaagaa tumaa keewwata murtiin balleessummaa jalatti kennamee haala guutuun irratti mirkanaa'uu kan agarsiisu waan ta'eef

komiin himannaa 1ffaa ilaachisee dhiyaate murtiin manneen murtii jalaa dogoggora bu'uuraa seeraa qabaachuu kan agarsiisu miti. Himannaa 2ffaa ilaachisee:- iyyataan ammaa gaafa 15/06/2014 gaafa guyyaa shakkamtoonni gadhiifaman galagala isaa miidhamtuu dhuunfaatti bilbilee waamuudhaan, miidhamtuun dhuunfaa konkolaataa maaliif gadi lakkisuu diddan yommuu jettuuni; galmeen qorannoo yoo cufamee malee konkolaataa deebisuun hin danda'amu, kana gochuuf immoo abbaa alangaa fi mana galmee waan ilaallatuuf qarshii 100,000 qopheessi jechuudhaan miidhamtuutti kan dubbate ta'uun sadarkaa firii dubbiitti adda bahee jira. Himannaa 2ffaa labsii lakk. 881/2007 kwt. 10(1) jalatti murtiin balleessummaa kan kennname yoo ta'u, keewwatni kun immoo hojjetaan mootummaa kallattiinis ta'e, al kallattiin waan gochuu hin qabne goochuuf ofif yookiin nama biroof faayidaa gaafatee yakka matta'aa fudhachuu raawwate jedhamee adabamuu akka qabu ifaan tumee jira. Qajeeltoon yakki malaammaltummaa raawwatamu ilaachisee labsii kana kwt 4 jalatti tumames kanuma kan cimsuu dha. Kanaafuu, himannaa 2ffaa ilaachisees murtiin balleessummaa kennname dogoggora bu'uuraa seeraa kan qabu ta'ee hin argamne.

Adabbiin yakkamaa irratti kennamu kaayyoo sirna seera yakkaa galmaan ga'uu haala dandaa'un, faayidaa uummataa hundaaf jecha nageenya, tasgabbi, sirna, mirgaa fi faayidaa mootummaa, jiraattoota biyyattii eeguu, mirkaneessuu fi namoota biroof fakkeenya taasiseef kennamu akka qabu tumaa seera yakkaa kwt. 1 fi qajeelfama adabbi lakk. 2/2006 kwt 3 jalaa ni hubatama. Kaayyoo adabbi kanaas galmaan gahuun kan danda'amu adabbiin kennamu namoota gara fuula duraatti gocha yakkaa wal fakkaataa raawwachuuf yaada qaban yookiin raawwachuu danda'an haala barsiisuu danda'uu fi wal qixxummaa lammilee giddu galeessa godhateen adabbi barsiisaa fi madaalawaa ta'e kennuun yoo danda'ame

dha. Manneen murtii jalaas haala raawwii, miidhaa gahee fi yaada itti raawwatamee hubannoo keessa galchuudhaan sadarkaa fi gulantaa bu'uura qajeelfama adabbii lakk 2/2016 kwt 19tiin baasee sababoota waliigalaa adabbii salphisan kuusaa adabbii yakkaa iyyataa irratti dhiyaate jiraachuu dhabuu bu'uura seera yakkaa kwt 82(1A) fi itti gaaffatamummaa maatii qabu bu'uuraa kwt 86tiin walitti lama qabachuudhaan murtii adabbii kan kennan ta'uun hubatameera. Kunis qajeeltoo murtiin adabbbii hordoofuu qabu hordofee seeraa fi qajeelfamaa bu'uura godhachuun kennamu kan hubachiisu waan ta'eef komiin murtii adabbiin wal qabatee dhiyaates murtiin irraa komatame dogoggora bu'uura seeraa qabaachuu kan agarsiisu miti.

Waliigalatti, murtii balleessummaa fi murtii adabbii Manni Murtii Olaanaa Godina Jimmaa iyyataa irratti dabarsee fi murtiicha ajajaan cimsuudhaan murtii Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Lixaatti Damee Jimmaa dogoggora bu'uuraa seeraa hin qabu jennee sagalee guutuudhaan murteessinee ajaja itti aanee jiru kennineerra.

### **Ajaja**

1. Murtii Manni Murtii Olaanaa Godina Jimmaa lakk. galmee 61931 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 08/11/2014 ooleen kennee fi ajaja Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Lixaatti Dameen Jimmaa lakk. galmee 389243 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 10/02/2015 ooleen kenne bu'uura Labsii Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa, Lak. 216/2011 kwt.26(5)tiin cimeera.
2. Garagalchi murtii kanaa manneen murtii jalaa haa qaqqabu.
3. Garagalchi murtii kanaa karaa komiishinii Manneen Amala Sirreessaa Oromiyaa tiin Mana Amala Sirreessaa Godina Jimmaatti iyyataaf haa ergamu.
4. Galmeen murtii waan argateef cufameera. Mana galmeetti haa deebi'u.

Abbootii Seeraa: -

1. Gammachuu Baqqalaa
2. Fiixaa Dachaasaa
3. Urgaa Geetahuun
4. Masfin Geetaachoo
5. Taaddasaa Qana'ii

Iyyataan:- Abiy Zawudee

Waamamaan:- Abbaa Alangaa Naannoo Oromiyaa

Galmee kana qorannee murtii armaan gadii kennineerra.

### **Murtii**

Dhimmi kun falmii yakkaa gumurukaatiin wal qabatu ta'ee dhaddacha kanatti dhiyaachuu kan danda'e sababa iyyataan murtii Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachi Dhaabbii Bahaa lakk. gal mee 401626 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 02/02/2015 ooleen kenne dogoggora bu'uuraa seeraa qaba jechuudhaan iyyata gaafa guyyaa 15/02/2014 barreeffameen akka srratuufiif iyyateefidha.

Ka'umsi falmii kanaa himannaabbaan alangaa gaafa guyyaa 26/09/2014 barreeffamee Mana Murtii Olaanaa Godina Harargee Lixaatti iyyataa ammaa irratti dhiyeesseen ta'ee, qabiyyeen himannichaa gabaabinaan; iyyataan gaafa guyyaa 18/09/2014 tilmaamaan halkan keessaa sa'atii 08:00 yoo ta'u, Godina Harargee Lixaa Aanaa Ciroo Araddaa Arba-Rakkatee bakka addaa keellaa Arba-Rakkatee jedhamutti osoo beekuu yookiin beekuu irra jiraatuu meeshaa sirni gumurukaa irratti hin raawwatamne moobaayila gosa addaa qarshii 2,743,000 baasu qaama konkolaataa mitsubishii lakk gabatee 2-B30411 AA taate keessa

dhoksuun fe'ee osoo deemuu sakatta'iinsa taasifameen waan qabameef yakka kontirobaandii naanneessuu (geejjibsiisuu) raawwateen Labsii Gumurukaa Lakk. 859/2006 kwt. 168(2) irra darbuun himatameera kan jedhu dha. Iyyataan gocha yakcaa kana hin raawwanne jechuudhaan guutummaan waakkatee waan falmee fi manni murtii olaanaa jalaa ragaa abbaa alangaa namaa fi barruu bu'uura godhatee iyyataan akka ofirraa ittisu ajajee, iyyataan ragaa ittisaa bira akka darbuu iyyateera jechuudhaan bira darbee, jecha himatamaan bu'uura s/d/f/h/kwt.142(3) tiin dhaddacha irratti kenne waliin xiinxalee lakk. galmee 61843 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 18/11/2014 ooleen keewwata himannaan dhiyaate jalatti balleessaa taasisuudhaan hidhaa cimaa wagga 3(sadii) fi baatii 2(lamaa) fi adabbii mallaqaa qarshii 50,000 akka adabamu murteesseera. Iyyataan murtii Mana Murtii Olaanaa Godina Harargee Lixaatiin kenname komachuudhaan oliyyannoo Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbi Bahaatti dhiyeeffatee, manni murtichaas bu'uura s/d/f/y keewwata 195(1)tiin oliyyannoo isaa kufaa taasisuun murtii irraa komatame cimsuun murteessee jira.

Iyyannoonaan kunis murtiin balleessummaas ta'e, murtiin adabbii Mana Murtii Olaanaa Godina Harargee Lixaa fi murtii Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachi Dhaabbi Bahaatiin kenname dogoggora bu'uura seeraa qaba jechuudhaan jijiirsisuuf dhiyaate qorachuun qabxiin qulqulla'u waan jiruuf ni dhiyeessisa jedhamee waamamaan deebii akka kenu ajajameera. Waamamaanis deebii gaafa guyyaa 26/03/2015 barreeffameen murtii manneen murtii jalaatiin kenname dogoggora seeraa isa bu'uuraa waan hin qabneef cimuu qaba jechuudhaan deebiseera. Ka'umsi falmii kanaa murtii manneen jalaa fi falmiin bita mirga kan armaan olii ta'ee galmee keessaa qorannee akka ilaalletti ijoon dubbii furmaata argachuu qabu: dhimmi yakcaa iyyataan ittiin himatame dhimma yakcaa

aangoo manneen murtii federaalaa jalatti kufu dha moo? miti?, dhimma yakkaa aangoo manneen murtii federaalaa ta'an dhaddachi ijibbaataa kun iyyannoodhaan ilaaluuf aangoo qaba moo? hin qabu? kan jedhuu dha. Dhimmoota federaalaa manneen murtii naannoo bakka bu'iinsa heeraan kennameen kan ilaalan ta'ee, dhimma manni murtii federaalaa sadarkaa duraatti dhiyaachuu qabu mana murtii olaanaa naannoo, dhimma manni murtii sadrkaa olaanaa federaalaa aangoo sadarkaa jalqabaan ilaaluuf aangoo qabu immoo manni murtii waliigala naannoo bakka bu'iinsaan kan ilaalan akka ta'e heera FDRI kwt. 80(4) irraa ni hubatama.

Dhimmi harka qabnu kun falmii yakkaa gumuurukaa/ meeshalee heyyamaa fi galii mootummaa osoo irratti hin kaffalamin biyya alaati galchuu ilaallatu, labsii gumurukaa federaalaa labsi lakk. 859/2006 keewwata 168(2)tiin himanna dhiyaate dha. Galii gumurukaa waliin wal qabatu bu'uura Heera Mootummaa Federaalaa kwt. 50(12) fi 96(1) tiin seera irratti baasuun bulchuuf aangoo kan kennname mootummaa federaalaafi dha. Bu'uruma kanaan Yakki galii gibiraa mootummaa federaalaa irratti raawwatamu dhimmoota yakkaa manneen murtii federaalaa jalatti kufu fi mana murtii federaalaa sadarkaa duraan kan ilaalamu akka ta'ee labsii Manneen Murtii Federaalaa lakk. 1234/2013 keewwata 4(10) fi 15(2) jalatti ifaan tumamee jira.

Gochaan yakka iyyataan raawwate jedhamee ittiin himatamee fi adabamee labsii galii gibiraa yakkaa gumurukaa mootummaa federaalaa ilaallatu irratti raawwatame, dhimma manneen murtii federaala aangoo irratti qaban, dhimma federaalaa ta'e dha. Dhaddachi ijibbaataa kun immoo bu'uura heera MNO kwt. 64(2c) fi Labsii Manneen Murtii Oromiyaa lakk. 216/2011 25(2f) fi 26(1) tiin dhimma naannoo murtii dhumaa argatee fi dogoggora seera bu'uura qabu ilaaluuf kan aangeeffame

dha. Kanaafuu, dhaddachi kun dhimmoota federaalaa manneen murtii jalaa bakka bu'iinsa heeraan kennamee fi bu'uura godhachuun ilaala dhaddachi ijibbaataa kun ilaaluuf aangoo heeraa fi seera irraa maddu hin qabu. Kanaafuu,, falmiin kun yakkaa gumuruukaa (galii mootummaa federaalaa) irratti raawwatameen wal qabatu dhimma federaalaa waan ta'eef dhaddachi kun dogoggora seeraa isaa bu'uura qabaachuu yookiin qabaachuu dhiisuu murtii manneen murtii jalaa ilaalee murteessuuf aangoo hin qabu jennee sagalee guutuudhaan murteessinee ajaja itti aanee jiru kennineerra.

### **Ajaja**

1. Yakka gumuruukaa (galii mootummaa federaalaa) irratti raawwatameen walqabatu dhimma federaalaa waan ta'uuf dhaddachi kun dogoggora seeraa isa bu'uraa qabaachuu yookiin qabaachuu dhiisuu murtii manneen murtii jalaa ilaalee murteessuuf aangoo waan hin qabneef ijoo dubbii keessa osoo seenuun hin barbaachifne iyyannoo dhiyaate deebifneerra.
2. Iyyataan komii murtii manneen murtii jalaarra qabu mana murtii federaalaa dhimmicha ilaaluuf aangoo qabutti dhiyeffachuu danda'a.
3. Galmeen furmaata waan argateef cufameera. Mana galmeetti haa deebi'u.

Abbootii Seeraa:-

1. Gammachuu Baqqalaa
2. Fiixaa Dachaasaa
3. Urgaa Geetahuun
4. Masfin Geetachoo
5. Taaddasaa Qana'ii

Iyyataan:- Roobeel Raggaasaa - hin dhiyaanne

Waamamaan:- Biiroo Abbaa Alangaa Naannoo Oromiyaa- Zartihuun  
Tasfaayee dhiyaatan

Galmee qorannee murtii kanaa gadii kennineerra.

### **Murtii**

Galmeen kun banamee dhaddacha ijibbaataa kanaaf dhiyaachuu kan  
dandaa'eef iyyataan iyyannoo guyyaa 30/03/15 barreessee dhiyeessaaniin  
murtiin Manni Murtii Waliigala Oromiyaa Dhaddachi Yakkaa gal mee  
lakk.353949 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 08/02/215 murtiin kenne  
dogoggora seeraa isa bu'uuraa qaba jechuudhaan akka sirratuuf waan  
gaafataniifi dha.

Ka'umsi dhimmichaa himannaas Abbaan Alangaa Mana Murtii Ol'aanaa  
Godiina Adda Oromiyaa Naannawaa Finfinneetiif barreessaanii  
himatamaa irratti dhiyeessan yoo ta'u himanni dhiyaates himannaas 1ffaa  
ilaalchisee himatamaan Labsii Yakkoota Malaammaltummaa Tumuuf  
Bahe lakk. 881/2007 keewwata 23/3/ irra darbuudhaan mirga ykn faayidaa  
nama biroo miidhuuf ykn mirga ykn faayidaa isaaf hin malle argachuuf  
ykn nama biroof argarnsiisuuf yaaduun; gaafa guyyaa 14/11/2013 guyyaa  
keessaa tilmaamaan sa'atii 10:30 yoo ta'u konkolaataa

lakk. gabatee isaa 1-20692AA ta'e qabatee Magaalaa Finfinnee irraa gara Magaalaa Hoolotaatti utuu konkolaachisaa jiruu danbii tiraafikaa waan darbeef paadii lakk. 6767460 irratti qarshii 500 (dhibba Shan) adabuudhaan lakk. Herreegaa Abbaa Taayitaa Geejjibaa Aanaa walmaraa 1000208528223 ta'erratti galii akka godhu itti himamee maallaqa jedhame kana galii osoo hin taasisin akka waan qarshii kuma tokko galii taasiseetti fakkeessuudhaan siliippii baankii miiltoo wal jijiirraa TT21168.157MW guyya 14/11/2013 barreeffame hojjechiisuudhaan nagahee sobaa kana qabatee Ejensii Geejjibaa Aanaa Walmaraa deemuudhaan sanada sobaa kana gaafa guyyaa 15/11/2013 gara nagahee galii lakk.0180069 ta'etti jijiirsiusuudhaan herreega hin kaffalamne akka waan kaffalameetti dhiyeessuun galii mootummaaf galuu qabu qarshii haadhoo adabbii dhala isaa walumatti qarshii 2750(kuma lamaa fi dhibba torbaa fi shantama) osoo hin galchin waan hafeef, yakka sanada sobaatti tajaajilamuutiin himatamee jira kan jedhu yoo ta'u; himanna 2ffaan Labsii lakk.881/2007 kwt.32(3) irra darbuudhaan mirga faayidaa nama biroo miidhuuf ykn mirga ykn faayidaa isaaf hin malle argachuuf ykn nama biroof argamsiisuuf yaaduun gaafaa guyyaa 15/11/13 siliippii sobaa himanna 1ffaa keessaatti ibsame qabatee Ejeensi Geejjibaa Aanaa Walmaraa deemuun nagahee kanaan akka waan qarshii dhibba Shan lakk. heerreegaa 1000208528223 irratti galcheetti dhiyeessuudhaan hojjettuu waajjirichaa kan ta'an Aadde Daraartuu Tashoomaatifiif dhiyessee gara nagahee lakk.0180069 akka isaaf jijiirtu waan taasiseef akkasumas akka waan adabbii isaa kana kaffaleetti nagahee isaaf kenname kana waajjira poolisiitti geessuudhaan hayyama konkolaachisummaa akka gadhiisaniif waan taasiseef, maallaqa mootummaaf galii ta'uu qabu haadhoo, dhalaa fi adabbii walumaagalatti qarshii 2750 (kuma lamaa fi dhibba shan) osoo hin galchin waan hafeef yakka gowwoomsuu cimaa mana hojji mootummaarratti raawwateen himatamee jira kan jedhuudha.

Himatamaanis mana murtiitti dhiyaatee jecha amantaa fi waakkii kenneen yakka ittiin himatme kana hin rawwaannee, kanaaf balleessaa hin qabu kan jedhuu dha.

Manni murtii ol'aanaas falmii fi ragaa namaa bitaa mirgaan dhiyaatan erga dhagahee erga qulqulleesseen booda madaalee murtii kenneen himannaa 1ffaa fi 2ffaa ilaachisee ragaan abbaa alangaa kan namaas tahee kan sanadaa haala shakkii dhama qabeessa ol taheen himatamaan kun 'siliippii' Baankii sobaa kan fakkeeffamee qophaaye tahuu osoo beekuu maallaqa adabbii tiraafikaa qarshii 500 /dhibba shana/ ittiin adabame osoo hin kanfalle nagahee sobaa kana fayyyadamuudhaan waajjirra geejjibaa deemee akka waan maallaqa adabame baankiitti galii taasiseetti nagahee kan fudhate tahuu isaa waan irratti mirkanaa'eef himannaa 1ffaa jalatti labsii lakk.881/2007 keewwta 23 (3) jalatti balleessaa kan qabu yoo ta'u, himannaa 2ffaa ilaachisee immoo kan abbaan alangaa labsii kana keewwata 32 (3) jalatti dhiyeesse bu'uura SDFY kwt,113 (2) tiin gara Seera Yakkaa kwta, 692 (1) tti jijiiruudhaan tumaa seera yakkaa keewwata 692/1/ jalatti balleessaa qaba jechuudhaan himatamaan guyyaa hark isaa dhimma kanaan qabame irraa kaasee kan lakkawamu hidhaa cimaa wagga 3 /sadii/ fi adabbii maallaqaa qarshii 1000 (kuma tokko) tiin haa adabamu jechuudhaan murteessee jirra.

Himataamaan jalaa murtii kana komaachuudhaa Mana Murtii Waliigalaa Dhaddachaa Yakkaatti ol'iyyatanii manni murtii kunis komii fi deebii dhiyaateef bu'uura godhachuudhaan galmee qoratee murtii kenneen murtiin Manni Murtii Ol'aanaa Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee galmee lakk. 74235 ta'erratti dhaddachaa guyyaa 9/5/14 ooleen kennee ture bu'uura s.d.f.y.keewwata 195(2)(b)(2) tiin sagalee guutuun cimsuun murteesseera.

Iyyanni ijibbaataas mutii kana komachuun himatamaa jalaatiin kan dhiyaate yoo ta'u qabiyyeen iyyatichaas ol'iyyataan bu'uura s/yakka 1996 bahe keew 669(1) jalattii balleessa jedhamuu isaa dogoggora bu'uuraa ta'uu isaati keewwata kan jalaatti ol'iyyataan balleessaa jedhamuuf badhaadhina hin malle ofiif argachuuf yaaduun waantoota dogoggorsaa ta'an dubbachuun, eenyummaa yookiin haala ofi dhoksuun yookiin wanta ibsuu qabu dhoksuun yookiin amantaa yookiin tilmaama dogongoraa nama birootti fayyadamuun, nama biroo gowwoomsee faayidaa qabeenyyaa isaa miidhuu yoo rawwate dha. Ol'iyyataan bu'uura keewwwata kanaan waa'ee eenyumma isaa ilaalchisee waan dogoggoraa ta'e dubbate / of dhoksuun yookiin waanta ibsuu qabu dhoksuun nama dogoggorse yookiin tilmaama dogongoraa nama birootti fayyadamuun hin jiru. Ol'iyyataan Sanada sobaa fayyadamee hojjetu galii gowwoomse malee sanada nama biraa akka ofi fakkeessee yakka gowwoomsuu kan raawwate miti. Kanaafuu, ol'iyyataa eenyummaa isaa karaa gocha yookiin dubpii bakka dhoksee yakka gowwoomsuu hin raawwannetti keewwata s/yakka 1996 bahe keew 669(1) balleessaa jedhamuu isaa dogoggora bu'uura seerati.

Himanna labsii lakk 881/2007 keew 23(3) dhiyaachuu kan danda'u sanada sobaan ta'een itti yaadanii gocha gowwoomsuu yeroo raawwatamu akka ta'e tumaa seera kana irraa ni hubatama. Gochi gowwoomsuu sun yoo raawwatamu baatee yakki uumamee jira jechuun hin danda'ammu. Oliyyataan kan himatame yakka ragaa sanada sobaa gowwoomsuun bu'aa ofiif argamsiisuu isaatiin akka ta'e himanna dhiyaate irraa kan hubatamu dha. Dhimma yakka sanada sobaa fayyadamuu irraatti gochii gowwoomsuu kun ulaagaa(element) yakkichaa waan ta'eef gochi gowwoomsuun himanna yakka sanada sobaa fayyadamuu ifatti kan hammatamu dha malee himanna tarree lamaan dhiyaachuu danda'u

mitii. Seera yakkaa bara 1996 keew 61 keew 3 jalatti yakka murtaa'e raawwachuuuyaada qaba jedhamee yommuu tilmaamamutti keessumattuu badhaadhina hin malleef argachuuf qabeenya irratti yakka kan raawwate yoo ta'e yookiin sanada sobaa qopheessee yookiin itti fayyadameera yoo ta'e kaayyoo balleessaa isaa isa jalqabaa galmaan gahuuf jecha yakka bu'uura ta'e booda walitti aansuudhaan gochi inni raawwate yaada isaa duraanii fi galma bira gahuuf karoorfate waliin hariiroo kan qabu ta'ee yakkicha muummee keessatti ni hammatama jechuun tumamee bakka jirutti manni murtii jalaa kana bira darbuun seera ragummaa hin qabne s/yakka 1996 bahe keww 669 haala dogoggoraan hiikuun ol'yyataan ammaa yakka daddabalama akka adabamu murteessuu isaa dogoggora bu'uura seeraa itti rawwatamee dha.

Bu'uura labsii Lak. 216/2011 keew 27(3) jalatti murtii manneen murtii jalaan kennaame dogongoras gar-malee haqa kan jallise yoo ta'e dhaddacha ijibbaataan ilaalamuu akka danda'u tumamee jira. Himanna labsii lakk 881/2007 kwt 23(/3)tiin dhiyaatu gochi dogoggorsuu beekumsaan kan raawwatame ta'uu akka qabu ni ibsa.

Ragaa Abbaan Alangaa gocha yakka itti himatame haala amansiisaa fi shakkii ol ta'e siliippii sobaa (sanada sobaa) ta'uu isaa beekee itti fayyadamuu koo bakka hin mirkaneesinitti balleessaa jedhamuu koo mirga koo gar-malee kan miidhuu dha. Murtii manneen murtii jalaa yakka ragaayakka ragaadhaan hin mirkanaahin irratti kenname waan ta'eef bu'uura labsii 2016/2011 keew 26(1) akkaataa s/d/f/y 189 murtii manneen murtii jalaa kennan naaf haqamuu fi bu'uura s/d/y/195-2-B-1tiin bilisaan akka na gaggeessuu fi adabbii qarshii na irraa ka'uu; 2ffaa seeruuma 1ffaa gaafadhe manni murtii kan bira darbu yoo ta'e haalli jiruu fi jireenyamaatii kiyyaa Obboolleesa koo haadha koo gargaaru rakkoo nageenya naannoo Mugar keessa turen ajjeefame kan isa hin awwaallee fi haadha

mana koo ulfa waan turteef mucaa koo ijaa kootii kan hin agarre ta'uu fi tilmaama keessa galchuun S/Yakkaa keww 192,197 adabbii akka naaf daangeffamu kan jedhoo dha. Waamamaan ammaas iyyaannaa dhiyaate kana irratti deebii akka itti kennu ajajamee deebiin isaas gabaabumatti oliyyataan ammaa balleessaa tiraafikaa raawwachuuun qarshii dhibba shan (500) akka adabamee fi kaffaltii adabbii kanaas herrega Baankii Waajjira Ejensii Geejjibaa Aanaa Walmaraatti akka kaffaluuf lakkoofsa herrega baankii waajjirichaa kan kennameef yoo ta'u, oliyyataan kunis nagahee kaffaltii adabbii tiraafikaa lakkoofsa herrega baankii waajjira ejensii irratti maallaqa qarshii 500 galii itti taasise kan seera qabeessa ta'e qabatee waajjira deemuun maallaqa kana kaffaluu isaaf nagahee galii maallaqaa waan itti kutateef ykn kaffaltii kana raawwachuu issatiif nagahee baankii sobaan fakkeeffame qophaa'etti fayyadamuun nagahee galii kaffaltii ejensichaa seera qabeessa waan fudhateef qarshii adabbii tiraafikaa kana ragaa sobaa fayyadamuu fi hojjetaa waajjirichaa nagahee galii kaffaltii maallaqaa kennuu ragaa sobaa kana fayyadame gowwoomsuun faayidaa hin malle argachuun ykn mootummaarraan miidhaa geessisuun mirkanaa'ee jira.

Kanaaf murtiin balleessummaa labsii lakk.881/2007 keewwata 23(3) jalatti kenname murtii dogoggoora seeraa qabu miti. Adabbiis ilaachisee adabbiin kenname kan komachiisu miti. Kanaaf komiin gama kanaan dhiyaate kufaa ta'ee, murtiin mana murtii jalaa akka cimu ni gaafanna kan jedhoo dha. Seenaan falmichaa kan armaan oliti ibsame kana yoo ta'u, nutis falmii dhiyaate seera roga qabu waliiin walbira qabnee yoo ilaallu ijoon ilaalamuu qabu gochi yakka iyyataa kanaan raawwate seera yakka 385 moo labsii lakk. 881/2007 jalatti himatamuu qaba?" kan jedhoo dha. Bu'uuruma kanaan falmii mana murtii jalaa keessaa waanti qulquullaa'ee iyyataan kun siliippii sobaa baankii fayyadaamuun abbaa taayitaa

galiwwanii deemuun adabbii kan kaffale ta'uu isaa ibsuun nagahee kan murachifate ta'uu dhimma madaallii ragaatiin manneen murtii jalaatti adda ba'anii dha. Kanaaf, iyyataan ammaa kun yakka sanada sobaa fayyadamuu isaa dhimma adda ba'ee dha. Sanada sobaa kanaan immoo fayyadamuu gochaa gowwoomsuus raawwachuun isaa waan mirkanaa'eef iyyataan kun gochi yakka ragaa sobaa fayyadamuu fi gowwoomsuu raawwatamuun mirkanaa'ee kan jiru waan ta'ee fi gochi gowwoomsuu akaakuu kamiyyuu kan raawwatame sanada sobaatti jijjirameen yoo ta'e, tumaaleen rogummaa qaban dabalataan raawwatamoo ta'uu akka qaban tumaa seera yakkaa bara 1996 bahe keewwata 699 irraa kan hubatamu waan ta'eef murtiin balleessummaa manni murtii jalaa kenne dogongora kan qabu ta'ee hin argamne.

Yakka sanada sobaan fayyadamuus nama kamiinuu kan raawwatame yoo ta'e yakka malaammaltummaa akka ta'e tumaa labsii lakk.881/2007 keewwata 23 jalaa kan hubatamu waan ta'eef murtiin balleessummaa himanna 1ffaas keewwatuma himatamee jalatti kennamuun isaa dongongora kan qabu ta'ee hin argamne. Adabbii ilaachisee garuu yakki daddabalama haala kanaan yeroo raawwatamu adabbiin kan shallagamuu qabu yakka haadhoo raawwatameef gulantaan erga qabameefi booda gulantaan lama irratti dabalamuu akka qabu qajeelfalama adabbii lakk.2/2006 keewwata 22(1B) jalaati tumamee jira. Manni murtii jalaa garuu yakkoota lamaaniifuu adabbii ka'umsaa qabachuun kan walitti ida'ee gulantaa fi sadarkaa baaseef ta'uu ni hubatama. Kun immoo dogongora ta'ee argama. Kanaaf, adabbii ka'umsa yakka haadhoof manni murtii jalaa qabate waggaa 3 qabannee jirra. Kun immoo gulantaa 14ffaa jalatti argama. Gulantaa kana irratti gulantaa lama yoo ida'amu gulantaa 16ffaa jalatti kan argamu ta'a. Kanaaf, gulantaa kana jalatti sababni adabbii salphisuu mana murtii jalaatti qabame lama yoo hir'isnu gulantaa

14ffaa jalatti kan argamu ta'a. Kanaaf gulantaa kana jalatti iyyataan kun hidhaa cimaa wagga lamaa fi baatii ja'atiin akka adabamu jechuun adabbii qofa fooyessuun murteessineerra.

Kanaaf, murtiin Manni Murtii Waliigala Oromiyaa Dhaddachi Yakkaa galmee lakk.353949 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 08/02/215 murtiin kenne dogoggora seeraa isa bu'uuraa qaba jechuudhaan bu'uura s/d/f/y keewwata 195(2-B-2)tin fooyessuun sagaalee guutuun murteessineerra

### **Ajaja**

1. Murtiin Manni Murtii Waliigala Oromiyaa Dhaddachi Yakkaa galmee lakk.353949 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 08/02/215 murtiin kenne dogoggora seeraa isa bu'uuraa qaba jechuudhaan bu'uura s/d/f/y keewaata 195(2-B-2)tiin fooyessuun sagaalee guutuun murteessineerra.
2. Iyyataan kun hidhaa cimaa wagga lamaa fi baatii ja'atiin akka adabamu jechuun adabbii qofa fooyessuun murteessineerra. Adabbiin maallaqaa mana murtii aanaatti kennamee ture cimeera.
3. Manni amala sirreessaa bu'uura murtii fooya'e kanaatiin akka raawwachiisu yaa barreeffamuuf! Karaa Komiishinii Manneen Amala Sirreessaa Oromiyaa yaa ga'u!
4. Garagalchi murtii kanaa manneen murtii jalaatiif yaa ergamu.
5. Galmeen murtii dhumaa waan argateef cufameera.
6. Galmeen mana galmeetti yaa deebi'u.

## **Yaada Addaa**

Nuti abbootiin seeraa maqaan keenya lakk.3ffaa fi 4ffaa irratti moogafamne murtii sagalee caalmaan kenname irraa himannaa 2ffaa ilaachise yaadaan adda baanee jirra. Kunis yakkii haadhoon himatamaan jalaa ykn iyyataan kun ittiin himatamee yakk sanada sobaa fayyadamuu akka ta'ee ni hubatama. Kunis labsi lakk.881/2007 keewaata 23 jalaatti kan himatamee ta'uun isaa falmii jalaa keessaa ni hubatama. Iyyataan ammaas siliippii baankii sobaatti fayyadamuu akka waan adabbi dambii tirafikaa darabuun adabame ture kaffaleetti fakkeessuun nagahee abbaa taayitaa galiiwwaanii irraa akka kennamuuf ta'uun isaati. Gochoonni kun hundiinu kan raawwatamaan yakkuma isaa haadhoor sanadaa sobaatti fayyadamuu jedhu galmaa'aan ga'uuf gochoota waliitti aanaanii raawwatamaan ta'uun ni hubatama. Yakki sanada sobaatti fayyadamuu jedhamuus siliippii baankii kana qaama aangoo qabu fi nagahee muruutti dhiyeeffachuun yoo hin fayyadamne yakkichi xummura hin argatu. Kanaaf gochii abbaa taayiitaa fulduuratti dhiyaachuun nagahee muraachuun kun yakkuma haadhoor nagahee sobaatiin fayyadamuu jedhamu keessatti kan hammatamuu dha jechuu dha. Tumaan kun immoo bu'uura Seera yakkaa keewaata 61(3)tiin yakkumaa haadhoor keessatti gocha hammatamanii dha malee of dandaa'anii yakka biroo daddabalamaa akka raawwatameetti fudhachuun akka hin dandaa'amnees tumame jira. Kanaaf iyyataan ammaa kunis yakki inni raawwate yakka sanada sobaa fayyadamuu qofa ta'ee osoo jiru yakka gowwoomsuu seeraa yakkaa jalatti tumamee fi labsii lakk.881/2007 haqamee jalaatti balleessaa qaba jedhamee adabamuun isaa murtii dogoongoora bu'uura seera of keessaa qabu waan ta'eef iyyataan kun himannaa 2ffaa jalaa bilisa ta'uun qaba jechuu yaadaan adda baanee jirra.

Abbootii Seeraa:-

1. Fiixaa Dachaasaa
2. Abdusalaam Siraaj
3. Duulaa Lataa
4. Ashannaafii Raggaasaa
5. Alamaayyoo Gaaddisaa

Iyyataan/ttuun/ttootni/- Dhaabbata Ayikaa Addis

Waamamaaan/tuun/tootni:- Mehmet Akaan

Galmee kana qorannee murtii kanaa gadii kannineerra.

### **Murtii**

Galmeen kun dhaddacha ijibbataaf dhihaachuu kan dandahe iyyataan ammaa murtii Manni Murtii Aanaa Magaalaa Sabbataa Hawaas gal mee lakk.10526 tahe irratti dhaddacha gaafa 11/04/14 ooleen kenne, Manni Murtii Ol'aanaa GAONF gal mee lakk.43856 tahe irratti dhaddacha gaafa 30/06/14 ooleen fooyeessuun kenne kun dogoggora bu'ura seeraa kan qabuu dha nuuf haa sirraahu jechuun iyyannoo gaafa 03/08/14 barreeffameen waan dhiheeffateefi dha.

Ka'umsi falmii kanaa mana murtii Aanaa irraa yoo tahu, iyyataan ammaa himatamaa waamamaan immoo himataa dha.Falmii falmii hojjataafi hojjachisaa yoo tahu.waamamaan ammaa himanna gaafa 18/10/11 barreessee mana murtii Aanaa Magaalaa Sabbataatti dhabbata iyyataa ammaa irratti dhiheesseen,dhaabbata iyyataa kana keessatti gita hojji ogeessaa teekniika elektirikii jedhamu irratti gaafa 23/04/2002 irraa eegalee ji'an mindaa doolaaraa Ameerikaa 2500 argachaa hojji irraa

osoon jiru, dhaabbanni iyyataa badii tokkoo fi kafaltii tokko malee gaafa 22/04/11 hojii irraa waan na gaggesseef tajaajila waggaa sagali waaniin qabuuf kafaltii tajaajilaa,beenyaa.kaffaltii yeroo akeekachisaa,kafaltii yeroon raawwachuu dhabuutiin kaffaltii adabbii akkasumaas bu'uura waliigaltee keenyaatiin qarshii tikeetii biyya Turkitti deebi'uun dabalatee walumaagala doolaara 34,594.38 yookaan qarshii Itoopiyaatti yoo jijjiiramu qarshii 997,719.24(kuma dhibba sagaliifi kuma sagaltamii torbaafi dhibba torbaafi kudha sagaliifi saantima diigdami afur) durgoo abukaatoo dabalatee akka naaf kafalu itti naaf haa murtaahu kan jedhu dha.Dhaabbanni iyyataa gama isaatiin mormii sadarkaa duraafi deebii filannoon gaafa 08/11/11 barreessee dhiheesseen,waamamaan hojjattoota kutaa elektiriikaa hojjatan irratti tarkaanfii adda addaa fudhataa ture waan taheef hojii gaggeessaa dha kanaaf bu'ura labsii hojjataafi hojjachisaatiin himannaa dhiheessuu hin dandahu,waliigalteen qacarrii waamamaa waliin gaafa 01/01/2018 ALA taasisfame waggaa tokkoof kan qacarame waan taheef yeroon isaa xumuramee seeraan hojii irraa gaggeeffame malee seeraa ala hojii irraa hin gaggeeffamne waan taheef kafaltiin naaf haa kafalamu jechuun gaafate fudhatama hin qabu,waamamaan waraqaa qulqullinaa dhiheessuudhan kafaltii nu biraq qabu yoo jiraate akka fudhatu beeksifamee osoo jiruu akkaataa kanaan itti deemee waan hin gaafatiiniif kafaltii adabbii akka kafalamuuf gaafate fudhatama hin qabu jechuun falmeera.

Manni murtii Aanaa bitaafi mirga dhiheesse falmisiisuun waliigalteen hojii seeraa ala adda cite jechuun bu'uruma waamamaan gaafateen kafaltii adda addaa akka kafalamuuf murteessee jira. Dhaabbanni iyyataa amma murtii mana murtii Aanaatiin kenname kana komachudhaan komii ol'iyyannoo Mana Murtii Ol'aanaa GAONFTti dhiheeffatee manni murtii ol'iyyata dhagahe bitaa fi mirga dhiheessee falmisiisuun dhuma irratti murtii mana

murtii aanaatiin kennname bi'ura d/f/s/s.348(1)tiin fooyyeessuun;kafaltii adabbii murtaahe qofa irra deebi'ee akka qulqulaahu jechuun bu'uura d/f/s/s.343(1)tiin qabxii qabee qajeelfamaan gara mana murtii aanaa gadi deebiseera. Dhaabbanni iyyataa ammaa illee murtiilee manneen murtii jalaatiin kennname dogoggora bu'uura seeraa qaba jachuun dhaddacha kanatti iyyannoo dhiheeffatee dhaddachi kun bitaa fi mirga dhiheesee falmisiisuun dhuma irratti galmeek lakk.320700 tahe irratti dhaddacha gaafa 01/07/12 ooleen murtii kenneen:waamamaan waliigaltee hojii waggaan tokkoo haaroomsee raawwachuuun isaa waan mirkanaahee fi kan hojii irraa gaggeeffame illee yeroon waliigaltee xumurameeti malee seeraa ala hojii irraa hin gaggeeffamne jechuun murtii manneen murtii jalaatiin kennname bu'ura d/f/s/s.348(1)tiin diiguun;kafaltii tikeetii manneen murtii jalaatiin murtaahe qofa cimsuun; kafaltii adabbii bu'ura labsi hojjataafi hojjachisaa kew.38 martahe ilaachisee akkaatuma manni murtii ol'aanaa irra deebi'amme manni murtii aanaa akka qulquleessu jedheen waamamaan waraqaa qulqullinaa eega naanneesse xumuratee kafaltiin akka kafalamuuuf gaafate osoo hin kafalamiin hafe jiraachuu isaa manni murtii Aanaa qulquleesse haa murteessu jachuun bu'ura d/f/s/s.343(1)tiin qajeelfamaan gadi deebiseera.

Manni murtii aanaa bu'ura galmeen qajeelfamaan gadi deebi'een ragaa namaa fi waraqaa qulqullinaa waamamaan akka ragaa dabatalaatti dhiheeffate irratti hundaahuun waamamaan waraqaa qulqullinaa eega gama isatiin xumuratee booda dhaabbanni iyyataa kafaltii yeroon hin raawwanneef waan taheef bu'ura labsii hojjataafi hojjachisaa kew.38 mindaa waamamaa kan ji'a sadii doolaara Ameerikaa 7500 akka kafaluuf akkasumaas durgoo abukaatoo dhibbantaa 10 akka kafalu jachuun murteesseera. Dhaabbanni iyyataa ammaa murtii kana komachuudhaan komii ol'iyyannoo Mana Murtii

Ol'aanaa GAONFti dhiheeffatee manni murtii ol'aanaa ol'iyayata dhagahee bitaa fi mirga dhiheessee famisisuun dhuma irratti adabbiin doolaaraan osoo hin tahin qarshii Itoopiyaatiin jijjiramee murtaahu qaba jachuun jijjiruun qarshii 216,225(kuma dhibba lamaafi kuma kudha jahaafi dhibba lamaafi diigdamii shan);durgoo abukaatoo illee qarshii murtaahe kana dhibbantaa 10 hereagamee dhaabbanni iyyataa waamamaaf kafalu qaba jachuun bu'ura d/f/s/s.348(1)tiin fooyeesse murteesseera.

Dhaabbanni iyyataa ammaa murtii haala kanaan kennname kana komachuudhaan iyyannoo dhaddacha kanaaf dhiheesseen,waamamaan akka ragaa dabalataatti waraqaa qulqullinaa dhiheesse irraa akka mul'atutti supper vaayzarii(toohataa dhihoo) isaa fi ittigaafatamaa ykn hogganaa mana kuusaatiin mallateeffame bakka hin jiretti meeshaa dhaabbata iyyataa isa harka jiru kan akka yuunifoormii kan hin deebifneefi qaamni hundi yoo mallateesse malee waraqaan qulqullinaa fudhatama kan hin qabne tahee osoo jiru,manneen murtii jalaa humni namaa dhuma irratti mallateessa waan taheef inni immoo waraqaa qulqullinaa irratti mallateesse waan jiruuf waraqaan qulqullinaa kun kutaan mana hojii dhaabbata iyyataa lama yoo mallateesu baate illee akka mallataahe xumurametti fudhatama jachuun adabbi mindaa waamamaa baati sadii akka kafallu murtiin manneen murtii jalaatiin kennname dogoggora bu'uura seeraa waan taheef akka nu irraa diigamu jachuun gaafateera.

Dhaddachi kunis komee iyyannoo dhihaate,murtii manneen murtii jalaatiin kennname seera waliin ilaaluun waamamaan waliigalteen hojii akka adda citeen waraqaa qulqul'inaa mallateesse eega xumuree booda yeroo seeraan kaahame keessatti kafaltiin hin kafalamneef jedhamee mindaa waamamaa baatii sadii dhaabbanni iyyataa waamamaaf akka kafalu jedhamee murtiin manneen murtii jalaatiin kennname

seera qabeessummaa isaa bakka bitaafi mirgi jiranitti qulquleessuuf ni dhiheesisa bu'ura jedhameen waamamaan deebii akka itti kenu taasifamee deebii gaafa 07/03/15 barreesse dhiheesseen,bu'uura qabxii qabame gubbaa irraa gadi deebi'een waraqaa qulqulinaa mallatteessisee xumuree osoon jiruu kafaltii yeroon waan naaf hin kafaliniif kafaltii adabbii mindaa baatii sadii akka naaf kafalu murtahuun isaa dogoggoara hin qabu naaf haa cimu jachuun falmeera. Dhaddachi kunis komee iyyannoo dhihaate,deebii kennamee fi murtii manneen murtii jalaatiin kennname seera waliin qoranneerra. Akka qorannetti iyyataan waliigalteen hojii adda cite kafaltii guyyaa hojii torba keessatti hin kafalle jedhamee adabbii mindaa waamamaa kan ji'a sadii akka kafalu jedhamee murtii manneen murtii jalaatiin kennname deeggarsa seeraa ni qabaa? kan jedhu qabxii furmaata barbaadu tahee argameera.

Falmii bitaafi mirgaa irraa akka hubachuun dandahametti waliigalteen hojii walfalmitoota jidduu akka tureefi booda irraa yeroon waliigaltee xumurameera jedhamee kaka'uumsa dhaabbata iyyataatiin waliigalteen hojii adda cituun hin haalamne.Waamamaan waliigalteen hojii koo seeraa ala adda cite jechuun falmee kafaltiin adda addaa bu'ura labsii hojjetaafi hojjechisaatiin akka kafalamuuf yoo gaafate illee falmiin amma dura hanga dhaddacha kana gahee galmee lakk.320700 tahe irratti dhaddacha gaafa 01/07/12 oooleen waliigalteen hojii yeroof kan taasifame waan taheef yeroon isaa xumuramee seeraan adda cite kafaltiin tajaajilaa,beenyaa,kan yeroo akeekachisaa manneen murtii jalaatiin dhaabbanni iyyataa waamamaaf akka kafalu murteesse kafalamuu hin qabu jechuun diiguun garu kafaltiin tikeetii waamamaan gara biyyaa ittiin deebi'uu bu'ura waliigaltee bitaa fi mirgi irratti waliigalame mana murtii jalaatin murtaahe cimsuun; kafaltiin adabbii bu'ura labsii hojjataafi hojjachisa kew.38 dhaabbanni iyyataa waamamaaf kafalu qaba moo

kafalu hin qabu? jedhu irratti gadi deebi'e akka qulqullaah ee murtaahu jedhee qajeelfamaan gadi deebisuu illee seenaa gal mee jalaa irraa hubatameera.Kan falmii ammaa kanaaf ka'umsa tahe illee kafaltii adabbii qajeelfamaan akka qulqullaah ee murtaahu gadi deebi'e kana qofaa dha. Kafaltii adabbii kana ilaachise dhaabbanni iyyataa gara kootiin badiin hin jiru waliigalteen akka adda citetti waamamaan qabeenya dhaabbatichaa isa harka jiru deebisee waraqaa qulqullinaa naanneessee kafaltii nu biraan qabu yoo jiraate kutaa faayinaasii akka fudhatu ibsameefi haala kanaan dirqama isaa bahe kafaltiin gaafate osoo hin kafalaminif hafe waan hin jirreef kafaltii adabbii ji'a sadii akka kafalamuuf gaafate kafaluuf hin dirqamu jechuun falmeera.Waamamaan immoo gama isaatiin waraqaa qulqullinaa bu'uura jedhameen naanneesse xumuree kafaltiin akka naaf kafalamu gaafadhu illee dhaabbanni iyyataa naaf kafaluuf heyyamamaa hin taane kanaaf yeroon itti kafalu qabu waan darbeef kafaltii adabbii labsii hojjataa fi hojjachisaa kew.38 irratti tumamee jiru naaf kafaluuf ni dirqama jechuun falmeera.

Bu'ura kanaatiin akka waliigalteen hojii adda citeen kafaltiin dhaabbanni iyyataa waamamaaf kafalu qaba jedhame murtaahe waliigaltee isaanii kan gaafa 23/04/10 taasisan kew.9.4(c ) gubbatti kafaltii tikeetii waamamaan gara biyya turkii ittiin deebi'u dhaabbanni iyyataa kafaluuf kan irratti waliigalee jiru waan taheef kafaltii kun waliigalteen adda cite guyyaa hojii torba keessatti waamamaaf kafalamu akka qabu labsicha kew.36 gubbatti ifaan tumamee jira.Kafaltiin kun manneen murtii jalaatiin amma dura murtaahe kan jiru tahu illee gal mee jalaa irraa hubatameera. Kafaltiin adabbii kun akka qulqullaah bu'ura amma dura qajeelfamaan gadi deebi'een yoo tahu akka qulqullaah ee jirutti dhaabbanni iyyataa xalayaa gaafa 18/04/11 waamamaaf barreesseen meeshaa dhaabbata iyyataa sababa hojii tiin harka isa gale maal maal akka tahe caqasuun

meeshaa kana deebisuun xalayaa qulqulinaa xumuree kafaltii kutaa faaynaasii akka fudhatu kan ittiin beeksise yoo tahu waamamaan bu'ura kanaan xalayaa qulqullinaa gaafa 16/01/19 ALA barraahe kan naanneesse kutaan mana hojii lamaa kan hin mallaataahin tahuufi innis qaamoolee bulchiinsaa sadarkaa too'ataa dhihoo(super visor) fi ittigaafatamaa kutaa mana kuusaa akka hin mallattaahiin sadarkaa firii dubbitti mirkanaahe jira. Waamamaan qaama kanatti maaliif waraqaa qulqullinaa akka hin dhiheessiniifi rakkoon isa mudate maal akka tahe falmii isaa keessatti kaase wanni falme hin jiru. Kutaan bulchiinsaa waraqaa qulqulinaa irratti maqaan ibsame jiru hundii isaanii yoo mallatteessan malee guutuu akka hin taane beekamaadha. Manneen murtii jalaa kana osoo arganii hanga bulchiinsi humana namaa dhaabbatichaa waraqaa qulqullinaa irratti mallatteesee jirutti; akka qaamni hundii mallatteessanitti fudhatama jechuun sababa gahaa fi deegarsa seeraa hin qabne irratti hundaah kafaltiin adabbii waamamaaf akka kafalamu murteessani jiru. Dhaabbanni iyyataa kafaltii adabbii kana kaffaluuf kan dirqamu akka labsii hojjetaafi hojjechisaa kew.36 fi 38 gubbatti tumametti rakkoo gara hojjetaatiin osoo hin jiraatiin guyyaa hojii torba keessatti kafaltii hojjetaan isa biraa qabu yoo kafaluuf dhabe dha.

Bu'uura kanaatiin dhaabbanni iyyataa kafaltii tikkeettii akka waamamaaf kaffalu itti murtaahe kana waamamaan isa biraa waan qabuuf sababa malee kaffaltii kana guyyaa hojii torba keessatti yoo kafalu dhabe dha. Haa tahu malee waamamaan qabeenya dhaabbata iyyataa sababa hojiitiin harka isaa galeefi akka deebisuun ibsameef deebisee warqaa qulqullinaa naanneessee kutaa bulchiinsa hunda irraa wanni guute fudhate bakka hin jiraatiiniitti dhaabbanni iyyataa kafaltii adabbii kafaluuf kan hin dirqamne tahe osoo jiru manneen murtii jalaa kafaltii adabbii mindaa waamamaa kan ji'a sadii haa kafalu jedhamee murtiin manneen murtii jalaatiin kennname

dogoggora seeraa isa bu'uraa waan taheef sirraahuu qaba janneerra.

### **Ajaja**

1. Murtiin Manni Murtii Aanaa Magaalaa Sabbataa Hawaas galmee lakk.10526 tahe irratti dhaddacha gaafa 11/04/14 ooleen kenne,Manni Murtii Ol'aanaa GAONF galmees lakk.43856 tahe irratti dhaddacha gaafa 30/06/14 ooleen fooyyeessuun kenne bu'ura labsii lakk.216/2011 kew.26/5 fi d/f/s/.348/1/tiin diigameera.
2. Waamamaan dirqama isa irraa eegamu waraqaa qulqullinaa bu'ura hojmaata jiruun qabeenya isa harka jiru deebisuu isaa kan mirkaneessu mallateessisee xumurachuu isaa waan hin mirkanaahiiniif kaffaltii adabbii mindaa ji'a sadii bu'ura labsii hojjetaafi hojjechisaa kew.38 kafalamuuf hin qabu jedhamee murtaaheera.
3. Gargalchi murtii kanaa mana murtii jalaa haa qaqqabu.
4. Galmeen kun murtii dhumaan waan argateef mana galmeetti haa deebi'u.

Abbootii seeraa:-

1. Gammachuu Baqqalaa
2. Abdusalaam Siraaj
3. Duulaa Lataa
4. Ashannaafii Raggaasaa
5. Alamaayyoo Gaaddisaa

Iyyataan/ttuun/ttootni:/Maammoo Maannaa

Waamamaan/ttuun/ttootni: Kilinika J/Galeessa Baachooree

Galmee kana qorannee murtii kanaa gadii kannineerra.

### **Murtii**

Galmeen kun dhaddacha ijibbataaf dhihaachuu kan dandahe iyyataan ammaa murtii Manni Murtii Aanaa Magaalaa Shaashamannee galmee lakk.20241 tahe irratti dhaddacha gaafa 05/08/14 ooleen kenne, Manni Murtii Ol'aanaa Go/A/Lixaa galmee lakk.44671 tahe irratti dhaddacha gaafa 10/09/14 ooleen cimsuun kenne kun dogoggora bu'ura seeraa kan qabudha naaf haa sirraahu jechuun iyyannoo gaafa 14/11/14 barreeffameen waan dhiheeffateefi dha.

Ka'umsi falmii kanaa mana murtii aanaa irraa yoo tahu, iyyataan ammaa himataa waamamaan immoo himatamaa dha. Falmiin falmii hojjetaa fi hojjechiisaa yoo tahu, Iyyataan ammaa himanna gaafa 17/06/14 barreessee Mana Murtii Aanaa Magaalaa Shaashamanneetti waamamaa ammaa irratti dhiheesseen, ani iyyataan kilinika waamamaa kanatti gaafa 01/01/2008 irraa kaase gita hojji laabiraatooriitiin ji'aan mindaa qarshii 5000(kuma shan) naaf kafalaa hojjechaa osoon jiru fira koo keessaa gaafa 27/02/14 namni waan du'eef heyyama afaniin guyyaa afur

gaafadhe deeme guyyaa lamaaf immoo barfadhee walumatti heyyama faana guyyaa jaha bulee yoon hojitti deebi'u waamamaan sababa hojii irraa turteef ji'a tokkoof mindaa fi hojii irraa dhabbadhu jedhe mooraa keessa akkaan hin seene ana dhorkee yeroo adda addaa gaafadhu illee fala osoo naaf hin kennis gaafa 09/06/14 yeroon gaafadhu bakka kee namni qacarame jechuun seeraa ala waliigaltee hojii adda kute waan ana gaggeesseef bu'ura labsii hojjataa fi hojjechisaa lakk.1156/2011 kew.40 kafaltii tajaajilaa, kew.43(4) beenyaa, kew.35 fi 44 kafaltii akeekachisaa, kew.36 fi 38 kafaltii .adabbii, kew.77 kafaltii boqonnaa wagga fi mindaa ji'a afuri osoo naaf hin kafaliin hafe walumaagala qarshii 121,832.97(kuma dhibba tokkoofi kuma diigdamii tokkoofi dhibba saddeetiifi soddomii lamaa fi saantiima sagaltamii torba) akka naaf kafalu itti naaf haa murtahu kan jedhu dha. Waamamaan ammaa gama isaatiin deebii gaafa 13/07/14 barreesse dhiheesseen, iyyataan heyyama afaanii fudhadheen hojii irraa hafe kan jedhu soba heyyamni isaaf kenname hin jiru, iyyataan heyyama tokko malee ji'a lamaa oli hojii irraa waan badeef bu'ura labsii hojjataa fi hojjechiisaa lakk.1156/2011 kew.27(1)(b)tiin hojii irraa kan gaggeeffame waan taheef, gaggeesaan taasifame seera qabeessaa dha, Kanaaf kafaltiin inni gaafate kan isaaf kafalamu malu miti, boqonnaa wagga fudhate jira waan taheef himanni seeraa ala nu irratti dhiheesseen kufaa naaf haa tahu jechuun itti fufee himata himatamummaa dhiheesseen iyyataan akeekachisa ji'aa tokko osoo nuuf hin kennis hojii irraa waan hafeef mindaa ji'a tokko qarshii 5000(kuma shan), kafaltii yeroo akeekachisaa qarshii 5000(kuma shan) walumaagala qarshii 10,000(kuma kudhan) nuuf haa kafalu jechuun gaafateera. Iyyataan ammaa himanna himatamummaa isa irratti dhihaateef deebii gaafa 13/07/14 barreesse dhiheesseen, waamamaan ofi isaa hojii irraa kan ana arihe waan taheef himanni himatamummaa inni dhiheesse fudhatama hin qabu jedhamee kufaa tahe bu'ura himanna

kootiin akka naaf murtaahu jechuun falmeera. Manni murtii aanaa bitaa fi mirga falmisiisun ragaa namaa walfalmitootaa dhagahuun dhuma irratti murtii kenneen:iyyataan ammaa seeraa ala waamamaan hojii irraa isa gaggeessuu wanni mirkanaahe hin jiru kan mirkanaahe baati lamaa oli hojii irraa hafu isaati waan taheef gaggeessaan taasifame seera qabeessaa kafaltiin isaaf afalamu hin jiru jechuun himanna dhihaate kufaa taasisuun murteesseera.

Iyyataan ammaa murtii akkaataa kanaan kennname komachuudhaan komii ol'iyyannoo Mana Murtii Ol'aanaa Go/A/Lixaatti yoo dhiheeffate illee komiin ol'iyyannoo fudhatama hin qabu jechuun bu'ura d/f/s/s.337 kufaa taasisuun murteesseera. Iyyataan ammaa murtii haala kanaan kennname kana komachuudhaan iyyannoo dhaddacha kanaaf dhiheesseen, waamamaan kan hojii irraa ana gaggesse gochii hojii irraa itti ana gaggesse eega raawwate baati lama booda tahe osoo jiru kun immoo faallaa labsii hojjetaa fi hojjechisaa lakk.1156/2011 kew.27(3) tahee osoo jiru bira darbamee himata koo kufaa haalli itti taasifame dogoggora bu'ura seeraati, ani heyyama fudhadhee obboleessa koo bira deemu ragaan koo naaf mirkaneessani osoo jiranii siritti jecha ragaa naaf galmeessu dhabuun mana murtii jalaa dogoggora dha, Ani iyyataan hojii irraa fedha kootiin gadi hin lakkifne malee kan fedhaa kootin gadilakkise yoo tahe waamamaa biratti waggaajahaa oli hojjadhee waaniin jiruuf yoo xiqqaate kafaltiin gaggeessaa fi boqonnaan waggaqulqlaahe naaf murtaahu osoo qabu bira darbame murtaahuun isaa dogoggora bu'ura seeraa waan taheef ana irraa diigamee bu'ura gaafii kootiin naaf haa murtaahu jechuun gaafateera.

Dhaddachi kuniis komee iyyannoo dhihaate, murtii manneen murtii jalaatiin kennname seera waliin ilaaluun iyyataan heyyama malee baati

lamaaf hojii irraa hafe hojii irraa seeraan kan gaggeeffame malee seeraa  
ala hin gaggeefafmne kafaltiin isaaf kafalamu hin jiru jechuun murtiin  
manneen murtii jalaatiin kennname seera qabeessummaa isaa bakka bitaafi  
mirgi jiranitti qulquleessuuf ni dhiheesisa bu'ura jedhameen waamamaan  
deebii akka itti kenu taasifamee deebii gaafa 09/02/15 barreesse  
dhiheesseen, iyyataan ammaa seeraa ala hojii irraa kan gaggeefame osoo  
hin tahin heyyama malee baati lamaa oli fedha isaatiin hojii irraa waan  
hafeef waliigalteen hojii kan adda cite fi boqnnaa waggaq qabu hunda  
fudhate jira, iyyataan hojii fedha isaatiin waan gadi lakkiseef waamamaa  
bira waggaq shani oli yoo hojjate illee mirga sooramaa waan qabuuf  
kafaltii tajaajila isaaf kafalamu hin qabu waan taheef akkaatuma kanaan  
himannaan isaa kufaa taasifamuun dogoggora hin qabu nuuf haa cimu  
jechuun falmeera.

Dhaddachi kuniis komee iyyannoo dhihaate, deebii kennnamee fi  
murtii manneen murtii jalaatiin kennname seera waliin qoranneerra.  
Akka qorannetti waliigalteen hojii fedhii iyyataan adda cite waan taheef  
kafaltiin isaaf kafalamu hin jiru jadhamee murtiin manneen murti jalaatiin  
kennname deegarsa seeraa ni qabaa? kan jedhu qabxii furmaata barbaadu  
tahe argameera. Falmii bitaa fi mirgaa irraa akka hubachuun danda'ametti  
iyyataan hojjetaa dhaabbata waamamaa tahuun hin haalamne. akka falmii  
iyyataatti waliigalteen hojii koo seeraa ala adda cite jechuun kan falmaa  
ture yoo tahu dhaabbanni waamamaa immoo iyyataan heyyama malee  
baatii lamaaf hojii irraa waan hafeef fedha isaatiin hojii gadilakkise malee  
seeraa ala hojii irraa hin gaggeeffamne jechuun falmeera. Bu'ura kanaatiin  
iyyataan seeraa ala hojii irraa gaggeefamu isaa bu'ura himannaq isatiin  
dirqama hubachiisuu(mirkaneeffachuu) osoo qabuu wanni mirkaneeffate  
hin jiru. Faallaa kanaatiin firiin dubbii jalatti mirknaahe jiru iyyataan  
heyyama tokko malee baatii lamaa oli hojii irraa hafu isati. Waliigalteen

hojii kan adda citu dandahu keessaa akka labsii hojjetaa fi hojjechiisaa lakk.1156/2011 kew.23 gubbatti tumameen hojjetaan hojii gadi lakkisu yoo barbaade hojjachisaadhaaf akeekachisa bu'ura labsicha kew.31tiin kennuun hojii fedha isaatiin gadi lakkisu akka dandahu tumamee jira. Iyyataan ammaa akeekachisa illee dhaabbata waamamaatiif osoo hin kenniin baatii lamaa oli jechuun gaafa 01/02/14 hanga gaafa 30/02/14 hojii irraa fedha isaatiin kan hafe fi booda seeraa ala hojii irra gaggeefame jechuun himannaal kan dhiheesse tahu mirkanaahe jira waan taheef waliigaltee hojii fedha isaatiin gadi lakkisu kan agarsiisu malee seeraa ala kaka'umsa hojjechisaa (dhaabbata waamamaa)tiin waliigalteen hojii adda hin cinne jechuun murtiin manneen murtii jalaatiin kennname akkaatuma seeraatiin tahe waan argameef dogoggorii uumame hin jiru. Bu'aa adda citiinsa waliigaltee hojiitiin walqabate jiru ilaachisee iyyataan fedha isaatiin hojii gadi lakkise eega jedhamee dhaabbata waamamaa biratti kan qacaramee hojjechaa ture bara 2008 irraa kaase hanga waliigalteen adda citutti wagga shani oli kan hojjate tahu gara dhaabbata waamamaatiin hin haalamne.Wagga shani oli tajaajila kan kenne yoo tahe immoo akka labsii hojjetaa fi hojjachiisaa kew.39(1)(h) fi 40(1)(2) tiin kafaltii tajaajilaa heerragamee kafalamuuf akka qabu tumamee jira. Iyyataan illee akkaatuma kanaan kafaltii tajaajilaa akka heerragamee kafaluuf gaafate osoo jiru, manneen murtii jalaa seerummaa gaafatame ilaachisee kafaltiin isaaf kafalamu hin jiru jedhame murtaahuun isaa dogoggora dha. Gama biraatiin iyyataan boqonnaa wagga itti hin fayyadamin qabu gara qarshitti geeddarame akka kafalamuuf seerummaa jalatti gaafate jira. Kunis hojjetaa akkaataa labsii hojjetaa fi hojjechisaatiin waliigalteen hojii isaa adda cite boqonnaan wagga osoo hin fayyadamin jiru gara qarshitti jijjiramee akka kafalamuu tumamee osoo jiru manneen murtii jalaa seerummaa iyyataan gaafate kana kafalamu hin qabu jedhanii murtiin kennan dogoggora dha.

Walumaagalatti iyyataan waliigfaltee hojii fedha isaatiin yoo adda kute illee dhaabbata iyyata biratti tajaajila wagga shani oli qabaachuun isaa hubatame osoo jiru kafaltiin tajaajilaa kafalamuun dhabuun isaa fi boqonnaa wagga illee kan hin fayyadamin gara qarshitti jijjiramee kafalamuuf osoo qabu manneen murtii jalaa iyyataan fedha isaatiin hojii waan gadi lakkiseef kafaltiin kamu isaaf kafalamu hin jiru jechuun murtiin sadarka sadarkaan kennan dogoggora seeraa isa bu'uraa waan taheef sirraahu qaba jenneerra.

### Ajaja

1. Murtiin Manni Murtii Aanaa Magaalaa Shaashamannee gal mee lakk.20241 tahe irratti dhaddacha gaafa 05/08/14 ooleen kenne fi Manni Murtii Ol'aanaa Go/A/Lixaa gal mee lakk.44671 tahe irratti dhaddacha gaafa 10/09/14 ooleen cimsuun kenne bu'ura labsii lakk.216/2011 kew.26/5/ fi d/f/s/s.348/1/tiin fooyyeessuun murtaaheera.
2. Manni Murtii Aanaa Magaalaa Shaashamannee irra deebi'ee gal mee sochosuun kafaltii tajaajilaa fi boqonnaa wagga iyyataaf kafalamuu qabu qulquleessee murtii itti fakkaate haa kenu jennee bu'ura d/f/s/s.343(1)tiin qajeelfamaan gadi deebifneera.
3. Garagalchii murtii kanaa manneen murtii jalaa haa qaqqabu.
4. Galmeen kun murtii dhuma waan argateef mana galmeetti haa deebi'u.

Abbootii Seeraa:-

1. Gammachuu Baqqalaa
2. Doobee Dhaabaa
3. Abdusalaam Siraaj
4. Duulaa Lataa
5. Alamaayyoo Gaaddisaa

Iyyataan/ttuun/ttootni:/ Warshaa Simintoo Daangootee(Itoopiya) IGM

Waamamaan/ttuun/ttootni:-

1. Lalisa Galaasaa
2. Tolasaa Caalaa
3. Gaarii Kabbadaa
4. Tarafaa Alamuu
5. Abarraa Abbabaa

Galmee kana qorannee murtii kanaa gadii kannineerra.

### **Murtii**

Galmeen kun dhaddacha ijibbataaf dhihaachuu kan dandahe iyyataan ammaa murtii Manni Murtii Aanaa Ada'aa Bargaa galmeek lakk.48884 ta'e irratti dhaddacha gaafa 02/02/15 ooleen kenne, Manni Murtii Ol'aanaa Go/Sh/Lixaa galmeek lakk.52181 ta'e irratti dhaddacha gaafa 05/03/15 ooleen fooyeessuun kenne kun dogoggora bu'ura seeraa kan qabu dha naaf haa sirraahu jechuun iyyannoo gaafa 04/04/15 barreeffameen waan dhiheeffateefi dha.

Ka'umsi falmii kanaa mana murtii aanaa irraa yoo ta'u, iyyataan ammaa himatamaa waamamtooni immoo himattootadha. Falmiin falmii hojjataa fi hojjachiisaa yoo tahu, waamamtooni ammaa himanna gaafa

26/08/14 barreessanii Mana Murtii Aanaa Ada'aa Bargaatti iyyataa ammaa irratti dhiheessaniin. Nuti waamamtoonni bara adda addaatti gita hojii waardiyummaatiin warshaa iyyataatti qacaramnee hojjechaa osoo jirru sa'aatii hojii seeraa ala hojjechaa jirru akka nuuf sirreessu mirga keenya hojjattoota biroo waliin waan iyyataan gaafanneef, iyyataan iyyaticha isinitu qindeesse sababa jedhuun hojii idilee keenya irraa poolisiin tohatamnee waajjira poolisii Aanaa Ada'aa Bargaa jala akka gallu nu taasisuun booda mirga wabitiin baane gara hojii nu deebisi jennee yoo gaafannu akka iddo hojii hin galle nu dhorkuun waan gaafii mirgaa gaafanneef seeraa ala waliigaltee hojii keenya waan adda kuteef gara hojii keenyaatti akka nu deebisuу yookaan kafaltiilee bu'ura labsi hojjataa fi hojjachisaatiin nuuf kafalamu qabu akka nuuf kafalee nu gaggeessu jechuun mindaa tokko tokko isaanii fi bara tajaajilaa yookaan qacarrii ibsuun kafaltii tokko tokko isaaniitiif murtaa'uу qaba jedhan ibsuun gaafataniiuru. Iyyataan ammaa gama isaatiin deebii kenneen, waamamtoonni kun sababa gahaa malee hojii irraa guyyaa shani oli waan badaniif bu'ura labsii hojjataa fi hojjachisaa lakk.1156/11 kew.27(1)(b) tiin seeraan hojii irraa kan gaggeeffaman waan taheef gara hojitti deebi'us tahe kafaltiin nuuf haa kafalamu jechuun gaafatan fudhatama hin qabu, gama biraatiin mindaan bu'uura kan waamamtoonni dhiheessan miti jechuun falmeera.

Manni murtii aanaa bitaa fi mirga falmisiisee ragaa namaa walfalmitootaa dhagahuun dhuma irratti murtii kenneen:waamamtoonni gaafii mirgaa waan gaafataniiif iyyataan poolisiin qabsiise buufata poolisii akka turan eega taasise booda hojii irraa dhabamtan jechuun hojii irraa gaggeessuun isaa seeraa ala dha, amala hojii waamamtootaa fi waldhabdi jidduu isaanitti uumame irraa kan ka'e gara hojii deebi'uun waamamtootaa sirrii hin tahin waan hafeef kafaltii bu'ura labsichaatiin waamamtootaaf malu

iyyataan tokko tokkoo waamamtootaaf kaffalee akka gaggeessu jechuun hamma kaffaltii tokko tokkoo waamamtootaa adda baasuun murteesseera. Waamamtoonni ammaa murtii kenname kana komachuudhaan waan mirga keenya gaafanneef iyyataan hojii irraa seeraa ala nu gaggeessuun mirkanaahe osoo jiru seerummaa filannoo jalqabaa gaafanneen gara hojii keenyaatti akka deebinu murttaahu osoo qabu kafaltiin isiniif kafalame gaggeeffamtan jedhamee murttaahuun isaa dogoggora dha osoodhuma gaggeeffamu qabdan jedhamee illee kaffaltiin yeroo akeekachisaa akka nuuf kafalamu jennee seerummaa gaaffanne osoo jiru bira darbamuun isaa dogoggoradha nuuf haa sirraa'u jechuun komii ol'iyannoo Mana Murtii Ol'aanaa Go/Sh/Lixaa kan dhiheeffatan yoo tahu, iyyataan ammaa gama isaatiin kafaltiin waamamtootaaf akka kafalamu murttaahemindaa bu'uraa isaanitiin tahu osoo qabu faaydaa adda addaa dabalatee waliin shalagame murttaahuun isaa dogoggora dha naaf haa sirraahu jechuun ol'iyata qaxxaamuraa dhiheeffate manni murtii ol'aanaa ol'iyata dhagahee bitaa fi mirga dhiheesse falmisiisuun kafaltii yeroo boqonnaa waamamtoonni nuuf murttaahu qaba jedhan qofa bu'ura d/f/s/s.348(1) tiin fooyeesse kafaltii yeroo akeekachisaa mindaa waamamtootaa kan ji'a lama lamaa kafalamuuf qaba jechuun murteessuun komii gama biraabitaa fi mirgaan dhihaate deegarsa seeraa hin qabu jechuun kufaa taasisuun murteesseera.

Iyyataan ammaa murtii haala kanaan kenname kana komachuudhaan iyyannoo dhaddacha kanaaf dhiheesseen, kafaltiin waamamtootaaf murttaahemindaa isaani bu'uraatiin tahu osoo qabu faayidaa adda addaa dabalatee waliin heerragamee akka murttaahu kan taasifame dogoggora waan taheef sirraa'ee akka naaf murttaa'u jechuun gaafateera. Dhaddachi kuniis komee iyyannoo dhihaate, murtii manneen murtii jalaatiin kenname seera waliin ilaaluun kaffatileen adda addaa waamamtootaaf

murtaahe mindaa bu'uraatiin tahu osoo qabu faayidaa addaa adada dabalatee murtaahuu isaa bakka bitaa fi mirgi jiranitti qulquleessuuf ni dhiheesisa bu'ura jedhameen waamamtoonni deebii akka itti kennan taasifamee deebii gaafa 26/04/15 barreessanii dhiheessaniin, mindaan iyyatan nuuf kafalu xalayaa qacarrii fi baankii daldala itoopiyyaa damee mugar irraa akka dhihatu taasifame qulqulaah bu'uruma saniin kafaltiin nuuf malu shalagamee kan nuuf murtaahe waan taheef murtii kennname dogoggora hin qabu nuuf haa cimu jechuun falmaniiru. Dhaddachi kuniis komee iyyannoo dhihaate, deebii kennnamee fi murtii manneen murtii jalaatiin kennname seera waliin qoranneerra. Akka qorannetti kaffaltiin waamatootaaf murtaahe midaa bu'uraa waamatootaa bu'uura kan taasise moo faayidaa addaa addaa kan dabalate miti jechuun murtii kennname deegarsa seeraa ni qabaa? kan jedhu qaaffii furmaata barbaadu tahe argameera.

Falmii bitaafi mirgaa irraa akka hubachuun dandahametti waliigalteen hojii waamatootaa seeraa ala adda cituun isaa sadarkaa firii dubbitti mirkanahee jira. Waliigalteen seeraa ala yoo adda cite kafaltiin bu'ura labsii hojjetaa fi hojjechisaa lakk.1156/11 waamatootaaf kaffalamu qabu mindaa isaanii kan bu'uraatiin kan shalagamu akka tahe labsii hojjataa fi hojjechisaa kew.40,43 fi kanneen biroo gubbatti kan tumamee jiruu fi mindaa jechuun maal akka tahe hiikcaa labsicha kew,53(1) gubbatti kan tumame irraa ni hubatama. Bu'ura kanatiin kaffaltiin waamatootaaf manneen murtii jalaatiin akka kafalamu taasifame kafaltii faaydaa addaa addaa itti dabaluun murtaa'e jechuun iyyataan akka qabxii komitti kan dhiheesse yoo ta'e illee mindaa ilaachisee ragaa iyyataan mataan isaa deebii isaa waliin wal qabsiisee dhiheessee fi baankii daldala Itoophiyaa damee Mugar irraa ajaja mana murtitiin qulqulaah kan dhihaate irraa akka hubatamutti miindaa bu'uuraa

haala kaffaltii ilaalchisee walitti dabaluun mindaa bu'uraa waliigalaa taasifamee malee faayidaale adda addaa labsii hojjetaa fi hojjechisaa kew.53(2) gubbatti qaama mindaa miti jedhamanii kan tumamaan kan ammaate akka hin ta'iin hubatameera.Waan taheef kafaltiin adda addaa waamamtootaaf mindaa isaanii kan bu'uuraatiin shalagamee manneen murtii jalaatiin murtaa'e mindaa bu'uuraa waamamtootaaf ji'a ji'aan isaaniif kafalamu bu'uura taasisuun waan taheef gama kanaan dogoggorri bu'ura seeraa dhaddacha kanaan sirraahu hin jiru jenneerra.

### **Ajaja**

1. Murtiin Manni Murtii Aanaa Ada'aa Bargaa galmee lakk.48884 ta'e irratti dhaddacha gaafa 02/02/15 ooleen kenne, Manni Murtii Ol'aanaa Go/Sh/Lixaa galmee lakk.52181 tahe irratti dhaddacha gaafa 05/03/15 ooleen cimsuun kenne fi Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Jiddugaleessaa ol'iyyannoo dhagahu galmee lakk.452181 tahe irratti dhaddacha gaafa 05/03/15 ooleen cimsuun kenne bu'ura labsii lakk.216/2011 kew.26/5/ fi d/f/s/s.348/1/tiin cimeera.
2. Garagalchi murtii kanaa manneen murtii jalaa haa qaqqabu.
3. Dhorkaan dhaddacha kanaan kennname ka'eera.
4. Galmeen kun murtii dhumaa waan argateef mana galmeetti haa deebi'u.

Abbootii seeraa:-

1. Gammachuu Baqqalaa
2. Doobee Dhaabaa
3. Abdusalaam Siraaj
4. Duulaa Lataa
5. Alamaayyoo Gaaddisaa

Iyyataan/ttuun/ttootni/: Jiilaaludiin Musaa

Waamamaan/ttuun/ttootni:-1. Waajjira Daldalaa Aanaa Warra Jaarsoo

2. Waajjira Bulchiinsaa Aanaa Warra Jaarsoo

Galmee kana qorannee murtii kanaa gadii kannineerra.

### **Murtii**

Galmeen kun dhaddacha ijibbataaf dhihaachuu kan dandahе iyyataan ammaa murtii Manni Murtii Ol'aanaa Go/Sh/Kaabaa galmee lakk.95005 tahe irratti dhaddacha gaafa 23/09/13 ooleen iyyata heyyamsiisa ol'iyyannoo iyyataan dhiheesse kufaa taasisuun kenne kun dogoggora bu'ura seeraa kan qabuu dha naaf haa sirraahu jechuun iyyannoo gaafa 30/10/14 barreeffameen waan dhiheeffateefi dha.

Ka'umsi falmii kanaa iyyataan ammaa midhaan atara keeshaa 220 fe'ee magaalaa Adaamaa irraa gara Naannoo Amaaraatti konkolaataan fe'anii osoo deemanii gaafa 03/05/13 Aanaa Warra Jaarsoo kellaat irratti sakata'iinsa taasifameen qabamee koreen ilaalee murtii gaafa 04/05/13 dabarseen waan jalaa dhaalameef iyyataan qaama komii dhagahutti osoon iyyadhu deebii gaafa 14/07/13 waan naaf kennaniif gaafa murtii kennanii fi ana beeksisan jidduu yeroon ol'iyyannoo mana murtii ol'aanaatti dhiheeffadhu ana jalaa darbee naaf haa heyyamamu jedhe

heyyamsiisa ol'iyyannoo gaafa 04/08/13 gaafatee manni murtii ol'aanaa waamamtoota deebii itti kennisiisuun dhuma irratti gaafii heyyamsiisa ol'iyyannoo iyyataa kufaa kan taasise yoo tahu akka sababaatti kan ibse iyyataan midhaan atarii yoo jalaa dhaalame adeemsa isaa eeggatee bu'ura danbii lakk.377/2008 kew.17(1)tiin guyyoota hojii shan keessatti qaama komii dhagahutti dhiheeffachuu osoo qabu, qaama komii dhagahutti kan dhiheeffate immoo gaafa 25/06/13 kan dhiheesee eega yeroon darbe booda tahe osoo jiru gama biraatiin qaama bulchiinsa Godina Sh/Kaabaatti osoo hin dhiheeffatin ol'iyyannoo guyyaa diigdama of harka tursiisee qaama komii dhagahutu yeroo ana jalaa dabarse jechuun sanbabni dhiheessu fudhatama hin qabu jechuun galmee lakk.95005 tahe irratti dhaddacha gaafa 23/09/13 ooleen kufaa taasiseera.

Heyyamsiisni ol'iyyannoo akkaataa kanaan kufaa taasifame bu'ura d/f/ s/s.329(3)tiin ol'iyyannoo kan hin qabne tahe osoo jiru, iyyataan ammaa dogoggoraan komii ol'iyyannoo Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaatti dhiheeffatee Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa murtii mana murtii ol'aanaa 337 eega cimse booda dhaddacha kanatti dhiheeffatee adeemsi irraa iyyattee sirri miti jechuun eega kufaa taasifamee deebi'ee heyyamsiisa gaafadhu jedhamee gaafate dhaddachi kun ilaalee dhuma irratti heyyamamee fi yeroo ammaa murtii Mana Murtii Ol'aanaa go/sh/kaabaa heyyamsiisa ol'iyyannoo kufaa taasisuun kenne irraa komii ol'iyyannoo kan dhiheeffate tahu isaati.

Iyyataan ammaa murtii manni murtii ol'aanaa kenne kana komachuudhaan iyyannoo dhaddacha kanaaf dhiheesseen, koreen komii sadarka sadarkaan dhaga'an osoo ana deddeebisanii dhuma irratti murtii kennanii guyyaa murtii kennan dhiisanii guyyaa biraaberreessanii waan naaf kennameef jidduu kanatti yeroon ol'iyyannoo mana murti ol'aanaatti dhiheeffadhu

waan ana jalaa darbee iyyata heyyamsiisa ol'iyyannoo gaafadhe manni murti ol'aanaa akka labsii federaalaa lakk.980/2008 kew.43,46 fi 47 bu'ura d/f/s/s.kew.325 fi 326 guyyaa 60n naaf ilaalu osoo qabu danbii dhimmichaaf rogummaa hin qabne 377/2008 bu'ura taasisuun guyyaa shan keessatti hin dhiheeffane jedhamee kufaa taasifamuun isaa; koreen sadarka sadarkaan komii dhaga'an itti iyyadhee har'a boru osoo naan jedhanii ana tursisanii booda murtiin koree aanaa kenne sirri waan jedhaniif yeroon kan ana jalaa dabarsan tahuu naaf ilaalamu osoo qabu, sababa dhihaate osoo naaf hin ilaaliin seera dhimmichaaf rogummaa hin qabne irratti hundaahuun heyyamsiisa ol'iyyannoo koo kufaa taasisuun murtiin kenname dogoggora bu'ura seeraa waan taheef ana irraa diigamee ol'iyyata koo dhiheeffadhe akka naaf ilaalamu akka naaf murtaahu jechuun gaafateera.

Dhaddachi kuniis komee iyyannoo dhihaate, murtii manneen murtii jalaatiin kanname seera waliin ilaaluun iyyataan murtii koreen miidhaan seeraa ala jedhame akka dhaalamu taasise gaafa 04/05/13 waan taheef guyyaa murtiin dhaalamiinsaa kenname irraa kaase guyyaa hojii shan keessatti hin dhiheeffanne jechuun heyyamsiisa ol'iyyannoo iyyataa kufaa taasisuun murtiin kenne deegarsa seeraa ni qabaa? kan jedhu bakka bitaa fi mirgi jiranitti qulquleessuuf ni dhiheesisa bu'ura jedhameen waamamtoonni deebii akka itti kennan taasifamee deebii gaafa 29/12/15 barreessanii dhiheessaniin, murtiin kenname dhimma bulchiinsaa kan ilaalu malee falmii hariiroo hawaasaa waan hin tahiniif d/f/s/s.325 fi 326 naaf ilaalamu qaba jechuun iyyataan falmu fudhatama hin qabu, Seerri dhimmichaaf rogummaa qabu danbii lakk.377/2008 yoo tahu iyyataan murtii koreen aanaa kenne irraa guyyaa hojii shan keessatti qaama dhimmi isaa ilaaluuf dhiheeffachuu osoo qabu eega yeroon darbe booda sababa jedhu illee wanni ibsame waan hin jireef heyyamsiisni

ol'iyyannoo manni murtii ol'aanaa fudhatama hin qabu jechuun kufaa taasisuun isaa dogoggora hin qabu nuuf haa cimu jechuun falmaniiru. Dhaddachi kuniis komee iyyannoo dhihaate, deebii kennamee fi murtii manneen murtii jalaatiin kanname seera waliin qoranneerra. Akka qorannetti sababni heyyamsiisa ol'iyyannoo manni murtii ol'aanaa kufaa itti taasise deegarsa seeraa ni qabaa? kan jadhu qabxii furmaata barbaadu tahe argameera.

Falmii bitaa fi mirgaa irraa akka hubachuun danda'ametti heyyamsiisni ol'iyyannoo iyyataan mana murti ol'aanaa Go/Sh/kaabaatti dhiheeffate murtii qaama bulchiinsaa kenne irraa yoo tahu. Kunis iyyataan oomisha midhaan dheedhii Atara keeshaa 220 seeraa ala konkolaataa irratti fe'ee osoo geejjibsuisu kellaan magaalaa Q/Gohaa irratti gaafa 03/05/13 halkan keessaa sa'a 2:30 tohattootaan qabamee koree aanaatiif dhihaatee koreen immoo gaafa 04/05/13 iyyataan heyyama daldalaa oomisha miidhaan dheedhii waliigalaa kan hin qabnee fi waraqaa dabarsaa kan hin qabne akkasumaas ka'uumsaa fi gahuumsa kan hin qabne waan taheef seeraa ala jechuun akka dhaalamu kan taasifamee fi murtii kennname kana irraa iyyataan koree ol'aanaa godinaatti ol'iyyatee, koreen ol'aanaa godinaa immoo gaafa 12/05/13 ilaalee murtii koree aanaa kenne dogoggora hin qabu jechuun cimsee jira. Murtii akkaataa kanaan kenne irraa kan hubatamu koreen aanaa murticha hubatee abbaa dhimmaatiif deebii hatatamaa akka kennu kan jedhu xumura murtichaa irratti barreeffame jira.

Iyyataan ammaa murtilee qaama bulchiinsatiin kennname kana komachuudhaan mana murtii ol'Aanaa godina shawaa kaabaatti ol'iyyachuuf jadhee yeroon ol'iyyannoo ana jalaa darbe jechuun sababa ibsee heyyamsiisa ol'iyyannoo kan gaafate tahu hubatameera.

Manni murtii ol'aanaa heyyamsiisa ol'iyyannoo dhihaate ofitti fuudhe ilaalee murtiin qaama ol'aanaa yoom iyyataa gahe kan jedhu duraan dursee ilaalamu qaba ture haa tahu malee manni murti ol'aanaa haala kanaan itti adeemee osoo hin ilaaliin sababa adda addaa ibsuun kufaa kan taasise tahu murticha irraa hubatamee jira. Sababa ibsaman keessaa murti koree aanaa kenne irraa guyyaa shan keessatti ol'iyyannoo qaama ol'aanaa bulchiinsa godinaati ol'iyyachuu osoo qabu guyyaa diigdama of harka tursiisee ol'iyyate kan jedhu dha. Sababa manni murtii ol'aanaa ibse kun kan koreen ol'aanaa godinaa kaasu malee kan mana murtii ol'aanaatti heyyamsiisa ol'iyyannoo irratti ka'u qabu miti. Kunis koreen ol'aanaa godinaa ol'iyyannoон dhihaateef yeroon itti dhihaachuu qabu darbeera osoo hin jedhiin ofitti fuudhe gaafa 12/05/13 murtii kenne waan jiruuf manni murti ol'aanaa ilaaluu kan qabu isa biratti yeroo hangam keessatti komii ol'iyyannoo dhihaachuu qaba kan jedhu dha. Gara biraatiin ol'iyyannoон qaama ol'aanatti dhihaachuu hin qabu jechuun heyyamsiisa ol'iyyannoo iyyataan dhiheesse sadarkaa isaa hin eeganne jechuun kufaa kan taasise tahu hubatameera. Haa tahu malee bu'ura danbii lakk.377/2008 kew.17(2)(b) murtii koreen aanaa kenne irraa koree ol'aanaa godinatti ol'iyyatamee koreen ol'aanaa immoo murtii dhaalamiinsa miidhaan daldalaa koreen aanaa kenne cimsee waan jiruuf kana booda gara mana murtii idilee dhimmicha ilaaluuf aangoon seeraan kennameefitti ol'iyyachuu yoo tahe malee qaamni biraakka hin jirre tumaa danbicha kew.17(3) irraa hubachuun ni dandahama. Manni murtii ol'aanaa immoo bu'ura labsii manneen murtii naannoo Oromiyaa fooyyahe bahe lakk.216/11 kew.30(6)tiin murtii qaamni bulchiinsaa kenne ilaalee murtii kenuuf aangoo ni qaba waan taheef dhimmi ilaale keessatti qaama ol'aanaatti ol hin iyyanne jechuun akka adeemsa hin xumuratinitti fudhachuu heyyamsiisa ol'iyyannoo iyyataan dhiheesse haalli kufaa itti taasise dogoggora dha.

Walumaagalatti heyyamsissa ol'iyyannoo iyyataan dhiheesse kan jalaa darbuu itti dandahe sababni gahaan jira moo hin jiru? yeroo hangam keessatti mana murtii ol'aanaatti dhihaachuu qaba ture? kan jedhu bu'ura d/f/s.325 fi 326 ilaalee murtii kennuu osoo qabu sababoota deegarsa seeraa hin qabne caqasuun heyyamsiisa ol'iyyannoo dhihaate kufaa taasisuun isaa mirga haqa argachuu iyyataa kan sarbe waan taheef dogoggora seeraa isa bu'uraati sirraahu qaba janneerra.

### Ajaja

1. Murtiin Manni Murtii Ol'aanaa Go/Sh/Kaabaa gal mee lakk.95005 tahe irratti dhadadcha gaafa 23/09/13 ooleen iyyata heyyamsiisa ol'iyyannoo iyyataan dhiheesse kufaa taasisuun kenne bu'ura labsii lakk.216/2011 kew.26/5/ fi d/f/s.348/1/tiin diigameera.
2. Manni Murtii Ol'aanaa Go/Sh/Kaabaa gal mee cufamee ture sochoosuudhaan iyyataan yeroo hangami keessatti ol'iyyannoo isaa dhiheessu irra ture?seerri dhimichaaf rogummaa qabu hoo isa kami? heyyamsiisni ol'iyyannoo iyyataan dhiheesse hoo bu'ura d/f/s.325 fi 326tiin sababa gahaan deegaramo moo miti? kan jadhu qulquleesse murtii itti fakkaate haa kenu jenne bu'ura d/f/s.343(1) tiin qajeelfamaan gadi deebifneerra.
3. Akkaataa murtii kenname kanaan faana bu'ee qulquleessee murtii akka kenu galagalchi murtii kanaa Mana Murtii Ol'aanaa Go/Sh/Kaabaa haa qaqqabu.
4. Galmeen kun murtii dhumaa waan argateef mana galmeetti haa deebi'u.

## Abbootii Seeraa:-

1. Gammachu Baqqalaa
  2. Doobee Dhaabaa
  3. Abdusalaam Siraaj
  4. Duulaa Lataa
  5. Alamaayvoo Gaaddisaan

Waamamaan/tjuun/ttootni:- Gannat Kabbadaa

Galmeen qorannoof bule qorannee murtii kana gadii kennineerra.

Murthi

Galmeen kun dhaddacha ijibbataaf dhihaachuu kan dandahe iyyattoonni ammaa murtii manni murtii Ol'aanaa GAONF gal mee lakk.43967 tahe irratti dhaddacha gaafa 10/10/14 oo leen kenne, Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa dhaddacha jiddugaleessaa gal mee lakk.397792 tahe irratti dhaddacha gaafa 14/11/14 oo leen cimsuun kenne kun dogoggora bu'ura seeraa kan qabudha nuuf haa sirraahu jechuun iyyannoo gaafa 30/12/14 barreefameen waan dhiheeffataniifi dha.

Ka'umsi falmii kanaa mana murtii ol'aanaa irraa yoo tahu, iyyattoonni ammaa himatamtootaa, waamamtuun immoo himattuu dha. Falmiin falmii beenyaa sababa du'a yoo tahu, waamamtuun ammaa himannaa gaafa 19/05/14 barreessitee Mana Murtii Ol'aanaa GAONFti iyyattoota ammaa irratti dhiheessiteen, iyyattoonni 1ffa fi 2ffaan haadhaa fi abbaa Shaambuu Girmaa tahuun, iyyattoonni 3ffa fi 4ffa abbaa fi haadha Abinat Baqqalaa waan tahaniif ijjolleen iyyattootaa kun du'aa abbaa

warraa koo Wandoosan Mashashaa jedhamu gaafa 30/08/12 qaama isaa bakka adda addaa irraa waan reebaniif sababuma kanaan dhukubsatee hospitaala adda addaatti osoo yaalamuu sababa miidhaa irraa gahe kanaatiin gaafa 08/01/13 waan du'eef, ijoolleen iyyattootaa yeroo miidhaa geesisan umriin isaanii gaa'ela hin geenye waan taheef badii ijoollee isaanitiif iyyattoonni kun ittigaafatamummaa waan qabaniif, ana haadha warraa fi ijoollee du'aa ani guddisaa jiru kan gaa'ela hin gahin mindaa du'aan yeroo lubbuudhaan turetti ji'aan argatu qarshii 4609(kuma afuriifi dhibba jahaafi sagal)n nu jiraachisaa tureera. Ammaa gargarsi kun sababa du'a isaatiin waan nu irraa adda citeef abbaan warraa koo yeroo du'utti umriin isaa wagaga 43 yoo tahu gara fuula duraa umrii waggaa 75 jiraachuu ni dandaha.Kanaaf kan isaaf hafu waggaa 32 waan taheef galii gara fuulduraa nu jalaa hafu dandahuu fi yaalamiinsaa fi awwaalcha isaatiif baasii adda addaa baase waliin beenyaa hamilee dabalatee waliigalaa beenyaa qarshii 1,873,130.2(miliyoona tokkoofi kuma dhibba saddeetiifi kuma torbaatamii sadihiifi dhibba tokkoofi soddoma) baasii fi kisaaraa durgoo abukaatoo dabalatee akka naaf kafalan itti nuuf haa murtaahu kan jedhu dha.Iyyattoonni ammaa gama isaanitiin deebii gaafa 03/06/14 barreessanii dhiheessaniin, iyyattooni 3ffaa fi 4ffaa mucaan keenya Abinnat Baqqalaa umriin isaa gaa'ela gahe waan jiruuf gocha inni raawwateef nutii ittigaafatamummaa hin qabnu, bakka jaarsooliin biyyaa jiranitti dhimma kana beenyaa kafallee araaraan xumuranne waan jirruuf deebinee himatamu hin qabnu kan jedhuu fi du'aan abbaan warraa waamamtuu sababa rukutameef osoo hin tahin ragaan mana yaalaa Hospitaala Zawdituu irraa gaafa 03/02/13 barraahe akka ibsutti du'aaf sababa kan tahe naannoo marimaan qal'aatti daddarbiinsa dhiigaa xiqaachuu fi addaan cituun narviin isaa waan tortoreef akka tahee fi ragaan mana yaalaa Hospitaala Phaawloosi fi kollejiin fayyaa miliniyamii gaafa 10/01/13 barreefame qorannoo reeffaa sababi du'aan

dhiignii gahaa tahe dhabamuun madaa mar’imaan irraa uumameen akka tahe hubachiisa.Gara biraatiin ijoolleen iyyattootaa yakkaa ajjeechaatiin gal mee yakkaa lakk.72593,72869 tahe irratti himatamanii dhuma irratti ajjeechaaf hin gaafatamani miidhaa qaama du’aa irratti geessisanif kan gaafataman waan jedhameef badii ijoolleen keenya raawwatanin kan du’e waan hin tahinifi sababa ofi dandaheen kan du’e waan taheef beenyaa kafaluuf ittigaafatamummaa hin qabnu yoo tahe illee kan ittigaafatamnu miidhaa qaama qofaafi dha.Umriin du’aa yeroo du’u wagga 55 dha gara fuula duraa wagga 75 jiraachuu hin dandahu,du’aan sababa ofi dandaheen kan du’e dha, baasii adda addaa waamantuun akka kafalamuf gaafatte kafaluuf hin dirqamnu.baasiin baayyee ol ka’e kan dhihaate dha jechuun falmaniiru.

Manni murtii ol’aanaa bitaa fi mirga falmisiisuun ragaa namaa walfalmitootaa dhagahuun ragaa barruu adda addaa dhihaate irratti hundaahuun ijoolleen iyyattootaa yeroo miidhaa geessisan umriin isaanii gaa’ela hin geenyee waan taheef badii yeroo sanitti hojjataniif haadhaafi abbaatu ittigaafatama, du’aan kan du’e sababa rukkuttaa garaa fi miila isa irra gaheen keessi qaama isaa kanumaan miidhame mari’imaan qallaa daddarbiinsi dhiigaa xiqlaachuu fi addaan cituun kan uumamee tahuu fi baqaqsanii yaaluun mari’imaan hin hojjanne kan bahe fi yeroo lammataa rakkoon kun mudachuun irraa deebi’iin baqaqsanii yaaluu 2ffaan taasifamee booda tohatamuun ala tahuun lubbuun isaa gaafa 8/1/13 kan darbe tahu bu’aa qorannoo hospitaala Zawdituu irraa dhihaate ibseera waan taheef kunis rukkuttaa qaama isaa irraa geessisanin kan walqabatuu fi du’af kan geessise dha waan taheef ijoolleen iyyattootaa miidhaa qaamaa geessisanif seera yakkaa kew.555 badii taasisanii waan jiraniif badii ijoolleen isaani hojjataniif iyyattoonni beenyaa kafaluuf ittigaafatamummaa qabu, du’aan seenaa qacarrii isaa irraa

akka hubatamutti kan dhalate bara 1966 waan taheef yeroo miidhaan irra gahetti umriin isaa waggaa 48 dha gara fuula duraa akka istaatstikii biyyooleessaatti dhiirri umrii waggaa 62.9 jiraachuu akka dandahu waan mirkanaahe jiruuf du'aan gara fuula duraa waggaa 14.9 isaaaf hafu jiraachuu ni dandaha ture, du'aan yeroo lubbudhaan turetti insitiyuutii fayyaa horii keessaa ji'aan mindaa qarshii 4609 argachaa kan hojjachaa ture tahu gabaasa waajjira isaa irraa dhihaateen mirkanaahe jira, kanaaf beenyaa waggaa hafuuf kan waamamtuu fi ijoolllee isii jalaa hafe qarshii  $4609 \times 12 \times 14.9 = 824,089.2$ (kuam dhibba saddeetiifi kuma diigdamii afuriifi saddeetamii sagaliifi saantiima lama akkasumaas baasii yaalaa fi qorichaa nageen dhihaate qarshii 5274.2(kuma shaniifi dhibba lamaafi torbaatamii afuriifi saantiima lama) baasii adda addaa awaalchaan walqabatu kan nageen mirkanaahu hin dandenye qarshii 20,000(kuma diigdama), miidhaa hamilee qarshii 1000(kuma tokko) walumaagalatti beenyaa qarshii 850,363.4(kuma dhibba saddeetii fi kuma shantamaa fi dhibba sadihii fi jahaatamii sadii fi saantiima afur) kafaluuf iyyattoonni ittigaafatamummaa waan qabaniif durgoo abukaatoo dhibbantaa kudhaniin heerragamee tokkummaa fi qeenxeen waamamtuuuf akka kaffalan jechuun murtaaheera.

Iyyattoonni ammaa beenyaa akkaataa kanaan murtaahe kana komachuudhaan komii ol'iyyannoo Mana Murti Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Jiddugalessaatti yoo dhiheeffatan illee komiin ol'iyyannoo hin dhiheessisu jechuun bu'ura d/f/s/s.337 murteesseera. Iyyattoonni ammaa murtii haala kanaan kenname kana komachuudhaan iyyannoo dhaddacha kanaaf dhiheessaniin, du'aa Wandoosan Mashashaa sababa ijoollen teenya isa reebdeen kan du'e osoo hin tahin rakkoo ofi dandaheen kan du'e ta'uugragaa mana yaalaa hospitaalaa irraa dhihaateen mirkanaa'ee osoo jiru, innis daddarbiinsa dhiigaa xiqqaachuu fi addaan citii irraa

kan ka'e narviin waan tortoreef ta'uu kan mirkaneessu ta'ee osoo jiruu, du'aan guyyaa rukutame jedhametti kan du'e osoo hin ta'iin turee yoo ta'u garaagarummaa kanatti dhibee mataa isaa dandaheen qabamee du'uu kan danda'u ta'ee osoo jiruu, osoo kan ittigaatamnu ta'ee miidhaa qaqqabeef malee du'aaf ta'uu hin qabu, ijoolleen keenya miidhaa rukkuttaa geessisuu isaanii illee ragaan qabatamatti wanni mirkaneesan osoo hin jiraatiin, mindaan du'aaf ni kafalama jedhame dhihaate isa waliigalaa ta'uu fi isa qulqulluu tahuun wanni qulqulaah osoo hin jiraatiin, manneen murtii jalaa sababa rokkuttaa qaama ijoolleen keessan irra gahaniin walqabatee du'uu danda'e jechuun ittigaafatamoo nu taasisuun beenyaa akka kaffalu murtaa'uun isaa; waamamtuu baasi addaa awaalchaan walqabate baasuu isii ragaan mirkaneessu osoo hin dhihaatiin qarshi 20,000(kuma diigadama) murtahuun isaa; akkasumaas kafaltii abukaatoo kafaluu isii wanni agarsiisuu osoo hin jiraatiin dhibbantaa kudhan akka kaffalu murtaahuun isaa dogoggora bu'ura seeraa waan taheef akka nu irraa diigamu jechuun gaafataniiru.

Dhaddachi kuniis komee iyyannoo dhihaate, murtii manneen murtii jalaatiin kennname seera waliin ilaaluun abbaan warraa sababii rukkuttaa qaamaa ijoolleen iyyattootaa irraan gahaniin du'u danda'e jedhamee iyyattoonni beenyaa waamamtuu fi ijolleee ishiitiif akka kaffalan jedhamee murtiin kennname seera qabeessummaa isaa bakka bitaa fi mirgi jiranitti qulquleessuuf ni dhiheesisa bu'ura jedhameen waamamtuu deebii akka itti kennitu taasifamee deebii gaafa 14/03/15 barreessitee dhiheessiteen abbaan warraa koo du'uu kan danda'e sababa rukkuttaa qaamaa ijoolleen iyyattootaa irraan gahaniin walqabatee yaalamaa ture kanumaan kan du'e ta'uun mirkana'ee iyyattoonni badii ijolleee isaanii rawwaataniif ittigaafatamummaa waan qabaniif beenyaa akka kaffalan itti murtaa'uun isaa dogoggora hin qabu, ijoolleen iyyattootaa abbaa

warraa koo irratti miidhaa geessisuu isaanii iyyattoonni waan haalan hin qaban, darbee ragaa namaatiin mirkanaahe jira, baasii adda addaa ani baase manni murtii jalaa ilaalee beenyaa gaafanneef iyyattoota kana ittigaafatamoo taasisuun kan murteesse dogoggora tokko illee hin qabu naaf haa cimu jechuun falmitee jirti.

Dhaddachi kuniis komee iyyannoo dhihaate, deebii kennamee fi murtii manneen murtii jalaatiin kanname seera waliin qoranneerra. Akka qorannetti sababa miidhaa qaamaa cimaa ijoolleen iyyattootaa abbaa warraa wamamtuu irraan gahaniif abbaan warraa wamamtuu du'e waan taheef badii ijoolleen isaanii hojjataniif iyyattoonni ittigaafatamummaa ni qabu beenyaa sababa du'aatiin waamamtuu fi ijolleee du'aa waamamtuu guddiftuuf iyyattoonni beenyaa kafaluu qaban jedhamee murtiin manneen murtii jalaatiin kenname deegarsa seeraa ni qabaa? Miindaan du'aa waa jira isaa irraa dhihaate mindaa waliigalaati moo qulquluu beenyaa heerragamu qaba? Miidaan qulquluu yoo tahe du'aan yero lubbuudhaan turetti qarshii meeqa haadha warraa isaa fi ijolleee isaa nama sadihiif qallaba kennaa ture? ofi isaa hoo meeqa hanbifate ittifayyadamaa ture? Kan jedhu adda bahee murtiin kenname moo miti? kan jedhu qabxii furmaata barbaadu tahe argameera.

Falmii bitaa fi mirgaa irraa akka hubachuun danda'amutti waamamtuu fi du'aa Wandoosan Mashashaa abbaa warraa fi haadha warraa akka turanii fi yeroo waliin jirenya isaani keessatti ijolleee sadii 1ffaa Hayimaanoot Wandoosan umrii wagga 13; 2ffaa Saamiraatir Wandoosan umrii wagga 9; 3ffaa Beezaawii Wandoosan umrii wagga 3 kan qabanii fi abbaan warraa waamamtuu yeroo lubbuudhaan turetti hojjataa instiyutii fayyaa horii keessa hojjachaa kan turee fi ji'an mindaa qarshii 4609(kuma afuriifi dhibba jahaa fi sagal) argachaa hojjachaa kan ture tahuun sadarkaa

firii dubbitti manneen murtii jalaatiin mirkanaa'ee jira. Kun kanaan osoo jiru Shaambuu Girmaa mucaa iyyattoota 1ffaa fi 2ffaa fi Abinat Baqqalaa mucaa iyyattoota 3ffaa fi 4ffaatiin gaafa 30/08/2012 ganama irraa yeroo sa'a 12:10 tahu uleedhaan miillaa fi cinaacha miidhamaa(du'aa) abbaa warraa waamamtuu bakka addaa addaa ruktuun miidhaamaan hospitaala adda addaatti yaalamaa ture gaafa 08/01/13 du'aan addunyaa kana irraa kan darbe tahuu fi ijoolleen iyyattootaa gocha yakkaa miidhamaa irratti raawwatanif ajjechaan himatamanii dhuma irratti yakki ajjeechaa hin raawwanne yakkaa miidhaa qaamaa cimaatti balleesaa kan taasifaman tahuu fi ijoolleen iyyattootaa yeroo yakkaa kana raawwatan umriin isaanii gaa'ela kan hin gahiin tahu sadarkaa firii dubbitti mirkanaa'ee jira.

Bu'ura kanaatiin galiin abbaa warraa iyyattuu argachaa ture sababa du'a isaatiin waan dhaabbateef waamamtuu beenyaa du'aa iyyattoonni gocha ijoolleen isaanii raawwatanifiit ittigaafatamoo waan tahaniif akka naaf kaffalan jechuun gaafatteen walqabatee, iyyattoonni miidhaa qaamaatiif malee du'a abbaa warraa waamamtuu itti hin gaafatamnu jechuun yoo falamna illee badii yookaan gocha ijoolleen isaanii bu'ura seera hariiroo hawaasaa kew.2028 fi 2029 raawwatanii fi gaa'ela waan hin gahiniif iyyattoonni bu'ura seera hariiroo hawaasaa kew.2027(3),2124 fi 2125 guddisaa fi bulchaa ijollee isaanii tahuu isaaniitiif ittigaafatamoo yoo tahan, ittigaafatamummaa isa kamiif kan jedhu ilaachisee ijoolleen isaanii gaafa gocha miidhamaa irratti raawwatan miidhaamaan batalatti du'uu yoo baate illee miillii miidhamaa jilbaa gadi rukutanii cabsuun akkasumaas qaama miidhamaa cinaachaa fi bakka adda addaa ruktuun sababuma kanaan miidhaamaan mana yaalaa adda addaatti yaalamaa ture dhibeen itti hammaachuun dhiigni mari'imaan qallaa keessaa hanga gahaa ta'een sochoo'uu dhabuu irraa kan ka'e fi hammi gahaa dhabamu irraa kan ka'e narviin tortoree baqaqsanii suphuu akka keessaa bahu yeroo lamaa

taasifameen irraa hafu dadhabee kanumaan kan du'e ta'uu mirkanaa'ee jira. Miidhamaan osoo gochii rukkuttaa ijoollee iyyattootaatiin irraa hin gahin dura fayyaa hojjechaa kan turee fi eega miidhaan rukkuttaa irraa ga'ee booda kana irraa hafuu dhabee hojitti osoo hin deebi'iin ciisaa kan turee fi hospitaala adda addaatti yaalamaa turee kan du'e waan taheef sababaa fi bu'aan kan walqabatu waan taheef yakkaan miidhaa qaamaa cimaaf balleesaa yoo taasifaman illee dhimma siviili beenyaa gaafatamuf immoo akka seera H.H.2149 ragaan dhimma yakka isa dhumaa fi murteessaa waan hin ta'iniif akkaatuma kanaan manneen murtii jalaa hubachuudhaan beenyaa sababa du'aa gaafatameef iyyatoota bu'ura seera hariiroo hawaasaa kew.2155 miidhaa gaheef tokkummaa fi qinxeedhaan ittigaafatamummaa taasisuun murtiin kennname dogoggora ta'ee hin argamne.

Waamamtuu fi ijoolleen isii gaa'ela hin gahiin kan jiraatan mindaa du'aan argatu qofaan kan jiraatan tahuu waan mirkanaahe jiruuf bu'ura seera hariiroo hawaasaa kew.2095 beenyaa bifaa qallabaatiin nama ittigaafatamoo tahan irraa gaafachuuf mirga ni qabu. Beenyaan immoo baasii adda addaa sababa miidhaatiin akka bahu taasifamee fi beenyaa gara fuulduuraa kan dabalatu akka tahe beekamaa dha.Beenyaan bu'ura seera hariiroo hawaasaa kew.2090 fi 2091 gubbaatti tumamee jiruun miidhaa gaheen kan walqixa tahe yookaan walmadaalu tahu akka qabu tumamee jira. Bu'ura kanaatiin baasii adda addaa awwaalchaan walqabatanii fi waamamtani waamamtuuun akka kafalamuuuf gaafate ragaan qabatamaan yoo dhihaachuu baate illee baasii akka baaste ragaan namaatiin dubatamee waan jiruuf manneen murtii jalaa bu'ura seera H.H.2102 muraadhaan qarshii 20,000(kuma diigdama) iyyattoonni waamamtuuuf akka kafalan murteessuun isaani dogoggora tahee hin argamne.Miidhaa hamilee illee gocha yakka ijoolleen iyyattootaa miidhamaa irratti raawwataniin

walqabate kan du'e waan taheef bu'ura seera H.H.2105 fi 2113 qarshii 1000(kuma tokko) murtaahuun isaa dogoggora tahe hin argamne. Miidhaa gara fulduraa ilaalchisee mindaan du'aa yeroo lubbuudhaan ture inni xumuraa argachaa ture qarshii 4609(kuma afuriifi dhibab jahaa fi sagal) tahuu yoo mirkanaahe illee mindaan kun isa waliigala(gross) baasiin adda addaa osoo keessaa hin hir'atiin moo mindaa qulquluu dha? miindaa qulqulluu yoo tahe immoo du'aan yeroo lubbuudhaan ture akkuma jirutti waamamtuu haadha warraa isaatii fi ijoolee isaa sadiif qallabaaf kennaa ture moo miti? kan jedhu itti adeemamee qulqulaahu qaba ture haa tahu malee gama kanaan wanni qulqulaahe kan hin jire tahu hubatameera. Waamamtuun bifa qallabaatiin bu'ura seera H.H.2095tiin gaafachuu kan dandeessu qallabaa abbaan warraa isii yeroo lubbudhaan ture isiif kennuu fi sababa du'attiin jalaa hafe dha. Isa kanaatu umrii gara fuulduraa silaa du'uu baate jiraate waamamtuuf kennuu jalaa hafe shalaggii keessa galee kan murtahu qabu dha. Haa tahu malee manneen murtii jalaa akkaataa kanaan itti adeemanii wanni qulquleessan osoo hin jiraatiin mindaa du'aa qarshii  $4609 \times 12 \times 14.9 = 824,089.2$ (kuma dhibba saddeetii fi kuma diigdamii afurii fi saddeetamii sagalii fi saantiima lama) iyyattoonni akka waamamtuuf kafalan jedhamee kan murtaa'e dogoggora jenneerra.

Akka waliigalaatti akkaataa beenyaa gara fuula duraa itti shalagamee murtaa'e irraa kan hafe iyyattoonni miidhaa du'aa abbaa warraa waamamtuu irraa gahaniif seeraan ittigaafatamummaa taasifamuu fi beenyaa kafaluuf ni dirqaman jechuun baasi adda addaa walqabate murtiin kennname dogoggora seeraa isa bu'uraa dhaddacha kanaan sirraahu hin qabu jenneerra.

## **Ajaja**

1. Beenyaa gara fuulduraa akkaataan itti shalagamee ilaachisee qofti murtiin Manni Murtii Ol'aanaa GAONF gal mee lakk.43967 tahe irratti dhaddacha gaafa 10/10/14 ooleen kenne, Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Jiddugaleessaa gal mee lakk.397792 tahe irratti dhaddacha gaafa 14/11/14 ooleen cimsun kenne bu'ura labsii lakk.216/2011 kew.26/5/ fi d/f/s/s.348/1/tiin diigameera. Kan irraa kan hafe murtiin manneen murtii jalaa hanqina waan hin qabneef cimeera.
2. Manni Murtii Ol'aanaa GAONF irraa deebi'ee gal mee sochoosuun mindaan du'aa qarshii 4609 giroosii(mindaa waliigalaati) moo neti(mindaa qulqulluudha)? Kan jedhu bitaa fi mirga falmisiissee qaama dhimmi isaa ilaalu irraa qulquleessuun akkasumas mindaa qulquluu du'aan ji'aan argatu irraa qallabaaf qarshii meeqa haadha warraa isaa fi ijoollee isaaf kafalaa ture? yoo xiqaate kan du'aan yeroo lubbudhaan ture ofi isaa qarshiin fayyadama ture beenyaa gaafatame keessaan irrifamu waan qabuuf haala kanaan qulquleesse shallaguun murtii itti fakkaate haa kenu jennee bu'ura d/f/s/s.343(1) tiin qajeelfamaan gadi deebifneera.
3. Garagalchi murtii kanaa manneen murtii jalaa haa qaqqabu.
4. Dhorkiin kennname ka'eera.
5. Galmeen kun murtii dhumaan waan argateef mana galmeetti haa deebi'u.

Abbootii seeraa:-

1. Fiixaa Dachaasaa
2. Abdusalaam Siraaj
3. Duulaa Lataa
4. Ashanaafii Raggaasaa
5. Alamaayyoo Gaaddisaa

Iyyataan/ttuun/ttootni/: Abiyoot Taaddasaa

Waamamaaan/ttuun/ttootni:- 1.Alamituu Barkeessaa

2. Zawidituu Taaddasaa

Galmee kana qorannee murtii kanaa gadii kannineerra.

### **Murtii**

Galmeen kun dhaddacha ijibbataaf dhihaachuu kan dandahe iyyataan ammaa murtii Manni Murtii Ol'aanaa Go/Iluu Abbaa Booraa galmee lakk.39026 tahe irratti dhaddacha gaafa 17/10/14 ooleen diiguun kenne, Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbi Lixaa galmee lakk.389402 tahe irartti dhaddacha gaafa 30/10/14 ooleen cimsuun kenne kun dogoggora bu'ura seeraa kan qabuu dha naaf haa sirraahu jechuun iyyannoo gaafa 06/11/14 barreeffameen waan dhiheeffatee fi dha.

Ka'umsi falmii kanaa mana murtii aanaa irraa yoo tahu, iyyataan ammaa himataa waamamtuu 1ffa himatantu, waamamtuu 2ffa immoo jidduu lixxuu dha. Falmiin falmii qabiyee lafa ashaakiltii bunaa kan ilaallatu yoo tahu. Iyyataan ammaa himanna gaafa 21/03/14 barreesse Mana Murtii Aanaa Yaayyootti waamamtuu 1ffa ammaa irratti dhiheesseen, abbaan koo Taaddasaa Mihiratuu jedhamu addunyaa kana irraa du'aan darbeera. Ani dhaalaa sadarkaa 1ffa yoo tahu abbaan koo yeroo

lubbuudhaan ture ashaakiltii bunaan sangaa jaha tahu Aanaa Yaayyoo ganda Boondawoo keessaa ni qabaa, ani yeroo abbaa koo du'u daa'ima waan tureef ammaa immoo gaa'ela gaheen jira Waamamatuun 1ffaa abbaa keetu naaf kenne jechuun ashaakiltii bunaan abbaa koo tahe kana yeroo ammaa qabattee waan jirtuuf waliigalteen kan qabatte yoo tahe illee waliigaltee seeraa alaa waan taheef naaf diigamee qabiyyee lafa ashaakiltii bunaan abbaa koo akka naaf gadilakkiftu itti naaf haa murtaahu kan jedhu dha.Waamamtuun 1ffaa ammaa gama ishiitiin deebii gaafa 01/04/14 barreessitee dhiheessiteen,ashaakiltii bunaan ittiin himatame kana bara 1990 abbaan warraa koo horii gaafa sadii(3) abbaa iyyataatiif kenne irraa geeddarate achi irraa kaase buna kan biraa hedduu irraa dhaabe eega abbaan warraa koo du'e booda illee qabadhe ittifayyadamaa jira waan taheef ana gaafachuu hin dandahu, gaafachuuf mirga qaba yoo jedhame immoo hundee bunaan dabalataan dhaabee fi horii sababa buna kanaatiin abbaan iyyataa fudhate dabalatee yoo naaf kenne ashaakiltii bunaan gaafate fudhachu ni dandaha kanaa ala ana gaafachuu hin dandahu jechuun falmitee jirti. Kun kanaan osoo jiru waamamtuun 2ffaa ammaa iyyata jidduu lixxummaa 19/04/14 barreessitee dhiheessiteen ashaakiltii bunaan falmii kaase waliigaltee bara 2004 anaa fi waamamtuu 1ffaa jiddutti taasiseen biqiltuu bunaan itti dabalee dhaabuudhaan kunuunsee hanga dhumaan akka waliin ittifayyadamnu waliigalamee haala kanaan hundee bunaan hedduu itti dabalee dhaabuun hanga ammaa kan ittifayyadamaa jiru waan taheef mirga guutuun irraa qaba waan taheef gahe koo akka keessaa naaf bahu jechuun falmitee jirti. Iyyataan ammaa iyyata jidduu lixummaa dhihaate kana irratti akka deebii kennu taasifamee deebii gaafa 25/04/14 barreesse dhiheesseen ashaakiltii bunaan falmii kaase kan dhaalaa waan taheef waamamtuun 2ffaa mirga tokko illee irraa hin qabdu jechuun falmeera.Waamamtuun 1ffaa gama isitiin iyyata jidduu lixummaa dhihaate irratti deebii kenniteen bu'ura iyyata

jidduu lixummaa dhihaateen yoo keessaa baheef hin mormu jechuun falmitee jirti. Manni murtii aanaa bitaa fi mirga dhiheessee falmisiisuun akka qulqulaahu taasisuun dhuma irratti murtii kenneen:qabiyeye lafa ashaakiltii buna falmii kaase kana bara 1982 karaa seera qabeessaa taheen abbaa iyyataaf kennname buna irra dhaabe ittifayyadamaa kan turee fi booda abbaan warraa waamamtuu 1ffaa bara 1990 horii sadii abbaa iyyataaf kenne kan irraa jijjirate qabatee ittifayyadamaa turee fi dabalataan buna irraa dhaabuun illee mirkanaahe jira. Gara biraatiin waamamtuun 2ffaa waliigaltee bara 2004 waamamtuu 1ffaa waliin taasifteen ashaakiltii buna kana dabalataan buna dhaabuun misoomsite waliin ittifayyadamuuf waliigalanii haala kanaan harka waamamtuu 2ffaa galee isiin immoo dabalataan buna dhaabuun kan ittifayyadamaa jirtuu tahuun mirkanaahe jira. Haa tahu malee waliigalteen jalqaba abbaa iyyataa fi abbaa warraa waamamtuu 1ffaa waliin taasifame seeraa ala waan taheef diigamee iyyataan buna waamamtooni dabalataan dhaaban waamamtuun 1ffaa hundee buna 750 dabalataan dhaabdeef tilmaama isaa qarshii 13,950(kuma kudha sadihiifi dhibba sagaliifi shantama);buna waamamtuun 2ffaa dabalataan dhaabuun isii mirkanaahe hundee buna 630 tilmaama qarshii 11,718(kuma kudha tokkoofi dhibba torbaafi kudha saddeet) iyyataan waamamtootaaf akka kafaluufi waamamtoonni immoo qabiyeye ashaakiltii buna falmii kaase iyyataaf akka gadilakkisan jechuun murteesseera.

Waamamtoonni ammaa murtii kana komachuudhaan komii ol'iyyannoo Mana Murtii Ol'aanaa Go/Iluu Abbaa Booraatti dhiheeffatanii manni murtii ol'iyyata dhagahe bitaa fi mirgaa dhiheesse eega falmisiise booda dhuma irratti murtii kenneen:dhaalaan tokko qabeenya dhaalchisaan yeroo du'u dhiise du'e dhaaluuf mirga qaba,ashaakiltii buna falmii kaase abbaan iyyataa osoo lubbuudhaan jiruu bara 1990 keessaa horii

sadii abbaa warraa waamamtuu 1ffa irraa fudhatee gurguree jiruu fi sana booda kan du'e waan taheef mirga abbaan isaa yeroo du'u hin qabne, iyyataan niin dhaalaa jechuun waliigaltee diigsisuu fi niin dhaala jechuun himannaan dhiheesse deegarsa seeraa hin qabu jechuun murtii mana murtii aanaatiin kennname bu'ura d/f/s/s.348(1)tiin diiguun murteesseera. Iyyataan ammaa murtii kana komachuudhaan komii ol'iyyannoo Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Lixaatti yoo dhiheeffate illee komiin ol'iayynno hin dhiheessisu jechuun bu'ura d/f/s/s.337 murtaaheera.

Iyyataan ammaa murtilee haala kanaan kennname dogoggora bu'ura seeraa qaba jechuun iyyannoo dhaddacha kanaatti dhiheesseen, qabiyyee lafa ashaakilti waliigaltee gurgurtaatiin nama kan biraatiif dabarsuun akka hin dandahamne labsii ittifayyadama lafa baadiyaya Oromiyaa lakk.130/1999 gubbatti tumamee osoo jiru, manneen murtii jalaa waliigaltee seeraa alaa kana diigsisuuf mirga hin qabdu jedhamee murtiin kennname mirga dhaalaa koo kan daangeessu waan taheef dogoggora bu'ura seeraati ana irraa diigamee murtiin mana murtii aanaatiin kennname akka naaf cimu jechuun gaafateera.

Dhaddachi kuniis komee iyyannoo dhihaate, murtii manneen murtii jalaatiin kennname seera waliin ilaaluun abbaan iyyataa ashaakiltii bunaa osoo lubbudhan jiru waliigaltee bittaa fi gurgurtaatiin nama kan biraatiif dabarsee waan jiruuf iyyataan waliigaltee abbaan isaa taasisee akka diigamuuf gaafachuu mirga tokko illee hin qabu jedhamee murtiin manneen murtii jalaatiin kennname seera qabeessummaa isaa bakka bitaa fi mirgi jiranitti qulquleessuuf ni dhiheesisa bu'ura jedhameen waamamtoonni deebii akka itti kennan taasifamee deebii gaafa 30/02/15 barreessani dhiheessaniin, qabiyyee lafa ashaakiltii abbaan iyyataa

horii fudhatee dabarsee kenne waan jiruuf kan falmu qabu illee nama waliigaltee taasise malee namni qaama waliigaltee hin tahiin waliigaltee mormii hin dandahu waan taheef, iyyataan waliigaltee keessaa hin jiru waan taheef gaafachuuf mirga hin qabu jedhamee murtiin manneen murtii jalaa akkaataa kanaan kennan dogoggora tokko illee hin qabu nuuf haa cimu jechuun falmaniiru. Dhaddachi kuniis komee iyyannoo dhihaate, deebii kennamee fi murtii manneen murtii jalaatiin kanname seera waliin qoranneerra. Akka qorannetti waliigaltee gurgurtaa hundee dhaabii dhaalchisaan raawwate ture iyyataan ammaa dhaalaa yoo tahe illee diigsisuu hin dandahu jedhamee murtiin kenname deegarsa searaa ni qabaa?kan jedhu qabxii furmaata barbaadu tahee argameera.

Falmii bitaa fi mirgaa irraa akka hubachuun dandahametti, ashaakiltiin bunaan falmii kaase qabiyyummaa fi qabeenyummaan isaa kan dhaalchisaa abbaa iyyataa (Taaddasaa Mihiratuu) akka tahee fi iyyataan immoo dhaalaa abbaa isaa tahuun hin haalamne. Ashaakiltii bunaan falmii kaase kana abbaan iyyataa bara 1982 irraa kaase qabatee ittifayyadamaa kan tureefi hundee bunaan irra dhaabee booda bara 1990 horii sadii abbaa warraa waamamtuu 1ffaa iraa fudhatee abbaa warraa waamamtuu kan gadilakkisee fi abbaan warraa waamamtuu 1ffaa waamamtuu waliin qabatee ittifayyadamaa osoo jiru abbaan iyyataa kanumaan du'e booda abbaan warraa waamamtuu 1faa illee du'ee harka waamamtutti kan argamu tahuun hin haalamne. Iyyataan ammaa yeroo abbaan isaa du'utti umriin isaa gaa'elaaf kan hin geenye tahu illee wal hin haalamne. Qabiyyee lafa baadiyyaas tahe magaalaa qabeenya mootummaa fi ummata biyyattii waan taheef namni dhunfaa mirga abbaa qabiyyee malee abbaa qabeenyummaa waan irratti hin qabneef qabeenya kafa irratti dafqaa fi qarshii isaatiin horatee mirga gurgurachuu akka qabu fi lafa gurguruun immoo akka hin dandahamne heera mootummaa Federaalaa fi Naannoo

Oromiyaa kew.40(2)(3) gubbatti tumameera. Akkaataa kanatiin abbaan iyyataa qabiyyee lafa ashaakiltiin bunaan irra qubate waliin hundee bunaan gurgurachuu hin dandahu. Labsii ittifayyadama lafa baadiyyaa Oromiyaa lakk.130/1999 kew.6(1) gubbatti akka tumametti abbaan qabiyyee qabiyyee lafaa isaa karaa seera qabeessaan horate miseensa maatii isaaif dhaalaan dabarsuu akka dandahu qabiyyee lafaa irratti qabeenya horate waliigaltee bitata fi gurgurataatiin nama kan biraatiif dabarsuu akka dandahuu fi bittaa fi gurgurtaan hundee dhaabbii taasifamu lafa akka hin dabalanne labsicha kewwata xiqqaa 7 gubbatti tumame jira. Sababa hundee dhaabbii gurguruutiin qabiyyee lafaa waliin kan gurgurame yoo tahe waliigaltichi labsii ittifayyadama lafaa kana dura illee yoo tahe labsichi ofi duuba deebi'e akka irratti raawwatiinsa qabaatu illee kewwatuma xiqqaa kana gubbatti tumamee jira. Kanaaf waliigalteen abbaan iyyataa bara 1990 qabiyyee lafa ashaakiltii bunaan dabarsee abbaa warraa waamamtuu 1ffaatti horii sadiiin gurgurate faallaa heeraa fi seeraa waan taheef waliigalteen faallaa heeraa fi seeraa tahe immoo akka seera waliigaltee waliigalaa kew.1716(1) fi 1808(2)tiin bu'aa waan hin qabaaneef yeroo kamu diigamu ni dandaha.haa tahu malee abbaan iyyataa mirga kana osoo hin gaafatiin du'e waan jiruuf akka seera dhaalaan kew.826(2),842 fi labsii ittifayyadama lafa baadiyyaya Oromiyaa 130/1999 kew.9,danbii lafa baadiyyaa Oromiyaa lakk.151/2005 kew.10 gubbatti tumamee jiruun dhaaltonni dhaalchisaan yoo du'e qabeenya dhaalchisaan yeroo du'u qabu qofa osoo hin tahin mirgi illee dhaaltootaaf haala walfakkaatuun darbuu waan dandahuuf mirgi dhaalaan darbu keessaa mirga himachuun mirga ofii kabachiifachuun tokko dha. Bu'uura kanaatiin iyyataan ammaa mirga kana fayyadamuudhaan dhaaltummaa isaa akka gaa'ela gaheen mirkaneeffatee himannaa kan dhiheesee waan taheef waliigaltee faallaa heeraa fi seeraa abbaan isaa yeroo lubbuudhaan ture raawwate akka diigamuuf gaafachuun diigsisuuf mirga osoo

qabu manneen murtii jalaa garu iyyataan mirga dhaalchisaan yeroo lubbuudhaan jiru dabarse gurgurate diigsisuuf mirga hin qabu jechuun haalli kufaa itti taasisan deegarsa seeraa hin qabu. Walumaagalatti iyyataan waliigaltee faallaa heeraa fi seearaatin abbaan isaa ashaakiltii lafa bunaa irratti taasise akka mormuuf mirga waan qabuuf akkaatuma kanaan mormee waliigalteen diigamee qabiyyee ashaakiltii bunaa sababa waliigaltee bitatafi gurgurtaatiin harka waamamtootaa gale jiru diigamee akka gadilakkisaniif mana murtii Aanaatiin akaatuma seeraatiin murtaahe osoo jiru, manni murtii ol'aanaa fi manni murtii waliigala Oromiyaa dhaddacha dhaabbii Lixaa faallaa kanaatiin iyyataan waliigaltee diigsisuuf mirgaa fi faaydaa hin qabu jechuun murtiin kennname dogoggora seeraa isa buuraa waan taheef sirraahu qaba jenneerra.

### **Ajaja**

1. Murtiin Manni Murtii Ol'aanaa Go/Iluu Abbaa Booraa galmeec lakk.39026 tahe irratti dhaddacha gaafa 17/10/14 ooleen diiguun kenne, Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Lixaa galmeec lakk.389402 tahe irratti dhaddacha gaafa 30/10/14 ooleen cimsuun kenne bu'ura labsii lakk.216/2011 kew.26/5/ fi d/f/ s/s.348/1/tiin diiguun; murtii Mana Murtii Aanaa Yaayyoo galmeec lakk.20795 taheen dhaddacha gaafa 16/06/14 ooleen kenne cimsuun murtaaheera.
2. Galagalchi murtii kanaa mana murtii jalaa haa qaqqabu.
3. Galmeen kun murtii dhumaan argateef mana galmeetti haa deebi'u.

Abbaa Seeraa:-

1. Gammachuu Baqqalaa
2. Abdusalaam Siraaj
3. Duulaa Lataa
4. Ashannaafii Raggaasaa
5. Alamaayyoo Gaaddisaa

Iyyataan/tuun/ttootni/- 1.Shifaraa Kabbadaa  
2. Bizuu Dirribaa

Waamamaan/tuun/tootni:- Hundeel Lammii Raabsaaa fi Gurgurtaa Jimaa W/H/G

Galmee kana qorannee murtii kanaa gadii kannineerra.

### **Murtii**

Galmeen kun dhaddacha ijibbataaf dhihaachuu kan dandaheef iyyattoonni ammaa murtii manni murtii Waliigala Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Bahaa galmee lakk.400084 tahe irratti dhaddacha gaafa 26/01/15 ooleen fooyeessuun kenne kun dogoggora bu'ura seeraa kan qabuu dha nuuf haa sirraahu jachuun iyyannoo gaafa 01/02/15 barreeffameen waan dhiheeffataniifi dha.

Ka'umsi falmii kanaa Mana Murtii Ol'aanaa irraa yoo tahu,iyyattoonni ammaa himattoota waamamaan immoo himatamaa dha.Falmiin falmii waliigaltee liqii yoo tahu,iyyattoonni ammaa himannaa gaafa 29/10/13 barreessanii sirna gabaabaan Mana Murtii Ol'aanaa Go/A/Adamaatti waamamaa ammaa irratti dhiheessaniin,waliigaltee liqii maallaqaa gaafa 29/6/11 waamamaa waliin raawwanneefi Mana Hojii Abbaa Alangaa Magaalaa Adaamaatti Adeemsa Hojii Galmeessaa Ragaalee fi

Kennaa Hayyamaa irratti galmaayeen qarshii 4,000,000(miliyoona afur) waamamaa nu irraa liqeefachuudhaan ijaarsa mana waldaa ijaaruudhaan xumuramee galii kiraan manaa argachaa daldala irraahis bu'aa argachaa jiraataniis qarshii liqii nu irraa fudhatan kana waan nuuf hin deebisiniif yeroo adda addaa gaafachaa turree nuuf deebisuuf heyyamamaa waan hin tahiniif ofi eggannoo gaafa 10/10/13 barreeffameen kennamee fi mallateesse fudhate nu dhowwatee waan jiruuf qarshii liqeeffate 4,000,000(miliyoona afur) adabbii qarshii 100,000(kuma dhibba tokko) walumaa gala qarshii 4,100,000(miliyoona afuriifi kuma dhibba tokko) guyyaa nu irraa fudhatan irraa kaasee dhala baankii wajjiin nuuf heerragamee baasii abukaatoo waliin akka itti nuuf murtaahu kan jedhu dha. Waamamaan ammaa deebii ittisaa fi ragaa ittisaa qabaa akka naaf heyyamamu jachuun gaafatee heyyamamee fi deebii gaafa 08/06/14 barreesee dhiheesseen, misseensi waldaa waamamaa buqqaatoota Oromoo Naannoo Sumaalee qe'ee irraa buqqa'amanii magaalaan Adaamaa qubatanii waldaan ijaaramuuudhaan lafa mootummaan kennee fi gargaaraa jiranii dha, iyyattooni namoota biroo waliin kudhan tahuudhaan waamamaa waliin liqii qarshii 4,000,000(miliyoona afur) liqidhaan ni kennina waan jadhaniif waamamaan heerrega baankii haarawaa lakk.1033605 guyyaa 30/06/11 irraa kaase maqaa isaatiin Baankii Internaashinaala Oromiyaa Damee Karrayutti banuun namoota sadii Mohaammadnajib Mussaa, iyyataa 1ffa Shifarara Kabbadaa fi dura bu'aa isaa Taajuddiin Shifarraatiin wal tahinsaa fi gamtaan akka sochoohu eega godhee booda koreen hojii raawwachiiftuu waamamaa walghaayii guyyaa 02/07/2011 irratti godhameen waliigalteen liqii Mana Hojii Abbaa Alangaa akka mallateeffamu fi maallaqni liqii herraga olitti ibsametti galu murteessuun namoota kana beeksise ture, waliigaltee liqii gaafa 29/06/2011 jedhu kana gaafa 04/07/2011 Waajjira Haqaa Godina Addaa Adaamaa irratti mallattaah jira.liqeessaan tokko akkuma waliigaltee godhameen

hoggusuma qarshii harkaan gahu qaba.Iyyattoonni ammaa maallaqa liqii waamamaaf kennuuf dirqama seenuun kan mallateessan tahu illee hanga arraatti qarshii 300,000(kuma dhibba sadii) qofa heerraga lakkoofsa 1033605 irratti galchanii qarshii hafu waan hin keniiniif himanni isaanii fudhatama hin qabu kufaa naaf haa tahu.Waliigalteen maallaqa liqeessuuuf kan jadhu malee liqeesssee jira maallaqni fudhatame kenname jechuu kan hin ibsine waan taheef maallaqichi kennamu isaa hin mirkaneessu,ragaa namaatiinis qarshii kana mirkaneessuun hin dandahamu,waliigalteen liqii qarshii gaafa 29/06/2011tti kenname jedhu illee kan mallattaah gaafa 04/07/2011 irratti tahee guyyaa kanatti maallaqni kamuu waamamaaf hin kennamne iyyataan 1ffaa qarshii 200,000(kuma dhibba lama),iyyataan 2ffaa qarshii 100,000(kuma dhibba tokko) qofa galchan waan taheef himanni kufaa naaf haa tahu jechuun falmeera.

Manni Murtii Ol'aanaa bitaafi mirga falmisiisee ragaa namaa walfalmitootaa dhagahuun akkasumaas ragaa barruu irratti hundaahuun waamamaan qarshii liqii falmii kanaaf ka'umsa tahe hin fudhanne ykn naaf hin kafalamne jadhee waakkatu illee waliigaltee liqii gaafa 29/06/2011 taasifameen fudhachuun isaa sanada waliigaltee liqii fi ragaa namaa akkasumas falmii galmee lakk.33299 tahe irratti taasiseen mirkanaahee jira waan taheef gaafa liqii fudhate irraa kaasee qarshii 4,000,000(miliyoona afur) dhala baankii dhibbantaa 9 waliin heerragamee akka iyyattootaaf kafalu jachuun murteesseera.

Waamamaan ammaa murtii kana komachuudhaan komii ol'iyyannoo Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbi Bahaatti dhiheeffate manni murtii ol'iyyata dhagahee bitaafi mirga dhiheesse eega falmisiisee booda dhuma irratti murtii kenneen:bu'uura waliigalameen iyyattoonni qarshii liqii waamamaaf kaffaluu ragaa rogummaa fi

fudhatama seeraa qabuun waanni mirkaneessan hin qabu kan gama waamamaatiin amanamee qarshii kuma dhibba sadii qofa waan taheef waamamaan qarshii 300,000(kuma dhibba sadii) qofa kan iyyattoonni kafalan deebisee kafaluufi qaba jechuun murtii mana murtii ol'aanatiin kennname bu'ura d/f/s/s.348(1)tiin fooyyeessuun murteesseera. Iyyattoonni ammaa murtii haala kanaan kennname kana komachuudhaan iyyannoo dhaddacha kanaaf dhiheessaniin qarshii falmii tahe bu'ura waliigaltee keenyaan gaafa waliigaltee guyyaa 29/06/2011 taasifamee gaafa 04/07/2011 waajjira haqaatti galmaahee jiruun waamamaaf kafaluu keenyaa fi waamamaan harkaan gahachu isaa sanada waliigaltee fi ragaa namaa keenyaan mirkanaahee osoo jiru qarshii kuma dhibba sadii nuti sheerii bitachuuf wamamaa biratti kafale kan liqiif kafalame jadhamee isuma kana akka waamamaan kafalu martaahuun isaa dogoggora bu'uura seeraa waan taheef akka diigamee murtiin mana murtii ol'aanaatiin kennname nuuf cimu jachuun falmaniiru.

Dhaddachi kuniis komee iyyannoo dhihaate,murtii manneen murtii jalaatiin kannname seera waliin ilaaluun bu'ura waliigaltee liqii taasifameen iyyattoonni qarshii miliyoona afur waamamaaf kafalun hin mirkanoofne jadhamee murtiin Mana Murtii Waliigala Oromiyaatiin kennname seera qabeessummaa isaa bakka bitaa fi mirgi jiranitti qulqleessuuf ni dhiheessisa bu'ura jadhameen waamamaan deebii akka itti kennu taasifamee deebii gaafa 16/02/15 barreesee dhiheesseen,iyyattoonni bu'uura waliigaltee liqii gaafa 29/06/2011 jidduu keenyatti taasifamee waajjira haqaatti galmaahee jiruun lakkoofsa heerreegaa keenyatti galii nuuf taasisuu isaanii waan hin mirkanaahiniif qarshii ittiin himatamne kafaluuf hin dirqamtan jadhamee fooyyahe martaahuun isaa dogoggora hin qabu naaf haa cimu jachuun falmeera.

Dhaddachi kuniis komee iyyannoo dhihaate,deebii kennameefi murtii manneen murtii jalaatiin kanname seera waliin qoranneerra. Akka qorannetti iyyattoonni waliigaltee liqii gaafa 29/06/11 taasifameen qarshii 4,000,000(miliyoona afur) waamamaaf liqeessuuf yoo waliigalame illee bu'ura waliigalteetiin waamamaaf liqeessuun isanii yokaan lakkoofsa heerraga waamamaan banate irratti galii taasisuun ragaa dhimmichaaf rogummaa fi fudhatama seeraa qabuun waan hin mirkanaahiniif waamamaan qarshii ittiin himatame kana deebisee isaaniif kafaluuf hin dirqamu jadhamee murtiin kenname deegarsa seeraa ni qaba? kan jadhu qabxii furmaata barbaadu tahee argameera.

Falmii bitaa fi mirgaa irraa akka hubachuun dandahametti,waliigaltee liqii akka tahe hin haalamne.waliigalteen liqii bitaafi mirga jiddutti taasifame sanada waliigaltee liqii gaafa 29/06/11 qophacheen iyyattoonni waamamaaf qarshii miliyoona afur liqeessuuf waadaa kan itti galaniifi akkaataa waadaa kanaatiin qarshicha waamamaaf kenninee itti fayyadamaa eega turee booda bu'uura waliigaltee keenyaatiin qarshicha nuuf kafaluu didee dirqamee akka nuuf kafalu kan jedhu yoo tahu waamamaan immoo waliigaltee kanaan qarshii jedhame iyyattoonni nuuf kafaluuf waadaa gaafa jadhame kanatti yoo galame illee qarshii lakkoofsa herreegaa galii akka itti nuuf taasisan baname irratti nuuf hin galchine kan isaan nuuf galchan qarshii kuma dhibba sadii qofaa dha jechuun falmeera.

Bu'uura kanaatiin waliigalteen bitaafi mirga jiddutti taasifame waliigaltee liqii bu'uura seera hariroo hawaasaa kew.2471 kan taasifame dha. Waliigalteen liqii akkaataa kanaan taasifame mirgaafi dirqamni inni warraa walii gale jiddutti uumu yo jiraate liqeessaan akka seera hariroo hawaasaa kew.2474 gubbaatti tumameen qarshii waamamaaf liqeessuuf wa'ada waliigaltee galee dabarsee waamamaaf kennuuf kan dirqamu

akka taheefi waamamaan immoo bu'uura waliigaltee kanaatiin qarshii fudhate yeroo deebisuu qabutti deebisuuf dirqama akka qabu hubachuun ni dandahama.Haa tahu malee waamamaan akka falmii taasiseetti iyyattoonni waadaa haa galan malee qarshii akka deebi'uuf na gaafatan kana dabarsanii naaf hin kennine waan taheef kafaluuf hin dirqamu jachuun falmeera.Iyyattoonni immoo gama isaanitiin akka falmanitti qarshii gaafuma waliigaltee taasifne jechuun gaafa 29/06/11 waamamaaf harkatti kafalle booda waajjira haqaatti geessinee mirkanaahe jira jachuun haa falman malee qarshii liqii falmii kanaaf ka'umsa tahe waamamaaf ni liqeessina kan jadhu malee liqeessinee jirra jechuun sanadni mataan isaa kan of ibsu akka hin tahiin manneen murtii jalaatiin sadarkaa firii dubbitti mirkanaahee jira.Waliigalteen liqii qarshii 500 oli tahe jiraachuun isaa yoo haalame akka seera hariiroo hawaasaa kew.2001,2003 fi 2471,2472(1-3) ragaa barruutiin akka taasifamu seerichi waan dirqisiisuuf namni dirqamni tokko jira jechuun kaasee falmu ragaa barruu liqin jiraachuu mirkaneessuu dhiheessuun qofa mirkanaahu akka dandahuu fi ragaan kanaa ala dhihaate rogummaa fi fudhatama seeraa kan hin qabne tahuun tumameera.Akkaataa kanaatiin sanadani waliigaltee liqii akka ragaatti iyyattoonni himanna Isaaniin deegaruuf walqabsiisanii dhiheessan kan gaafa 29/06/11 taasifame qabiyyeen isaa qarshii waliigaltee gubbaatti ibsamee waamamaaf ni liqeessina kan jedhu malee gaafa waliigalteen taasifame kanatti liqicha waamamaaf kennname kan jadhu waan hin tahiniif liqicha kennuu Isaaniui ragaa namaa dhiheessuun mirkanoeffachuuuf kan yaalan tahu murtii jalaa irraa hubatamee jira.Ragaan namaa dhihaatan namoota sanada waliigaltee irraa hin jiree yoo tahan jecha ragaa kennaniin gaafa 29/06/11 feestaala lamaan qarshiin liqii dhufee waamamaaf kennname argineerra jechuun raguuf haa yaalani malee jechi ragummaa Isaanii bu'uaura seeroota gubbaatti ibsam an kanaan rogummaa fi fudhatama seeraa kan qabu tahe hin argamne.

faallaa kanaatiin ragaa namaa waamamaa kan sanada waliigaltee irra jiru gaafa waliigalteen taasifame jechuun gaafa 29/06/11 iyyattoonni waadaa galuu malee qarshicha waamamaaf kan hin kafaliin tahuu hubachiisee jira.Gara biraatiin waliigalteen liqii gaafa 29/06/11 battalatti kan raawwatu osoo hin tahan bitaafi mirgi gaafa 04/07/2011 Waajjira Haqaa Godinaa Addaa Adaamaa irratti dhiheessuun mallattaah kan jiru tahuu bitaa fi mirgaan hin haalamne.Akkaataa irratti waliigalamee liqii qaama waliigaltee mirkaneessuuf Aangoo qabuun mirknaahe mallataah kanaatiin lakkofsa heerraga waamamaan akka qarshii liqii falmii kaase kana itti galchaniif bane herreega lakkofsa 1033605 tahe irratti qarshii kuma dhibba sadii malee kan hin galle tahu hubatameera.Iyyattoonni qarshii liqii waamamaaf liqeessuuf irratti waliigalame kana ragaa barruu dhimmicha mirkaneessuuf rogummaa fi fudhatama seeraa qabuu kamiinuu waamamaaf kafaluu isaanii mirkaneessuu hin dandeenye. Qarshii kuma dhibba sadii sheerii waamamaa irraa bitachuuf lakkofsa heerregaa sanitti gali goone jechuun yoo falman illee sheerii bitachuuf galii taasisuu isaanii fi adeemsa abbaa sheerri itti tahamu hordofanii sheerii kan of harkaan gahan tahu wanni mirknaahe hin jiru.Inumaahuu qarshii sheerii kafaluu didan jadhamee miseensummaa keessaa kan haqaman tahuu kan itti mirkanaahe dha.Namni dirqma waliigaltee irraa madde tokko gareen biraa akka raawwatuuf gaafatu ofi isaa dirqama isa irraa barbaadamu dursee kan bahe tahu mirkaneeffachuu akka qabu tumaalee waliigaltee irraa ni hubatama.Akkaataa kanaatiin iyyattoonni dirqama waliigaltee ofi isaanii hin bahiin ykn qarshiin waamamaaf liqeessaan osoo hin jiraatiin haalli waamamaan dirqama akka bahuuf gaafatan deegarsa seeraa hin qabu.

Walumaagalatti iyyattoonni qarshii miliyoona afur waamamaaf liqeessuuf waadaa kan itti galan malee qarshicha dabarsanii waamamaaf

kennuun isaanii ragaa rogummaa fi fudhatama seeraa qabuun waan hin mirkanaahiniif waamamaan liqii jedhame kafaluuf hin dirqamu. Kan kafaluuf dirqamu qarshii 300,000(kuma dhibba sadii) iyyattoonni herreega waamamaatti galchaniif qofa jadhamee murtiiin kennname akkaatuma seeraatiin tahe waan argameef dogoggora seeraa isa bu'uraa dhaddacha kanaan sirraahu hin qabu janneerra.

### **Ajaja**

1. Murtiin Manni Murtii Waliigala Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Bahaa gal mee lakk.400084 tahe irratti dhaddacha gaafa 26/01/15 ooleen fooyyeessuun kenne bu'ura labsii lakk.216/2011 kew.26/5/ fi d/f/s.348/1/tiin cimeera.
2. Garagalchi murtii kanaa manneen murtii jalaa haa dhaqabu.
3. Galmeen kun murtii dhumaan waan argateef mana galmeetti haa deebi'u.

Abbootii Seeraa:-

1. Gammachuu Baqqalaa
2. Doobee Dhaabaa
3. Abdusalaam Siraaj
4. Duulaa Lataa
5. Alamaayyoo Gaaddisaa

Iyyataan/ttuun/ttootni/- Kibbuu Waaqjiraa

Waamamaan/ttuun/ttootni:- Abbabuu Waakkennee

Galmee kana qorannee murtii kanaa gadii kannineerra.

### **Murtii**

Galmeen kun dhaddacha ijibbataaf dhihaachuu kan dandahe iyyattuun ammaa murtii Manni Murtii Aanaa Qimbibit gal mee lakk.21708 tahe irratti dhaddacha gaafa 09/02/15 ooleen kenne, Manni Murtii Ol'aanaa Go/Sh/Kaabaa gal mee lakk.83967 tahe irratti dhaddacha gaafa 23/02/15 ooleen cimsuun kenne, Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Jiddugaleessaa gal mee lakk.410867 tahe irratti dhaddacha gaafa 08/03/15 ooleen cimsuun kenne kun dogoggora bu'ura seeraa kan qabuu dha naaf haa sirraahu jechuun iyyannoo gaafa 13/03/15 barreeffameen waan dhiheeffatteefi dha.

Ka'umsi falmii kanaa mana murtii aanaa irraa yoo tahu, iyyattuun ammaa himattuu waamamtuu immoo himatamtuu dha. Falmiin falmii waliigaltee yoo tahu, iyyattuun ammaa himanna gaafa 02/09/14 barreessitee Mana Murtii Aanaa Qombibititti waamamtuu ammaa haadha isii irratti dhiheessiteen, waliigalteen gaafa 17/06/14 anaafi waamamtuu haadha koo jiddutti taasifame osoo naaf hin dubbifamin nama hin baratinii

fi barreessuu hin dandeenye tahe osoon jiru kanaan dura qabiyyee lafa du'aa abbaa koo fudhadhee kaniin ture yoo tahe illee waliigaltee kana keessatti waamamtuun gahee ishee dabaltee waan naaf kennite fakkeessuun osoo gahee ishee naaf hin kenniin ana dogoggorsisuun waliigaltee kana keessatti kan baarraahe waan taheef gara biraatiin waliigaltee kana keessatti namoota du'aa abbaa koo dhaaluuf mirga hin qabne waamamtuun tahe jattee keessa galchuun barreessitee kan ana mallateessite waan taheef dogoggora kana eegana waaniin hubadheef waliigalteen kun akka naaf diigamu jechuun gaafattee jirti. Waamamtuun ammaa gama isheetiin deebii gaafa 18/09/14 barreessitee dhiheessiteen, abbaan iyyattuu eega du'e waggaa 20 oli waan taheef dhaalaa abbaa ana gaafachuuf darbiinsa yerootiin ni daangaha waan taheef, ani waamamtuun fedha kootiin daa'imana dhalees tahe maatii dhaabbataadhaan ana biratti guddataniif iddoa isaan jiranitti fedha isaani irratti hundaa'ee jaarsoolee waamee gahee gahee isaanii bakka iyyattuun jirtutti dubbisaniifi jaalattee mallatteessitee kan fudhatte waan taheef waliigalteen diigamu hin jiru himanni seeraa ala ana irratti dhihaate kufaa naaf haa tahu jechuun falmitee jirti.

Manni murtii aanaa bitaa fi mirga falmisiissee ragaa namaa walfalmitootaa dhagahuun dhuma irratti iyyattuun waliigaltee taasifame dubbifamee beektee eega hubatte booda feedhiin kan mallateessite tahuu waan mirkanaaheef waliigalteen sababa diigamuuf hin qabu jechuun himanna dhihaate kufaa taasisuun murteesseera. Iyyattuun ammaa murtii akkaataa kanaan kenname komachuudhaan komii ol'iyyannoo Mana Murtii Ol'aanaa Go/Sh/Kaabaatti yoo dhiheeffatte illee komiin ol'iyyannoo fudhatama hin qabu jechuun bu'ura d/f/s/s.337 kufaa taasisuun murteesseera.

Iyyattuun ammaa murtii kana komachuudhaan komii ol'iyyannoo Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Jiddugaleessaatti yoo dhiheeffatte illee komiin ol'iyyanno hin dhiheessisu jechuun bu'ura d/f/s/s.337 murteesseera. Iyyattuun ammaa murtii haala kanaan kenname kana komachuudhaan iyyannoo dhaddacha kanaaf dhiheessiteen, waamantuun ammaa qabiyee dhaalaa du'aa abbaa koo bara 2005 dhaalaan argadhe akka waan gahee ishee naaf kennitee fakkeessuun qabiyee lafa gahee ishee ta'e iddo torbatti argamu waliigaltee gaafa 17/06/14 barreeffameen guutumaan guututti ilma ilma ishee ykn akkawwoo ishee kan tahe dhaalaa sadarkaa duraa hin tahiniif nama Dachuu Zawudee jedhamuuf dabarsuun ishee mirga iyyattuu gara fuuladuraa illee qabiyee kana dhaaluu ana sarbu akkasumaas seeraa ala dhaaltumama keessaa ana buqisuun hamilee koo kan tuqu tahe osoo jiru, waamantuun qabiyee lafa gahee ishee akka naaf hin kennine mirkanahe osoo jiru waligalteen ana dogoggorsisuun ana mallateessan naaf diigamu osoo qabu manneen murtii jalaa diigamu hin qabu jechuun murtiin sadarka sadarkaadhaan kennan mirga koo kan dhiibuu waan taheef akka ana irraa diigamee bu'ura gaafii kootiin naaf murtaahu jechuun gaafateera.

Dhaddachi kuniis komee iyyannoo dhihaate, murtii manneen murtii jalaatiin kanname seera waliin ilaaluun waliigaltee bitaafi mirga jiddutti gaafa 17/06/14 taasifame sababni gahaan diigsisuu hin jiru jechuun murtiin manneen murtii jalaatiin kenname seera qabeessummaa isaa bakka bitaa fi mirgi jiranitti qulquleessuuf ni dhiheesisa bu'ura jedhameen waamantuun deebii akka itti kennitu taasifamee deebii gaafa 05/04/15 barreessite dhiheessiteen, iyyattuun ammaa waliigaltee gaafa 17/06/14 taasifame irratti Baargamoo fi horii illee fudhatte itti amantee sammuu gaariin eega hubattee booda waliigaltee kan mallateessite waan taheef waliigalteen faallaa seeraa fi hamilee waan hin tahiniif sababni waliigaltee

diigsisu hin jiru jedhamee murtahuun isaa dogoggora hin qabu naaf haa cimu jechuun falmitee jirti. Dhaddachi kuniis komee iyyannoo dhihaate, deebii kennamee fi murtii manneen murtii jalaatiin kennname seera waliin qoranneerra. Akka qorannetti waliigalteen kennaa iyyatuuf taasifame sababa gahaa itti diigamu hin jiru waan taheef diigamu hin qabu jedhame murtiin manneen murtii jalaatiin kennname deegarsa seeraa ni qabaa? kan jedhu qabxii furmaata barbaadu tahe argameera.

Bu'ura kanaatiin walfalmitonni haadhaa fi ilmoo yoo tahan waamamtuun ammaa qabeenyaa fi qabiyyee dhuunfaa ishee tahe waliigalte kennaa gaafa 17/06/14 taasifameen iyyattuu fi namoota biraatiif kennuun ishee hin haalamne.Waliigaltee kennaa taasifame kun naaf hin dubbifamne ani dubbisuu hin beku akka naaf diigamu jechuun iyyattun gaafateen walqabate, waliigalteen kennaa kun bu'ura seera hariroo hawaasaa kew.2427 fi 2151 gubbatti tumameen dirqamni waamamtuu irratti gatame osoo hin jiraatiin fedha isheetiin waan ofi ishee gahe irraa dabarsitee iyyattuu fi namoota biraatiif kan kennite hanga tahetti, iyyattuun waliigatee kennaa fedhinaan hanga mallateessite jirtutti kennaa isheef taasifame haa xiqaatu haa guddatu yoo hin barbaanne ta'e hin fudhu jettee diduu ykn dhiisu irraa kan hafe akka waligalteen kennaa taasifame diigamuuf gaafachuu hin dandeessu.Waliigalteen naaf hin dubbifamne ani dubbisuu hin dandahu kan jettu ilaachisee isiif dubbifame hubatee kan mallateessite ta'u manneen murti jalaatti mirkanaa'ee jira. Gara biraatiin waamamtuun qabiyyee lafa ishee nama miseensa maati ishee ta'e turee fi gara fuuluraa illee ana xoora jechuun dirqama itti kennite kan dabarsite kenniteef waan taheef namni kennaan kennameef akka labsii ittifayyadama lafa baadiyyaa Oromiyaa lakk,130.1999 kew.9(5) fi danbii ittifayyadama lafa baadiyyaa Oromiyaa lakk.151/2005 lakk.10(2) gubbatti tumameen ulaagaa miseensa maatii

waamamtu guutee kan jiru tahun waliigaltee kennaan taasifame irratti ibsame jira waan tahef nama qabiyee dhaaluuf yookaan kennamuuf hin qabneef akka jirutti qabiyeen ani gara fuulduraa dhaaluu dandahu dabarsite kenniteef waan taheef kennaan naaf haa diigamu kan jedhu ilaachisee nama kennaan seeraan kennamuuf qabuf kan kennname tahu waan hubatameef sababni waliigaltee kennaan diigsisu hin jiru jedhamuun dogoggora tahe hin argamne. Walumaagalatti sababni iyyattuun falmii ishee keessatti ibsitee waliigalteen kennaan naaf haa diigamu jettee gaafatte bu'ura olitti ibsameen waliigaltee kennaan taasifame diigsisuuf deegarsa seeraa waan hin qabneef waliigalteen kennaan waamamtuun taasifte sababni diigamuuf hin jiru jedhamee murtiin manneen murtii jalaatiin kennname akkaatuma seeraatin tahe waan argameef dogoggora seeraa isa bu'uraa dhaddacha kanaan sirraahu hin qabu jenneerra.

### Ajaja

1. Murtiin Manni Murtii Aanaa Qimbibit galmee lakk.21708 tahe irratti dhaddacha gaafa 09/02/15 ooleen kenne, Manni Murtii Ol'aanaa Go/Sh/Kaabaa galmee lakk.83967 tahe irratti dhaddacha gaafa 23/02/15 ooleen cimsuun kenne, Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Jiddugaleessaa galmee lakk.410867 tahe irratti dhaddacha gaafa 08/03/15 ooleen cimsuun kenne bu'ura labsii lakk.216/2011 kew.26/5/ fi d/f/s/s.348/1/tiin cimeera.
2. Garagalchi murtii kanaa manneen murtii jalaa haa qaqqabu.
3. Galmeen kun murtii dhumaan waan argateef mana galmeetti haa deebi'u.

Abbootii Seeraa:-

1. Gammachuu Baqqalaa
2. Abdusalaam Siraaj
3. Duulaa Lataa
4. Ashannaafii Raggaasaa
5. Alamaayyoo Gaaddisaa

Iyyattuun:- Aadde Raaheel Anjeeloo

Waamamtoonni:

1. Waajjira Bulchiinsa Magaalaa Laga Xaafuu Laga Daadhii
2. Waajjira Lafaa Magaalaa Laga Xaafuu Laga Daadhii
3. Obbo Daanyee Alamuu

Galmeen qorannoof kan bule yommuu ta'u qortamee murtiin kanaa gadii kennamee jira.

### **Murtii**

Murtii kanaaf sababa kan ta'e iyyattuun ammaa kun murtii Manni Murtii Ol'aanaa Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee Galmee Lakkoofsa 43655 ta'e irratti dhaddacha gaafa 30/07/2014 ooleen kennee fi kan Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Galmee Lakkoofsa 396896 ta'e irratti dhaddacha gaafa 23/10/2014 ooleen murteesse dogoggora seeraa isa bu'uuraa of keessaa kan qabudha jechuudhaan akka sirraa'uufif waan gaafatteefi.

Falmiinis kan eegale Mana Murtii Ol'aanaa Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinneetti yommuu ta'u mana murtichatti iyyattuun himattuu, waamamtoonni immoo himatamtootadha. Tarreen himata

iyyattuu kanaas gabaabinaan ani iyyattuun ammaa kuni waamamaa 2ffaa kana faana waliigaltee kiraa liizii gaafa guyyaa 23/10/2002 barraa'een kaaree meetira 3,000 irratti argamu hoteela abbaa urjii sadii hojjechuudhaaf kan oolu kireessaan waamamaa 1ffaa kana jedhamee mallattoo fi chaappaa waamamaa 2ffaa kanaan mallatteessaniiru. Kaartaas lakk. L/X/L/D/3959/00 ta'een gaafa 29/10/2002 naaf kennameera. Ijaarsa gaggeessuudhaaf jedheen ogeessa gaafan ilaachisu garuu lafti jedhamee fi kaartaan kennname kan wal simu waan hin taaneef iyyata dhiyeffadhee kaartaan kennname "overlap" dha jedhamee kaartaan yeroo lammaffaaf lakk. L/X/L/D/3959/00 ta'e gaafa guyyaa 29/10/2002 duubatti deebifamee barreeffamee lafa teessumni isaa kaartaa duraaniitiin gargar ta'e hayyama ijaarsaa gaafa 06/09/2005 kennname faana iyyattuu kanaaf kennameera. Bu'uura kanaanis ijaarsi hanga darbii lamaatti gaggeeffamee otoo jiruu bu'uura waliigalteedhaan ijaarsicha hin xumurre jedhamee waliigaltee kiraa lafaa liizii qabnu akekkachiisa tokko malee gaafa guyyaa 16/06/2009 akka addaan citu gochuudhaan kaartaan naaf kennames akka haqamuu fi ijaarsi eegalee tures akka jigu ta'eera. Gochaan waamamtoonni kun raawwatanis seeraan ala waan ta'eef lafti armaan olitti tuqame akka naaf deebi'uu fi ijaarsa mana kanaa gaggeessuuf baasiin ani baase qarshii 4,648,114.83 akka naaf kanfalaniif naaf haa murtaa'u jetteetti.

Waamamtoonni 1ffaa fi 2ffaan ammaas himannaa haala kanaan isaanirratti dhiyaateef mormii sadarkaa duraa dhiyeessaniin iyyattuun ammaa kuni bu'uura dambii fi qajeelfama seerota liizii fi investimentiin hojii investimentii kana hojjechuudhaaf dirqama kan seente ta'us sababa hojii investimentichaayeroon xumurtee tajaajilaaf qopheessuu hafteef xalayaan of eeggannooyeroo adda addaa kennamaafii erga tureen booda waliigaltichi addaan citeera. Dhimma diigamiinsa yookaan addaan

cituu waliigaltee investimentii yookaan immoo haqamuu hayyama investimentiin wal qabatee murtiin komishinii investimentii oromiyaa fi caasaa isaa sadarkaa sadarkaan jiran yookaan qaamolee investimentii keessatti gahee qabaniin kennamu ol'iyyannoos isaa Boordii Investimentii Oromiyaatti dhiyaatee kan murtii argachuu qabaatuu fi murtiin boordichaas isa xumuraa akka ta'e tumamee waan jiruuf manni murtii kun dhimma kana ilaaluudhaaf aangoo hin qabu jechuudhaan galmeen akka irraa cufamuuf gaafataniiru.

Waamamaa 3ffaan ammaa kunis akkaataa s/d/f/h/h/keewwata 41tti falmii gidduu seenee qabiyyeen falmiif sababa ta'e karaa waamamtoota 1ffaa fi 2ffaa kanaa seera qabeessaan investimentiidhaan hoteela abbaa urjii 5 akkan irratti hojjedhuuf naaf kennamee kan jirudha jechuudhaan akka falmiin irraa dhaabbatuuf kan gidduu seenee falmate yommuu ta'u, aangoon dhimma kana ilaachisee komii murtii waamamtooni 1ffaa fi 2ffaan kennan kana irratti ka'u ilaaluus kan kan mana murtii idilee akka hin taane ibsee jira. Manni murtichaas iyyattuun iyyanna gidduu seenaa kanaa irratti deebii akka kennitu erga taasiseen booda mormii sadarkaa duraa waamamtooni kuni kaasan irratti falmii afaanii erga dhagahee iyyattuun ammaa waliigalteen investimentii ishee seeraan ala addaan citeera jechuudhaan kan komattu yoo ta'e bu'uura Labsii Investimentii Oromiyaa Lakk. 138/2000 keewwata 6(5) fi Dambii Investimentii Oromiyaakeewwata 59(2) ttikomii ol'iyyannoos ishee Boordii Investimentii Oromiyaatti dhiyeeffachuu kan qabdu ta'ee otoo jiruu himannaan isheen kallattiin mana murtii kanatti dhiyeeffatte bu'uura seeraa of keessaa hin qabu jechuudhaan aangoo hundee dubbi dhimma kana ilaaluu hin qabu jedhee galmee cufeera. Iyyattuun murtii haala kanaan kennname komachuudhaan ol'iyyata gara Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaatti dhiyeeffattullee manni murtichaa murtiin kennname dogoggora of keessaa

hin qabu jedhee kan cimse akka ta'e galmeek keessaa ni hubatama. Komiin iyyattuuun amma dhiyeeffattes murtii haala kanaan kennname ilaalchisee yommuu ta'u tarreen komii ishees gabaabinaan falmii kanaaf sababa kan ta'e waliigaltee kira lafaa liizii gaafa 23/10/2002 ana iyyattuu fi waamamtoota gidduutti raawwatamedha malee waliigaltee investimentii miti. Kanaaf seerri dhimma keenyaaf raawwatiinsa qabaatu seerota liiziidhaan wal qabatani malee labsii investimentii lakk. 138/2000 miti. Manni murtii jalaas mormii sadarkaa duraa ka'e irratti jal-murtii yeroo kenu hundee falmii wal falmitoota kana gidduu jiruun wal qabatees otoo falmii fi ragaan dhagahame tokkollee hin jiraanne qabiyyichi karaa seera qabeessa ta'een waamamaa 3ffaa kanaaf kennameera jechuudhaan murtii kennuun isaa dogoggora seeraa isa bu'uuraa of keessaa waan qabuuf naaf haa sirraa'u jetteetti.

Dhaddachi ijibbaataa qorannoo duraas iyyata haala kanaan isatti dhiyaateef qabxiin qulqulla'u qabu ni jira jechuudhaan dhiyeessisuudhaan waamamtoonni deebii akka irratti kennaniif ajajeera. Waamamtoonni 1ffaa fi 2ffaanis deebii kennaniin namni tokko lafa magaalaa investimentiidhaan argachuu kan danda'u waliigaltee investimentii qaama dhimmi ilaalu faana erga mallatteesseen booda itti aansee waliigaltee liizii yookaan immoo kira lafaa yoo mallatteesse qofaa ta'uu akka qabu Dambii Investimentii Lakk. 208/2012 keewwata 21 jalatti tumamee jira. Bu'uura dambii kanaa keewwata 24(3) jalatti tumamee jiruun sababoонни itti waliigalteen investimentii addaan cituu danda'u keessaa tokko waliigalteen liizii addaan cituu isaadha. Kuni immoo kan agarsiisu lafa investimentii daangaa magaalaa keessatti argaman irratti seeronni investimentii fi seeronni liizii wal faana raawwatiinsa kan qabaatan akka ta'edha. Komiin kamuu dhimma waliigaltee lafaa investimentii liiziidhaan fudhatamuun wal qabatee ka'u

kallattiidhaan gara mana murtii dhaqa otoo hin taane dursee qaamolee bulchiinsaa dhimma investimentii fi liizii ilaachisee sadarkaa sadarkaan aangoo qabaniif dhiyaatee murtii bulchiinsaa argachuu akka qabu labsii lakk. 138/2000 keewwata 6(5), Dambii lakk. 208/2012 keewwata 59(2) Dambii liizii lakk. 182/2008 fi Qajeelfama Liizii Lakk. 4/2008 jalatti tumamee jira. Iyyattunis bu'uura waliigaltee investimentii seenteen ijaarsa irraa eegamu raawwattee hojiirra oolchuu otoo qabduu kana waan hin gooneef murtii bulchiinsaan irraa fuudhameera. Kanas karaa qaama bulchiinsaa aangoon seeraan kennameen deemtee furmaata argachuu otoo dandeessuu himannaan isheen dhiyeessite bu'uura seeraa waan hin qabneef murtiin manneen murtii jalaan kenname dogoggora seeraa isa bu'uuraa of keessaa hin qabu jedhamee cimee galmeen akka cufamun gaafadha jedhaniiru.

Waamamaa 3ffaan gama isaan deebii肯neen iyyattuun lammii fi jiraattuu biyya Ameerikaa waan taateef aangoon dhimma kana ilaaluu akkaataa Labsii Manneen Murtii Federaalaa Lakk. 1234/2013 keewwata 5(1)(j) tti Manneen Murtii Federaalaa waan ta'eef dhaddachi kuni dhimma kana ilaalee murteessuuf aangoo hin qabu. Dhimmi falmii jirus waliigalteen investimentii addaan cituu isaan wal qabatee waan ta'eef aangoon dhimmicha ilaalee murtii kennuu qaama bulchiinsaa sadarkaa sadarkaadhaan jirani malee mana murtii miti jechuudhaan cimee galmeen akka irraa cufamuuf gaafateera. Seenaan galmeekanaa kan armaan olitti ibsame yommuu ta'u, ijoo dhaddachi kuni dhimma falmii wal falmitoota kana gidduu jiru ofitti fuudhee ilaaluuf aangoo ni qaba moo miti? Dhimmi falmii wal falmitoota kana gidduu jiru kallattiidhaan mana murtiitti dhiyaatee ilaalamuu hin qabu jechuudhaan murtiin manneen murtii jalaan kenname dogoggora seeraa isa bu'uuraa of keessaa kan qabudha moo miti? ijoo jedhu qabachuudhaan seera rogummaa qabu

faana qorannee jira. Bu'uura kanaan ijoo jalqaba irratti qabameen wal qabatee akkaataa Labsii Manneen Murtii Federaalaa Lakkoofsa 1234/2013 keewwata 5(1)(j) tti aangoon falmii namoota lamii biyya alaa hirmaachise gidduutti taasifamu kan manneen murtii federaalaa akka ta'e tumameera. Dhimma ammaa kana yommuu ilaallu immoo haala falmii manneen murtii jalaa irraa hubatamuun iyyattuun kuni teessoon ishee biyya alaa ta'uu malee lammii biyya alaa ta'uun ishee waan hin hubatamneef dhimmichi Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaatti dhiyaatee murtii xumuraa argatee dhaddacha kanatti immoo bu'uura Labsii Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa Lakk. 216/2011 keewwata 25(2)(f) tti dhiyaachuun isaa dogoggora seeraa isa bu'uuraa of keessaa kan qabu miti jedhameera.

Gara qabxii falmii isa itti aanutti yommuu ceenu, iyyattuun ammaa kuni himanna dhiyeeffatte keessatti waamamtooni lafa kiraayiidhaan bu'uura seera liiziin naaf kennamee ijaarsa hoteela abbaa urjii sadii irratti ijaaraa kanin ture seeraan ala ijaarsa irra jiru diiguudhaan nama biraaf dabarsaniiru kan jettu yommuu ta'u waamamtooni immoo falmiin isaan kaasaa jirani qabiyyee kana iyyattuun qabachuu kan dandeesse bu'uura seera investimentiin ta'ee yeroo misoomsuu qabdu keessatti hin misoomsine waan ta'eef ishee harkaa fuudhameera kan jedhudha. Kanaan wal qabatee haala waliigaltee wal falmitoota kana gidduutti gaafa 23/10/2002 mallattaa'ee galmee keessa jiru irraa mul'atuun qabiyyeen waliigaltichaa tumaa waliigaltichaa keewwata 7(4),8 kaasee hanga 11tti jiranii fi keewwata 15 gaafa ilaallu hariroon iyyattuu fi waamamtoota kana gidduu jiruu dhimma waliigaltee investimentiiraa maddu akka ta'e ni hubatama. Hoteela abbaa urjii 3 iyyattuun ammaa kun ijaartus lafa irratti waan ta'eef seerri dhimma lafa magaalaa hoogganu immoo Labsii Liizii waan ta'eef iyyattuun bu'uura seera kanaan qabiyyicha kan

fudhattedha jechuudha. Kanuma irraa ka'uudhaan iyyattuun ammaa kuni dhimmi keenya kan hoogganamu Labsii Liiziidhaanidha malee seera investimentiin miti jechuudhaan falmiin isheen kaastu ka'umsi qabiyyee kana akka argattuuf bu'uura ta'e waliigaltee investimentii armaan olii kana waan ta'eef Labsiin Bulchiinsa Investimentii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebi'uudhaan Murteessuuf Bahe Lakk. 115/1998 fooyyessuuf Labsii Bahe Lakk. 138/2000 fi Dambiin Investimentii Lakk, 208/2012 akkasumas Dambiin Lafa Magaalaa Naannoo Oromiyaa Liiziin Bulchuuf Irra Deebi'uudhaan Bahe Lakk. 182/2008 dhimma kanaaf raawwatatummaa ni qabu jechuudha. Kanaaf falmiin iyyattuun dhimmi keenya seera investiitiin hin ilaalamu jechuudhaan kaasaa jirtu deeggarsa seeraa ofkeessaa kan qabu ta'ee hin argamu. Gara ijoo qabameetti yommuu ceenu seerummaan iyyattuun jalqaba irratti himannaas ishee irratti gaafatte qabiyyeen irraa fuudhame akka deebi'uufiidha. Dhimma investimentiin wal qabatee murtoo qaama aangoo qabuun kennname irraa namni komii qabu adeemsa bulchiinsaa sadarkaa sadarkaan jiraniin hanga Boordii Investimentii Oromiyaatti iyyata isaa dhiyeeffatee furmaata argachuu kan danda'u ta'uu Dambii Lakk. 208/2012 keewwata 59(2) (a-g) irraa dubbisuun hubachuun ni danda'ama. Murticha irraa komii kan qabdu yoo ta'e immoo dogoggorri bu'uuraa seeraa raawwatameeru jira kan jettu yoo ta'e Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Ijibbaataatti dhimma ishee dhiyeeffattee furmaata argachuu kan qabu akka ta'e seericha irratti teessifamee jira. Dhimma ammaa kana irrattis iyyattuun kuni akkaataa waliigaltee investimentii seenteen qabiyyee falmiif sababa ta'e irratti ijaarsa gaggeessite yeroo xumuruu qabdu keessatti waan hin xumurreef akka xumurtuudhaaf akekkachiisni yeroo gara garaatti kennamaafii erga tureen booda dhumarra kan irraa fuudhame akka ta'e manneen murtii jalaa firii dubbii ilaaluu fi ragaa madaaluuf aangoon seeraan kennameen dhimma adda bahee buleerudha. Kanaaf murtii qaama bulchiinsaan

kennname kana kan komattu yoo ta'e gama sanaan adeemsa jiru hordoftee furmaata argachuu otoo qabduu himannaan isheen mana murtii idileetti dhiyeeffatte faallaa tumaa seera armaan oliiti jechuudha. Dhimma tilmaamaa qabeenyaa ijaarsaa abbaa darpii lamaa qarshii 4,648,114.83 tti tilmaamamu sababa waamamtoonni 1ffaa fi 2ffaan diiganiif na jalaa manca'e naaf haa kanfalani jechuudhaan falmiin iyyattuun kuni kaastuufis bu'uura Dambii Lakk. 208/2012 keewwata 39(8) fi (10) jalatti tumamee jiruun sababa addaan citiinsa waliigaltee investimentiidhaan wal qabatee qabeenyaa manca'eef tilmaama isaa murteessuufif aangoon kan kennname Boordii Investimentii Oromiyaadha. Kana ta'ee otoo jiruu himannaan iyyattuun ammaa kuni mana murtiitti dhiyeeffatte bu'uura seeraa of keessaa kan qabu ta'ee hin argamu. Iyyattuun komii ishee keessatti Dambii Liizii Lakk. 182/2008 keewwata 66(3) jalatti haala taa'ee jiruun Dambiin Bulchiinsa Investimentii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk. 141/2004 lafa magaalaa irratti raawwatiinsa hin qabu waan jedhuuf dhimma keenyaaf rogummaa hin qabu kan jettuufis dambichi raawwatamummaa hin qabu kan jedhee fi kan amma hojiirra jiru gara gara waan ta'eef falmii fudhatama qabu ta'ee hin argamu. Walumaagalatti sababoota armaan oliif dhimmi falmii wal falmitoota kana gidduu jiru kallattiidhaan mana murtiitti dhiyaatee kan ilaalamuu qabu miti jedhamee ajajni kanaa gadii kennnameera.

### **Ajaja**

1. Murtii Manni Murtii Ol'aanaa Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee Galmee Lakkoofsa 43655 ta'e irratti dhaddacha gaafa 30/07/2014 ooleen kennee fi kan Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Galmee Lakkoofsa 396896 ta'e irratti dhaddacha gaafa 23/10/2014 ooleen murteesse dogoggora seeraa isa bu'uuraa of keessaa kan qabu miti jedhamee akkaataa Labsii Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa

Lakk. 216/2011 keewwata 26(5) tti cimee jira.

2. Baasii fi kasaaraa sababa falmii kanaaf bahe gareen lamaan of haa danda'an.
3. Galmeen murtii waan argateef cufameera. Mana galmeetti haa deebi'u.

Abbootii Seeraa:-

1. Gammachuu Baqqalaa
2. Abdusalaam Siraaj
3. Gammaachiis Dhugumaa
4. Duulaa Lataa
5. Alamaayyo Gaaddisaa

Iyyattuun:- Aadde Alamituu Raggaasaa

Waamamtoonni:-

1. Obbo Lachiisaa Diribaa
2. Obbo Asfaawu Hinsarmuu

Galmeen qorannoof kan bule yommuu ta'u qoratamee murtiin kanaa gadii kennameera.

### **Murtii**

Murtii kanaaf sababa kan ta'e iyyattuun kun murtii Manni Murtii Aanaa Jimmaa Raaree Galmee Lakkoofsa 16794 ta'e irratti dhaddacha gaafa 27/10/2014 ooleen kenne, kan Manni Murtii Ol'aanaa Godina Horroo Guduruu Wallaggaa Galmee Lakkoofsa 29025 ta'e irratti dhaddacha gaafa 29/10/2014 ooleen kennee fi kan Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachi Dhaabbi Lixaa Galmee Lakkoofsa 389462 ta'e irratti dhaddacha gaafa 06/11/2014 ooleen murteesse dogoggora seeraa isa bu'uuraa of keessaa kan qabudha jechuudhaan akka sirraa'uufif waan gaafatteefi.

Falmiinis kan eegale himannaai iyyattuun kun waamamtoota irratti Mana Murtii Aanaa Jimmaa Raarreetti dhiyeessiteen yommuu ta'u tarreen himannaai ishees gabaabinaan waamamaa 1ffaan ammaa kun waamamaa

2ffaa wabii godhachuudhaan waliigaltee gaafa 10/07/2011 barreeffameen qarshii 200,000 narraa liqeefachuudhaan kanas ji'a sadii sadiin qarshii 16,666.66 naaf kanfaluuf waadaa galee waliigalatti maallaqa kanas waggaan sadii keessatti kanfalee naaf xumuruuf mallatteessee fudhatee hanga ammaatti waggaan lamaan oliif akkaataa waliigaltee keenyatti qarshii tokkollee deebisee waan naaf hin kanfalleef waamamaa 1ffaan kun dhala baankii 9% dabalee naaf haa kanfalu. Yoo inni naaf kanfaluu dide immoo waamamaa 2ffaan itti darbee akka naaf kanfaluuf naaf haa murtaa'u jedheera.

Waamamtoonni kunis himannaa isaan irratti dhiyaateef deebii kennaniin iyyattuun waliigaltee gaafa 10/07/2011 barreeffamee fi mallatoo isaas jijjiirteetti waan ta'eef waliigaltee nuti taasisne obbo Gaarummaa Qaqqabaa nama jedhamu irra waan kaawwanneef akkaataa s/d/f/h/h/ keewwata 145tti manni murtii dhiyeessee nuuf haa ilaalu. Iyyattuun liqii qarshii 200,000 kana kan nu mallatteessifte ishee fi abbaan manaa ishee mana qabani wabummaan nuuf qabsiisanii nutis abbaa warraa ishee faana nama sadii taanee Waldaa Liqii fi Qusanna Oromiyaatti qarshii 30,000 qusannee qarshii 200,000 liqeeffanee kaartaan sababa maqaa iyyattuu kanaan waan ta'eef nutis qarshii 16,666.66 kanfaluuf mallatteessinee maallaqa kana marsaa saddeetiif kanfalleerra. Kanaan ala qarshii dhuunfaa himattuu kanaa hin liqeeffanne waan ta'eef himannaan narratti dhiyaate kufaa ta'ee galmeen akka nurraa cufamu gaafanna jedhaniiru. Manni murtichaas dhimma kana irratti falmii fi jecha ragaa namaa bitaa fi mirgaa waamee erga dhagaheen booda waliigaltee nama obbo Gaarummaa Qaqqabaa irra jira jedhames dhiyeessisuudhaan ilaalee waliigaltichi kan himannaa faana dhiyaate irraa garaagartummaa hin qabu jechuudhaan waamamaa 1ffaan maallaqa ittiin himatame dhala isaa qarshii 36,000 faana haa kanfaluuf, yoo inni kan hin kanfalleef ta'e immoo waamamaa

2ffaan ammaa kun itti darbee haa kanfaluuf jechuudhaan murtii kennee jira. Murtii kana irraas waamamaa 1ffaan kun komatee ol'iyyata gara Mana Murtii Ol'aanaa Godina Horroo Guduruu Wallaggaatti waan dhiyeeffateef manni murtichaa ol'iyyata isatti dhiyaate erga ilaaleen booda falmiis dhagahee Manni Murtii Aanaa waliigaltee iyyattuun kuni gaafa 10/07/2011 barraa'e himanna ishee faana dhiyeeffatte orijinaala isaa mallattoon kan waamamaa 1ffaa kanaa ta'uu fi dhiisuu isaa ogeessa foorensikiin qorachiisuun murtii itti fakkaate haa kennu jechuudhaan gara Mana Murtii Aanaa Jimmaa Raareetti deebiseera. Bu'uura kanaanis manni murtichaa iyyattuun waliigalticha akka dhiyeessituuf itti himamee dhiyeessuu dinnaan galmeen cufamee turee kana irraas ol'iyyanni hanga Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa qaqqabee manni murtichaas waliigaltichi dhiyaachuu dhabuun galmee hin cufsiisu jechuudhaan manni murtichaa hundee falmii wal falmitoota kana gidduu jiru irratti murtii akka kennuuf galmee itti deebiseera.

Manni Murtii Aanaa Jimmaa Raarees bu'uura galmeen isatti deebi'een dhimma falmii wal falmitoota kana gidduu jiruuf ragaa galmee keessa jiru irratti hundaa'uudhaan iyyattuun ammaa kuni waliigaltee orijinaala dhiyeeffachuu dhabuun ishee waliigaltichi akka hin jirre hubachiisa jechuudhaan himannaan isheen dhiyeeffattes kufaadha jedhee murtii kennee jira. Murtii kana irraas iyyattuun kuni wal duraa duubaan ol'iyyata gara Mana Murtii Ol'aanaa Godina Horroo Guduruu Wallaggaa akkasumas immoo Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaatti dhiyeeffattullee manneen murtii kunis murtiin kennname dogoggora of keessaa hin qabu jechuudhaan kan cimsan akka ta'e galmee keessaa ni hubatama. Komiin amma iyyattuun dhiyeeffattes murtii kana irratti yommuu ta'u tarreen komii ishees gabaabinaan waamamtoonni ammaa kuni waliigalteen liqaa qarshii 200,000 iyyattuun ittiin nu himatte jijiiramee waan jiruuf kan

nama Gaarummaa Qaqqabaa bira jira jedhamu ajaja mana murtiitiin akka dhiyaatuuf gaafatani malee hin haalle. Ragaan kunis dhiyaatee kan ani himanna koo faana dhiyeffadhe waajjin tokko ta'uu mirkanaa'eera. Waliigalteen liqaa kunis liqaan jiraachuu isaa mirkaneessee otoo jiruu himannaan dhiyaate hin mirkanoofne jedhamee murtiin kennname dogoggora seeraa isa bu'uuraa of keessaa kan qabudha waan ta'eef akka naaf sirraa'un gaafadha kan jedhudha.

Dhaddachi ijibbaataa qorannoo duraas iyyata haala kanaan isatti dhiyaateef waliigalteen wal falmitoota kana gidduu jiru waamamtooni haalaniiru moo miti? himannaan dhiyaates kufaa ta'uun isaa dogoggora seeraa isa bu'uuraa of keessaa kan qabudha moo miti? ijoo jedhu qabachuudhaan waamamtooni deebii akka irratti kennaniif ajajeera. Waamamaa 1ffaanis dhiyaatee deebii kenneen waliigaltee liqaa guyyaa gaafa 10/07/2011 barreffameen qarshii 200,000 iyyattuu irraa fudhatteetta kan jedhameef waliigaltee fi mallattoon jijjiiramee waan dhiyaateef eenyu akka barreessee fi mallatteesse akka qoratamuuf ibsuudhaan waliigaltichi ifatti haalamee jira. Iyyattunis dhugumaan waliigaltichi kan jiru ta'uu isaa agarsiisuuf orijinaala isaa dhiyeffattee mirkaneessuu otoo qabduu kana waan hin gooneef himannaan isheen dhiyeffatte kufaa ta'uun isaa dogoggora seeraa isa bu'uuraa of keessaa waan hin qabneef cimee galmeen akka cufamun gaafadha jedheera. Waamamaa 2ffaa kana ilaachisee gama biraan dhiyaatee deebii akka kennatuuf waraqaan waamichaa mana murtii mana isaa irratti maxxanfamuuf illee deebii qabatee waan hin dhiyaanneef mirgi deebii kennachuu isaa bira darbamee jira.

Seenaan galmee kanaa kan armaan olii yommuu ta'u ijoo qabamee galmeen kuni ittiin dhiyeessifame bu'uureffachuudhaan dogoggorri seeraa isa bu'uuraa manneen murtii jalaan raawwatamuu fi raawwatamuu dhabuu

isaa irratti seera rogummaa qabu faana qorannee jirra. Haala kanaan, galmee keessaa akka hubatamutti iyyattuun ammaa kuni waliigaltee liqaa waamamaa 1ffaa faana raawwadheen maallaqa isaa naaf hin deebisne jechuudhaan akka deebisuufiif kan gaafatteen wal qabatee waliigalteen liqaa isaan gidduutti gaafa 10/07/2011 mallattaa'e jiraachuu waamamaa 1ffaan kuni hin haalle. Haata'u malee waliigalteen isheen dhiyeeffatte kuni kan jijiiramedha waan ta'eef kan dhugaatti waliigalle obbo Gaarummaa Qaqqabaa nama jedhamu irra jira jechuudhaan akka inni dhiyaatuufiif kan gaafate akka ta'e deebii kenne irraa ni hubatama. Manni murtiis bu'uura isaan gaafataniin waliigalticha dhiyeessisee qabiyyeen waliigaltee nama kana irra jiruu fi kan iyyattuun kuni himannaas ishee faana wal qabsiistee dhiyeeffatte tokko ta'uu mirkaneeffatee jiraachuu galmeen ni agarsiisa. Qabiyyeen waliigaltichaas waamamaa 1ffaan waamamaa 2ffaa wabii godhatee maallaqa qarshii 200,000 iyyattuu irraa liqeeffachuudhaan kanas ji'a sadii sadiin qarshii 16,666.66 kanfaluudhaan waliigalatti maallaqa kanas wagga sadii keessatti kanfalee xumuruuf wal falmitoonni kuni kan waliigalani ta'uu ni hubatama. Waliigaltee ofii akka dhiyaatuuf waamamtoonni gaafatan kana irrattis mormiin waamamtoonni kuni kaasan otoo hin jiraatiin, qabiyyeen waliigaltichaas kan iyyattuun dhiyeeffatte faana tokko ta'uu firii dubbi mirkanaa'e ta'ee otoo jiruu manneen murtii jalaa mallatoon waliigaltee iyyattuun dhiyeeffatte kana irra jiru haa qoratamu jechuudhaan, sababa isheen waliigaltee orijinaala hin dhiyeeffanneefis himannaan dhiyaate hin mirkanoofne jechuudhaan murtiin kenname bu'uura seeraa of keessaa kan qabu ta'ee hin argamu. Akkaataa tumaa s/h/h/keewwata 2472(1) ttis waliigalteen liqaa qarshii 500 olii jiraachuu isaa mirkaneessuudhaaf barreffamaan dhiyaachuu akka qabuu fi yoo kuni hin jiru ta'e immoo wal amantaa mana murtiitti ta'u yookaan immoo kakuun dhiyaachuu akka qabu tumamee jira. Dhimma ammaa kana irrattis waliigalteen barreffamaa dhiyaatee

waan jiruuf, kuni immoo waamamtoonis kan gaafatanii dhaddachatti dhiyaate waan ta'eef, waamamaa 1ffaan maallaqa jedhame kana kan liqeeffate akka ta'e ni agarsiisa jechuudha. Kuni akkuma jiruun ta'ee waamamaa 2ffaan ammaa kuni liqaa waamamaa 1ffaan kuni fudhateef wabii ta'uu isaa hin haalu. Bu'uura s/h/h/keewwata 1920ttis waamamaa 2ffaan kun yoo waamamaa 1ffaan dirqama isaa bahuu baate wabii waan seenee jiruuf itti darbee liqaa kana iyyattuuf kanfaluuf dirqama ni qaba jedhameera. Manneen murtii jalaas waliigalteen liqaa wal falmitoota kana gidduu jiraachuu isaaf waamamtooni otoo hin haaliin, jiraachuun isaas haala armaan oliitiin mirkanaa'ee otoo jiruu himannaan iyyattuu kanaa kufaa ta'uun isaa dogoggora seeraa isa bu'uuraa of keessaa kan qabudha jedhamee walumatti ajajni kanaa gadii kennameera.

### **Ajaja**

1. Murtii Manni Murtii Aanaa Jimmaa Raaree Galmee Lakkoofsa 16794 ta'e irratti dhaddacha gaafa 27/10/2014 ooleen kenne, kan Manni Murtii Ol'aanaa Godina Horroo Guduruu Wallaggaa Galmee Lakkoofsa 29025 ta'e irratti dhaddacha gaafa 29/10/2014 ooleen kennee fi kan Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachi Dhaabbi Lixaas Galmee Lakkoofsa 389462 ta'e irratti dhaddacha gaafa 06/11/2014 ooleen kenne dogoggora seeraa isa bu'uuraa of keessaa kan qabudha jedhamee akkaataa Labsii Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa Lakk. 216/2011 keewwata 26(5) tti diigameera.
2. Waamamaa 1ffaan kuni iyyattuudhaaf maallaqa irraa liqeeffate qarshii 200,000 (kuma dhibba lama) guyyaa murtiin kuni kennamee kaasee hanga maallaqni kuni kanfalamutti dhala isaa 9% tiin herreegamu faana haa kanfaluuf. Yoo waamamaa 1ffaan ammaa kuni maallaqicha hin kanfaluuf ta'e immoo waamamaa 2ffaan kuni bu'uura waliigaltee wabummaa isaatiin itti darbee maallaqa kana iyyattuudhaaf haa

kanfalu jedhameera.

3. Baasii fi kasaaraa sababa falmii kanaaf bahe gareen lamaan of haa danda'an.
4. Galmeen murtii waan argateef cufameera. Mana galmeetti haa deebi'u.

# Teessoo



0111234432



**Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa-  
Supreme Court of Oromia**



[t.me/MMWO2020](https://t.me/MMWO2020)